


# HAWWWII



Barreessaan  
Isaayyaas Hordof

## ***BOQONNAA TOKKO***

Obbo Jirenyaan har'a yeroo isa kaan irra baay'ee gammadaniiru. Namoota dhukkubsataa dubbisuu dhufan hunda sa'atii dhukkubsattoota itti dubbisuuf hayyamamee ala "Seen!" "Seena!" "dafaatii bahaa!" jechuudhaan namoota baay'ee ol naqan.

Waggaa 30 Hospitaala kana keessa hoojjetaniiru. Waliigalatti ijoollummaa isaanii irraa jalqabanii asuma keessatti dullooman jechuun ni danda'ama. Bara jirenya hojii isaanii kana keessatti qajeelfama isaanitti kennname irraa xiqqoo illee jallatanii hin beekan. Sababii kanaaf Faranjoota Hospitaalicha hoogganan biratti baay'ee kan jaallataman yoo tahu Uummata magaalaa Naqamtee tokko tokko biratti ammoo baay'ee jibbamuu.

Guyyaa gaafa waardiyyaan dabaree isaanii,namootni dhukkubsataa dubbisuu dhufan fagootti Obbo Jirenyaa tahuu isaanii yoggaa hubatan,obbo Jirenyaa abaaraa hanga sa'atiin itti seenan gahutti taa'uun dirqama itti ta'a.

Obbo Jirenyaan Sooreessa, Hiyyeessa, Jaarsa, Jaartii, Ijoollee jedhanii nama utuu wal hin caalchisin sa'atii seenuuf hayyamametti balbala bananii ol nama galchu malee matta'aa hin fudhatan. Yoo dhoksanii itti hiixatanillee "Maaloo, Waaqayyo maal jedhaa? maaloo hin tahu! jechuudhaan harkatti didu.Gocha malaamaltumaa ni jibbu.Yoo namni kana irra dabree isaan loles maal godhi naan jettu yaa jamaa maal ta'a yoo anaafis yaaddan? ani ajejameen malee rakkoo namsaa wallaalee isinitti fakkaatee? Yoo an sa'atii malee nama ol galche,nan adabama.Faranjootni miindaa koo irraa kutu.Kana irra dabrees hojii keessaa na baasu.Hunda caalaatti ammoo Waaqayyoon nansodaadha.Gaafa isaan hojiirraa na'ari'an isin

saantima tokko na gargaartuu? anatu maatii koo wajjin beelaan rakkata malee gaafa sana nami garagalee buna shinii tokko naa kennu hin jiru. Hamma sa'atiin gahuutti yoo eegdan maal ta'aa?" jechuudhaan namoota ol seenanii fira dhukkubsate dubbisuu dhufan amansiisuu yaalu. Namootni garuu "Muu ... yoo mindaa kee irraa kutan mucaa kee isa kamtu sitti boo'aa? qoonqoo keef jettee malee! gogi amma illee Waaqayyollee haimmina kee kana argee dhala si dhorkate. Ammallee ija ijoollee irraa si haa fageessu. Ija ijolleetti sin fidin" ittiin jedhu.

Garuu obbo Jirenyaan garaan isaanii baldhaadha. Arrabsoo namoota hundumaa dhaga'anii calluma jedhu malee deebii hamaa hin deebisan. "Maalii yaa jamaa maaliif akkas jettuu? Waaqayyo akka namaa miti. Kan dhala namaa kennu kan dhorkatus waaqa nu uumee dha. Inni akka namaa miti, akkas hin jedhinaa" jechuu irraa kan hafe waan gara biraa itti dabalanii hin dubbatan.

Garuu gaaf tokko gabaa kamisaa ganda Bakkee Jamaa Saawwa isaaniif soogidda Amoolee bituu deemanii achi oolanii yeroo ol deebi'an karaatti dheebotan. Daadhii dhuguu barbaadanii mana dhaadhii tokkotti goran. Daadhii biriillee lama wal irratti dhuganii gatii isaa kennuuf ka'an. Yeroo kana daldaltoota aanaa Saasigga buna gurgurachuu gabaa oolanii daadhii dhuguuf mana sana keessa turan gidduudhaa kan daadhicha quufe tokko sagalee isaa ol kaasee, " Ilaa yaa jamaa waggaan darbe ilmi dhukkubsatee yeroon mana waldhaansa fayyaa ciibse, namtichi kun lafumaa ka'ee diina natti tahe. Akka ani hin gaafanne ol nagalchuu didee, baayi'ee narakkisaa ture. Kan inni nagodhe hin irraanfadhu. Amma akka nama nagaa yeroo gidduu keenya taa'ee dhuguu nama nagaa fakkaata. Erega gaafa ilmikoo sun achitti du'ee namtichi kun

abjuudhaan natti dhuffee irriba keessaa wareersee sireerra na kaasa.Utuun yeroo sana argadhee silaa bakka ilmikoo sun deeme sanatti isa gaggeessaan ture"

"Kunoo hardha ammoo akka ani daadhii koo nagaadhaan hin dhugneef fuulakoo dura taa'ee madaa garaakoo natti kaasa.Sareen kun" jedhe. Yeroo kana obbo Jireenyaa isa sila deemuuf ol ka'an deebi'anii 3<sup>ffaa</sup> buusifatanii; "namticha nana adaraa seeraa nan arrabsin.Seera beekta yoo taate ammas adaraa seeraan siin jedha" ittiin jedhanii birillee isaanii ol fudhatanii tokkicha irraa dhukii dhuki dhuki, godhanii eega qoma irraa gad buufatanii booda " "sa'atii itti ol seenanii dhukkubsataa dubbisan sin dhowwine, Sa'atii ol seenuun hin danda'amnetti ammoo ana miti seera mana waldhaansa fayyaa sanaatu dhorka. Kanaaf obboleessa koo ofumaa nan arrabsin" jedhanii dubbatanii utuu hin fixin namtichi sun birillee itti dhugu yeroo furguggisu obbo Jereenyaa adda dhahee dhiiga irra lolaase.Battala kana namoonni gidduu galanii gargar qaban.Obbo Jireenyaa fi namticha sana poolisiin qabee dhaabbii poolisii sadaffaa geessen.Jecha isaanii harkaa fuudhanii erga galmeessan booddee,namticha hidhanii,obbo Jireenyaa mana waldhaansa fayyaa Naqamteetti gargaarsa waldhaansaa akka argataniif xalayaa barreessanii gaggeessan.

Obbo Jireenyaa garuu akka kanaan dhiigaa wajjiin mana waldhaansa fayyaa deemuu hinbarbaadne.Yoo deeman Faranjootni mana daadhii keessatti rebamte sababii ittiin jedhaniif utuu achi hin deemin dhiiga isaanii mana tokkotti goranii of irraa dhiqan.Kana booda gara ganda "Shawaa Baritti" ol dhufanii, Mana qorichaa Boonayyaa jedhamu dhaqanii waldhaanamanii mana isaanitti galan.Hamma

madaan isaanii fayyutti utuu namni irratti hin beekin gonfoo mataa irra kaawwatani j'a tokko turan.

Namticha isaan rukutes mana murtiitti wajjin deddeebi'uu sababii hin barbaadneef calluma jedhanii dhokfatanii dhiisan. Sababii kana taheef erga gaafa sana mana daadhii keessatti rukutamanii obbo Jirenyaan qofaa isaanii magaalaa Naqamtee ganda isaanii Jaatoo irraa fagaatanii ganda Shawaa barrii jedhamee beekamu dabranii hin beekan. Yoo al tokko tokko daadhii dhuguu kajeelan ganda isaan keessa jiraatan naannoo mana waldhaansa fayyaa Naqamtee keessaa mana daadhii "Haadha Efreem", mana Tuujubee "Mana Haadha Ijjigaayyoo," "Mana Haadha Mitikkee" jedhaman malee ganda mana shoogalee bira darbanii daadhii mana Xanfeellee dhaqanii hin dhugani. Isaan kunniin olloota isaanii kan bara dheeraa wajjiini jiraatan sababii taheef mana isaanii keessatti namni isaan lolu hin jiru. Kun egaa gaafa daadhii kajeelan malee, yeroo baayi'ee dhugaatiin isaan dhugan farsoo fi haraqee dha. Kana dhuguufis fagoo hin deeman. Mana waldhaansa fayyaa Naqamtee gara gadiitti kan argamu mana obbo Bulchaatii dhugu.

Haati manaa obbo Bulchaa aadde Dinsiriin farsoon isheen naqxuu fi haraqeen isheen baastu ganda Jaatoo naanno mana waldhaansa fayyaa sanatti beekamaa dha. Obbo Bulchaa fi obbo Jirenyaan umuriidhaan wal hingitan yoo ta'ellee ollummaa gaariidhaan baroota dheeraaf wajjin jiraatu. Manni isaanii lamaan wal qabataadha. Keenyan<sup>1</sup> isaa kan wal qabatee dha.

Abbaan manaa aadde Dinsirii obbo Bulchaan ogeessa ijaarsa manaati. Mana ijaarsa malees, bolla mana fincaanii,

---

<sup>1</sup> *Girgiddaa*

qotuu,Dallaa manaa ijaaruufi kkf ni hojjeta,Hojiwwan kunniiniif ollooti isaa obbo Bulchaa filata. Hojiinsaa gaariidha jedhu.Kanaaf gaafa hojiin jiru burruusaa fi qottoo isaa gatiittii irra kaawwatee hojjechaa oolee kan argate qabatee gala. Jireenyi isaanii kun fooyee sababii hin qabneef rakkoo keessaa ba'uuf haati manaa isaa Aadde Dinsiriin is gama isheetiin farsoo naqxee, haraqee baaftee wal gargaaranii jirenya rakkoo kana mo'achuuf baayi'ee carraaqu.

Obbo Jireenyaanis mindaan isaanii baay'ee xinnoo sababii taateef haati manaa isaanii Aadde Bashaatuun shaayee danfistee, daabboo, wajjin gurguruudhan wal gargaaranii jiraatu.

Jireenyi maatii kunniin lamaanii haala kanaan kan wal fakkaatu yoo tahu, karaa gara biraan ammoo dhala malee hafuu isaaniitti baay'ee gaddu turan.Buna danfisanii walwaamanii yeroo taa'anii wajjin dhugan waa'een haasaa isaanii inni guddaan hiyyummaa fi dhala dhabuu isaaniiti. Obbo Jireenyaan "maal goona Aadde Dinsiri achumaa nu dide" yeroo jedhan Aadde Dinsiriin is itti dabaltee "maal godhu Waaqi keenya inni nu'uume nutti haa araaramu malee homaa hin jedhu bulee cooma jedhu mitiiree?" Jetti.

Obbo Bulchaan ammoo jara keenyaa ofumaa waan hin taane maaliif yaaddu? mee isa dhiisaa, rakkinaafi hiyyummaa kana irratti ammoo ijoolee dabalannee maal nyaachisnee, maal itti uwvisnaa? Waaqayyo dhala yoo namaa kenne qabeenyaa wajjin tahuu qaba. Kana malee ofii keenyaafuu waan nyaannee bullu hamma nu gahuu hin arganne, nama gara biraam ammoo ba'aa maaliif ofitti daballaa? " jedha abdii kutannaadhaan.

Haati manaa obbo Jireenyaan Aadde Bashaatuun garuu "jara keenyaa! dubbii fi hojii Waaqaa keessa galtanii cubbuu

Keessumaa obbo Jirenyaa kan garaa isaan nyaatu Giifti Ruut yeroo obbo Jirenyaa argitu" Jirenyaa meerree mucaan? Mucaan hin jiru maalii? dafitii mucaa godhadhu biyya Suwidinii fuudhee, deemee, achitti barsiisee Dr. (haakiimi) tahee, deebi'ee, dhufee, si gargaara. Birriin siif kenu kun yeroof malee furmaata waaraa hin ta'u. Dafii mucaa godhadhu." kan isheen ittiin jettuu dha. Isaanis "maal godharee humna waaqayyoo taheeti malee anaa fi Bashaatuun yaaddoo kanaan yoom rafnee irribi nu fudhatee beekaa?" jechuudhaan qoosaadhaan deebii kennuuf. Garuu hamma dhugaa tahutti gammachuu isaanii utuu ifa hin baasin ukkaamsanii calluma jedhun malee mallattoo gammachuu hadha manaa isaanii irraa argan garaatti qabatanii Giiftii Ruutiin dubbisaa turan.

Egaa ji'i sagal ga'uun hin oolu, kunoo hardha haati manaa isaanii Aadde Bashaatuun ilma deesse. Waan kana ta'eef hardha gammachuu isaanii ifa baasan. Sababii kana irraa ka'uudhaan ture namoota firri jalaa dhukkubsate dubbisuuf mana waldhaasa fayyaa dhufan, sa'atii malee ol kan galchan. Utuu dhugaatii alkoolii hin dhugin gammachuudhaan machaa'an.

Fuulli isaanii akka biiftuu ife. Kan dhagahe "baga gammaddan. Baga maqaa geeddaratte aabbee! akkas malee!" jechuudhaan gatiittiisaanii dhungachuudhaan gammachuu isaanii ibsu. Dubartooti gandaa ammoo harka fuudhaa dhaqan mana obbo Jirenyaa mana gammachuu godhaniiru.

Gaafa bultii shanaffaa Dinsiriin qofaa ishee dubartoota harka fuudhaa dhufan keessumsiifte. Haati Masqalee illee booda dhufaniif. Haati Masqalee ganda sana keessatti dubartii deessisuudhaan gargaarsa guddaa kan godhan maanguddoo beekamoodha. Akkuma achi ga'aniin marqaafi shaameeta gabatee, irratti baasanii keessumootaaf dhiyeessuudhaan

Dinsirii hojii gargaaran. Kana boodas akkas jechuudhaan wal jalaa qabuudhaan weeddisani.

“Illaancoo koo baga hiikamte baga of kaltee

Hammaareen garbuu shaf shafaa

Ya maareen maartuu dannabaa

Si yaadeen rafuu dadhaba.

Illaancoo koo....

Anaa maaru ya maaree

Maaram maa qoosaa taate

Kan baala midhaan gootu

Kan dhiiga mucaa gootu

Kan hiika dhugaa gootu

Illaancoo koo....

Anaa ilmu yaa ilmo ilmoon maa qoosaa taate

Akooftee nama laatti, haasoftee nama waamti

Kan Maaram nama laattu haati ofii nama hin laattu

Ieelaacoo koo....

Kiloo bunaa yaa kiloo bunaa

Kan haadha bareechisu ilmoodbuma

Maaramii jedhaatii xiqqoo turaa.

Kiloo bunaa yaakkiloo...

Sunqoo sunqoo jette Maaramiyee

Sunqoo hammaarrii shan akaawwattee

Yeroo itti dahaa shan naawwamattee

Hiikamtee kaatee na irraanfattee jettee maaramiyee

Sinqoo, Sunqoo.....

Eega akkas jedhanii weeddisan booda' dubartii dhala  
dhabdeef ammo akkas jedhanii weeddisani.

Asham deessuu yaa Maaram dhabduudhaa hin  
dhageessuu?

Jaldeessi baddaa qommii qalmee wa wwaachisa

Dhabduunis baachuu hin didne Maaramtu wal caalchisa.

Amma utuun Maaree ta'ee dhabdudhaa mucaa kenneen.  
Fincaaniin darsaa dhahee waan isheen jettu ilaala  
Asham deessuu....

Kana booda aadde Dinsiriin akkas jechuudhaan weeddifte.

“Asham deessuu ya Maaram dhabdudhaa hin dhageessuu?

Akka abbaa faradaa beekaa irrangadee kaachisa

Akka abbaa warraa beekaa niitii deessuu caalchisa.

Geengoo jedhee nacabsee gindoo isaa nabaachisa.

Yaa Maaraam hundaaf giiftii rakkoo koo naafhiiki.

Yookaan ilma naakenni Beekaattan moggaafadhaa

Yookaan durba naa kenni Beektuutiin moggaaffadhaa

Yookaan du'a naakenni waa'ee koon obbaafadha.”

jechuudhaan Dinsiriin weediftee Maaramiin kadhatte.

Obbo Jirenyaanis,” yaa waaq galata kee” jechuudhaan Gammachuu isaanii kana Giiftii Ruutiitti deemanii himan. Ruutis baayi'ee gammaddee,uffataa fi gargaarsa horii kenniteef. Barumsas hamma achi jirtutti gargaaruuf, gaafa biyya isheetti deebitu ammoo achi irraa akka ergituuf mucaanis yeroo kutaa 12 raawwatu biyya Siwidiniitti fudhattee akka barsiiftu waadaa seenteef. Kanumaan Jirenyi isaanii du'ee ture lubbuu horachuu isaatti ilma argatan kana Latii jedhanii moggaasan. Latii Jirenyaa.

Ollaa isaanii kan ta'an aadde Dinsirii fi obbo Bulchaan garuu jirenya isaanii hamma ammaatti gaaf tokkollee gammachuu hin qabani. Sababiin kanaas dhala dhabuu isaaniiti. Dinsiriin Latii akka lubbu isheetti jaallatti. Isumaan gadda ishee obsiti. Guyyaa guutuu dugda ishee irraa hin bu'u. Bifti isaa dimaa, baayi'ee bareedaa kan nama mararudha.

Qaamni isaa guutuu gichiillaan kun yeroo milla lamaan dhaabbatee xiqqoo lama tarkaanfatee madaala qaamasaan eeggachuu dadhabee yeroo harkaan lafa qabatu," wayyoo anaan" jettee figdee,dursitee lafa kufee kan isa kaastu aadde Dinsiriidha.

Aadde Bahsaatuun maqumaaf deesse malee mucaan yoo of irratti fincaayees,bobba'es kan irraa haxooftee, dhiqxee, itti uwristu, aadde Dinsiriidha. Haati Latii yoo mucaa ishee yaadde; "mee fidi aadde Dinsiriikoo,nan hoosisaa!" jechuudhaan toofaadhaan harkaa fuudhatti. Kana malee aadde Dinsiriin tole hin jettu."Amma mee yaa Bashaatuukoo mucaan nan beela'ee yoom siin jedhee?" jechuudhaan itti dallanti. Gaaf tokko tokkommoo yeroo aaddee Bashaatuun harkaa fudhattu guyyaa guutuu boo'aa ooltee ittiin ooddi. "Ati maal nagoote Maaramiitu walnucaalchise" jechuudhaan qeeqxi.Akkas walitti haadubbatan malee dubartooti lamaan kun akka obbolaatti, akka maatii tokkootti jaalalaan waliin jiraatu.

Latiinis yeroo aadde Dinsirii argu jaalala irraa kan ka'e akka haadha isaatti harka isaa afarsaa itti fiiga.Yeroo kana aadde Dinsiriin ol fudhattee, dhungatteefi baattee yoggaa wajjin xabattu baayi'ee nama dinqu. "Ani maal abbaakoo sigodhuu? gooftaakoo? si liqimsuu? Yee?" Yeroo ittin jettu, innis "Ye...Ye!...hee! hee!..." jechaa gorora isaa yeroo ilkaan ishee fuulduree lamaan giddu gadii lolaasaa,kolfu nama marara.

Akka kanaan aadde Dinsiriin dhala dhabde argachuuf utuu hawwituu, Latiin dhalatee waggaan <sup>2<sup>ffaa</sup></sup> irratti durba deesse.Kan hawwan dhabanii jireenyi isaanii inni gaddaan golgamee ture,gammachuudhaan bakka bu'e.Kan hawwaa turan waan argataniif maqaa ishee Hawwii! jedhanii moggaasan.Maatiin lamaan kunniin dhala argachuu isaaniitti

waaqa isaanii galateeffachaa jirenyaa wajjin qabsaa'uu itti fufan. Ijoolleen kunniniis qe'ee isaanii keessa burtaaqanii taphachaa oolu. Warri isaanis jirenya isaanii fooya'uu didetti yoo gaddan illee daa'imaan isaanii yeroo akkas figanii taphatan, gaddi isaanii gammachuutti geeddarama.

Guyyaa gaaf tokko baati Latii Bashaatuun biqila farsoo ala afte indaaqoon duraa facaasnaan "kutii! ushi! ushi kuti!" jechaa dbagaa itti darbachaa gadi baatee yeroo of irra dudda duubaatti mildhattu dallaa manaa gara harka bitaan habaaboo giddutti waa argite. Afaan ishee qabattee haadha Hawwii Aadde Dinsirii Waamte.

"Hadha Hawwii ! yee haadha Hawwii woo! kottu adaraa waaqaal! raajii ijolleen hojechaa jirtu ilaali" jettee sagalee ishee gadi qabdee waamte!. Hawwiin Latiidhaan;

"Ati dhirsa kooti mitii?"

"Eyee"

"Kottu as ciisna! Latii! kottu egaa ciisi" jetteen. Innis tole jedhee akka tasaa ciqileesaatiin rukutnaan boo'aa ol kaatee dhagaa lafaa fudhattee ruktuuf itti aggaamte. Kana gidduutti haati Hawwii "hindhiistuu? mee!" jechaa harchummee lafaa fudhattee itti qajelte. Kana booda miilla miilla ishee jlaa ittiin waxalte. Latii gaafa kana argu kotte nabaasi jedhee gara mana borootti fiige. Haati Hawwii garuu Hawwii harka tokkon qabattee harka tokkon harcummichaan miilla miilla ishee jala waxalte."Eenyutu sitti agarsiisee? Eenyuma abbaasaatu sitti agarsiisee?" jechaa hamma lafa irra gangalattie iyyitee maraattutti waxaltee gadi dhiste. Kana booddee haati ijollee lamaanuu walitti koflaa erga turan boodaaadde Dinsiriin kokkolfaa; "maal haadhakoo! ijollee si'anaa kana maal gochuu wayyaa? maal raajiin akkasii? garaa keenya keessatti bartee baatemoo?dubbii Akkasii eessatti

baranii? maaltu itti agarsiisee?" jette.Aadde Bashaatuunis, "lammata waan akkasii goonaan Abbaa Diggaa waamnee gurra keessan isin irraa mursiisna." jechuudhaan sodaachiste.

Abbaan Diggaa ijoollees ganda sanaa kan dhaqna qabu waan ta'eef ijoolleen baayi'ee isa sodaatu. Yeroo karaa irratti fageenyaanisa argan gara mana isaaniitti figanii isa dhokatu. Abbaan Diggaa dhufuun isaa fagootti beekama. Yeroo karaa itta adeemu sagalee isaa ol fuudhee weeddisaa sababii deemuuf ijoolleen isa ta'u fagootti baru. Yeroo taphatanis daandii konkolaataatti ol hin ba'an. Abbaa Diggaa sababii sodaataniif mana isaanii biraa fagaatanii hin deeman. Guyyaa guutuu hiriyoottan isaanii ollaa jiranii wajjin taphachaa oolu. Haati Hawwiis taate haati Latii yoo naannoo manaa isaan dhaban, mana ollaa isaanii deemanii; "as jirtuu?" jechuudhaan nagummaa isaanii hubatanii deebi'u.

Hiriyoota isaanii kan ollaatti argaman; Walloo, Bissii, Funxur, Shebaa jedhamanii wajjin Meesh-taphee<sup>2</sup> Giiftii Root Latiif kenniteen, taphatu. Dhoqqees bukeessanii, fincaan itti finca'anii, ittoojedbanii, baala ammoo kuanii, buddeena jedhanii, muka ammoo muranii, dhadhaabanii mana jedhanii ijaaranii, deebisanii ammo diigu. Abbaa manaafi haadha manaa jedhanii wal fudhani, tokkooyee lamooyee, jechaa, taphoota garaa garaa, k.k.f. taphachaa, oolu malee naanno qe'ee isaanii irraa fagaatanji ganda gara biraa hindeeman.

Haati Latii mana jireenyaa ishee keessatti shayee fi daabboo sababi gurgurtuuf sukkaara, baala shaayefi daabboo bituu yeroo deemtu, ,ganda Shawaa Barrii jedhamee beekamu deemtee, mana daabboo Abbaa Mahaammadii daabboo, mana Mahaammad Aliiti Zayitii, Sukkaaraa fi baala shaayee, gabaa

---

<sup>2</sup> *Ashaunguliti, Intalashree, (doll)*

kamisaa ganda Bakkee Jamaa yoo butte ammoo suuqii Mujaahid,Gabre Mikaa'eel,Seeyifuu fi isaan kaan biraan meeshaa mana keessaa bituu yeroo deemtee deebitu eebba Arabi karameellaan kennufi kan isheenis bittee dhufte isaanii kenniti.

Aadde Bashaatu ykn aadde Dinsirii keessaa tokko yeroo gabaa dhaqaf ka'an Hawwiifi Latiiin gabaa deemtu isinii wajjin deemna jechuudhaan itti boo'uun kan baramedha.Garuu, "karameellaafi muuzii isinii biteen dhufanaatii hin boo'inaa" jechuudhaan sossobanii of biraan deebisu. Yoo waan baayi'ee hin bitan ta'e garuu al tokko tokko fuudhanii deemu.

Obbo Bulchaan hojii isaa isa guyyaa hojjechuuf buna isaa dhugee buddeena isaa nyaatee faxaree, burruusaa fi qottoo isaa rarraafatee bakka hojii isaa oola malee guyyaa manatti hin deebi'u. Obbo Jireenyaanis akkasuma Haa tahu malee guyyaa gaafa waardiyyaan dabaree isaanii tahe ganama bahanii galgala galu.Nyaat-guyyaa achumaa Hospitaala keessaa sababii nyaataniif, guyyaa manatti hin galan.

Gaaf tokko haati ijoolee lamaanuu gabaa wajjin deemuu dirqii itti tahe.Garuu kanaan duratti lamaan isaanii wajjin al tokko manaa hin bahan.Tokko yoo gabaa deemte isheen hafte ammo ijoolleefi qe'ee eegaa hojii mana keessaa hojjechaa turti.

Garuu hardha lamaanuu dhimma cimaa sababii itti taheef hafuu hin dandeenye.Aadde Dinsiriin yoo hardha deemtee ashaaroo mana baaburaatti geessitee daaksifte malee farsoon ishee duraa kan badu taha.Aadde Bashaatuunis akkasuma yoo hardha gabaa dhaqxee midhaan bittee daaksifte malee waan nyaatan dhumeera.Kanaaf lamaanuu Hawwii fi Latii mana ollaa isaanii mana haadha Walloo geessan.Haati

Walloos ijoollee kana lamaan baayi'ee jaallatu. "Boo! hardha hoo nan soorome.Jabbooleen mooraa koo guutte.Elaa! qe'ee kanaa keessaa akka hin bane.Asuma kellaan keesssa taphadhaa!".jedhanii,mucaa isaanii Walloo akeekkachiisanii gara mana borootti naanna'anii,burtukaana ciranii, sadanuuf kennanii,gara buddeena tolchaa turanitti deebi'an.

Kellaan mana jirenyaa Walloofaa guddaa dha. Muuzii, Burtukaana, Kookiin maasii bunaa keessa jiran baayi'ee namatti tola. Abbaan Walloo obbo JaallataaDiimaa konkolaachisaa Laandrooverii mana waldhaansa fayyaa Naqamteedha.Konkolaachisaan jalqabaa magaalaa Naqamtee obbo Jaallataa Diimaa dha jedhama.Utuu Naqamteen hin dhufin duras hojii kanaan Finfinnee keessatti konkolaachisaa ergamoota wangeelaa Siwidiniif tajaajila kennaar turan. Finfinnee keessattilee namoota dura konkolaachisaa tahan keessaa tokkodha jedhamu.

Egaa ijolleen sadan kunniin kellaan miidhagaa kana keessa takkaa muka burtukaanatti ol bahuu yaaluudhaan taphatu. Haati Walloos "ijolle! taphachaa jirtu mitii?" jedhu. Buddeena lama sadii eega eelee irraa baasanii booddee alaa yeroo hurraa<sup>3</sup> dabalachuuuf gadi bahan, buddeena tolchan irraa ho'aa isaa kutanii kennaar isaan to'achaa,hojii isaanii bojjetu.

Kana gidduutti Hawwiin "kottaa, harka naqabadhaa Tiran, Tiran...baasteellaa taphannaa" jette.Kana booda lamaanuu yaada isheetti walii galan.Hawwiin; "Latii kottu naqabdhu. Walloo atimmoo Latii qabadhu" jettee harka tokkoon ija isaanii, harka tokkoon ammoo wal-duraa boodaan akka harkaan wal qabatan toora isaan galchitee, isheen harka Latii, harka ishee gara boodaatti deebistee qabatte.

---

<sup>3</sup> *Qoraan*

"Eesha geenyee"? yeroo isheen jettu  
"balbala keenya geenyee"

"Eesha geenyee? yeroo isheen jettu

"balbala irra geenyee" jechaa kellaan mana jireenyaa Walloofaa keessaa bahanii, daandii qalloo gara mana isaanitti geessu qabatanii, mana jireenyaa Latiifi Hawwii gahan. Kana booda tapha jijiiranii, utuu taphatanii, Hawwiin balbala mana isaanii bante. Booda sadanuu wajjin ol galan. Yeroo kana Walloon miijala irraa Shilingii addi argee, fuudhee, isaanitti agarsiisaa; "ilaa! ilaa! falankaan<sup>4</sup> argadhe" jedhe. Yeroo kana Hawwiini "kottaa egaa dafnee deemnee karameellaa bitannee dhufnaa" jettee balbala mana isaanii utuu hin cufin harka wal qabatanii gara ganda "Shawaa Baritti" qajeelan.

Gaarummaan isaa magaalaa Naqamtee sana keessa konkolaataa Laandirooverii mana waldhaansa fayyaa, kan Dajjaazimaaci Fiqiruu bulchaa kutaa biyyichaa,, kan poolisiifi hogganaa amantii kiristaana Ortodoksii kutaa biyyichaa Abuuna Yaaqoob malee konkolaataan gara biraa magaalaa kana keessa deddeebi'u hin jiru.

Dabree dabree, Finfinnee irraa konkolaataan guddaa fe'umsaa, "Tireentaa Kuwaatiroo" jedhamaniifi Otoobusiin geejiba uummataa torban keessaa guyyaa tokko ykn lama yoo dhufe malee, konkolaataan karaatti isaan sodaachisu hin jiru. Kanaaf ijooleen sadan kunniin harka wal qabatanii karaa walakkaa bashannanaa utuu deemanii ganda "Shawaa Barii" jedhamu gahan. Yeroo achi gahan karaa makiinaa daandii shan walitti baasu mana Hoteela Qurbaan jedhamu bira gahanii, gara itti goran wallaalan. Qurbaan Hindii dha. Magaalaa kana bara baayi'ee jiraateera. Surree bal'aa yeroo adeemu lafa

---

<sup>4</sup> Saantima

haxaawu sababii uffatuuf namni magaalaa kanaa nama surree bal'aa uffatuun suree Qurbaan waliin jedha. Qurbaan namoota magaalaa kanaa baayi'ee beeka.Yeroo hundumaa barcuma gadi baafatee gardaaffoo<sup>5</sup> Hoteela isaa kana jala taahuu jaallata.

Hawwii, Latiifi Walloon akkuma harka wal qabataniitti gara itti goran wallaanii karaa gidduu dhaabbatanii boo'u.Haala kanaan utuu boo'anii, Qurbaan argee itti adeemee gaafate.Afaan Oromoo akka gaariitti beeka.Garuu ijoolleen boo'uu malee kan sodaatan himachuu hin dandeenye. Kana gidduutti sagalee. konkolaataa dhaga'ee,Qurbaan ijoollee kunniin karaa walakkaa irraa gara mana isaa jalatti geese. Utuu abdii hin kutatin eessaa akka dhufan, maaliif akka dhufan gaafate.Garuu ammas ijoolleen kan rakkatan hin himanne.Ijoolleen calluma jedhanii boo'u.Qorbaan Booda iddo quphanee turee yeroo ol ka'u konkolaataan Laandirooverii tokko dhuftee,isaan bira geessee,dhaabbatte. Abbaa Walloo Obbo Jaallataa Diimaadha.

Obbo Jaallataa Diimaan konkolaataa keessaa gadi bu'anii,Qurbaaniin nagaa gaafatan.Qurbaanis haala ijoolleen kunniin ta'an baruu dadhabuu isaafi warra isaanii jalaa baduu akka hin oolle shakkii qabu itti hime.Obbo Jaallataan garaa isaaniitti aaraa,kofla sobaa koflaa;"Ijoollee kooti Qurbaan! attamitti manaa ba'anii?" jedhanii sadeenu makiinaatti naqanii gara qe'eetti qajeelan.

Ijoolleen balleessaan isaanii itti hin dhaga'amne. Garuu konkolaataadhaan deemuuf carraa bashannanaa akka tasaa argatanitti baayi'ee gammadani. Kana dura konkolaataan deemanji hin beekani.

---

<sup>5</sup> Baranda.

Haatii ijoollee sadeenuu,ijoollee mooraa mana isaani keessaa dhabanii,barbaacha laga bu'anii, maasii bunaa keessa, muka baar gamoofi gandoota naannoo isaanii keessa jooranii sakatta'anii dhaban.Sababii kanaan iyyaan ganda isaanii utuu jeeqaa jiranii obbo Jaallataan ijoollee sadeenuu fidanii dhufan.

Kana booda balleessaa raawwataniif Hawwiinfaa harccummeedhaan reebaman.Haati Hawwii shilingii keessee deemte iddo keesse irraa dhabde.Bakka baayi'ee erga sakattaatee booda Hawwii gaafatte.Hawwiinis soda guddaadhaan;"sila kalameellaa itti bitachuuf miinjala irraa fuudhannee yeroo manaa baane,karaa irratti naharkaa bade..."Jettee boo'uu jalqabde. Aadde Dinsiriin gocha isheetti aartee si'a lammataaf harchummee harkatti qabatteen miilla miilla ishee jala waxaluu jalqabde.

Aadde Dinsiriin baayi'ee sababi aarteef; "fidi eessa abbaa keetti gattee? himii! ani mukarraan cira seetee? Ani ofii kootiif jirrenya mo'achuuf halkaniifi guyyaa boqonnaa malee abiddaan gubachaa,olii gadi kaadha.Ati ammoo abidda gra biraan taatee nagubdaa?" jechuudhaan reebicha itti cimsinaan Hawwiin; "maaloo aayyoo atis abiddaan hin gubatin.Anaanis harcummee kanaan nangubin.Maaloo aayyoo! liqeefadheen sii fidaa nadhiisi! Maaloo nadhiisii !Liqeefadheen sii fidaa! Maaloo aayyoo nadhiisi.Nan jaallattuu?Wayyoo! nan gubadhee! Wayyoo! Nan gubadhee! Wayyoo!" jennaan garaa laaftee reebicha itti dhiistee, dhaabbattee, qofaa ishee kofalite. "Eessa abbaa keetii liqeefattee naa fiddaa?" jechuudhaan, jecha isheetti dinqisiifamtee,harkaan afaan ishee qabattee,akka gowwaa kofalte.Haati Latii kolfaafi iyya Hawwii dhageessee dhuftee,"Haadha Hawwii! maali mucaa reebdee,qofaakee dhaabbattee kan kofaltuu nimaraatte moo fayyaanii?" jechuudhaan harcummee dhummugaa harkatti baattu harkaa

fuutee darbatte."Maal haadhakoo! shilingii tokko sila yeroon mana baaburaa deemu as miijala irra kaa'een ture fuudhanii gatan.Amma ammo,liqeeffadheen sii fida naan jetti kaa.Mimmixeen kun!"jettee, itti himte.Dubbii Hawwiitti lamaanuu dinqisiifamanii,wajjin koflan.Kana booda haati Latii, Hawwii lafa teessee boosuu gadi jetee, ol fuutee baate.Dhu-dhungachaa,imimmaan maddii isheerra gadi lola'an irraa haxaa'aa; "Eessaa liqeeffattee fidda gaftii koo? Isheenis anis sijaallanna.Hin boo'in bareedduukoo!Anuu siin liqeessaa! Garuu yoom naa kaffaltaa?" jettee, kolfaa,imimmaan ishee irraa haxaa'aa,dbu-dhungachaa, gara mana isheetti fudhattee deemte.

Hawwiifi Latiin akka kanaan mana barumsaa hanga seenanitti, qe'ee isaanitti taphachaa yeroo oolan, yoo inni ishee biraa hin jiru ta'e; "Hawwii dhirsi kee eessa deemee? hin barbaadduu?qofaa maaiif dhaabbataa?" ittiin jedhu. Latiidhaanis Haati manaa kee eessa sijalaa deemtee? ittiin jedhu.Keessumaa haasaan isaanii baayi'ee nama dinqa. "Hawwii! eenyu abaan manaa kee? Walloodha moo Latiidhaa? yeroo ittiin jedhan. Latiin; "maali niitii kooti!" jedhee nyaara isaa walitti guuree dhugaa fakkeessa.Yeroo kana itti koflu."Yaa ijoollee bara ammaa garaa keessatti waan hundumaa barattanii baatan malee kana eenyutu isinitti himee?" ittiin jedhu.Dhuguma ijolleen lamaan kuniinis baayi'ee wal jaallatu.

Hawwifi Latiin baayi'isanii babbareedu.Mana aaddee Dinsirii namooti farsoofi haraqee dhuguu dhufanis baayi'ee isaan dinqisiifatu.Lamaanuu namoota dhugaatii dhugan gidduu asiifi achii yeroo deddeeman "Tu! Tu! Tu! guddadhaa! rabbi isin haaguddisu." ittiin jedhu.Kaan ammo kan eenyuu akka ta'an kan hin beekne; " ijolleen kukkuullee

babbareedduun kunniin lamaan kan eenyuutii? ijarraa hafaa, ijarraa isin haa hambisu!” jechuudhaan midhagina isaanii dinqisiifatu.

Obboleessi quxusuun obbo Jirenyaa, obbo Margaan, gaafa boqonnaa isaa tokko tokko, obbo Jirenyaaafaa dubbisuu dhaqa. Obboleessa isaafi maatii isaanii dubbisuu gaafa dhaqus aadde Dinsiriifaas utuu hin dubbisin hin deebi'u. Olloota gaarii wal kabajanii, wal jaallataniifi wal gargaaranii waliin jiraatan waan ta'aniif akka ollaatti osoo hin taane, akka fira dhiigaatti wal ilaalu. Obbo Margaanis sababii kana irraa ka'uudhaan yeroo obbo Jirenyaaifi maatii isaanii dubbisuu dhaqu, maatii aadde Dinisiriifaas ni dubbisa. Gaafa dubbisuu dhaqus obbo jirenyaa wajjin farsoo aadde Dinsirii isa daadhii gachisiisu utuu hin dhugin hin deebi'u.

Gaaf tokko guyyaa Dilbataa, waaree booda, obbo Margaan mana obboleessa isaa dhaqee, haasa'aa erga turee booda, maatii aadde Dinsiriis dubbisuuf obbo Jirenyaa waliin itti gore. Aadde Dinsirii wajjinis erga nagaa wal gaafatan booda aadde Dinsiriin; “taa'aa!” jettee, isaan teessistee, faarsoo isaaniif buuste. Haaluma kanaan farsoo aadde Dinsirii isa akka booka mi'aawu dhugaa, utuu haasa'anii, Hawwii fi Latii bakkee keessa utuma taphatanii, wal duraa duubaan fiigaa mana seenan. Yeroo kana namoota taa'anii farsoo dhugan giddudhaa tokko, “kottaa ijoollee! harka naqabaa!” ittiin jennaan Latiifi Hawwiin dhaqanii harka qaban. “Namtichi gara biraan tokkos “Anaan ammoo harka hin qabdani?” ittiin jennaan, isas dhaqanii harka qabanii, deebi'anii obbo Jirenyaaifi obbo Margaa gudeeda isaanii gidduu galanii dhaabbatanii baasaa namootaa dhaggeeffatu.

Inni tokko “Ijoollee kukkuullee babbareedduu!...” jedhe. Kaan ammoo itti fufee; “Ijoolleen kun maali attam

babbareedu? Oromoo hin fakkaatani” jedhe. Itti fufees; “Amaaraa ykn Tigreefafakkaatu!” jedhe. Inni kaanis dabalee “Dhuguma! Oromoodhumatti hin bane!” jedhe. Margaan jechi namooti kunniinii jedhan bareedina ijoolee dinqisiifachuuf kan dubbatan tahuu yoo hubatellee, wallaalummaadhaan kan isaani dubbatan garuu garaa isa quuqe. Daguungora isaanii itti himuu barbaade. ”Oromoof fokkisaadha jechuu keessanii?” Jedhee dubbii isaa gaafiidhaan jalqabe. Itti fufuudhaanis “Dubbiin kun bakka tokko tokkotti, Oromoo fuula qajeelee, bifti miidhaguun, kun Oromoo hin fakaatu (fakkaattu) jedhanii yeroo daguungora dubbatan nan dhaga'a. Isinis isuma irra deebitan. Ani garuu wallaalummaa akkasii dhaga'uun natti ulfaata. Maaliif of xinneessinnaa? maal ta'aa utuu of hin arabsinu taanee?” jedhe.

Namoota yaada kennan keessaa inni tokko; ”Maal Dooktor dubbii baleessiinee?” jedhe, ulfinaan. Margaan Doktorii miti. Garuu Neersiidha. Namooti naannoo sanaa, ogeessa fayyaa hundumaan,” Doktor” jechuu barsiifata waan godhataniif Doktor ittin jedhan.

Obbo Margaan, barreessitooti Habashaa, kitaabota seenaa barreessan keessatti, waa'ee uummata Oromoo kan isaan jajallisaniifi maqaa xureessanii barreessan dubbiseera Barreessitooti biyya alaas kitaabota seenaa, siyaasaafi dinagdee ummata Oromoofi uummattoota Itoophiyaa kaanii dhugaa jiru barreessanis baayi'ee dubbiiseera. Kan dubbise hunda walbira qabees dhugaan eessa akka jirtu nama hubatedha. Waana kana ta'eef Oromoof, namummaadhaan, aadaafi afaaniin, saba kamillee ol ykn gadi akka hin taane namoota kunniiniti hime. Kana malees Oromummaa jechuu maal jechuu akka ta'e, kana malees eenyummaa isaanii wallaalanii, akkamitti akka gadi xiqqeessanii of ilaalan itti agarsiise.

Sirni nafxanyaa hacuucee isaan bitu kun,bulchiinsa irratti, mannootii barmootaattis ta'e kitaabotiin maxanfamanii ba'an hundi, guddaa fi jabaan Amaara, aadaa fi aafaan gaariin, kan Amaaraa,kan Oromoofi uummattoota Itoophiyaa kaan ammoo faayidaa akka hin qabnetti gadi xiqqeessee, Sammuudhaan gabroomsee hacuucee ummata Oromoo bitaa waan jiruuf, ilaalcha daguungora akkasii sammuu isaanii keessa akka taa'u gochuusaa ibseef.Waan kana ta'eef utuu hin beekin of xiqqeessuun isaanii daguungoraa waan ta'eef ilaalcha akkasii of keessaa baasanii,Oromummaa isaaniitti akka boonan isaan gorse.

### ***BOQONNAA LAMA***

Barri isaa 1950. Hawwiin waggaa 5 Latiiin waggaa 7. Mana barumsaa galuun isaanii ni ga'e. Jalqaba waggaa irratti dabtara, qalamaa fi uffata isaaniif barbaachisu hundumtuu isaanii bitamee,mana barumsaa ergamtoota wangeela Siwidinii galan.Hundeessitoota mana barumsaa kana keessaa tokko Abbaa Gammachiis (Onesimoos Nasiib) jedhamu. Abbaan Gammachiis bara 1899tti biyya Suwizerlaandii ganda "Chrischonaa" jedhamutti Kitaaba qulqulluu Afaan Siwiidinii irraa qubee Saabaatiin gara Afaan Oromootti kan hiikan ergamaa wangeelaadha.

Manni baruumsaa kun kan qajeelfamus Ergamtoota Wangeela Siwiidiniitiini. Si'a ta'u, Hawwiifi Latiif mana isaaniitti baay'ee dhihoo dha.Waldaa Kirstaana warra wangeelaa(Waldaa Makkaana Yesuusii ammaa)fuulleetti kan ijaaramee dha.Jalqaba Ji'a Gurraandhala bara 1925 yeroo ijaaramu kutaa tokkoo hamma sadii qofaatti barumsa kenna ture.Manni barumsaa kun bara bojii barsiisuu jalqabe sana

barattoota<sup>6</sup> soddoma ta'an fudhate.Bara Hawwii fi Latin mana barumsaa kana galan garuu kutaa 1\_6tti guddatee ture.Manni barumsaa kun bara hundeeffamee,barumsa kennuu jalqabe sana,barnoota amantii Kristaanaa,Afaan Oromoo, Amaaraafi Ingilizii, dubbisuufi barreessuu qofa barsiisa ture.Barsiisonni bara sanaas;Onesimoos,Hirphee Abbaa Magaal,Gannoo Salbaanaa(Asteer Gannoo)fi Stiinaa Skoold turan.

Bara Hawwiinfaa barumsa jalqaban, barattooti jalqaba mana barumsichaa seenan kutaa 2<sup>ffaatti</sup> dabruuf kutaa tokkoffaa waggaa 3 baratu.Jalqaba 1C waggaa lammaffaatti 1B, waggaa sadaffaatti,1A waggaa afraffaatti kuttaa 2<sup>tti</sup> dabru. Waan kana taheef Hawwii fi Latin 1C galan. Manni isaa citaa dha. 1B nis citaadha.Kutaan qorqortoo 1A irra hamma 6<sup>ffaatti</sup> kan jirudha.

Hawwii fi Latin wagga haaraatti mana barumsaa haaraa, hiriyoota haaraa, kan kanaan dura wal hin beekne gidduu galanii itti madaqaa jiru. Barsiisaan afaan Amaaraa isaan barsiisu abbaa Mangistee kan jedhaman Luba kiristaana Ortodoksii dha. Isaaniis "**U**" bal! yeroo jedhan ijoolleenis hordofanii "**U**" jedhu malee, ijoolleen hundi afaan Amaaraa hin beekani. Abbaa Mangisteen Qubee afaan Amaaraa kan barsiisan yoo ta'an illee ijoolleen afaan Amaaraa sababii hin dhageenyef afaan Oromootiin kun **U** kun **A** dha." jechaa itti aansanii ammoo "yihee **U** nawu! yihee **A** nawu" jechaa barsiisu. Abbaa Mangisteen afaan Oromoo eega achi dhufani baratan malee dhalooti isaanii biyya Goojamidha.Yeroo ijoolleen waccu "Ishaa"! jedhu. Jecha isaanii kana fudhatanii

---

<sup>6</sup> Barattoota jalqabaa 30 kunnii keessaa abbaan barreessaa kitaaba Hawwii, Hordofaa Mijanaa Goolee tokko turan.

ijoolleenis qoosaaf "Lishaa!" waliin jedhu. Harcummee dheeraa lama sadii of bira kaawatanii, ijoollee wacan dugda irra buusani gubu, Gaafa aaran ammo, "calluma jedii jennaan didde. An maali godee?" jedhanii harcummichaan dugda irra buusanii gubuudhaan "Sambatatu naa kenne!" jedhanii afaan qabachiisu, Hawwii fi Latiin akka kanaan 1C keessatti qabee afaan Amaaraabaratanii, waggaalammaffaatti ammoo 1b ti dabrani. Kutaa kana keessatti ammoo kan barsiisan dubartootadha. Aadde Yeshii immabeet Iddoosaa<sup>7</sup> Afaan Amaaraa beeku. Aadde Gumarii fi Giiftii Biishaan garuu afaan Oromoo malee afaan Amaaraa dubachuu sirriitti hin danda'ani. Afaan Oromoo hin barsiisan malee, kan isaan ittin dubbatanii qabee lakkoofsiisan afaan Oromootini. Isaanis utuu hin jaallatin sirna sana keessa lubbuun jiraachuun waan isaanirra jiruuf daa'imman Oromoo sammuu gabroomsuun dirqii itti taha.

Ilmaan Oromoos hanga mana barumsaa dhaquu gahanitti afaan haadhaa fi abbaa isaanii qe'ee warra isaanii fi ganda isaanii keessatti sodaa tokko malee dubbatu. Sirna mootummaa sana keessatti Afaan Oromoo afaan Amaaraa gaditti akka tuffatamee ilaalamus hin beekani.

Egaa ilmaan Oromo sadarkaa kana irratti mana barumsaa yeroo galan afaan Oromoo "kan gatii hin qabneefi kan bu'aa hin qabne, afaan gaariin kan gatii qabu, yoo baratan kan hojii itti argachuu danda'an afaan Amaaraa" ta'u isaa dirqiin hubatu. Eega yeroo kana irraa jalqabee afaan saba isaanii akka "bu'aa hin qabnetti" kan "bu'aa qabu" afaan Amaaraa akka ta'eetti sammuu isaanii keessa kaawwatanii guddachuu jalqabu.

---

<sup>7</sup> *Haadha manaa Luba Iddoosaa Gammachiis Onesimoosi Nasiibidha*

Sirna mootummaa ol aanutummaa saba Amaaraa qofaaf dhaabbate keessatti ilmaan Oromoo mana barumsaa sirna sana keessatti baratan, afaan Oromootta, afaan Amaaraa kan caalu itti fakkaata.Gara biraam ammoo sammuu Oromootaa kan sammuu gabroomsu; "simaa balawu!" dhaan yeroo rakkoo isaanii himatanidha.

Madaalli beekumsaa afaan Amaaraa beekuufi wallaaludhaan waan ta'eef "Abalu nama beekaaadha! Afaan Amaaraa akka Amaaraatti dubbata" jedhama.Yoo afaan Amaaraa, akka Amaaraatti dubbachuu wallaale, itti kolfama. Hojjettooti Oromoo hojii mootummaa guguddaairra jiranillee, barumsa sadarkaa guddaa yoo qabaatanillee afaan Amaaraa akka Amaaraatti dubbachuu yoo baatan itti koflama. "Ilaa namichi kun koolleejji ykn Yunversitii baratee raawwatee digiriidhaan nama eeb bifameedha. Garuu maal godha afaan Amaaraa qulqulleessee hanga ammaatti dubbachuu hindanda'u! "jechuudhaan itti kolfanii hamilee cabsu. Itti qosu.

Hawwii fi Latiin barumsa isaaniitti jaboodha, kutaa mana barumsaa keessattis walbira taa'u. Yeroo boqonnaaf bilbilli bilbilamee, gadi bahanii, taphatanis, yoo ijoolleen isaan lolan, ilma obboleessa obbo Jirenyaa Dalasaa jedhamutti figanii himatu. Dalasaan kutaa 4-ffaa sababii baruuf inni ijoollee isaan rukutan irraa dhorka ture. Garuu erga inni barumsa 6<sup>ffaa</sup> achii raawwatee mana barumsaa Q.H.S.<sup>8</sup> erga seene boodas Hawwii fi Latiin haala hundaatti sababii madaqaniif dhibee bin qaban.

Yeroo manatti deebi'an, dabtarii isaanii kaa'anii faarsaa Afaan Oromoo guyyaa barachaa olan lama ta'anii yeroo isaan

---

<sup>8</sup> Qadaamaawwii Haayile Sillaasee

faarsan nama gammachiisu turan. Obbo Jireenyaanis "mee kan hardha barressitan dabaree dabareedhaan naa dubbisaa" Yeroo ittiin jedhan, kan barreessaa oolan dubbisuuf. Erga dubbisan booda Obbo Jireenyaan; "...baayi'ee gaariidha mee faarsaa hardha barattan ammoo nadhageessisaa" yeroo ittiin jedhan "...isa kam faarsinuu? jedhanii walii isaanii erga wal gaafatan booda kan walii galan irratti faarsuu jalqabu.

"Obbolee Yaaqoob obbolee Yaaqob raftanii (2) Bilbilli ni bilbiila, bilbilli nibilbila ka'aa kaa (2). Dingi dang doo! dingi dang doo..." jedhani eega raawwatan booda gara biraa ammoo jalqabu. "Eenyutu uumee anaaf siin, anaaf siin? waaqa waaqa irraa. Eenyutuu uumee sinbirrootaa sinbirrootaa? waqa waaqa irraa...." Jechuudhaan dhageessisu. Utuu akka kanaan barumsa isaanii hordofanii Latii barumsatti baayi'ee jabaa sababii taheef 1B keessa seemisterii tokko baratee kutaa 1A tti dabrsani. Kanumaan Hawwii wajjin wal caalan.

Latiin mana barumsaa Misiyooniitti qormaata ministirii fudhatee 7<sup>ffaatti</sup> dabruudhaan mana barumsaa sadarkaa 2<sup>ffaas</sup> "Q.H. S!" ti ce'e. kanumaan Hawwii irraa wagga wagga of gargar bahe. Hata'u malee mana barumsaa isaanii irraa gara mana isaanitti yeroo deebi'an, gammachuudhaan wal simatanii yaaddoo wal irraa qaban baafatu. Hawwiin guyyaa kan barachaa oolte keessaa kan isheef hin galle Latii gaafachuudhaan barumsa hundumaa sababii qalbiidhaan hubattuuf barumsa isheetti cimtuu taate.

Kutaa tokoo gara isa itti aanutti kan dabartuu 1<sup>ffaas</sup> 2<sup>ffaas</sup> ykn 3<sup>ffaas</sup> taateetu. Wagga waggaadhaan badhaasa fudhachuudhaan dabarti malee qabxii gadi aanaan miti. Akka kanaan kutaa 6<sup>ffaas</sup> Misiyooniitti raawwattee 7<sup>ffaas</sup> "Q.H.S" itti ceetee, Latii wajjin oluu dhaan gammachuu dhabdee turte argatte.

Hawwii fi Latiin barumsa isaanii irratti jaboo waan ta'aniif barsiisotaa fi barattoota biraatti maqaa guddaa qabu. Yeroo mana barumsaa dhaqanis, yeroo manatti galanis, wal irraa addaan hin ba'an. Kan isaan hin beekne obbolaadha jedha. Kan warra isaani beekan ammoo "Roomeyyoo fi Juuliyeet!" ittiin jedhu. "Roomeeyyoo fi Juuliyeet" dargaggoota jaalalli wal irra isaan qabe kan Sheekispeer kitaaba waa'ee isaanii barreesse dha. Dhugumayyuu kan abbaa fi haati isaanii gargar tahuu hin beekne obbolaadhaa ittiin jedha. Kunis ofumaa waliin sababii deeman qofaaf miti. Sababii baayi'eetu jira. Tokkoffaa bifti isaanii wal fakkaata. Hawwiin hojjaan ishee akka dheerachuu ta'ee dhabbata gaariifi baayi'ee bareedduudha. Latiins dimaa dheeraa baayi'ee müdhagaadha. Walumaa galatti lamaanuu qajeelinni funyaan isaanii, ij'I, haphinni hidhii, kuulli nyaara isaanii, haadhoo garaa tokkoo bahan isaan fakkeessa. Lammaffaa ammoo kellaan mana barumsaa keessatti gar gar hin deeman.

Kan jaalalaan wal qabate namni maal nuun jedhaa? yaada jedhuurraa kan ka'e ifatti wal qabatanii ija jabaatanii hin deeman. Kan isaanii garuu adda. Kan Hawwii fi Latii gara kam akka tahe namuu sirriitti beekuu hin danda'u.

Hundumaa iyyuu kan beekan isaan lamaan qofaadha malee haatii fi abbaanillee kan ilaalan akka obbolaa bantii mana tokkoo jalatti dhalatanii, qe'ee tokkotti guddatanii, kana waliin baratan hiriyoota wal jaallatan jedhu malee jaalala durbaafi dbüraati jedhee namni isaan shakku hin jiru. Haatiifi abbaan Hawwii intalli isaanii gaafa guddattee, heerumaaf geessu sooreessatti heerumiisanii hiyyummaa keessaa ba'uu yaadu.

Kanaaf haalli isaan intala kana itti to'atan baayi'ee cimaa dha. Garuu Latii irraa gargar baatee qoofaa ishee bakki

deemtu sababii hin jirreef karaa kanaan yaaddoo hin qaban. Latii akka ilma isaaniitti ilaalu.Dhugumayyuu mana barumsaattis tahe bakka gara biraatti Hawwii harkatti galfachuuf dargaggessi ishee kajeelu baayechaa dhufe. Hawwiin kutaa 9<sup>ffaa</sup>, Latii 10<sup>ffaa</sup>, akkuma umurii isaanii wal faana jiru.

Durbi dhiira dura daftee guddattee sababii geessuf, iji dargaggoota mana barumsaa Hawwii irra bu'eera.Akkuma allaattiin foon lafatti argitee, irra marsitu dargaggootis irra marsuu jalqabaniiru. Garuu qofaatti ishee argachuu waan dadhabanii Latiitti baayi'ee aaru.

Carraa isaa kanattis baayi'ee hinaafu. "Utuu Rabbi isanu godhee?" jedhanii hidhii of ciniinu. Karaa ijoollee durbaa Hawwiin waliin barataniin walqunnamtii uumuufis baayi'ee dhama'u ture.Haala sanaanis sababii hin milkoofneef gaaffii isaanii xalayaa barreessanii dabtara ishee keessa kaa'uu jalqaban.Suuraa onnee, eebboon waraanee kaasanii, walaloo barreessanii maqaa Rabbiitiin kan ishee kadhatan lakkoofsi isaanii xiqqaa miti.

Gaaf tokko barumsi guyyaa raawwachuu isaa kan beeksisu bilbilli mana barumsaa sa'atii 10:30 irratti akkuma bilbilameen, manatti galuuf meeshota barumaa ishee utuu walitti qabattuu,dabtaroota ishee keessatti poostaa lama argite."Eenyutu as kaa'ee? Kan eenyuutii"Jechuudhaan poostaa sana gaggalgalshitee ilaalte.Dudda pootaa lamaan kuniin irratti maqaa Hawwii qofaatu bareeffame. "Eenyutu naa ergee?"Jechaa,poostaawan sana ammas gaggalgalshitee ilaalte.Maqaa ishee malee kan isheef erge irratti hin bareeffamne.Kana dura haala akkasii waan argitee hin beekneef baayi'ee ishee dinqisiise.Utuu poostaa sana hin saaqin, meeshota ishee korojoo ishee keessatti naqattee, daree

keessaa baatee, Latii eegde. Yeroo inni dhufu nagaa gaafattee, gara manaatti utuu deemanii, poostaa lamaan kunniin itti agarsiifte. Latiinis harkaa fudhee, saaqee, Barreefamichi walaloodha.

"Yaa goraa marartuu kan bosona jirtuu  
Qoraattiitu si marsee eessaan si argatuu?"

Harkaan sin qaqqabu ilaalee sinquufu.

Takkaa na dubbisi duuti hoo hin hafu.

Siiin maaltu si uumee maaltu akkas si tolchee?

Nyaara kee, ija kee, funyaan kee hidhii kee, ilkaan kee kan akkas bareechee?...."jedha. Walaloo kana jalatti "Hawwii!sin jaalladhe. Maaloo jaalalleekoo ta'i!" Barataa Naaroobii, 10B keessaa!" kan jedhu kokkolfaa dubbiseef. Gurbaa barreesse sanas baruuf erga wal gaafatanii baran booda poostaa lammaffaa ammo saaqe.

"Yaa biiftuu ganamaa kan Jaatoo<sup>9</sup> irraan dhufu

Kufeen si kadhadha deebii naan kennituu?

Miidhaga keen na waraantee

Dhukkubsataa na gootee

Ofii irriba raftee

Gubdee na qaamattee?

Takkaa gadii buutee namaatti hin dubbattuu?

Malli isaa maaliree eessaan si argatuu"...? Barataa Jabeessin 11A keessaa." Kan jedhus dubbisaa gara mana isaaniitti galan.

Gaafa kaan ammo, barsiisaan erregaa, daree barumsaa keessatti hojii daree keessaa akka hojjetaniif erregaa isaanii kennee, kan hojjetan tokko tokkoon irra deemee, sirii tabuu fi daguungoruu isaanii utuu ilaalee mallattoo godhuu, Hawwii bira gahee, dabtara ishee ol fuudhee ilaalee, mallattoo sirii dha

---

<sup>9</sup> Ganda Hawwilnsaa jiraatan

jedhu ( ✓ ) godheefi jalatti ammoo afaan Ingiliziitiin; “I Love you” (An sin jaalladha) jedhee irratti barreessee, itti agarsiisee erga isheen ilaalte dubbiste booda dafee balleessee dabtarii ishee cufee itti deebise.Kanas Latiitti agarsiifte. “elaa Latii hardha ammoo barsisaa Warqaalammawu waan inni naan jedhe” jettee dabtarii “Maathisi” ishee itti kennite.Latiinis harkaa fuudhee, ilaalee, itti deebisaa; “ Raajii dha. Hawwiikoo! Akka soogiddaa mi’oofte mitii?” jedhe akka qoosa. Isheenis “Maal inni namni salphoon akkasii maal na se’ee? ijoolee dubraa mana barusmaa kanaa waliin gaheera.Amma ammoo anatu isa hafe kaa! sareen kun! Maal na se’ee? Daayirekteera keenyatti agarsiisuudhaaf yaadeen ture.Garuu dura siin mariyachuu wayya jedheen turse....”jette aariidhan.

Latiin garuu itti qoosuuf, “...yee Hawwii! garuu ati isaan kunnin keessaa isa kam filattee?”.

“Animoo?”

“Eeyyee”

“ An hin beeku. Nagaa waaqayyoof yoo harka naqabe malee dhini dhimma gara biraaf qubaan akka na tuqu hin barbaadu.”

“ Yoo heerumte abbaan manaa kee hoo?

“ Atis dabarsitee ormatti na kennuu yaaddaa?”

“Gaafa sana...”

“Gaafa kamii?”

“Gaafa heerumtu hojiin guddaan akka na eeggatu nattii muldhata,” jedhee kolfe.Hawwiinis, laphee isaatti maxxantee, mudhii isaa ammattee, ija jaalalaan ol ilaala;

“Hin barbaadu! hin barbaadu! Latti koo dhiisi ani dhirsa hin barbaadu” jette.Latiin kana giddutti haasaa jijiire.

“Utuu dubbannuu intalli isheen kutaa keessanii eenyu maqaan ishee na harkaa bade...” jedhe.Yeroo inni kana dubbatu fuulli

Hawwiin battalaan geeddaramame.Nyara ishee walitti gudunfitee, “eenyu isheen? ganda kam jiraatti? Maal goote? Maaliif ishee barbaaddee?”

“Gandi isheen jiraattu Bakkee Jamaadha.” jedhe. Intalli kuniifi Latiin mooraa mana barumsaa keessatti yeroo wal argan, utuu wal hin dubbisin ijaan ijaan wal ilaalanii, walitti koflaa, wal bira dabru. Ija jabaatanii, harka wal qabnaiis ta’e, walitti siqanii, walii wajjin haasa’ anii hin beekani. Wal saalfatu. Latiitu sodaata. Garuu isheenis taanaan durba akkuma ta’uu isheetti dursitee isa dubbisuu saalfatte.

Akka fedhii wal irraa qaban lamaanuu sirriitti wal hubatanii jiru. Garuu Latiin afaani baasee ishee gaafachuu sodaate malee, garaanshee Latii akka barbaadu haalaan itti muldhiftee turte. Akka aadaa biyyaa keenyaatti jaalalaaf dursee kan gaafatu dhiira malee dubaraaf qaaniidha. Latiin intala garaan isaa itti na’e maqaan ishee jalaa badee xinnoo yaadaa ture. Kana gidduutti Hawwiin “kutaa ani jiru keessaa ganda Bakkee Jamaadhaa kan dhufan ijoollee dubaraa sadiidha “Siindahaatuu! Doddoteefi Immabeet” jetee maqaa dhoofte. Battala kana Latiin maqaa irraanfate yaadachuu isaatti gammaduudhaan;

“Kunooti Immabeetidha! ” jedhe. Hawwiin garuu, akka aaruu ta’uudhaan fuulli ishee baayi’ ee geeddaramame. Haalli ishee kun Latiif hin galle.

“Hawwii koo maal taatee? Kan onneekoo keessa seente Immabeeti hiriyaakeedha”

“Siif hintaatu.”

“Ishee kamiree kan naaf taatu. Ani ishee malee garabiraa hinbarbaadu. Immabeet malee...”

“Dhugaasaa sitti himuu?”

“Eeyee”

“Gabaabaadhumattin sitti himuu?

“Eeyee! Maal taatee?Maal jechuukeetii?”

“Sinbarbaachisu.”

“Maaliifi?Garaankoo isheetti na na’e.Kan ani barbaadu isheedha.”

“Amma Latiikoo ati dhuguma girl friendii,Hiriyaadu durbaa qabachuu barbaaduu jalqabde jechuudhaa?”

“Eeyee! Hawwiikoo ergan ishee yaaduu jalqabee Tureera”

“Amma yoo ishee girl friendiikee godhatte maal gootaa?”jettee, kokkolfaa gaafatte.Innis akka saalfachuu ta’ee,kokkolfaa ;

“Ihii ...Nan dhungadhakaa!”jedhee baayi’ee kolfe.

“Eessarra dhungattaa?”jette. kolfa sobaa kolfaa.Yeroo kanaa Latiin quba isaatiin hidhiisaa agarsiisaa;

“Maali kanan wallaale seetee asirrakaa!”jedhee kolfe.Isheen garuu amma isaa wajjin hin kolfine.Akka aaruu ta’uudhaan

“Yaadikee erga kana ta’ee, girl friendii sin barbaachisu”

“Ihii! Maaliif akkas jette Hawwiikoo?”

“Dubbiin siif hingaluu ? Ati jaalallee qabdaam!Gara biraa maaliif garaankee yaadee?”Jette.Aariifi hinaaffaadhaan. Mudhii isaa ammattee,qabattee,turte gadhiisaa.Latiinis aariidhaan;

“Maal jechuukeetii ?Ani dhiira mitii?Siinbarbaachisu yeroo jettu maal jechuukeetii?Ati hamma hardhaatti nan beektu jechuudhaa?Jaalallee eessaan fidee?Ani kana dura girl friendii hin qabu ”

“Qabda!”

“Hin qabu”jedhee, ija itti babaase.Bttala kana Hawwiifi Latiin haala xiiqiifi hinaaffaadhaan utuu waa walitti hindubbatin calluma jedhanii yeroo muraasaaf deeman.Garuu xinnoo erga deeman booda,

“Latiikoo natti dallantee?”Jettee, akka duraaniitti itti siqxee morma isaa jala dhudhungachuudhaan itti maramtee, mudhii isaa ammattee, sossobde.Latiin battala kana ammoo aariinsaa qabbanaa”e.

"Ltiikoo calluma jedhi. Ani kan Immabeet caaltu sii qopheesseera."

"Kan Immebeetiin caaltu mana barumsaa kana keessa jirtii?"

"Ani ishee hincaaluu?"

Jette Kokkolfaa, ammas ofitti qabdee morma isaa jalā dhudhungatte.

"Atimmaa ishee qofa osoo hin taane, shammarran adduunyaa hunda akka caaltu nan beeka. Ati hundumaa nicaalta baayi'istee bareedduu akka taate barattoot mana barumsaa keenyaa hundi dinqisiifannaadhaan dubbatu." Jedhe kokkolfaa. Isheenis wajjin kokkofaltee, morma morma isaa jalā dhudhungate."

"Latiikoo! atis baayi'istee bareedaadha. Garuu Durbi Immabeetiin caaltu akka jirtu erga bartee Immabeetiin maaliif filatteree?"

"Akkam? Gaaffiinkée naaf hingalle" (akka dinqisiifamuu ta'e)

"Dubbiin mallif dafee siif higaluu Latiikoo? Ani attam abbaakoo godhuu Latiikoo? dubbiin dafee siif hin galu. Ati calluma jedhi. Kankee naharka jirti. Kankoos siharka jira. Murtiin kan lamaan keenyaati. Imabeetiin kan caaltu qabda. Dammaqi!" Jette ammas kokkolfitee, isas kokkofalchiiste. Haala kanaan deemaa, gidduutti ammoo lamaanuu yaada mata mataa isaanii, garaatti yaadaa deemu. Hawwiin garaa isheetti

"...maaliif Latiin maaliif dubbiin dafee hingaluusii? Kana caalaa maal jedhee itti himuu? Yeroon isa dhungadhu humtuu itti hindhaga'amuu? Amma utuu Immabeetiin argatee akkamittiin ishee dhungataa?.. "Jetti terte.

Latiinis garaa isaatti;

...intalli kun sinbarbaachisu. Kankee naharka jirti. Kankoos siharka jira. Jaalallee qabda. Jaalallee gara biraan siin barbaachisu. Jechuun ishee maal jechuu isheetii? Jaalalleen ani qabu ishee kamii? Yaa Waaqayyoo hibboon kun maali innii?..." Jedha ture.

Hawwiin durattuu ofumaa isa dhoksite malee ijoolleen dubraa isheetti dhihaatan baayi'een "Obboleessi kee kun maaliif namatti boonaa? Nama hin dubbisu.Haala isaatu akkasii? Wal nubarsisi! " jedhanii guyyaa hundaa akka ishee rakkisan itti himuu hin barbaadne.Yeroo ijoolleen durbaa kunniin akkas jedhanii ishee gaafatan,hinaafaadhaan garaan ishee gubata.Garuu hinaaffaan ishee kun akka irraa hin beeksisne baayi'ee yaalti turte.Latii wajjin utuu deemaa jiranii durbi isaan bira dabruu dhustee, ijaan isa ilaaltu baayi'ee gubatti."Hiriyaakoo kana durbi gara biraan gaaf tokko narraa fudhachuun ishee hin oolu." jechuudhaan baayi'ee yaaddost. Latinis Hawwiin maaliif Immabeet irraa akka isa faccistu sirriitti ifa hin taqneef.Sababiin isaas hiñ galleef.

Shamarran Hawwiin kutaa tokko waliin barattuufi kutaa ishee cinaa jiran walquunnamtii isaanii cimsachuudhaan itti dhiyaatanii, wajjin haasa'uu baayi'isan.Yeroo barumsa irraa boqonnaaf gadi bahan, gara Hawwiitti fiiganii;"...kottu deemnee,shaayee dhugnaa" ittiin jehdanii fudhatanii deemu.Manni shaayees mooraa mana barumsichaa keessa buufata "Booyi Iskaawiti" biradha.

Haaluma kanaan gaaf tokko tokko wajjin demti.Gaafa kaan ammoo,Latii to'achuuf akka isheef mijaa'uuf hiriyoota ishee affeeran kunniin wajjin deemuu didduudhaan biraahasti turte.

"...Latii na'eegi naan jedheera. Isan eega.Waan kana ta'eef isin deemaa" ittin jetti. Isaanis Latii sababii barbaadaniif "...maaloo. deemii waami.Dhussee shaayee nu wajjin haadhugu. Isaa wajjin haasa'uu barbaadnaa! ".Yeroo ittin jedhanis, ni diddi.Hiriyooti ishee kunniin Latii akka barbaadan waan hubatteef hinaafaañ ishee gubu itti caalaa deeme.Latiin durbaa wajjiin akka haasa'u hin feetu.Mooraa mana barumsaa

keessatti yaaddoo kanaan akkasitti hinaaffaadhaan gubachaa oolti.Haalli kun boqonnaa ishee dhorkuutti ka'e.Kanaaf yeroo boqonnaaf barumsa irraa gadi bahan, shamarran hiriyoota ishee wajjin teesees haata'u qofaa ishee ykn ammoo isaanuma wajjin gaafa mana shaayee deemtufi eessallee taatee ijaan Latiin eenyuu wajjin akka jiruufi durba isa ilaaltu to'atti.Shamarran hiriyootni Hawwii kunniin walquunnamtii ishee waliin qaban kan cimsuu jalqaban ergama lamaaf ture

Tokko dargaggoota Hawwii barbaadaniin kan ergaman yoo tahu,Lammafaan ammoo shamarran Latii karaa isheetiin firoomsachuu barbaadaniidha. Hawwiin ergama lamaanuutti baayi'ee aartee gubatti.

**Gaaf** tokko hiriyooti Hawwii ;**Siindahatuu**,**Doddoteefi** **Imabeet** mooraa mana barumsaa keessatti gaaddisa muka Burtukaanaa jala taa'anii haasa'u turan;

**Immabeet** Hawwii obboleessikee kun maaliif nama hin dubbisuu?

**Doddotee** Hawwii! maaloo obboleessakee wajjin wal nubarsiisi!

**Siindahaatuu** Obboleessikee Ltii baayi'isee bareeda utuu boy friendiikoo ta'ee

**Immabeeti** U! U! kan akka koo jaalala isaan waadame jiraa laataa? Hawwii maaloo obboleessakee wajjin wal nubarsiisi!"

Yeroo isaan akkas jedhan Hawwiin battalaan fuula ishee isaan irraa garagalshite.

"...nan badee ! Edaa Hiriyootikoo kunniin Latiikoo ilaallataniiru.Na harkaa fudhachuufi jechuudhaa? Nan bade.Latiinkoo nawaliin guddatee durbi gara biraan nacinaa fudhachuufii?..."Jette.

**Immabeet** Ani kan nadbibu Hawwiin maaliif Latii wajjin wal nubarsiisuu hinbarbaadnee? Garuu dhuguma obboleessakeetii?

**Siindahaatun** Immabeet gaaffii sammukoo keessa deddeebi'u kaaste.Dhuguma isin obbolaadhaa? ati Hawwii Bulchaa,inni ammoo Latii Jirenyaadha

**Doddotee** Lakki dhiisaa Hawwiin ofiif dhuunfachuu barbaaddeeti malee obbolaa miti.Natti hin fakkaanne. Garuu bifti isaanii walfakkaata.Lamaanuu babbareedoodha"Jennaan hundi isaanii irgaantakkaa kolfan.Yeroo kana Hawwiin akka qaana'uu ta'uudhaan;

"...haatikoofti abbaansaa obbolaadha.Iccitiin gara biraa hinjiru.Ani isaa wajjin dubbi akkasii haasa'ee hin beeku.Inni ijoollee durbaa wajjin qoosaa akkasii hin barbaadu.Inni akkuma isinis beektan xiyyeffannaan isaa barumsadha.Kanaaf lammata waa'ee kanaa natti hin kaasinaa.Amma yoon ijolleen durbaa siwajjin walbaruu barbaadu jedhee itti hime natti dheekkama.

Jette.Garaa ishee keessatti garuu;

*...maal abbaakoo godhuu hiriyootikoo kunnin Latiikoo narraa fudhachuufi...*"Jetti turte.Yaadaan fagaattee deemuu ishee kan hubatan hiriyooti ishee kunninis;

**Immabeet** "Hawwii ! maali akka durba durbummaa gattee maaliif yaadi sibadee?"

Jennaan hundi isaanii irgaantakkaa kolfa isaanii gadhiisan.Hawwiin garuu kolfa isaanii kana akka hinjaallanne fuula isheerra beekama ture.Garuu asaan ishee qabattee calluma jettee ,isaan ilaala erga turte booda;

"..Immabeet! atimmoo calluma jettee qoosta.Ani durbi durbummaa yeroo gattu attam akka taatu hin beeku giiftiikoo! Ani ammaliee durba . duudaadha.Durbummaakoo hin ganne.Tarii isin durbummaa gattaniittu.Kanaaf akkas jettu. Haala kanas, beektu jechuudha..."Jettee,kofaltee,hiriyoota ishees kofalchiiste.

Hawwiin haala shamarran Latii barbaadanii hubattee to'annaa Latii irratti gootu cimsite.Yeroo mana baruumsaati manatti deebi'an, dabtarii isaa fuutee, keessa isaa sakattaati. Akkuma dargaggootni xalyyaa isheef bareessanii,dabatarii keessa kaa'aniif, isaafis,dubri isa barbaaddu akkas gooti amantaa jedhu qabdi " Haati hattuun intala hin amantu" akkuma jehdamu ta'uu issati dubbiin.

Latiin garuu haala Hawwiin itti agarsiiftu kanà sirriitti hubachuu hin dandeenye. Kan isheen itti dubbatte irraa ka'ee sammuu isaa keessatti gaaffii baayi'ee of gaafata;

*“...Intalli kun maal jechuu isheeti? Abbaa fi haati koollee hanga kana nan to'atan...Latiikoo kan Imabeeti caaltu ani sii qopheeseera.kan jettu,ishee kamii laataa?.. Dubbiin mallif dafee siif higaluu Latiikoo? Ani attam abbaakoo godhoo Latiikoo? dubbiin dafee siif hin galu.Ati calluma jedhi.Kankee naharka jirti.Kankoos siharka jira.Murtiin kan lamaan keenyaati.Imabeetiin kan caaltu sii argeera...”*kan jettee dubbatte sun, yeroo qofaa isaa taa'u sammuu isaa keessa deddeebi'a.

Gaaf tokko guyyaa Dilbataa,Hawwiifi Latiin mana Hawwiifaa taa'anii, Raadiyoo Itoophiyaa sagantaa filannaa sirbaa dabraa jiru utuu dhaggeeffachaa jiranii,hiriyaan Hawwi Immabeet ,Latii Jirenyaaaf sirba Hiiruut Baqqalaa;;

*“...Lemmi wedduh qartoo lemmiyatokkuruhi (2)*

*Qaanaahi yemmixaafixi karameellaa nehi" (2)*

Jedhu filteef dhga'an.Latiin yeroo maqaa isaa raadiyoonii irraan dhaga'u baayi'ee na'e.Baayi'ees gammade. Hawwiin garuu battalumaan fuulli ishee geeddaram. Ija ishee akka eeboo Latii irratti dhaabdee, cal jettee, yeroo xinnoof erga isa ilaalaa turtee booda utuu homaa hin dubbatin kaatee, radiyoonaicha cuffe.Kana booda gola isheetti dabrite.Haati Hawwi ala teessee geeshoo caccabsaa waan turteef giddutti raadiyooniin cufamnaan,idduma teessu utuu hin ka'in sagalee

ishee ol kaaftee; "maaliif raadiyooni cuftanii. Hawwii koo?" jette.Firri fira isaaf, dubri dargaggeessa jaallattuf, Dargaggeessi durba jallattuf filuun waan baramedha. Immabeet Latiif sirba filuun ishee, jaalala isaaf qabdu ifa gochuuf ture.Haati Hawwii raadiyoontii maaliif cuftan jennaan Latiin ka'ee bane.

Battala kana Hawwiin golaa baatee,raadiyoonticha deebisetee cufte.Latiin;

"Maal taate Hawwii koo?"

"Hawwii koo anaan hin jedhin.Immabeet koo jedhi kan kee Immabeeti!"

"Hawwiikoo! ati Immabeet jaalalleekoo akka taatu maaliif hin barbaadnee?... jaalallee garabiraa ni qabdii moo maaliifii?" jedhe.Hawwiin garuu utuu waa hin dubbatiin hinaaffaan ishee gube.Utuu gaaffii isaaf deebii hin kenniniif calluma jette.

"Gowwaa! ati nama akkamiiitii? maaliif yeroo sitti himan dubbiin dafee siif hin galuu?Yoo jaalallee hin qabdu taate maal gootaa? Lammaffaa waa'ee ishee akka natti hin kaafne" jettee, deemtee, raadiyooni bante.Garuu sirbi isaaf filame raawwateera.Yeroo kana Latiin ammoo dabree isaa aaree, utuu waa hin dubbatin mana Hawwiifaa keessa ba'e.

Hawwiin jaalalaafi fedhii Latiif qabdu haala gara garaan isaaf muldhisuu yaalteetti.Inni garuu kan isheen jettuufi yaaddu hin hubanne.Isheen,dubara gara biraatti dabarsitee,isa kennuu hin barbaadne.Dargaggeessa garabiraatti of kennus hin barbaadne.Jaalala cimaa,Latiirraa qabdutu ishee keessatti wajjin guddatee, yoona gahetu boqonnaa ishee dhowwe.Jaalala dhugaa kan horiin hin argamne.Kan hin geeddaramnetu ishee keessa jira.Innis akkasuma ishee jaallata.

Garuu jaalalli Latii keessa jiru kan obboleettummaati. Akka obboleettiisaatti malee akka halagaatti ilaalee fedhii dargaggummaa isaatiif ishee yaadee hin beeku.Kanaf hubachuu dadhabe malee isheen akka barbaaddetti itti siqxee ammattee dhungatti.Kan garaan ishee yaade itti dubbattee, fedhii ishee guuttatti.Kanaaf hinaaffaan akkas ishee godha. Latii malee dhiirri tokko illee kan ija ishee guutee, garaadhaa jaallachuu dandeessu kan jiru itti hin fakkaatu.Hamma dhuma lubbuu jirenya isheetti isaá wajjin ta'uuf murteessiteetti. Kanaaf to'annoo itti cimsiti.Immabeetiinis akka diinaatti ilaaluu jalqabde.Garuu sababii kanaan, jibba isheerraa qabdu ifatti utuu hin muldhisin, tooftaadhaan abdii ishee kutachiisuu barbaaddee; "Latiin nama amantii waan ta'eef dhimma akkasii hin jaallatu.Kanaaf lammata yaada kana dhiisi" jettee akekkachiistee irraa kutte.

Latiin garuu Imabeetiin jaalallee isaa godhachuuf fedhiin qabu isa keessaa hin badne.Qofaatti ishee argatee akka ishee jaallatu itti himuuf gaadaa jira.Hawwiiniis akka inni ishee wajjin wal hin quunnamne baayi'ee yaalti.Yeroo mana barumsaa irraa mana isaanitti deebi'an, qofaa isaanii, yeroo namni naannoo isaanii hin jirre qaamaan walqaqqabuudhaan, wal qirqiduudhaan akka fedhan iddo fedhan qaama walii tuttuquudhaan nitaphatu.Hawwiin waldhaansoo qabdee yeroo inni beekaa mo'amme, kufu, irra aantee ykn cinaa isaatiin taatee ammattee maddii isaa morma isaa jala dhungatti.Inni garuu ija jaalala obolummaatiin ilaalee ishee wajjin taphata malee hamma ammaatti akka jaalalli ishee maraachaa jiru hin beeku.

Al takka takka Hawwiin qofaa ishee "...Maalii yaadi isaa?... itti hin dhaga'amuu laataa...?keessumaamboo yeroo waldhaansoo wal qabanee, gudeeda koo gidduu naqaqqabuufi

naqimmiidu, yeroo guntuta koo qabee na iyyisiisu. Ani ammoo laphee isaa irratti jorgaa jedhee irra yeroon ciisu, isatti hindhaga'amuu...?" Jetti.

Latiin akka fedhe, bakka fedhe, qaama ishee yoo tuqe, daangaa itti gootee, isa bin dhowwitu. Guutummaan namummaa ishee isaaf akka tahu erga murteessitee turteetti. Latiinis fedhiin dhiirummaa isaa, itti dhaga'amuu erga jalqabee bubbuleera. Hawwiin isa jaallattee, maraachaa akka jirtu garuu hammā yoonaatti hin hubanne. Keessumaa ammo, Immabeet malee ijoolleen dubaraa Latii barbaadan baayi'ee waan ta'aniif hinaaffaan, akka abiddaa baayi'ee ishee gubaa jira.

\*\*\*\*\*

"Hawwiikoo! hardhammoo Immabeetfaa wajjin teessanii yeroo haasoftan isin argeera. Akkan hubadhetti haasaa howwu'aa qabattaniitu."

"Haasaa faayidaa qabu hinturte. Ati garuu ammallee Immabeetiin halaala dhaabbattee ishee hordofta jechuudha mitii? Jaalallee ishee wajjin maaliif akka walolteefi amma ammo akkamitti akka araaramte nutti himte. Hundi isaanii jaalallee qabu."

"Immabeet jaalallee qabdi jechuudhaa?"

"Eeyee. Maali?"

"Humaa miti. Isaan gidduudhaa jaalallee kan hinqabne siqofaadha jechuudhaa?"

"Animoo?"

"Eeyee!"

"Daguungorteeitta"

"Akkam qabda jechuudhaa Hawwiikoo?" (Naasuufi dinqisiifannaadhaan)

"Akka lubbuukotti kanan jaalladhu. Jaalallee isaanii barumsaanis ta'e miidhaginaan kan caalu qaba."

"Nanbadee! Hawwiikoo! hamma... hamma... hardhaatti maaliif utuu wal nunbarsiisin nadhoksitee? maali?"

"Atimmoo dubbiin dafee siif hin galu.Afachu yeroo xinnoo booda qolaa baasee sitti himuuf murteesseera.Sitti himnaanis siigaluu hindandeenye."

"Hawwiikoo amma reefuu nasobde.Edaa ati jaalallee qabda jechuudhaa ?Wayyoo Hawwiikoo!"

"Maal taate?"

"Homaa"

"Maal godhataa kun?(akka aaruu ta'aa).Elaa sitti himuu?"

"Eeyee!"(Haala dinqisiifannaadhaan)

"Sammuunkee inni barumsatti 99 % argatu, karaa dhimma amma haasofnu kanaatti ammoo 0 % dha.Kufteetta jechuudha. Ati jaalallee Immabeetiin al dhibba caalaa bareedduufi akka lubbuu isheetti sijaallattu qabda."

'Hawwii natti qoosta mitii?utuu dubbannuu hardha ammoo poostaa meeqa argattee?"jechuudhaan ishee gaafate.Hawwiin garuu aariidhaan gaaffii inni ishee gaafateef utuu deebii hin kennis calluma jettee sekondii xinnoof isa ilaala erga turt  
booda;"gowwaa !" jettee, itti kolfite.

Haalli haasaa isaanii kun yeroo mana barumsaarra gara manaatti deebi'an kan haasa'anidha.Keessumaa ammoo dargaggoota irraa xalayaa Hawwiif ergame yeroo hundumaa mana barumsaa irraa gara manaatti yeroo deebi'an ishee gaafata.Gaaffiin kun Latiif aadaa ta'eera.Isheenis lamas haata'u tokko kan ishee ga'e cirtee wajjin dubbisani kolfu.Eenyummaa nama isheef barreessee sanaa wal gaafachuudhaan "isa ! isa miti! lakkii isaa dha! 11B dha, 12A keessa kan baratu dha!" jechuudhaan kan barreesse sana beekuuf carraaqu.Akkuma kanaan mana gahu.

Yeroo manatti galan Latii dabtara isa kaa'ee,kubbaa taphachuuf gara hiriyootasaa isaan dhiiraa deema. Hawwiin ammoo yeroo hundaa mana barumsaa irraa yeroo manatti galtu dabtara ishee keessee, uffata guyyaa uffachaa oolte baafattee, Uffata mana keessa hojii ittin hojjattu uffattee, haadha ishee hojii gargaarti.

Gaaf tokko mana barumsaarraa manatti galanii, Latiin dabtara isaa kaa'ee gara hiriyoota isaa, isaan dhiiraatti utuu bin deemin, Hawwii oduu tokko gaafachuuf ; "Hawwii!" jechaa mana Hawwiifaa seene. Ihseenis sagalee kottee namaan dhageessee; "Eenyuu?" jette. Nama araqee dhuguu dbuse isheetti fakkaate. Haati ishee gabaa deemte. Latiin ammas "Hawwii!" jedhe. "Latii koo! si'i? As kottu. Asin jira." Jetteen. Latin yeroo itti ol seenu, Hawwiin uffata guyyaa baastee, qullaa ishee sree teesse irraa ol kaateeee, uffata hojiif uffattu saanduqa irraa fudhachuuf utuu hiixataa jirtuu arge.

Battala kana lapheen Latii, "Giwu! Giwu!" jechuu jalqabe. Taa'aa ishee, mudhii qaloo, dirra dheeraa, guntuta akka gaanfa dibichaa dhaabbate, gudeeda ishee lamaan burtukaana diumatee bilchaate fakkaatan gidduu iccitii jiru arge. Iccitii kana dura argee hin beekne arge. Iccitii uffati dhokse. Iccitii dhiirni arguu barbaadu. Iccitii kana shamarran nama jaallatanitti malee dhiira hundumaatti uffata baasanii hin agarsiisan. Haata'ullee malee Hawwiinis iccitii kana Latiitti agarsiisuuf jecha uffata ofirraa hin baasne. Garuu akka carraa yeroo isheen uffata baafattu waan itti ol seeneef arge. Isa dhoksuufis bin yaalle. Isas hin qaanoofne. Nama akka lubbuuisheeti jaallattudha. Qaama ishee keessaa tokko akka ta'etti isa ilaalti. "Yoo arguu barbaade haa argu. Gowwaan kun iccitii kana yoo arge malee dubbiin hin galuuf." kan jettu fakkaatti. Calluma jettee, haala isaa ilaalte..

Fuulli Latii inni diimaan barbadaa abiddaa fakkaate. Kan dhufef irraanfatee, qarumatti gogee, ishee ilaale. Isheenis baala isaa kanatti baayi'ee dinqisiifamte. Uffata ishee isa saanduqa irraa hiixattee fudhatte. Garuu hin uffanne. Harka tokkoon rarraafatee, qabattee, "Latii! Latii koo! maal taate gooftaakoo? Jechaa haaluma jirtuun itti siqxe. Akkuma yeroo kaan inni dallanee isa sossobdu, ammas deemtee harka ishee lamaanuun morma isaa ofitti qabdee ammatte. Akkuma isa ammatee, qabadeen, wal qabatanii sree irra gadi taa'an.

Qaanii Latii ni rome'e.Waa dubbachuu hin dandeenye Hawwiin, "Latii koo" jechaa hidhii isaarraa dabaltee daddabaltee dhudhungachuu itti fufte.

Latiinis haaluma Hawwiin jalqabdeen ishee ammatee afaaansaa afaan isheetti qadaade.Akka waan liqimsee dheebuu bahuu, hidhii ishee xuuxe.Akka itti durba dhungatan hin beeku.Garuu miira addaa kana dura itti dhagahamee hin beeknetu itti dhagahame.Gammachuu guddaa keessa seene. Hawwiinis addunyaa haraawa ammaan duratti hin beekne keessa seente.Tasa of wallaaltee duddaan siree irratti akuma isa of irratti qabattetti jorgaa jettee,ciiste.Akka quncee itti maramte.Lamaanuu walgadhiisuu hin barbaadne.Namni nutti dhufa jedhaniis hin yaaddofne.Haala kanaan siree irra walgangalchan.Mi'aa addunyaa kanaa yeroo jalqabaaf dhaan dhamachuudhaan galmee jaalalaa biyya lafaa kana irratti miseensota haaraa tahuudhaan galmeeffaman.

Haala kanaan utuu jiranii Hawwiin sagalee wayii dhageesse.Battala kana ture lamaanuu haala irra jiran keessaa kan dammaqn.Yeroo kana Hawwiin; "Latii! Latii koo" Jette. Latiinis akka nama irriba irraa wareeree ka'uu, "Yi! hii!..." jedhee fiigee bahuuf ol ka'e. Isheenis wajjin ol utaaltee kaatee,hatattamaan uffata ishee uffatte.Hawwiin kan dhageesse sagalee haadha ishee ture.

"taa'i ! taa'i!, harmeekootu dhufe. Akka nutti hin damaqneef dabtarii qabannee teenyee suuta jennee gadi baana" Jette.

Kana booda taa'anii dabtara ilaaluu jalqaban.Icciti cimaa raawwataniitu malee utuu akka yeroo kaanii ta'ee shakkiin akkasii itti hin dhaga'amu ture.Addaamii fi Heewwaanis Jannata keessatti cubbuu erga hojjetan booda qullaa tahuu isaanii baranii Waaq jalaa of dhoksuuf

yaalani.Garuu Waaqa jalaa dhokachuu kan danda'u hin jiru. Ija namaa jalaa garuu of dhoksuun ni danda'ama.

Haati Hawwii;"Hawwii! Hawwii yoo!" jechaa ol seente. "Yoo"! jette, Hawwiin idduma jirtu teessee.Akka itti hin dammaqneef ija ishee dabtarii irra goote. Hati Hawwii kan bittee dhufte lafa keessee gara mana ciisichaa Hawwiitti ol yeroo seentu,lamaanuuakkuma dabtarii qabatanitti kabajaa aadde Dinsiriif ol ka'an.Aadde Dinsiriinis lamaanuu nagaa gaafattee, "taa'aa! guyyaa mana barumsaa oltanii, achiis dhuftanii, dabtariid huma kana irratti gugguufuun isin hin ga'uu ijoollee nanaa?" jettee xinnoo isaan bira teesse."Hawwii kottuutii bishaan biirii<sup>10</sup> keessa naaf waraabi, ani dadhabeera." Jettee ajeejnaan, Latiin akka tasaa,"ufi..." jedhee,hafuura dheeraa baafate. Durattuu akka itti hin dammaqneef garaa jabaatee, gadi taa'e malee, akka sagalee aadde Dinsiri dhaga'een utaalee fiigee bahuuf ture.

Amma garuu akka waan ba'aa guddaan dudda isa irraa bu'eetti, utuu hin yaadin hafuura dheeraa baafate.Yeroo kana Hawwiin rakkoo keessa turan sababii beektuuf "qas, qas, qas" jettee kofalte.Aadde Dinsiriinis intala ishee wajjin haala Latiitti kolfite. "Maali ilmakoo maal taatee?" ittiin jennaan waan dubbatu wallaalee cal jedhee,fuula dabatarii gaggalagalche. Hawwiinis dubbii fakkeessuuf "Dhiisi Latii bor hojjenna" jettee,dabatarii harkaa fuutee, keesse. Latiinis "Haata'u."Erga jedhee booda,Innis fakkeessuuf, "Yokiin ammoo fidi galgala hojjadheen bula" jedhee deebisee dabatara harkaa fuudhee gadi bahe.Isheenis biirii keessaa bishaan waraabuuf gommaa fi wadaroo fudhattee duukaa gadi baate.

---

<sup>10</sup> Boolla bishaanii

Latiin cubbuu hojjetan waan beekuf akkas dhiphatee sodaate malee haadha Hawwii mitii barattootii fi barsiisotni mana barumsaa waanakkasiitti isaan hin shakkan. Obbolaa itti fakkaatu. Garuu amma kan hojjetan hojjetanii akkas sodaatan. Kana dura qe'ee keessatti waldhaansoo wal qabuudhaan yeroo taphatan warri isaanii waan gara biraatti nu shakku jedhanii yaadanii hin beekan.

Ibiddi jaalalaa qaama ho'aa dargaggummaa isaanii keessa jiru utuu hin beekin futta'e. Dheebuu isaanii isa yeroo jalqabaa bahuuf addunyaa haaraa keessa sababii seenaniif kan hojjetan iyyuu hin beekan. Hidhiin Hawwii inni gara gadii kan kaniisi hidde fakkaatee baayii'ee dhiita'ee jira. Kanas isheen of irratti hin argine.

"Homaa hin jedhu amma dhihaa jira! Galgala maaltu hubatee si ilaalaa? ganama ammoo gadi hirdhatee bula" ittiin jedhe. Hawwiin "boris..." jettee utuu hin fixin gidduutti kuttee kolfuu jalqabde.

Latiinis kokkolfaa "kan ati anaaf qopheesite argadheera. Jaalallee akka lubbuu isheetti najaallatu amma reefuun bare." Jedhe. Hawwiinis "ani sitti himeera. Dubbiin dafee siif hin galu. Egaa jaalallee kee kana jabeessii eegi" Jechuudhaan walitti qoosuudhaan kokkolfan. Latiin kana booda mana isaatti ol seene. Dabtarii harkatti baatu mana kaa'ee, gara hiriyoottan isaa Walloofaa deemuuf yeroo gadi ba'uuf jedhu, haati isaa Bashaatuun asaastee, waamtee, isa debiste. Kan Hawwii wajjin haasa'aa turan hundumaa utuu isaan ishee hin argiin dhaggeeffachaa sababii turteef, sodaa itti dhaga'ame itti himuuf yaadde. "Ijoolleen lamaan kunniin maal baranii? Amma egaa guddatanii gahuu isaaniitii? Akkuma qaami isaanii guddachaa adeemu taphi isaanii fi ilaalchi isaan wal irraa qabanis geeddaramaa dhufee? Amma haati Hawwii

dubbii isaanii kana yoo bira geesse wal fixuu keenyadha. Amma yoo irratti barte Aadde Dinsiriin na fixuu isheeti. Isheen intala koo sooreessa baacaatti heerumsiissee hiyyummaa keessaan ba'a jettee yaaddi. Gurbaan koo hoo dur dubbii balleesse" Jette.

"Latii koo eessaa dhuftaa?"

"Asuman ture Hawwii wajjin"

"Latiikoo !kan amma ati Hawwii wajjin haasotan isin dhaga'eer."

"Maal haasofnee?"

"Ani isin dhaga'eera. Elaa walquunnamtii keessan kana Dinsiriin yoo barte wal fixuu keenyadha. Adaaraa kee ilmakoo..."

"Harme waan balleessine hin jiru hin yaadda'in"

"Latiikoo barumsakeetti naa jabaadhu. Kan amma jalqabdan kana hamma barumsakee raawwatutti dhiisi. Bara hojii qabattu bira geessa..."

"Harme ani barumsakootti cimaadha. 1<sup>ffaa</sup> malee 2<sup>ffaa</sup> fi 3<sup>ffaa</sup> ta'ee hin beeku."

"Inni gaariidha. Isa beeka. Garuu haasaa keessantu natti geeddaram"

"Lakki harme hin yaadda'in"

Jedhee dabtarii isaa kaa'atee gara hiriyoottan isaa deeme. Latiifi Hawwiin akkuma waliin dubbatan, gara galgalaa Hawwiin fiigaa dhuftee;

"Immaa! Latiin koo hoo?"

"Gola kanaa dabtarii isaa irratti gogee jira" ittiin jennaan golatti ol dabartee;

"Isa silaa sirriitti hojetteettaa?" jettee, akkuma bira gadi teesseen, daqiiqaa muraasaaf hidhii isaanii waliitti qadaadani wal dhandhamachaa turanii, dafanii ammoo wal

gadhiisanii,fakkeessuuf waraqaa fuula dabtarii garagalchuu  
jalqaban.

Haati Latii ol nutti seenti jedbanii shakkani wal-gadj  
dhiisan malee humni isaan wal gadidhiisisu hin turre. Haati  
Latiis, bara durbummaa ishee yeroo bishaan waraabuu laga  
buutu, yeroo hurraa funaanuu caakkaa deemtu, jaalallee ishee  
wajjin kan dhandhamachaa turte, fuula ishee dura dhufe,  
Walquunnamtii ilmi ishee Hawwii waliin jalqabe akka  
dhiisuuf kan sila itti dubbatte irraanfattee, "Yeroo isaaniiti!  
Dargaggeessaa fi dargaggeettiin kanuma godhu! kunoo waan  
haaraa mitii.Haati koos bara durba turte haaluma kannan  
dabarsite mitii? Anis kanuma keessan darbe.Garuu barumsa  
isaa irratti cimuu qaba..." Jechaa utuu ol itti hin seenin manaa  
gadi baatee ala turte.

Isaanis kottee namaal ol jedhanii. dhaggeeffachaa,  
gidduutti walitti jedhanii ammoo dheebuu isaanii bahu.  
Garuu dheebuu waan bahanii wal quufan hin se'an. Aduun  
dukkanaa'ee yeroon cisichaa yoo ga'ee ykn hojiif waamamanii  
yoo gargar deeman malee kan wal gadhiisan hin fakkaatan.  
Egaa akka kanaan waliin turan.Booda garuu aadde Dinsiriin  
Hawwii waamte.Yeroo kana Latii gadhiistee deemuun dirqii  
itti taanaan ol kaate.Silaa namni Latii biraa ishee waamu diina  
isheeti.Battala waamamtetti baayi'ee aarte.Garuu akka irratti  
hin beekamneef ammoo daftee of qabdee,gadi baate.

Haati Latii dubbii ilmi ishee Hawwii wajjin jalqabe  
kana jerjertee abbaa Ltiitti hin himne.Gaaf tokko galgala garuu  
irbaata nyaatanii erga ciisan booda, Haati Latii;

"Yee abbaa Latii! ijoolleen kunniin lamaan haall  
isaanii na sodaachiseera.'

"Ijoolleen kamiifi kam?"

"Latii fi Hawwiidhakaa!"

"Maal balleessan?"

"Jaalala jaqabaniiru"

Jechuudhaan kokkolfaa walquunnamtii Latiifi Hawwii  
kan hubatte, iitti himte. Abbaan Latiis dubbii isaa salphisani;

"Maarree kun waan haaraa dhaa? Dargaggeessi gahe  
ollaasaatti bareedduu akkasii argatee dhiisaa? Maali nuti dur  
bara dargaggummaa keenya, iddo sirbi jiru deemnee durba  
dhungachuuf balkan haatiifi abbaan keenya erga rafan booda  
dallaa irra utaalee xonbora qabsiifanee sa'atti tokko caalaa  
deema turre mitiii? Maal kun waan haaraa dhaa? Ni tolche!  
Intalli isa jaallannaan maali nuti gammachuu ilma keenyaatti  
ni gammadna. Garuu sababii kanaan barumsatti akka hin laafne  
naa sodaadhu malee maaltu na dhibe. Gargar kunna yoo  
jennes, attam goonee gargar walirraa kunnaa? Nama  
dhugaadhaan wal jaallate gargar kutuun hin danda'amu."

"Haatiifi abbaan ishee haala kana bira yoo gahan lola  
guddaatu ka'a jedheen sodaadhe"

"Isa dhuguma jette. Intala kana fuudhuuf ilmmi Abbaa  
Milkeessaa, Taaddasaan jaarsa ergateera."

"Abbaa Milkeessa, Abbaa Milkeessaa kun eenyu  
isaan?"

"Maali Abbaa Milkeessaa wallaaltee ilmi isaanii  
hoogganaa baankiidha. Ji'atti Qarshii 950<sup>11</sup> nyaata jedhu"

"Ahaa! Ahaa! Eeyyee amma reefuun isa yaadadhe  
Konkolaataadhaan yeroo inni gara mana sagadaa dhufu  
argeera. Konkolaataa akka bishaanii dhangalaatu qaba."

"Kunoo isa dha,tokko kan jaarsa ergate. Lammata  
ammoo gurbaan mana barumsaa kompireensii

---

<sup>11</sup> Bara mootummaa mooticha H/sillaasee, sana Doolaariin U.S.A. 1:00  
birrii Itoophiyaa 2:00 hin caalu ture.

(Comprehensiivii) barsisus tokkos jaarsummaa ergateera jedhu. Yunversitii fixee qarshii 600 argata. Goojjaamee dha jedhan. Sadaffaa ammoo Haaji Yusuuf isa goodaa ganda Bakkee Jamaadhaa suuqii guddaa qabu, suuqii qofayyuu miti Konkolaataa fe'umsaa Tireentaa lama qaba sooreessadha"

"Iibii maal isaanoo jaarsa akaakkayyuu ishee ta'an mitii? safuu dha!"

"Horii dha kaa! Akkamittiin hiyyummaa keessaa ba'uree? Afraffaa ammoo Abrihaam isa Neersii nu bir a jirudha."

"Isin eessaa dhageessan kana hundumaa?"

"Kan warra kaanii Bulchaatu natti hime. Kan Abrahaam ammoo jaarsii tokkooyyuu anadha."

"Ani badee! Ani bade! Abbaa Latii ! jaalallee ilmma keessanii dabarsitanii namaaf kennuufii"? jettee kofaltee isaan kofalchiste.

"Boo! maal godha intalli yoo jaallatte malee amma akka bara keenya durii akka hoolaa harka qabanii harkisanii durba gurgurachuunoo hafuurra jira. Amma ofumaa dhama'an malee maaltu beeka kan Hawwiin yaaddu?"

"Isa illee mirga kana maaltu isheef kennaa mitii, amma waa'ee Latii maal jetturee? intalaa wajjin dubbii cimaa jalqabaniiru. Olloota keenya wajjin walitti nunaqa. Walnulolchiisa! ollaa keenya kan waliin jiraannee wajjin diina ta'uuf jitra"

"Boo! kanaa sodaan kee? isaan wal haajaallatan malee kan gargar isaan baasuu danda'u humni tokkollee hin jiru. Jaalala isaanii keessa maaltu nugalche. Garuu barumsa isaa irratti kufee akka nun qaaneessine. Giiftii Ruut erga gaafa biyya isheetti deebite irraa kaasee, hanga ammaatti gargaarsi ishee nurraa hin citne. Uffatiifi kopheen sadii taanee safara

keenyaan dheeengadda hirmaanne, Hakiim Guunaar ishee biraan kan nuu fidedha."

"Xalayaa naa ergite irrattis,Latiin yeroo 12 raawwatu biyya Siwidiniitti isa fudbattee barumsa waldhaansa fayyaa akka isa barsiistu naa ibsiteetti.Kana waan jetteef gammachuu yeroof jedhee barumsa isaartatti dadhabaa ta'ee carraa kana akka hindhabne naa sodaadhu.Kana malee dubbiin intalaaj wajjin jalqabewoo waan haaraa miti"

"Amma Bulchaa fi Dinsiriin isa kamiif intala isaanii kenuuf yaadanii?"

"Haajii Yusuufeefikaa!"

"Maal haaji Yusuuf niitii qabu mitii?"

"Jiru jaartiin bara dargaggumaa wal fuudhanii, qabeenya kana hundumaa wajjin horatanii,wajjin dullooman. Garuu utuu mucaa hin godhatin dullooman.Sababii kanaaf Haajii Yoosuuf mucaa godhachuuf durba fuudhuu barbaadan"

"Hawwiin jaarsa kanaaf kennamuuf murteessame jechuudhaa ammaa?"

"Eeyyee " jedhan Obbo Jirenyaan, imibi utuu gadi isaan harkisuu. Haati Latii oduun dhageessetti dinqisiifamtee; "Anoo isa hin jenne abbaa Latii! Haajii Yusuuftu kiristaana taha moo Bulchaafaatu kirrii isaanii kutanii isilaama ta'uu?"

"Ati ammoo gowwaadhaa? yoomllee taanaan kan horrii qabtu bakka garaa isaa gaha.Kan horii qabu, walumaa galatti kan yeroo, angoo qabu isa hin qabne biratti akka hurjii ifee, bareedee itti muldhata.Namtichii addunyaa gaari qabu fokkisaa,yoo tahellee hiyyeessatti bareedaa, beekaa, jabaa tahee itti muldhata.Hiyyeessatu horii argaatee hiyyummaa keessaa ba'ee jirenya gaarii jiraachuuf jijiurrata malee Sooreessa maaltu isa dhibe. Garuu namni qabeenya biyya lafa

hundaa dhuunfatee lubbuunsaa mootummaa waaqarratti kan  
gubattu yoo taate maal gatii qaba jedha Wangeelli"

"Yoo intalli didde woo?"

"Isa egaa maaltu beekaa?" Jechuudhaan gaaffii ishee  
gaaffiidhaan dhiisan. Booda irratti haati Latii "Mee ni rafna,  
dubbiidhaan isin qabeen irriba isiin dhorke" Jette. Obbo  
Jireenyaanis " kan waqaatu caala, yaa waqaqi nagaan  
nuoolchite nagaan nu bulchi.Hamaa nu irraa qabi.Kan nuuf  
keesse situ beeka. Yaa gooftaa! ati nun gatiin.Galata kee yaa  
rabbi kan yoonaan nugeesse" jedhanii,gumgumaa waaga  
isaanii galateeffatanii rafan.

Latiin garuu irribi isa hin fudhanne ture.Oduu haatiifi  
abbaan isaa haasa'an sammuu isaa jeeqe.Kan isaan haasa'an  
hundumaa dhaga'eera.Manni ciisichaa isaanii tokkuma ta'ee,  
siree Latii fi siree Haatiifi abbaansaa irra rafan kan gargar  
baasu, keenyan muka sooyyomaa dhoqeedhaan hin  
dhoobamnetu giddusaanii jira.Kan dhaga'ee hundi garaa isaa  
gube.Walumaa galatti dhaqna isaa guutummaatti abiddatu itti  
qabsiifame.Dafqi akka bishaanii irra lola'e. Hinaaffaa, xiiqii fi  
sodaan sammuu isaa jeeqani. Akka waan dhiphina isaarraa isa  
obbaafachiisuu takcaa cinaacha gara bitaan takcaa cinaacha  
gara mirgaan takcaa ammo duddaan gaggalagaluudhaan  
baayi'ee dhiphate."ufii..." jedhee hafuraa dheeraa  
baafate.Battala kana haati isaa "Latii koo! yee Latii ? maal  
goftaa koo?" Jette.Akka irribi isa hin fudhatiin jiru hubatte.  
Yeroo abbaa isaa wajjin dubbii sana hundumaa odeessan isa  
hin yaadanne.Irribi kan isa fudhate seetee oduu sana  
hundumaa haasa'uu ishee gaabbite.

"Latii!"

"Yee!"

"Maal taate? Maali maal yaaddaa? yaaddoo maaliitu si qabee akkas irriba sidhorkaa? Ijoolleen maal yaaddi, barumsa malee? Maali maaltaate? Waan uffattumoo, waan nyaattumoo, waan irra bultu moo maalii rakkoonkee ? Galata Rabbii haa tahuu hanga har'aatti waan rakkannewoo hin jiru. Calluam jettee barumsakee fixachuuf hin tattaaffattuu?carraan jireenyakee gara fuula duraa gaariidha. Siif qofaaf utuu hin ta'in nuufllee abdii guddaa si irraa qabnaa,"

"Lakkii immaa hoomaa hin taane, ofumaa irribi na didee malee..."

"Rafi egaa waa takka hin yaadda'in " Jeetteen. Isheen ischumaan irribi ishee fudhate. Inni garuu akkuma kanaan utuu cinaacha bitaafi mirgatti gaggalagaluu lafti bari'e.

Latin isa yeroo kaan irra har'a ganama hundumaa dura sireerraa ka'e. Bishaan biirii balbala isaanii jiru keessaa waraabuuf gadi bahe. Hawwiinis akka nama ganamaan wal beellameetti bishaan waraabuuf gadi baate. Lamaanuu biirii bishaanii biratti wal argan. Latin yeroo isheen balbala banattee gadi itti baatu akka na'uu ta'e. Hinaaffaan, sodaa wajjin walitti makatee garaa fi sammuu isaa raasuu jalqabe. Oduun eda galgal qdhaga'e waan isa jeeqeef iji inni amma Hawwii itti ilaale kan kaleessaarrraa adda ture.

"Niitii Haaji Yusuuf! niitii Haajii Yusuuf! mucaa akka deessuf...kan sooreessatti gurguramuuf qopheeffamte. Hawwiin kan Ormaati! Kan Latii miti..." yaadi jedhu sammu isaa keessatti bilbile. Hawwiin garuu waa'ee kanaa waan beektu hin qabdu. Latii arguu isheetti baayi'ee gammadde. Gommaa bishaan itti waraabdu lafa buuftee kan galgala yaadaan dheebochaa bulte jaalallee ishee, ammattee, hidhiisaa dhungachuudhaan abidda jaalalaa ishee gubaa bule xiqqoo qabbaneeffatte. Quufuudhaaf garuu yeroo dheeraafi mijawaa

hinarganne.Dharraa isaanii yeroof itti obsan malee hinquufane.Namni nu arga jedhanii sodaachuudhaan walhungatu turan.Haati Lattiis utuu fuulleetti gadi itti hin ba'in dhokattee haala isaanii kana ilaalaa turte.Utuu isaan hin rifachiisin gocha isaanii kana dhaabsisuu yaadde.“Haaji Hawwii raaji kana yoo argite dubbii guddaatu ka'a” jettee sodaatte.

Waan kana ta'eef,jalqaba mana keessa akkuma dhaabbatteti, quqqufatee,isaan dammaqsite.Yeroo kana Hawwififi Latii sagalee dhaga'anii wal gadhiisanii, bishaan waraabuu jalqaban.Aadde Bashaatuun kana booda gadi itti baate.Hawwii nagaa gaafattee,hanga mucaan ishee bishaan baasutti Hawwii bira dhaabbattee eegde.Latii yeroo baashaan jalqabaa baasu qodaa fidattee dhuftetti galagalffattee buna itti danfisuuf fudhattee deebite. Hawwiififi Latii bishaan hamma barbaachisu biirii keessaa erga waraabban booda, ciree nyaatanii, gara mana barumsaatti wal qabatanii deeman.

Haati Latii, ilmishee utuu manaa hin ba'in gorsuu barbaaddee turte.Garuu Hawwiin ala dhaabbattee isawaamnaan ariifatee manaa fiigaa waan ba'eef yeroo mana barumsaa irraa deebi'u gorsuuf yaaddee calluma jettee, geggeessite.

Latii hanga mana barusmaa ga'uutti oduu eda galgala dhaga'e akkamittiin Hawwiitti akka ifa baasu yaadaa deema ture. "Haaji Yusuuf beektaa? kan itti sigurgurachuu murteessame" jedhee gaafachuuf yaade. "Amma beekti moe hin beektuu? ani ammoo gaafa sana attamiin ta'aa? Anaa ammoo akkam na gootii? Utuun ishee wajjin jaalala hin jalqabne ta'e silaa gaarii ture.Garuu erga mi'aa jaalala mi'effachuu jalqabne akkamittin gidduutti dhiisnaa? Amma yoo dhageessee maal jetti laataa?Dhuguma Hawwiin horii

jettee nadhiistti? Haajii Yusuufitti hin heerumu jettee yoo murteessite murtiin ishee kun warra ishee biratti hammam fudhatama argataa? Animmoo maal gochuun qabaa? Waggaan dhufu biyya Siwiidinii barumsaaf yeroon deemee achi turu isheen ammoo akkamitti utuu hin heerumin na'eegaa turtii? Amma yoon itti hime maal gochuu dandeessi?"yaada jedhu sammuu isaa keessatti deddeebisee utuu yaaduu laga ce'anii Baargamoo gobbuu mana isaanii gadiitti argamu gidduu utuu walitti hin dubbatin yeroo muraasaaf calluma jedhanii gara mana barumsaa isaanii,kompreensiivitti qajeelan.

Hawwii fi Latiiin akkasumas hiriyooni ganda isaanii hundi,yeroo hundumaa mana barumsa isaanii deemuuf Baargamoo gobbuu kana keessa qaxxaamuru.Latiin hardha waa'ee oduu rifachiisaa eda dhaga'ee kana Hawwii qofaatti gaafatee wajjin mariyachuuf ijoollee hiriyoota ganda isaanii biraahafuuuf dafee manaa sababii hin baaneef hiriyooti isaanii,isaan eeganii Hawwiinfaa dafanii manaa ba'uu didnaan isaan dhiisanii deeman.

Latiin haala kanaan yeroo dheeraa yaadota sammuu isaatti dhufanii isa jeeqan kunniin ol baasee gadi buusaa, waan deemuuf utuu Hawwiitti hin dubbatin calluma jedhee, deemate.Sababii kanaaf Hawwiin; "Latii koo, maal hin dubbattuu?" jettee yaada isa fudhatee deeme irraa dammaqsitee,ofitti deebiste.

Latiinis yaada sammuu isaa jeeqaa ture of keessaa baasee obbaafachuuf, "Haaji Yusuuf beektaa? jaarsa isa ganda Bakkee Jamaa" Jedhe. Isheen battalumaan "Isaan suuqii guddaa qabanii?" jette.Isaan beekuuf ishee hin rakkisne. Sababiin Isaas sooreessa beekamaa magaalaa kanaa waan

tahaniif kan isaaniin wallaale hin jiru."Qaranbulleedhaan<sup>12</sup> daldalu jedhamanii hamatamu.Dhala sababii dhabaniif durba fuudhuuf barbaadu jedhamee odeessama"

"Nan bade! tu! tu! safuudha! maal isaan wagga 75 hin caalanii? kun seenaa magaalaa kanaa keessatti dhaga'amees, ta'ees hin beeku"

"Yaa saree kan siin jedhan utuu beektee kan siif kennan hin nyaattu. Jedhama mitiiree yeroo mammaakan" jedhe garaa isaatti."Tole Latii koo atoo dubii raajii qabdaa.Intalattii fuudhan sana ammoo eenyu akka isheen taate beektaa?"

"Beeka" jedhee, hafuura dheeraa baafate.Ija ija ishee keessa ilaale.

"Eenyuu?" Jette.Latiin garuu fuulleetti itti himuu sodaatee bira qabee haasa'uu filate.

"Intalittiin baayi'istee bareedduu dha.Mana barumsaa kana mitii magaalaa kana keessatti illee kan isheen qixxaattu hin dhalanne.Jaalallee qabdi.Innis asumaa barata.Innis baayi'ee baredhaadha.Jaalalli lamaan isaanii daangaa hin qabu.Lamaanuu ijoollee hiyyeessaati.Warri intalaa garuu hiyyummaa isaanii keessaa bahuuf jaarsicha kanatti heerumiisuuuf murteessanii jiru."

"Egaa dhimma ishee irratti murteessituun isheedha. Isheen hin barbaaddu taanaan murtiin warra isheetii gatii hin qabu. Dhimma ishee irratti murtiin isheen keessatti qooda hin fudhanne faayidaa hin qabu. Ilaa namnii dhimma ofiisaa irratti ofii isaan hin murteessu taanaan garba! gabrummaa jala jirudha.Ykn horii qe'eeti jechuudha."

---

<sup>12</sup> Akka naannoo sanaatti Qaranbullee jechuun Waraabessa jechuudha.

"Attam haa tahuree? warri ishee hiyyeessa, hiyyummaa keessaa bahuu barbaadanidha?"

"Gatii hin qabu.Jaarsichaafis gaari miti.Horiin meehsaa bita malee nama bituu hin danda'u"

"Horiin waan inni hojjechuu dadhabu hin jiru.Kana bin beektuu?"

"Innoo dhugaadha. Horiin waan baayi'ee gochuu ni dandaha.Humna qaba.Yeroodhaaf jaalala humnaan bituu ni dandaha.Garuu jaalala dhugaa bituu hin dandahu.Jaalala dhugaa eenyu illee horiidhaan bituu hin danda'u.Horiidhaanis jijiiruu hindanda'u.

"Garuu Hawwii koo! bara ammaa dubri kana yaaddu jirtii? "

"Jirti" jette Hawwiin akka xiiqii isheetti tahee,"Kan dubara kaanii hin beeku.Ani Hawwiin garuu barrii fi horiin nan gowwomsu.Siin dhiisee dhiira gara biraatti heerumuurra du'uu naaf wayya.Latiikoo ati lubbuukooti.Anoo horiitti sin jijiiru" jette Latiinis ejjennoo cimaa jaalallee isaa kanaatti boone.Amma hamilee cimaatu itti dhaga'ame.Abdiiin isaa itti dukanaa'ee ture deebi'ee ife.Fuulli isa akka biiftuu ife. Ofitti ammatee dhungatee, gammachuu isaa mul'ise.

"Latii koo! intalattiin nu waliin barataa jirtii? gurbaan isheen jaallattu woo? meeqaffaa barataa?" jette.Latiinis ammas fuulleetti itti himuu sodaatee bira qabee dubbachuu filate.

"Intalattiin kutaa 10E dha" yeroo jedhu,akka na'uu taatee, "kutaa koo keessaa kanumayyuu?eenyu isheen garuu maaliif narakkiftaa Latii?"

"Inni ammoo kutaa 11C dha"

"Ihii! inni ammoo kutaa kee keessaa? raajii dha"

"Eenyudhaa natti himi kaa?" jette. Akka amala ishee itti marmitee hidhii fi maddii isaa dhu dhungachuu jalqabde.

Silaa karaan isaani Baargamoo gobbuu kana gidduu waan taheef namni isaan argu hin jiru.Kanaaf takcaa wal ammatanii, waldhungachaa,takcaa ammoo wal gadidhiisaa, deemu turan. Booda Latii ejjennoon ishee cimaa tabuu isaa hubatee,

"Ijoolleen hiyyeessaa, jaalala dhugaa wal jaallatan sun annaafsi si'i".

Jedhee dhiphuu isaa obbaafate.Isheen garuu kan inni sagalee isaa laaffisee,"anaa fi si'i "jedhee, dubbate, akka sagalee bakakkaa,sammuu isheetti iyyuudhaan, mataa naannessee, ishee jeeqnaan,dabtarii ishee harkatti qabatte gadhiistee, mataa ishee harka lamaan qabattee, of irra gadi quphante.Dabtariin ishee lafatti bittinnaa'e.Lafa quphantee gadi teesseettis qaamni ishee akka quncee laafee, lafa irratti dirirte.Battalaan dafqi irra yaa'e.Fuulli ishee inni diimaan gurraacha'ee cilee fakkaate.

Latiinis haala ishee kanatti na'ee yeroo muraasaaf cal jedhee ilaale.Naasuu isaarraa kan ka'e ishee qabuu hin yaalle. Battala sanatti hin dandeenye.Sekondii walakaaf fajajee qarumatti googee dhaabbate.Akka joonja'uu ta'e.Booda gadi jedhee jilbeenfatee kaasuu isaatiin ol qabee, gudeedda isaa irratti ishee hirkise. "Hawwii koo! Hawwii koo! Giiftii koo!" jechaa,naasuudhaan ishee waame.Isheen garuu gaggabdee ofwallaalteetti. Turtee Turtee jecha sadii qofaa dubbatte; "Latiikoo! wajjin duuna!" Jette. Latiin kan qabee dhiisu wallaale. Dabtarii tokko fuudhee qilleensa itti hafarse.Dafqi fuula ishee fi qaama ishee irra akka bishaanii gadi lola'a.Abdii kutate.Isheen duutee ani qofaakoo hin jiraadhu jedhe.Waan hundi itti dukkanaa'e "Iyyee nama waamuu? Hawwii! Hawwii! Hawwii koo!" Jechaa raasee waame "UUU ffi..." jettee hafuura dheeraa baafatti malee deebii hinlattu.Kana gidduutti

sareen tokko Baargamoo keessaa fiigaa dhuftee,isaan argitee, sodaattee, dhaabbattee, isaan ilaaluu jalqabde.Booda ammoo itti duttee "Wu Wu!Wu" Jette.

Baargamoo gobbuu kana gidduu dameen isaa dagaagee kan dhaabbatu muki baddeessaa guddaa tokko jira.Muka kana jalaan namichi gabaabaa gurraachi tokko, qottoo gatiittii irra kaawwatee,gara isaaniitti dhfe. Latin namticha kana fageenyatti battaluma argetti isa bare. Ba'aa qofaa isaa baachaa jiru nama isaa wajjin hirmaatu argachuu isaatti gammade.

Obbo Wasaawasaa dha.Waardiyaa mana misiyyooni dha.Maqaan isaa inni dhugaan Kennasaadha. Yoggaa dubbatu Sababii ariifatuuf fakkaata namooti ganda sanaa kan maqaa qosaa,"Wasaawwasaa" moggaasaniif.Obbo Wasaawasaan haala ijoolee kanaa argee, itti fiigee,"Maali maal taate mucaan?" jedhee bira gadii taa'e."Utuu mana barumsaa deemnuu akka gaggabsuu godhee, lafti ittiin maree nabiraa kufte" Jedhe Latin "Anaani! Anaani!hanyaatu.mucaa Obbo Bulchaa mittii isheen? wayyoo mucaa koo!" jedhee, gara mana isaatti fiigee bishaan fidee dhufe.Manni isaa iddo Hawwii fi Latin jiran irraa meetira 100 caalaa hin fagaatu.Bishaan mataa isheetti dhangalaasee,kan hafe ammoo laphee isheetti dhangalaase.Yeroo kana xiqqoo lubbuun ishee deebitee of dandeessee ol jette.

"Maal kanaan dura gaggabdoo akkasii qabdii"?

"Hin qabdu.Garuu amma maaltu akka ishee tuqe hin beekne." Haala kana gidduutti Hawwiin ol ka'aa,

'Nanatti fooyya'eera.Nin deema"

"Eessaa?"

Obbo Wasawwasaan garuu,"Lakkii manatti deebisi xiqqoo haaboqottu.Akka kanaan barumsa baruu hin

dandeessu, karaan keessanis fagoo dha.Dandeessee tabba kana hin baatuu.Ammas kaaraa irratti ishee dhukkubuu danda'a.Manatti fuudhii gali haa boqottuu." Jedhe Latiinis akkuma obbo Wasawwasaan jedhe.Dabtarii Hawwii lafaa funaanee erga walitti qabee booda Hawwii harka tokkoon ofitti ishee qabee,gara manaatti qajeelan.Obbo Wasaawasaanis "Amma fooyyoofti.Galtee haa cistu" jechaa, xiqqoo wajjiin deemee gaggeessee gara dhimma isaatti qajeele.

Latii fi Hwwiinis gara manaatti tabba mana barumsaa Neersii ol ba'anii,harka mirgaan gara mana isaaniitti maqan.Utuma cal jedhanii suuta deemaa jiranii Hawwiin; "Latii amma dubbiin kun dhugaadhaa?"

"Isa yeroof irraanffadhu.Murtiin hundi si harka jira. Fedhii fi jaalalakee malee kan ta'u danda'uu hin jiru."

"Aayii...! yaa Latii koo utuu murtiin koofi fedhiin koo fudhatama qaba ta'e silaa dhaabbii kootti akka horii na gurguruuf qofaa isaanii hin mariyatan ture."

"Waan hundumaafuu suuta jennee mariyanna, ammaaf irraanfadhu."

"Ani si malee jiraachuu kanan danda'u natti hin fakkaatu. Kottu wal fudhannee badnaa!"

"Kan gochuun nurra jiru hundaa tasgabboofnee mariyanna.Ammaaf irraanffachuu yaali."Ittiin jedhee, jajjabeessaa, mana ga'an.

Akkuma mana ga'aniin Hawwiin .deemtee siree ishee irra duddaan galtee ciiste.AaddeBashaatuufi aadde Dinsiriin baayi'ee na'anii;

"Latii maali nagaa mitii? Maal nagaa mitii? Maal taatee, maal taate Hawwiin?" Jechuudhaan gaaffii irratti gaaffii daddabalanjii, asii fi achi hafuursan. Latiinis deebii

keennuuf xiqqoo yaadee, "Utuma deemnuu akka maraamaroo ishee godhee kufte." Jedhe.

Hawwiin ciistee gaaffii,haati sheefi haati Latii gaafataniifi deebii Latii deebisu dhaggeeffachaa turte. Sagaleen haadha ishee akka sagalee waraabessaa ishee sodaachise.Sagalee diinaa ta'ee itti dhaga'amlee.Ishee jibbiisiise.Haadha ishee itti fakkaachuu didde."Yoona kana na gurgurachuuf qabdii hin fudhatin haftii? budaan kun!Carraa jirenya koo isa gara fuula duraa na jalaa balleesite." Jettee gumgumte.Kana boda haati Hawwiifi haati Latii bira dhaqanii nagummaa ishee gaafatan.Kana booda ciistee,akka boqonnaa fudhattu itti himanii, gara hojii isaaniitti bobba'an.Latii qofaatu ishee biratti hafe.Haati Latii "kushiinaa"<sup>13</sup> keessa galtee,"Latii! Latiiwoo!" Jettee iyyitee,waamte.Latiinis akkuma sagalee haadha isaa dhaga'een Hawwiidhaan "Nandhusa"ittiin jedhee biraa deeme.

"Na waamtee harmee?"

"Eeyyee!"

"kana jaartii keetiif geessitii, dafii garakootti deebi"? Jettee,kokkolfaa, shaayee kubaayyaatti guuttee itti kennite. Latiinis xiqqoo akka kolfuu ta'ee fuula isaa ibsee, harkaa fuudhee,Hawwiif Shaayee kennee gara haadha isaatti deebi'uf of irra galagallaan,

"Hin deemin taa'i nabira"

"afachu nin dhufaa!" jedhee gara haadha isaatti deebi'e. Haati isaas ;

"Giiftii Ruut torban darbe xalayaa nuu ergiterratti bara eger yeroo ilmi keessan 12 raawwatu biyya Siwidiniittin isa fudhadha nuun jetteetti.Kana waan ta'ef yaa ilmakoo, tokkittii

---

<sup>13</sup> *mana nyaata keessatti bilcheessan(qopheessan)*

koo! barumsa keetti jabaadhu. Asii 12 raawwattee biyya Faranjii deemtee, barattee, yoo dhufte nuunis rakkoo kana keessa nu baasta. Abdiin keenya waaqa nu uumeefi tokkicha keenya kan taate si'i. Kanaaf haalli ati intala kanaa wajjin ta'aa jirtan nattii bareeduu dide."

"Warri ishee sooreessatti heerumsiifachuuf murteesanii jiru. Isaanis intala tokkittii isaani kana nama hiriya ishee hintaane, jaarsa akaakayyuu ishee ta'anitti heerumsiifachuuf walii galanii jiru. Uffata isheen uffattu, baasii mana isaanii keessaa hundumaa kan kennuf jaarsicha ishee fuudhuuf jedhu kana dha. Waan kana ta'eef haatifi abbaan ishee, haala ati wajjin ta'aa jirtu kana hin jaallanne. Jaarsichis yoo kana beeke si ajjeesisuu danda'a. Adaraa kee yaa ilmakoo! biyya Faranjii deemtee, yoo barbaadde Faranjii, yoo hin barbaadne ammoo asuma biyya keetti yeroo deebitu akka Hawwii kan bareeddu si fuusifna. Adaraakee gooftaakoo ati hamma yoonaatti barumsakeetti jabaadha. Amma gara fuula duraatti jabaadhuutii baradhu."

"Ani isin argeen jira. Gaafa namni mana keessa hin jiite qofaa kee ishee bira hin taa'in" Jettee akeekkachiifte. Latiniis waa'een biyya Faranjii deemuuusaa yeroo lammataaf dhaga'uun isaa dhimmichi dhugaa ta'uunsaa yeroo isa gammachiisu jaalalleen isaas nama gara biraaf kennamuuf murtaa'uunis yeroo lammataaf haadha isaarraa dhaga'uun isaa beerumi ishee dhugaa ta'uusaatti ammoo baayi'ee gadde. Gadduu qofa osoo hin taane sammuu isaatu jeeqame. Lubbuun isaa boqonnaa dhabde. Battalaan utuu hin yaadin imimmaan ija isaa keessaa burqee, akka bishaanii maddii isaa irra gadi lola'e. Haati isaas haala isaa kana hubattee baayi'ee gaddite.

"Maal kana waaqayyoo maal natti fuudhee? amma kan ani si gorsu sirriitti nadhaga'i! barumsa keetti akka hin laafne. Waan hundumaa suuta bira geessa. Ani sitti himeen jira. Jette".

"Harmee maal godhi naan jettaa? barumsa koo irratti ani hin dadhabne."

"Isa beeka. Ani dadhabdeetta hin jenne. Akka hin daganee jechuu kooti"

"Gaariidha hin dagadhu. Kanas nin beeka harme!" jedhee, biraa ka'e. Gara sreee isaa dhaqee taa'ee maddii isaa harka lamaan qabatee, gadduu jalqabe. Hawwiin qofaa ishee dugdaan sreerra ciistee isa eegaa baayi'ee turte. "Latii! Latii! Latiikoo!" jettee waamte.

Haati Latii haala ijoolee kunniinii sodaachuudhaan baayi'ee dhiphatte. Hojii hojjechaa jirtu dhiistee ol kaatee, dhaabbattee, "Nanbadee! ani intala kana akkam abbaakoo godhoo? Isheenoo maraachaa jirtii? Yaa Waaqayyoo ati salphina kana keessaa nabaasii!. Anaanoo yaaddoon isaanii na ajjeesuuf. Ani intala kana maal godhoo?" jette.

Latiin garuu akkuma Hawwiin isa waamteen fiigee bira ga'e. Yeroo inni bira dhaqee taa'u haati Hawwii mana hin jirtu. "maal taatee? maaliif turtee? Ani qofaa koo kanan ta'u dhabee yaadaan rakkachaan jira. Atillee akka nan jajjabeessineef narraa fagaachuu jalqabdee?" jette. Kan dubbatu wallaalee "Lakkii waa barbaadaan ture." Jedhe. Hawwiin morma isaa ofitti qabde. Waldhungachuu jalqaban.

"Harmeenkee hin dhufanii?"

"lakki gabaa deemte" jete. Ofitti qabdee laphee isaatti hirkatte. Innis boqu ishee ol qabee dheebuu jaalala isaa hidhii ishee hidhii isaan qadaade. Akka kanaan yeroo baayi'eef wal irra turani Kana gidduutti utuu sagalee hin dhageesisin Haati

Hawwii irra baate. Raajii hojjechaa jiran argitee ,mataa qabattee;

"U.U.U.U.U.Ani badeera ! Ani nan badee! Nanqaana'e, nan salphadhe!U.U.U..."Jechaa iyya keessaa fuute.Akka carraa ulee lafaa jiru tokko of biratti argattee; lamaanuu bakkuma ciisanitti takka takka akkuma irra buusteen Hawwiifi Latii naasuudhaan sireerraa yeroo u-utaalanii ka'an, aadde Dinsirii darbatanii lafatti kuffisanii, fiigichaan, gadi ba'an.Lafa liyan dhabanii,mana Latiifaa keessa galan.Haati Hawwiis akkuma ulee qabatteen lafa kuftee kaatee,U. U. U. U...jechaa, isaan faana buute.Yeroo isheen mana Latiifaa bira geessu haati Latii daftee balbala irratti cufatte.Haati Hawwi garuu u.u.u.u.u.jechaa ganda jeeqxe.Iyya aadde Dinsirii dhaga'anii ollaafi namooti karaa irra darban oduuf itti yaa'an.Aadde Dinsirin akka nama maraatee taate.

"Adaraa seeraa! Kunoo ilmi Obbo Jireenyaa intalakoo butee mana galshate.Adaraa serraa! Poolisii naawaamaa!U U U U U U ...Baasi intalakoo manakee keessaa!"Baasi intalakoo mana kanaa,Ilma isheetiif kennuuf ol galfattee? isaaf kan taatu miti.Cittoo malee maal keennitaaf?"

Jettee waan baayi'ee ishee arrabsaa iyya ishee itti fufte.Battala kana haati Latii gadi itti baatee;

"sii! ani hiyyummaa keessaan ba'a jedhee,dhala koo hin gurguru! horiif jettee jaarsa akaakayyuu keenya ta'utti gurgurachuuf kan qabdii fudhatee sii mitii?Kana mannaa du'un siif wayya.Kan ilmoo keetiin daldaltu ati saree dha. Attam abbaakee goota egaa? Hawwiinoo hiriyaan jaallattu qabdil Latiittii malee hin heerumtu! Garaa kutadhu." ittiin jette.Haati Latii aariidhaafi xiiqidhaan gara biraas waan baayi'ee ittiin jette.Walumaa galatti baayi'ee eega wal arrabsaa turan booda walqabatanii qeensaan fuula wal cirudhaan guddaa wal miidhani. Namootni ollaa dirmatanis yaallii guddaadhaan gargar qaban.Kana booda Haati Latii ol galtee balbala mana ishee cufatte.

Haala isaanii kanatti ollooti isaanii baayi'ee gaddan. Akkas wal lolanii,arganiis dhaga'aniis hin beekan.Hawwiin jeequmsa kana keessa karaa boroo baatee gara mana haadha Kiristinnaa isheetti baqatte.Haati Hawwii balbala obbo Jirenyaa irra dhaabbattee utuu iyyituu abbaan Hawwii obbo Bulchaan dhufee,erga rakkoo uumame haadha manaa isaarrraa dhaga'ee booda,innis akkuma haadha manaasaa maraachuu jalqabe.

Obbo Bulchaan ulee baatuun balbala mana obbo Jirenyaa turrukutuudhaan cabsuu ga'e.Yeroo kana namooti ollaa jeequmsa ka'e tasgabbeessanii,dubbii qabbaneessuuf abbaafi haadha Hawwii sossoban.Haati Latiis Hawwii akka mana ishee keessaa baastu,suuta gaafachuudhaan,erga amansiisan booda balbala manaa bansiisan.Haati Latii Hawwiin mana ishee keessa akka hinjirre utuu balbala hin baniin mana ishee keessa dhaabbattee, erga namoota hundumaatti himte booda mana bante. "yoo na amanuu baattan kottaa seenaatii ilaalaa"Jettee ol galchite.

Hayyama haadha Latitiin namooti sadii ol galanii, guutummaa mana isaanii sakattaa'an.Garuu Latii malee Hawwiin akka hin jirre, obbo Bulchaafi Aadde Dinsiriitti himuudhaan isaan tasgabbeessuu yaalan.Aariin Aadde Dinsirii sababii hin qabbanoofneef namoota gidduu lohuudhaan ammas haadha Latii huutee qabatte.Lamaanuu harkaan wal qabatanii, abooteedhaan waldhahan.Haata'ullee malee utuu baayi'ee wal hin miidhin namooti gargar isaan qaban.kana booda Obbo Bulchaafi Aadde Dinsirii,takkaa sossobaa, takkaammoo itti dheekkamaa,tasgabbeessuudhaan gara mana isaaniitti galchan.

Namootni naannoo sana turan tokko tokko yaada garaa garaa dubbatu, "hardha seexana akkamiitu giddu isaaniitti dhalatee?" Jedhu tokko tokkommoo; "boo! kun waan haaraa miti.Ijoolleef sareetu ollaa walitti naqa jedhu mitii? ammas kanumatu ta'e" Jedhu turan.

Obbo Jireenyaanis dubbii kana dhaga'anii turan. Garuu hardha galgala eegumsi waardiyyaa dabaree isaanii waan ta'eef "Yeroodhaan mana cufadhaatii rafaa" Jedhanii, gara hojiitti deeman.

Obbo Bulchaan gaafa sana guyyaa,dhugaatii isaa dhugaa oolee,machaa'ee,erga dhiyee qe'eetti deebi'e.Akka dhufeenis mana isaatti hin galle.Balbala mana obbo Jireenyaan uleedhaan rukutuu jalqabe.Yeroo obbo Bulchaan uleedhaan mana dhawu Aadde Bashaatuun ilma ishee wajjiin irbaata nyaatanii ka'anii harka dhiqachuu irra turan.

Latiin haadha isaatiin," harme, obbo Bulchaan machaa'nii waan dhufaniif calluma jedhi.Itti hindubbatin "jedhe.Abbaan Hawwii arraba xaxameen "fiji mucaa koo! Naa fidda yoo taate fidi.Yoo fiduu didde, ma ... ma... mana kana srrattiiin jigsaa" jedhe.Itti aansees,"Gurbattii kee ishee waanbadee kanatu mucaa koo Hawwii butaa?" jechaa balbala isaanii rurrukute.Aadde Bashaatuun utuu balbala hin banin keessaan dhaabbattee;"Maaloo Abbaa Hawwii mucaa of harkatti guddistaniin waanbadee yommuu jettan xinnoo isiniitti hin ulfaatuu? Maaloo maa cubbuu haasoostuu? Mucaa wallaalaan kana hinbeeku, inni hammina hin qabu " jette. Obbo Bulchaanis "cal jedhi amma! intala koo, fiddamoo hin fidduu?" jedhee, balbala uleedhaan tumuudhaan ganda sana goolee,nagaa dhowwe.<sup>14</sup> Namooti ollaas gocha isaa kana calluma jedhanii hindhiisne.Gadi ba'anii itti dheekkamuudhaan qabanii, gara mana isaatti galchan.

Bulchaan dur dhugaatii dhugee mchaa'ee maatii isas haata'u olloota isaa jeeqee hin beeku.Amma ji'oota muraasaa as garuu Haajii Yuusuuf gaafa intala isaa fuudhuuf waliigalan

<sup>14</sup> dhorke

irraa jalqabee, qarshii hammaaranii waan itti kennaniif, haalli isaa kan durii irraa jijjirameera. Haraqee Habashaafi farsoo dur dbugu dhiisee, Haraqee Faranjiidhuguu jalqabeera. Mana isaa keessattis fooniifi dhadhaa malee shiroofi zayitii afaaniin hin qabu jedheera.

Manni isaani keessi baayi'ee jijiirameera. Lafa mana keessaa, Aadde Dinsiriin duri tafkii balleessuuf jettee dhoqqee sa'aan lollaatu hafee, amma dhagaa fi simintoodhaan qulqulla'eera. Sireen teephaa isaan dur irra ciisan bakkeetti gatameera. Sireen Hawwiifi obbo Bulchaanfaa amma irra ciisan, kan biraadha. Siree dhaabbati "Moozvoold" jedhamu omishu, magaalaa Finfinnee irraa gatii guddaadhaan bitameen bakka bu'eera. Uffannaafi kopheen isaaniis akkasuma jijiirameera. Bulchaan hojillee yoo ijaarsa manaa ta'e malee akka duri boolla mana fincaaniifi biirii bishaanii qotuu dhiiseera. Hojii ogummaa harkaa gara biraa tuffachuu jalqabeera. Sababii kana ta'eef guyyaa guutuu Haraqee Faranjiifii daadhii dhugaa oolee, machaa'ee, galuu jalqabeera.

Haawiin bultii torbaaf mana haadha kiristinnaa ishee turree, kadhaa jaarsummaa guddaadhaan deebisanii manatti galfatan. Hawwiin bultii torbaaf yeroo mana haadha Kiristinnaashee bubbulaa turtefi erga mana warra isheetti deebitees, jaalallee ishee Latii wajjin guyyaa hundumaa wajjin mana barumsaa deemu. Akka haatiifi abbaan ishee isaan hin argineef mana isaanii irraa fagaatanii karaatti wal eeganii, wajjin deemu. Yeroo galgala manatti deebi'anis akkuma barsiifatan gaaddisa Baargamoo jala boqotanii dharraa jaalala isaanii raawwatu.

Haati Hawwi fi abbaan ishee garuu intalli isaanii gurbaa kanaa wajjin akka hin deemne jabeessanii akeekkachiisaniiru. Garuu yoo akeekkachiisaa oolanis nama

wal jaallate kan gargar baasu hin jiru.Warri ishee garuu walii wajjin sababii isaan hin argineef walirraa kunneerra jedhanii tasgabaa'aniiru.Hawwiifi Latii garuu,akka isaan hin argineef baayi'ee of eegu turan.Latii yoo dura manaa ba'e, mana irraa fagaatee, ijaajjee, ishee eega.Isheenis akkasuma.Hiriyoontii isaanii kan mana barumsaa aalala cimaa lamaan isaanii gidduu jiru kana ilaaluudhaan"Roomewoofi Juliyeet" maqaa jedhu moggaasaniif.Kaan ammoo "Abrahaamiifi Saaraa!" ittiin jedhu.Hawwiifi Latii maqaa isaaniif bahe kanatti hin qaanoofne.Immabeetis erga jaalala isaanii kana beektee booda ijashii Latii irraa kaaste.

Waayee jaalala isaanii isa cimaa irraa kan ka'e namooti waan baayi'ee dubbatu.Kan jaalala isaanitti hinaafanis jiru.Durbi Latii barbaadduufi dhiiiri Hawwi barbaadu baayi'ee itti hinaafu.Jaalalli Latii fi Hawwi gidduutti uumame kun cimaadha.Jaalala horiin hin jijiirre, Jaalala dheekkamsi haadhaafi abbaa diiguu hin dandeenye.Jaalala dhugaa akka Roomeeyoofi Juliyeet.

\*\*\*\*\*

Hawwiin gurguramtee "gooftaa ishee bitatetti" akka keennantuuf erga murtiin itti murteeffame irriba dhabde.Sababii kanaan fedhiin nyaatas ishee keessaa bade.Nyaata afaniin qabuun ishee jibbisiise.Yaaddoo kanaan baayi'ee huuqqatte. Guyyaa guyyaa Latii wajjin waan ooltuuf utuu yaaddoon itti hin dhaga'amin nagaan oolti. Garuu yeroo isarraa gargar baatee manatti galtu sammuun ishee nagaaa dhaba.Siree ishee irratti ol baatee; "amma dubbiin kun dhugaa ta'ee jaarsa akaakaayyuu koo ta'uttin heerumamoo? funyoo<sup>15</sup>dhaan of rarraasee, obbaafadhu? dhuguma Latii koo

---

<sup>15</sup> Wadaroo

irraa gargar bahee nama gara biraa wajjinin jiraadhaa? Harka Latii koo ittiin ammadheen jaarsa ammadha moo? du'ee dhagaa ammachuu naaf wayyaa? Biyya gadhiissee baduu? Latii koo ammoo attam godhee? Utuu wajjin biyya gadhiisinee badnee silaa gaarii ture..." jechuudhaan asiifi achii gaggalagalaa utuu irribi ija isheetti hin dhufin lafti bari'aaf.

Hawwiin waa'ee barumsa ishee yaaduu itti dhiifteetti. Haala kana keessa utuu jirtuu barumsi wagga yeroo itti raawwatu ni ga'e. Ofumaa guyyaa kutaa barumsaa keessa taa'aa ooltee manatti galti. Waa'ee heeruma ishee yaaddofti malee waa'ee barumsaa yaaddee qayyabattee hin beektu. Latiinis akka kana duraa qe'ee isaanii keessatti ishee qayyabsiisuu hindanda'u. Yeroo mana barumsaarraa ba'anis gara akka ishee hin qayyabsiisnes fedhii ishee malee nama hin barbaannetti kennamuun ishee, sammuu waan ishee jeeqef yoo sin qayyabsiisa jedhes sammuun ishee tasgabbii waan hinqabneef, qalbiin ishee qayyabannaarra ta'uu hindanda'u. Waan kana ta'eef, kudhan irraa gara lltti utuu hin dabrin hafste. Latiin garuu kan garaatti qabatu garaatti qabatee akka durii hin ta'in malee, kudha tokkoo irraa gara kudha lamaatti dabre.

Haatiifi Abbaan Hawwii intalli isaanii barumsatti dadhabuu ishee hubatan. Hordoffii iccitiidhaan godhaniinis walquunnamtii Latii wajjin qabdu akka hin dhiisnes bira ga'an. Haala kana irraa ka'uudhaan, "intalli kun booda nu qaanessiti" jedhanii baayi'ee sodaachuu jalqaban. Hajiinis haala kana hubachuudhaan guyyaa cidhaa as akka dhiyaatu gaaffii dhiyeessan. Sababii kana irraa ka'uudhaan guyyaan cidhaa wagga dhufu gaafa ximqataa Amajjii akka ta'u walii galanii murteessan. Hawwiifi Latiinis haala kana akkuma

dhaga'aniin harka maratanii hin teenye.Kan gochuun isaan irra  
jiru mari'achuufi mala dhawuu jalqaban.

\*\*\*\*\*

Ruut utuu Latiin hin dhalatin obbo Jirenyaaaf waadaa  
galte utuu hin irraanfatin uffataafi horii erguudhaan gargaarsa  
guddaa isaanii kennaa jirti. Akkuma jette Latii ofitti fudhattee  
barsiisuuf waggaan barumsaa Awurooppaa utuu hin jalabin  
dura ariitiidhaan akka dhufu dhaamsa ergite.Waan kana ta'ee  
Obbo Jirenyaan obboleessa isaanii Obbo Margaa wajjin  
mariyachuudhaan isa erguuf qophii barbaachisu gochuun  
jalqaban.

Latiinis gara biyya Siwidiniitti yeroon deemu  
dhiyaachaa dhufe.Hawwiin garuu waa'ee deemsaa isaa kana  
waan beektu hinjiru.Latiin dhimma kana Hawwiitti himuu  
baayi'ee itti ulfaatee,yaadaan baayi'ee dhiphate.Calluma  
jechuu hin danda'u.BEEKUU qabdi.Dhimma kana irratti  
baayi'ee itti yaadaa erga turee booda hardha isheetti  
himee,obbaafachuuf murteesse.

Hardha Latiin yeroo Hawwii argu haalli isaa akka duri  
ta'uu dide.Ija Latii keessaa imimmaan akka burqituu  
yaa'a Maddii isaa irraa imimmaan gadi dhagala'u dhorkuu hin  
dandeenye.Karaa tokkoon barumsaaf biyya alaa deemuu  
carraa argachuusaatti haagammadu malee jaalallee isaa irraa  
gargar ba'uun ammoo baayi'ee itti ulfaate.Gadda guddatu  
isatti dhagaa'ame.Hawwii wajjin yeroo hundumaa iddo baala  
baargamoo afatanii,haasaa jaalalaa haasa'an kana irratti Latiin  
akka durii ta'uu hin dandeenye.Ofitti qabee ammatee yeroo  
ishee dhungatu ni boo'a ture.Hawwiinis wajjin boossi malee  
dubbii isaa hin barre.

Latiin eessaa jalqabee dubbii keessummaa kana akka  
itti himu isa dhibee baayi'ee dhiphate. "Yoon amma itti hime

naasuudhaan ni duuti.Kanaan dura waa'ee oduu jaarsatti ishee herumsiisuuf murteessamuu isaa yeroon itti hime naasuudhaan duu'uf turte. Naasuu gaafa sana naate irraa kan ka'e hamma yoonaatti bifa namummaatti akka isheen hin deebi'in jirtu beeka.Yoon itti himuu dhiisee calluma jedhee deemes sanuma. Maal wayyaa?" Jechaa imimmaan isaa lolaasa.Hawwiinis ni boossi.Haala kanarra utuu jiruu Hawwiin;

"Latii koo atis na wajjin boo'uu jalqabdee?" jettee, boossi turte.Booda garuu, " gara fedhetti haa ba'u haala amma boossu kana irratti yoon itti hime homaa hin taatu." jedhee imimmaan ishee irraa haxaa'aa,hidhii isheerra dhungachaa;

"Hawwiikoo jabaadhu.Mala tokko dhoofna."Jeedheen. Isheenis battalaan ol jettee rifeensa mataa ishee kan fuula ishee irratti jige, harkaan gara mirgaa fi bitaatti deebiffatte.

"Mala akkamii Latii koo?" Jette.Akka gammaduu ta'uudhaan. Latiinis itti fufee,

"Malli guddaan tokko jaarsicha kana irraa kan sibaasu Finfinneetti baduudha." Jedhee utuu hin fixin;

"Yoom Latii? Latii koo yaada gaarii dha. Yoom badnaa?" jette.Haala jeequmsaan.Latiinis;

"Obsi! Tasgabbaa'i.Siin fixaa" jedhe.Dubbiin harkaa badnaan xiqqoo calli jedhee yaadaa ture.

"Eeyyee... Dalasaa ni beekta mitii? Ilma obboleessa abbaakoo?"jedhe.Isheenis daftee,"Maarree beeka"

"Inni Yuuniversitii irraa barumsa erregaan digiri dhaan eeb bifamee, baankiitti mindeeffamee hojechuu jalqabee jira. Manas qaban. Jirenya gaarii jiraata. Kanaaf isa bira teessee barumsa kee itti fuftee na'eegda" jedhe.

"Baayi'ee gaariidha! atiwoo? eessatti na eegda? "

"kanan sodaadhe gaafiin jabaan kanadha egaa!". Jedhe garaa isaatti.

"Ani ammoo biyya Siwidinii dhaqeen duufa."

"Eeee...! maal jedhaa kuni? biyya Faranjii dhaqeen dhufa yeroo jettu asii ka'ee gabaa Dafinoo,<sup>16</sup> ga'ee, nama deebii'ee dhufu hin fakaatuu"? jette.Waaqaafi lafatu itti naanna'e.Akka aaruus akka na'uus ta'uudhaan.

"Garuu kana hin wayyuu Hawwiikoo? Anaafi ati gargar baanee nama garbiraatti hamma heerumtu?"

"Biyya Siwidinii hammam turtaa?"

"Wagga 6 ykn 7"

"Nan bade ! Nan bade! Wayyoo! Wayyoo!"

"Hawwiikoo! Tasgabbaa'i.Filannaan gara biraan hin jiru.Furmaati gara biraan kana caalus hin jiru.Mee tasgabbaa'ii xinnoo yaadi.Kan ani amma sitti hime kun furmaata gaariidha."

"Furmaati ati amma natti himtu kun gaarii ta'uud danda'a.Filannaan gara biraan hin jiru.Yoo malli gara biraan dhibes funyoo saantima kudhaniin of rarraaseen obbaafadha malee ani nama hin barbaadnetti hin heerumu.Garuu malli amma ati dhiyeessite ammoo of ajjeesurra wayya jechuuf malee gargar ba'uufi du'i tokkuma. Wal hin caalan"

" Egaa guyyaa deemtu haadha kootu sitti hima".Jedhe. Hawwiin Furmaata Latii amma isheetti himerra kan caalu furmaati gara biraan akka hin jiire hubatte. Kana booda yaadi sammuu hidhee ishee dhiphiisaa ture xiqqoo irraa hiikkate. Akka tasgabbaa'uus taate.Latiin iccitii kana erga Hawwiitti himee booda utuma dhoksaadhaan wal arganii walitti boo'anii deemuuf qophii isa barbaachisu raawwate.

Hawwiin akka hin jeeqamneef guyyaa Finfinneetti ka'u itti himuu hin barbaadne.Sababii kanaan Abbaafi haati Latii ilma

<sup>16</sup> Wiixata

isaanii Finfinneetti gaggeessuuf hardha siree irraa sa'atii 10:00tti ka'an. Hawwiin yeroo Latiinfaa mana keessa dudubbataniifi qoqophaa'an ni dhaggeessi turte. Latiin Shaanxaa tokko malee meeshaa gara biraa waan hin qabneef ofii rarraafatee mana isaanii cufanii ba'an. Hawwiin Haatiifi abbaan ishee akka itti hin dammaqnetti utuu sagalee faana ishee hin dhageessisin suuta jettee, akka nama fincaaniif ba'utti karaa boroo baate. Garuu Hawwiin erga Latiinfaa manaa ba'anii turtee waan baateef isaan qaqqabachuu hin dandeenye. Baayi'ee fagaataniiru. Haata'ullee malee utuu abdii hin kutatin karaa irra qofaashee dukkana sana keessa utuu waa tokko hin sodaatin akka nama maraatee fiigde. Latiinfaa yeroo dhaabbii otobusii ga'an sa'aatiin 10:30 ture. Ammallee Lafti hin bariine. Dukkana. Dhaabbiin Awutoobusii mooraa Hoteela Sannaayit<sup>17</sup> keessadha.

Hawwiin garuu karaa irratti isaan qaqqabuu hin dandeenye. Yeroo dhaabbii Awutobusii geessu Awutoobusiichi idduma dhaabbatutti motomi isaa ka'ee "Karararara..." jechaa jira. Konkolaachisaatu motora ho'isuuf kaase. Dukkana waan ta'eef naannoo Awutobusichaa namni hin muldhatu. Awutobusii keessi garuu ni ifa. Namooti baayi'een keessa akka jiran hubatte. Aluma dhaabbattee karaa foddaa Latii ijaan barbaadde. Arguu hin dandeenye. Awutobusiitti naannoftee karaa foddaa namoota keessa jiran hundumaa ilaalte. Namoota keessaa isa dhabde..

Booda Awutobusicha keessa yeroo seentu Latiin haadhaafi abbaa isaa bira taa'ee argite. Deemtee irratti kufte. "Latii koo! malin sitti balleesse? Nagaatti utuu naan hin jedhin deemuufii? eenyutti nakennitee deemtaa? Anoo si biraa hin

---

<sup>17</sup> *Booda Biheeraawii hotel jedhame.*

hafu..." Jechaa bo'ichaan mardhumaan namaa raaste.<sup>Aadde</sup>  
Bashaatuunis booicha humnaan ukkaamsitee qabattee <sup>tura</sup>  
futtaafatte.

Aadde Bashaatuun Hawwii wajjiin walitti dabalamtee,  
akka nama du'eetti boo'udhaan Awtoobusicha jeeqan.<sup>Haallii</sup>  
kun kan isaan aarse obbo Jirenyaan;"Maal jarana maal  
taatanii? nama lubbuun jiru akka du'eetti itti boo'uun gaari  
miti. Itti hin farrisinaa! karaa deemaa! Nama karaa deemutti  
boo'uun gaari miti!" Jedhanii dheekaman.Obbo Jirenyaan  
akkas jedhanii haadheekkaman malee ilmi isaanii intala kanaa  
wajjin jaalala cimaa akka qaban ni beeku. Haalliifi boo'ichii  
Hawwii mardhummaan isaanii nyaachu hin oolle.Boo'icha  
Hawwiifi haadha Latii garuu dhorkuu hin dandeenye. Kana  
gidduutti Konkolaachisaan Awtobusichaa seenee,gargaaraa  
isaatiin "Barruun Zigaalinyi Bakkee Jamaa wardan innimxaal!"  
Jedhe (Balbala naa chufii Bakkee Jamaa buunee dhufnaa)  
jechuu isaati.<sup>Afaan Amaaraatiin.</sup>

Gargaaraan isaas balbala cufee ganda Bakkee jamaa  
bu'an.Achittis nama guuttatanii,ol deebi'anii, Hoteela Efremii  
fi Tamunee gidduu fuula isaa gara Finfinneetti qajeelfatee,  
dhaabbate.Hawwii, Latii, haadha` Latiifi abbaan Latii hamma  
Bakkee jamaatti Awttobusii keessa turani.Sa'atii kana  
hundumaa Hawwii,Latiifi Aadde Bashaatuun imimmaan  
lolaasu turan.Al takka takka Hawwiin gidduutti "Latii koo ani  
akkas natti hin fakkanne! ani egaa akkamiin ta'aa?" Jetti.  
Latiinis "Akkuma dubbanne sana" jedhe. Aadde Bashaatuun  
dhimma isaan dubbatan waan beektuuf "isa calluma jedhaa  
namni gara biraa akka hin dhageenye" Jetee asaastee lamaan  
isaanii akeekkachiiste.

Aadde Bashaatuun Hawwii ofiitti qabdee,ammattee;  
"Dhiisi giiftiikoo! Dhiisikaa bareedduukoo!.Hin boo'in.Obsi.

Waan hundumaa-yuu ni mariyanna.Anaa wajjiin mariyatta."Jettee jajjabeesite. Hawwiin yeroo manaa baatu Laiif yaadannoo kennuuf shaanxaa ishee keessaa suuraashee harkatti qabattee,dhufte harka loostee,cinaacha ishee jalaan gaabii ishee ol qabdee, Latii tuqitee, itti kennite. Yeroo kana Latiin obsuu dadhabee imimmaan isaa of irra gadi lolaase.Sibiila hirkoo barchuma isa fuula dura jirutti gadi jedhee, suuraa ishee akka haaraatti ilaalee, fuula isaa haxaawwachaa innisakkuma gadi jedhetti boorsaa qoma isaa keessaa suuraa isaa baasee itti kenne.

Utuu akka kanaan Awutobusii keessa taa'aanii walitti boo'anii, dukkanni ifaaf iddo gadhiisee,halkan sun bari'e.Sa'atiin 12:00 taanaan konkolaachisaan Awutobusichaa seenee Faagga<sup>18</sup> Awutoobusii "kuuu luuu kuu luu ku luuu ku luuu... " godhee dhageesise.Gargaaraan isaas, "baqqaa mehedaachiin nawu. Shenyii wuraduu! Shenyii Wuraduu!" (Deemuu keenya namooti geggeessuuf dhuftan bu'aa! Jedhe afaan Amaaraatiin) Yeroo kana obbo Jirenyaan "Yaa ilmakoo! jedhi egaa ngaan dhaqii, nagaan gali,Waaqayyo sifaana habu'u.! Jabaadhu!.Waaqayyo sii wajjin hata'u." Jedhanii maddii isaa dhungatanii Awutobusii irraa bu'an.

Aadde Bashaatuunis utuu boossuu maddii isaa dhunggattee buute.Hawwiin garuu bu'uu bin dandeenye. Walitti marmmanii boo'uudhaan wal gadhiisuu dadhabani. Amma egaa yeroon fokisaan.Yeroon kun yeroo ulfaataa, namooti akka lubbuu wal jaallatan utuu hin jaallatin dirqidhaan yeroo gargar ba'anidha.Kanaaf ulfaataa ta'a.Hawwiifi Latiin nagaa walitti dhaamuuf wal ammatanii wal gadhiisuu dadhaban.Akkamitti jaalalleen lamaan gargar

---

<sup>18</sup> Xurumbaas, kilaaksii

ba'anii wal dhiisanii deemuu? Waan raajiitu dhalate. Imaltootii Awutobusii keessaafi namootni fira gaggeessuuf naannoo sana turan haala dargaggoota kanaatti baayi'ee gaddan.

Yoo imimmaan buusuu baatanillee,gargar ba'uun isaaniitti, garaan gaddee kan hidhii hin xuuxin hin turre. Gargar ba'uun Hawwiifi Latii hin oolle. Aadde Bashaatuun Hawwi humnaan Latiiraa ofiitti harkistee,erga Latiiraa gadhiisiste booda ammattee,Awutobusii irraa gadi buuste. Hawwiin Awtobusii irraa erga buute booda dhaabbachuu hin, dandeenye ofirra gadi quphante.<sup>19</sup>Iddoo quphantee teesettis mataa ishee harka lamaan qabattee,"Wayyoo!Wayyoo!" jechaa, mataa ishee ammoo gadhiistee, awwaara lafaa harkaan haraa boosse.Boo'ichi ishee waa hin fidne.Gargar ba'uun hin oolle.Awutobusiin ni ka'e.Gommaan isaa gara fuula duraattii konkoolaate.Aara isaa hudduu duubaan aarsaa,ija isaanii irraa fagaatee deeme.

Hawwiin yeroo isa dhumaaf jaalallee ishee irraa gargar baate. "Gargar deemuufi du'i tokkuma" Jedhama mitii? Dhuguma jechi kun ofumaa kan jedhame miti. Hawwiifi Latiin waggaajaa ja'a booda wal arganii,walfuudhanii,wajjin jiraatu ta'a. Kun egaa hawiidha. Maaltu beeka yookiin ammoo akka gargar ba'anitti hafu ta'a. Garuu hawwiin isaanii wal arganii wajjiin jiraachuudha.Hawwiin ilmaan namaa kan hawwan argacuudha.Egaa kan dhukkuba namatti ta'u gaafa hawwiin hawwii taatee haftedha.

### *BOQONNAA SADII*

Hawwiin guyyaa gaafa jaalalleen ishee duraa deeme irraa jalqabee, yaaddoo isaatiin dhukkubsattuu taate.Guyyaa lama

---

<sup>19</sup> Utuu hudduudhaan lafa hintaa'in miilla ofirra gadi taa'uu

nagaa taatee, yoo oolte torban lama ammoo utuu siree irraa hin ka'in ciistee, aaddi.Haatiifi abbaan ishee Hawwiin utuu didduu dirqisiisanii hakiimii mana waldhaansa fayyaa Naqamtee, lammii Siwidinii, kan Dr.Stik jedhaman bira geessan. Hakiimichis,gaaffii garaa garaa ishee gaafatan."Eessa sidhukkuba?"

"Ani dhukkuba qaama keessaa narakkisu tokkollee hinqabu.Garuu..."Jettee,utuu hifixin kan ishee cina taa'u abbaa ishee obbo Bulchaa ilaalte.Hakiimichis Hawwiin iccitii dubbachuuf abbaa ishee kan sodaatte itti fakkaatee,"Mee dhiifamaa guddaa wajjin isin yeroof ala turaa"ittiin jennaan, obbo Bulchaan gadi ba'uuf ol ka'e,Hawwiinis, "Doktor.!Doktor! haataa'u iddo inni jirutti dhukkubakoon hima.Innis haadhaga'u."jette Hakiimiiniis,

"Okkee! Maali kan sidhukkubee?"

"Ani dhukkuba hin qabu"

"Dhukkubakoon himadha hin jennee amma?"

" Eeyee dhuguma dhukkuba qaama keessaa narakkisu hin qabu Garuu waa lamatu boqonnaa nadhorkatee narakkisaa jira.Isaanis;1,Kan ani itti heerumuuf waadaa waliigalle jaalalleenkoo carraa barumsa biyya alaa waggaajaa ja'aaf argatee deemuu isaati.2ffaan ammoo fedhiikoo malee abbaankoo kun jaarsa akaakayyuukoo ta'anitti dirqiidhaan na heerumsiisuf qophaa'aa jira.Rakkoonkoo kandha."jette.Hakiimichis;

"Dhugaadha.Sammuudhaan dhiphachuu,yaadda'uufi sodaadhaan boqonnaafi irriba dhabuunis dhukkuba sammuudha.Dhimmi isheen jettu kun yeroodhaan furmaata hin argatu taanaan sammuu isheerratti rakkoo guddaa fiduu danda'a.Mee dhimma akkas ishee rakkise kana mariiyachuudhaan,dafaatii hiikuu yaalaa."jedhan hakiimiin.

Battala kana Obbo bulchaan barcuma taa'urraa aariidhaan  
utaalee ka'ee,

"Kun dhimma murtaa'ee dhumedha. Keessa hindeebinu" jedhe  
Hawwiinis ariifi xiiqiidhaan barcuma teessu irraa kaatee,

" Ani ofin ajjeesa malee fedhiikoo malee nama am  
hinbarbaannetti hinheerumu. Dr.! rakkoonkoo kanadha"

Jettee, kutaa hakiimii keessaa, abbaa ishee dursitee balbala  
banattee akka nama maraatee rifeensa mataa ishee harkaan  
bibittimsaa, baatee deemte. Murtii isaanii, irra deebi'anii akka  
ilaalan Hakiimichi obbo Bolchaa gorsuudhaan isa geggeessan.

Haatiifi abbaan Hawwii Latiin biyyaa ba'uusaa  
jaallataniiru."Baga biyyaa ba'e. Rabbi asitti isa hindeebisin"  
Jedhu. Haajii Yuusufis, "Gurbichi ilbiisi sun kaadhimaakoo  
qorichaan tuqe." Dabtaraa" dhaan tolcha irratti hojjechiisee,  
("itti daggamsiisee,") akka isa jaallattu godhe"  
jechuudhaan "beekaa" dha kan jedhaman bira dhaqanii qarshii  
lakkoofsa hinqabne kennanii, tolcha isheerratti hojjetame  
busheessuuf yaalanii, furmaata dadhabaniiru.

Hawwiin erga Latiin deemee dhiphina isheerraan kan  
fooyee argattee, siree irraa kaatee, kolfiti taphatte, abbaan  
Latii obbo Jireenyaan Jalabultii cidha ishee xalayaa Latiin  
isheef barreesse dhoksanii gaafa itti kennanidha. Hanga  
poostaa saaqxee, dubbistutti, baayi'ee jerjerte. Xalayaa Latiin  
isheef barreesse akkas kan jedhu of keessaa qaba;

"Yaa biiftuu ganamaa Hawwii jaalalleekoo  
Addaan baanee hin hafnuu nan dhufa giiftii koo  
Jabaadhuu na eegi mudhiikee hidhadhuu  
Rakkoofi dhiphuu hundaa jabeenyaan mo'adhuu  
Hin dhiphatin maaloo kolpii taxabadhu..."  
Jechuudhaan walloodhaan jalqaba. Itti aansees;

”....Hawwiikoo! ani biyya Siwidinii nagaan ga'eera Barumsakoos jalqabeera.Biyyi isaa baayi'ee diilallaa'a.Lafti hundi cabbiidha... Hawwiikoo! adaan baanee hin hafnu Biyyatti deebi'ee walfuunee wajjin jiraanna.Silaa jaalalli ati anaaf qabdu hamma ani deebi'ee dhufutti akka hin geeddaramne nan abdadha.Jaalalli ani siif qabus bara baraan hingeeddaramu.Fageenyaan,jirenya tolaafi badaadhaan hin geeddaru.Giiftiikoo! maaloo! hin gaddin. Hin yaadda'in. Jabaadhu na'eegi.... Jaalalleekkee Latii Jirenyaa”Jedha.

Hawwiin yeroo kana dubbistu dhukkubi inni sammuu ishee hidhe irraa hiikkatee fuullii ishee ifee utaaltee kaate. Kana booda utuu yeroo hin fudhatin daftee deebii isaa barreessite.Kan barreessite keessaa;

“...xalayaan amma sii barreesse kun yeroo warrikoo jaarsichatti nakennuuf jal bultii “cidhakoof” qoqophaa’aa jiranidha.Tarii xalayaan kun xalayaa isa dhumaa ani siif ergu ta’uu danda'a.Eessatti akkan badu hanga ammaatti namni natti hime hin jiru.Maal abbaakoo godhoo?jehaa lubbuunkoo dhiphchaa tibba rakkoo keessa jirtudha.Latiikoo Maal godhoo?... ” Kan jedhudha.

Akka kanaan xalayaan barreesitu irratti yaaddoofi rakkoo isheen keessa jirtu ibsudhaan dhaamsa ergitiif.Garuu dhukubi ishee yaaddoo Latii qofaa utuu hin ta'in Haajii Yusufiif kennamuuf yeroon isaa dhiyaachuu isaati. Kun akka waraansa cinachaa itti ta'ee,taa'uu, ka'uu fi ciisuu ishee dhorke.Mala baayi'ee yaaddi.Kan yaadde hundi waan ta'uu hindandeenye yeroo itti fakkaatu ammoo, isa dhiistee mala gara biraa mali.Innis kan ta'u yeroo itti fakkaachuu didu gara biraa yaaddi.Akka kanaan siree isheerra ciistee guyyaas galgalas yaddoodhaan dhiphatti.

Akka kanaan utuu dhiphattuu gaaf tokko karaa mana borootiin mana jala teessee utuu boossuu haadha Latii argitee, dhokattee, "Harmee Latii! Latii koo biyyaa naduraa baastanii qofaa na hanbistan mitii?" jette. Haati Lattis mardhumaan ishee raafamee boosse, "Akkam godhuu Hawwii koo? buddeenatu gargar isin baase woo! Garuu waaqayyo hunda uume utuu walitti isin hin deebisin hin hafu." Ittiin jette. Hawwiinis "isinis garaa natti jabaatanii? maal qaba mala tokko yoo naaf maltanii?" jettee boosse.

"Gaafa Latin gaggeessinu furmaata tokko harmeenkoo sitti himti naan jedhee ture. Isin natti himtu jedhee, isin eegaan jira. Isin ammo maaliif calluumma akka naan jettan naaf hin galle." Jette. Haati Latiis kan qopheessite sababii beektuuf "Obsi" jetteen malee furmaati kana jettee itti hin himne. "Iddo tokko nadhoksaa!" jettee akka waan Latii argatteetti itti maramtee boosse. Haati Latiis "Obssi dhalakoo!" ittiin jennaan Hawwiin akka aaruus taatee, "maalii hanga yoomiittin obsaa? torban hardhaati mitii kan jaarsichatti gurguramuu?" Jette. Haati Latiis "Obsi gidduu kana furmaata tokko hindhabnu. Sittin himaa" jettee jajjabeessite.

Hawwii wajjin haala kanaan utuu haasa'anii Aadde Dinsirin yoo isaan argite, balaan hammaa akka ka'u sababii beektuuf Aadde Bashaatuun, "Hawwii giiftii koo! deemi. Haati kee nutti dhufti." ittiin jennaan Hawwiin manatti ol deebite.

Sodaa, birdhuufi yaaddoo kanaan Hawwiin bultii sadii eegde. Haatii Latiis humaa itti hin himne. Hawwiin heerumuuf bultii afur qofaatu hafeef. Firri fagoofi ollaawan abbaa Hawwiifaa guyyaa gaafa chidhaaf kan barbaachisu qopheessaa jiru. Obbo Bulchaan dinkaana dahoo keessummoonti keessa taa'an dhaabuuuf warra dhiiraa wajjin oliifi gadi jedha.

Aadde Dinsiriinis haadha Latiirraa kan hafe dubartoota olla ishee wajjin wal gargaaruudhaan hojii nyaataafi dhugaatti qoqopheessaa jiru. Hundumtuu kallattii garaa garaan hojii irratti bobba'aniiru. Durbi dibbee rukutaa, jalabultii sirbuu erga jalqabdee, bubbuleera. Hawwiin garuu joonjofteetti. akka taatu wallalteetti. Rakkoo isheef furmaata dhabdee abdii kutatte.

Guyyaan chidhaa bultii lamatti gale. Bor oolee dha. Hiriyooni Latii:Sheebaa, Walloo, Bishii, Buddussee, Funxur, Loos,Furnoo,Baatirii jedhamanii fi isaan kaanis hojii gargaarsaaf manaa keessaafi alaan oliifi gadi socho'uudhaan hojjetu.

Hiriyooti Hawwiis; Siindahaatuu,Doddotee,Immebeetiifi isaan kaanis, kan Hawwiif barbachisu qoqopheessaa jiru. Hawwiin garuu ni boossi terte.

Immabeeti Ati gowwaadha. Maaliif calluma jettee boossaa?  
Hawwii Ofin ajjeesa malee garabiraa maal gochuun danda'aa?

Siindahaatuu "Maaliif of ajjeestaa? Jaarsi dulloomaadha. Yoo baayi'ee ture wagga lamaa ykn sadii caalaa biyya lafaa kanarra lubbuun turuu hindanda'u. Erga du'e booda qabeenyi kun hundi kankee ta'a. Si qofaaf utuu hinta'in nuufillee nuudabarsita jedheen yaada"

Hawwii "Ofin ajjeesa malee ani wagga lamaafi sadii mitii sekondii tokko isa bira dhaabbachuu hinbarbaadu."

Doddotee "Utuu ani si ta'ee,gaafuman heerumee dhaqu boraatiidhaan ukkaamsee ajjeeseen U U U U jedheen iyyee nama waamee itti agarsiisan ture."

Yeroo Doddoteen akkas jettuu, Hawwiin boo'icha ishee dhiistee,kolfaan gaggabde. Hiriyooti ishees gorsa Doddoteefi kolfa Hawwiitti dinqisiifamanii daqiiqaa dheeraa kolfaa turan.

\*\*\*\*\*

Hiriyooti Latii sadii manaa Hawwiifaa fuula dura walitti marsanii dhaabbatanii haasa'u Utuma haasa'aa jiranii isaan keessaa Bishii kan jedhamu gidduu isaaniitii ba'ee gara mana Hawwiifaatti qajeele. Akkuma achi ga'een mana keessa ol galee, "Hawwiin eessa jirtii?" jechaa, balbala mana ciisichaa Hawwii rurrukute. Hiriyoota Hawwii keessaa Siindahaatuun kaatee balbala bantiif. Yeroo Bishiin isaanitti ol galu, Shamarran hundi ija isaanii irratti xiyyeeffatan.

**Bishii** "Attam jirtuu hundi keessan. fayyaa dhaa?"

Hawwiifi hiriyooti ishees, tokkummaan "nagaadha" Jechuudhaan deebii kennaniif.

**Siindahaatuu** "Ati eenyu sii hayyamnaan gola kana seentee?"(haala qoosaan)

**Bishii** "Maal dubbattu isin? Hawwii gaggeessuuf golli ani hingalle hinjiru. Cidhi Hawwii dudda nukuteera" Jedhe. Battala kana Hawwiin akka qaana'uufi aaruutu uudhaan fuula ishee uffataan aguugdee sreee ishee irratti mataan gadi jette. Bishiin garuu haasaa isaa itti fufe.

**Bishii** "Iddoon ani hinseenne eessa jiraa? Iddoo hojiin barbaadamu hundaatti anatu argamna."

**Hawwii** "Bishii! madaakoo tuqxee nan jeeqin." Jette. Mataa ishee sireeraa ol kaastee.

**Bishii** "Hawwiikoo dhiifama guddaa! Dhiifama guddaa! Kanan itti ergame dhiisee, dubbiin balleesse natti fakkaata. Dhiifama giitiikoo."

**Immabeet** "Bishii dhuguma ani yeroo baayi'een si hubadheera. Ati haasaa hinbeektu. Balleessaakee ammaaf waabii waamta. Utuu dubbannuu ati amma maaliif dhuftee?"(Akka qoosuu)

**Bishii** "Gaaffii gaariidha! Namatu Hawwiitti na erge. Hawwii! dhiifama guddaa wajjin mee tokkicha kottuutii alatti nu haasofsiisi. Dhiifama Hawwiikoo ni deebita kottu. Hawwii! dhiifama! Natti dallantee?"

**Hawwii** "Lakki. Ani sitti hindallanne. Ati hamaa hindubbanne. Waanurna ijaan argaa jirtu dubbatte.

Qabatamaadhaan kan ta'aa jiru irraa kaatee dubbatte. Ati maal balleessite.Balleessaan haadbaafi abbaakooti” Jechaa shakkii tokko malee Bishii wajjin gadi baatee,iddoo hiriyooti Latiitii dhaabbananii haasa'an dhaqxe.Hunda isaanii barka qabdee nagaa gaafattee boo'uu jalqabde.

**Walloo** “Hawwii ! hinboo'in.Amma kan sitti himnu daguungora tokko malee hojiirra olshita.Sirriitti nudbageeffadhu.Latiin xalayaa sii ergeera mitii?”

**Hawwii** “Eeyee akkamittiin dhageessanii?”

**Bishii** “Latiin nuufis xalayaa nuu ergeera.Xalayaa isaa irratti dhaamsa tokko nutti dhaammateera.Kanaaf amma hojiirra olchina.Elaa Hawwii! kan amma sitti himnu kana sirriitti hojiirra hinolchitu taanaan kaayyoon keenya nifashalaa'a. Amma akkuma nu biraa deebituun utuu yerookee hinballeessin, hiriyootikee kunniin meeshotakee hunda akka shaanxaatti sii naqan itti himadhu.

**Walloo** Waraqaa raga barumsaa kees qabadhu”

**Bishii** <sup>1<sup>ffaa</sup></sup> Hiriyootikee erga uffatakee hunda shaanxaatti sii naqan booda gara mana isaaniitti galanii bor ganama akka dhufan isaan gaggeessi”.

<sup>2<sup>ffaa</sup></sup>- Hamma sii danda'ameen qofaakee ta'uu yaali. Mataan waan na bowwaafateef nan ciisa. Balbala narratti hinrurukutinaa! jedhiitii akeekkachiisi.

<sup>3<sup>ffaa</sup></sup>-Balbala mana ciisichaakee keessaan cufi.Foddaa mana ciisichaakee ammoo bani.Furtuun utuu hin ta'in ittii deebisii siree keerra taa'i.Hin ciisin .Irribi sifudhachuu danda'a.

<sup>4<sup>ffaa</sup></sup>-Halkan keessaa sa'atii 5:30 yeroo ta'u ani mana keessan boroo maasii bunaa keessa dhaabbadheen si eega.Kana booda mana obbo Margaa wasiila Latii deemnee achi bullee utuu lafti hin bari'in laga keessa baanee ganda Daaloo<sup>20</sup> karaa konkolaataarra dhaabbannee otobusii Finfinnee dhaqu eegna.”

<sup>20</sup> Iddoo amma Yuuniversitiin Wallaggaa irratti ijaarame.

**Hawwii** "Sana boodawoo Finfinnee eenu biran dhaqa? Dhaabbii otobusiitti ammoo dhufee eenyutu nasimataa? Anoo Finfinnee dhaqee hinbeeku?"

**Walloo** "Gaaffii gaariidha. Obbo Margaan kana hunda siif tottolchaniiru."

**Baatirii** "Shaanxaa lama yeroo tokkotti fuutee ba'uu sababii hindandeenyeef tokko tokkoon dabaree dabareedhaan fuutee mana boroo keessa. Hoo'u qarshii 50 kana. Waan tokko tokkoof sigargaara jennee hamma human keenyaa walitti buuse"

**Hawwii** "Amma maaltu isin rakkisee? Eessaa fidduu isin. Isinis akkuma koo barattootadha. Anaaf jettanii erga tooftaa kana naaf qindeessitanii dhuguma qarshiin barbaachisaadha. Kanaaf ammo qarshii warri keenya ittiin nagurguratan jira. Idoo isaan kaa'anis nan beeka. Isas fudhachuu nan danda'a. Anaaf jettanii kana yaaduu keessaniif baayi'een isin galateeffadha."

**Baatirii** "Nuti kana hunda dhama'un keenya jaalala siifi Latiif qabnurraa kaanee waan ta'eef hin yaadda'in. Gara biraa ammoo dirqamni hiriymmaa waan nurra jiruuf siif rakkachuu qabna."

**Walloo** "Jedhi amma dafii deemii meeshaakee qoqopheeffadhu. Ganama aniifi Baatiriin iddo taa'umsaa siiqabeen hamma ganda Daalootti dhufna"

**Bishii** "Elaa Hawwii! eeggannoo guddaa gochuu qabda. Ergami keenya akka hinfashaloofne. Fashaloofnaan badiisa guddaatu dhalata."

Erga kana hunda mariyatan booda Hawwiin gara hiriyoota isheetti deebitee akka gorsamte gochuu jalqabde.

**Imabeeti** "Bishiin ergaa maalii sitti himee Hawwii?"

**Hawwii** "Hiriyooti Bishii Isin komataniiru."

**Sündahaatuu** "Maal gochuu dhiisan nuun jedhuu?"

**Doddotee** "Sirba durbaa sirbuu dhiisanii oduu odeessu nuun jedhuu?"

**Hawwii** "Sirba sirbuu dhiistan jedhanii utuu hinta'in bor heerumta. Maaliif uffatakeellee shaanxaatti siif hin naqanii? Jechuudhaan isin komatan." Jette akka qoosaa

**Immabeet** "Dhuguma ka'aa uffata ishee shaanxaatti naqnee uffata misirroos qaqqajeelchinee keenya! Ka'aa!"

Haaluma kanaan hiriyooti Hawwii uffata ishee Shaanxaa lamaanuutti naqanii qoqopheessanii gara mana isaaniitti galan. Hawwiinis isaan gaggeessitee, mana ciisichaa ishee keessa sodaafi birdhuudhaan siree isheerra teesse. Al sagal sa'atii harkashee ilaala turte. Saanduqa haadha ishee keessaa qarshii 600 fudhattee, guntuuta ishee gidduu gadi suuqqatte.

Hawwiin gadi baatee haala jiru hundumaa ilaalte. Aadde Dinsiriifii firooti isaanii hojiidhaaf olii gadi walkeessa deddeemu. Abbaan Hawwii daadhii cidhaaf qophaa'e baayi'ee dhugee sababii machaa'eef qabanii geessanii ciibsan. Hawwiin akkuma Bishiinfaa ishee gorsan namni tokko akka ishee hindammaqsine hunda akeekkachiistee balbala mana ishee keessaan furtuun cufatte. Siree isheerra kottoonfattee teesse. Sa'atii harkashee deddeebistee ilaalte.

Kaatee foddaa mana ciisicha ishee bantee bitaafi mirgan ilaalte. Naannoo foddaa mana ciisichaa ishee jala namni akka hinjirre erga ilaalte booda shaanxaashee tokko fuutee mana boroo maasii bunaa keessa keesse. Isa lammataas akkasuma fuutee keesse. Hawwiin iddo Bishiin jiru sababii hinbarreef maasii bunaa sana keessaa iddo baayi'ee barbaadde. Garuue argachuu hin dandeenye. Abdii kutatte. Shaanxaa ishee lamaan gidduu gadi quphante boo'uu jalqabde. Qofaa ishee halkan walakkaa maasii bunaa keessa taa'uun baayi'ee ishee sodaachise.

Sarooti ganda sanaa lafeerratti wal loluudhaan wal nyaatu. Walitti dutu. Waraabeessi laga keessaa "Haawuu! Haa Wuu!...." yeroo jedhu kan dugda duubaan dhufee ishee cucuffatu itti fakkaate. Qorra Amajii wajjiin sodaan walitti makamee akka dhallaadduu bishaan gidduu hollachuu jalqabde. Ilkaan ishee. "Gaci... gaci... gaci.. gachi.. gaci" jedha.

Sa'atiin beellama ga'uuf daqiqaa 20 qofaatu hafe. "Bishiin maal ta'uu isaatii? hin irraanfatee moo isa mariyannetu har'a mitii? jettee yaaduudhaan dhiphatte

\*\*\*\*\*

Bishiin haadha Hawwii biratti jaallatamaadha. Waan kana ta'eef hojii qophijjii cidha intala isaanii irratti qooda hin fudhanne jedhanii akka isa hinkomanneef kan garaa isaa garaatti qabatee fakkeessuuf isaanitti muldhata ture. Halkan kana hamma sa'atiin Hawwii wajjin wal beellaman ga'utti mana keessa oliifi gadi deemuudhaan haadha Hawwiitti of muldhisaa ture. "Harmee Hawwii? jabaadhaa! qaata haara galfattani" jedhe. Isaanis "Bishii hojiin isiin ajjeesse mitii? kottu" jedhanii, namoota gidduudhaa harka isaa qabanii mana buddeena keessa galchanii, muka mooyyee lafa kufee jiru tokkorra akka taa'u qubaan itti agarsiisaa "Taa'ii as!" Jedhan. Kana booda sahaa'anii irra buddeen kaa'anii ittoo foon diimaa fi adii irratti naqanii, tokkicha irraa cabsatanii afaan kaawwatan. "Mee ilaali! ittoon keenya gaariidha" jedhanii kennaniif. "Abbaankee Bookaan bishii waan jedhuuf hiriyootikee Bishii jedhanii maqaa sii moggaasan mitii? Atis akkuma abbaakee Booka jaallatta! yoomin wallaale" Mee dura ishee kana afaan kaawwadhu. Garaa duwwaatti gaarii miti" jechaa daadhii qaruuraa keessatti guutamanii taa'an lama kan ittiin dhuganii wajjin fidanii miilla isaa jala kaa'ani, "Jedhi egaa buddeenkee siriitti nyaadhuutii dhaadhiikkee dhugiitii dhaqii galii rafi." Jedhanii biraa deeman.

Bishiinis" Gaariidha immammaa!" Jedhee buddeena isaa nyaatee daadhii qaruuraa lama wal irratti dhugee ol ka'e. Daadhichi baayisee cimaa ture. Mataa isaatti ol ba'e. Akka itti ho'uu ta'e. Ammas utuu namni isaa hin keniin qaruuraa tokko fudhatee, dhudha'ee lafa kaa'e. Kana booda gara borootti

naanna'e.Maasii bunaa qarqara dhaabbatee,fincaan fincaa'e. Erga fincaa'e booda garuu utuu ol hin jedhin gadi gugguufaa maasii bunaa keessa seene.

Hawwiin sagalee "Kosh kosh kosh..."jedhu dhageesse.Kottee bineensaa seetee baayi'ee sodaatte.Sababii quphantee jirtuf,lafti muka bunaa jalaa sirriitti itti muldhata. Kallattii sagalee dhageesseen yeroo hubatee ilaaltu Bishii ta'u isaa bartee. Asaastee;"Bishii! Bishii!" jettee waamte.Bishiin garuu ishee hin dhageenye.Kallattii isheen jirtu hin beeku. Dadhiichis sammuu isaa sababii tuqeef gara itti deemu wallaalee joonja'ee dhaabbate. Hawwiinis suuta jettee utuma waamtuu gadi bu'ee ol ammoo deebi'e.

Yoo itti joonja'eellee Bishiin Hawwi barbaaduu jalqabe. Garuu arguu hin dandeenye.Booda irratti Hawwiin karaa boodaan deemtee uffata isaa qabdee isa dhaabde.Iddoo shaanxaa ishee keesse deemanii shaanxaa tokko tokko qabatanii gara "Laga Abbaa firoo" jedhamutti gadi bu'anii, gara harka mirgaatti ammoo ol jallatanii mana barumsa Neersotaa jala goranii waldaa kiristaana Makkaana Yesuusitti ol ba'an. Ifi eletirikii Waldaa Kiristaanaa Makkaane Yesuusii naannoo sana walal godhee agarsiisa.

Hawwiin ifa kana hin jaallanne. Namni yoo ishee arge kaayyoon isaanii akka fashalaa'u waan beektuuf baayi'ee sodaatte.Bishiin garuu daadhii inni dhuge akka macheessuu waan isa godheef kan Hawwiin yaaddoftu kun isa hin yaaddessu.Hamma karaa kana hunda deeman gugguufee deema ture.Hawwiin yaaddoo kana keessa sababii turteef haala isaa kana sirriitti hin hubanne.Amma garuu ifa kana keessatti yeroo isa ilaaltu haalli isaa ishee dhibnaan;"Bishii maal taatee? maaliif gugguuftee deemtaa? Silahoo damee muka bunaa jala daddarbuuf kan gugguufaa turte natti

fakkaate.Erga maasii bunaa keessaa baanee hamma ammaati gugguufaa deemta.Maal taatee?Ol hin jettuu?"

Battala Hawwiin akkas jettu, Bishiin shaanxaa baatu lafa kaa'ee of ilaale. Akka gugguufu kan isa godhe, yeroo maasii bunaa keessatti fincaan fincaa'ee raawwatu, furtuu surree isaa jaakkeettii isaa wajjin waan wal qabsiiseef ol jedhee akka hin deemne gadi isa harkisaa ture.Battaluma kana argeen furtuu jaakkeettii surree wajjin wal qabate gadhiisisee sirreeffate. Yeroo kana Hawwiin baayi'ee itti kolfite.

\*\*\*\*\*

Hiriyoota Latii gidduudhaa Bishiin abshaala. Bara daa'imummaa isaanii ija (firii) baddeessaa funaannachuuf bosona naannoo laga Jaatoo fi Booqee keessa yeroo deeman, kan dura akka qamalee bantii mukaa irra ol ba'u Bishiidha.Latin muka koruu sababii hin dandeenyeef, kan ija baddeessaa gadi harchaasuuf Bishiidha.Mooraa Misiiyooni fi mana waldhaansa fayyaa Naqamtee keessa Burtukaaniif Zeeyituunaa dhokatanii mukarraa cirachuufis ni deemu.Yeroo deemanis utuu waardiyaan isaan hin argin, shiboo dallaa akka hantuutaa uree hundi akka galan kan godhu Bishii dha."Bishii" maqaa jedhu Latii fi hiriyoota isaatu baasaniiif. Abbaan Bishii, obbo Waaqjiraan Booka jaallatu.Garuu yeroo haasa'an Bookan dhuga hin jedhani.Bishiin dhuga jedhu.Birzii jechuuf bishii jedhu.Arraba isaaniitu qubee 'R' fi 'Z' jechuu sababii hin dandeenyeef.Birzii jechuurra Bishii jedhu.Sababii kanaan malee maqaansaa Taaddasaa dha.

Walloo jedhanii kan moggaasaniif hiriyoota Latiidha. Hojjaan isaa dheeraa sababii ta'eef.Bara ijollummaa isaanii Awutobusii dheeraa haaraa Naqamtee dhufe kan "Walloo Faras" jedhamuu waan ta'eef akka Awutobusii kanaa dheerata

jechuu irraa akkas ittiin jedhan malee maqaanisaa Dasaaleenyi.

Hiriyoota isaanii keessaa "Baatrui" kan ittiin jedhan ammoo, ija isaatu gurguddaa waan ta'eef akkas ittiin jedhan malee maqaan isaa inni dhugaa Mulugeetaadha. Buddusse kan ittiin jedhan maqaan isaa inni dhugaa Daawwiti. "Funxur" kan ittiin jedhan ammoo sababii dafee aaree boo'uf Funxur ittiin jedhan malee maqaan isaa inni dhugaa Amaanuu'eel. "Furnoo" kan ittiin jedhan ammo, warra isaatu shayee fi daabboo furnoo sababii gurguraniif furnoo ittiin jedhan malee maqaan isaa inni dhugaa Faqaadudha

"Sheebaa" kan ittiin jedhan ammo, Saantima warra isaa jalaa hatee mana shaayee Araba Sheebaa jedhamuu dhaqee utuu furnoo bitatee nyaatuu warri isaa qabanii achumatti sababii reebaniif Sheebaa ittiin jedhan malee maqaan isaa inni dhugaa Saamueeli.

"Loos" kan ittiin jedhan ammoo jaarsa ollaasaanii tokkotu haadhaa fi abbaa isaatiin "mucaa kana fakkaatu Baabiloos, Phaaphiloos jechuudhaan maaliif maqaa balleessitu calluma jettanii maaliif Loos ittiin hin jettanii?" jennaan hiriyootisaa kana dhaga'anii Loos jedhanii waamuu jalqaban malee maqaansaa inni dhugaa Teefiloos dha. Ijoolleen ganda sanaa maqaa qoosaa walii moggaasaniin wal waamu.

\*\*\*\*\*

Egaa Bishiifi Hawwiin halkan sana gara mana obbo Margaa yeroo deeman haala kanaan karaarra xinnoo dhaabbatanii erga kolfaa turan booda, dallaa qe'ee mana Obbo Marggaa gahan. Garuu sarooti manatti siquu isaan dhorkan. Asiifi achiin itti marsanii luka isaan ciccirachuuf itti utaalan. Bishiin takkaa shaanxaan, takkaa ammoo harkaan Hawwiifi ofii isaarraa faccisaa xiqqoo oliifi gadi wawarraaqe. Haala

kanaan utuu jiranii obbo Marggaan gadi ba'anii, Saroota irraa dhorkan.

Haati manaa obbo Margaa irbaata dhiyeessn Hawwiif Bishiin hin nyaanne. Sababiin isaaniis Hawwiin yaaddoofi sodaa isheetti dhaga'amurraa kan ka'e fedhii nyaataa waan hin qabneef si'a ta'u, Bishiin ammoo dhangaa cidhaaf qopheessan irraa kan Aadde Dinsiriin isaaf kennan nyaatee quufee waan dhufef dide.

Obbo Margaan irbaata dhiyaate haadha manaa isaanii wajjin nyaachaa, Hawwiin akka hin yaaddofneef waan barbaachisaa ta'e hundumaa itti himan."...Waan tokko hin yaadda'in. Yeroo Finfinneetti galtu ilmakoo Dalasaan dhaabbii Awutobusii Markaatootti dhaabbatee akka si eegu bilbilee itti himeera. Yoo inni dafee dhufuubaates, ilaa, lakkooftsi bilbila mana isaafi kan mana baankii daldala Itoophiyaa damee Kaazaanchiiz waraqaa kanarra jira. Inni hardha irraa jalqabee, mana baankii daldala Itoophiyaa damee Kaazaanchiizitti jijiirameera. Duraanillee baankii daldala Itoophiyaa damee Takilee Hayimaanooti keessa hojjechaa ture. Dalasaan mana jireenyaa kireeffate keessa qofaasaa jiraata. Kana waan ta'eef waggaa dbufu irraa jalqabdee barumsakee mana isaa teessee barachaa Latii eegda. ...."Jedhan.

Obbo Margaan irbaata booda ka'anii iddo ciisichaa Bishiifi isheef qophaa'e itti agarsiisan.

Hawwiin irribi ishee hin fudhanne. As garagalti achi garagalti. Jirenyaa ishee kan gara fuulduraa yaaddofte. "Finfinnee ga'ee yeroon awutobusii irraa bu'u, yoon Dalasaa dhabe akkamin ta'aa? Biyyaafi namoota hin beekene keessatti rakkoon yoo narra ga'e akkamin ta'aa?" jechuudhaan utuu yaaddoftuu sa'atiin 10:30 taanaan, obbo Margaan iddo ciisan irraa isaan kaasan.

Bishiin shaanxaa isa guddaa fuudhee gatiittii isaa irratti baate. Kan Hawwiin baattee dhuftemmoo harka tokkoon rarraafatee, isaan dura manaa gadi ba'e.Haala ba'aa Bishii ilaalanii, obbo Margaan; "Bishii! turi! turi! hin dandeessuu. Shaanxaa isa harkatti qabatte gurbaa kanatti keenni "Jedhanii obboleessa haadha manaa isaani baachisani.Kana booda mooraa mana isaanii keessaa wajjiin gadi ba'anii, xinnoo geggeessanii ol deebi'ani.

Hawwiin Bishii fi gurbaa sanaa wajjiin utuu namni isaan hin argin ganda Daaloo (iddoo amma Yuniversitiin Wallaggaa jiru) ga'an. Yeroo isaan achi ga'an sa'aatiin 11:30 ta'ee jira. Hanga awutoobusiin dhufutti Bishiin yaaddoofi dhiphuu Hawwii irra jiru hubatee; "Hawwii kaleessa galgala raajiin ta'e mitii...?" jedhee utuu hifixin Hawwiin kofla ishee gadi fuute. Hawwiifi Bishiin kokkofalaa haasaa gara biraas haasa'aa utuu jiranii sagalee awutoobusii dhaga'anii sadeenuu bakka taa'aa turanii battalaan ka'anii dhaabbatan.Haasaa duraan haasa'aa turan gidduutti dhaabanii,sagalee awutoobusii dhaggeeffachuuf gurra qeensan.Hawwiin kana gidduutti boorsaa qarshii guntuuta (harmma) ishee gidduudhaa gadi baste.Qarshii 10 lakkooftee Bishiitti kennuuf itti hiixatte. "Maali innii? kan maaliitii?" Jedhe.

"Waloo faa wajjin shaayee ittiin dhugaa".Jette.Bishiinis "kun barbaachisaa miti.Ati karaa deemta.Kan sirra ga'u hin beektu. Kanaaf qarshii kee qusattee gudunffattee qabachuu qabda!". Jedhee dide.Inni haadidu malee kan itti hiixatte boorsaa isheetti hin deeffanne.Boorsaa jaakkeettii isaa keessa keesseef. Gurbichaafis akksuma qarshii 2 kennitee,boorsaa ishee deebistee guntuuta ishee gidduu suqqatte.Kana booda Bullukkoo ishee tottolffattee, uffattee, dhaabbatte.

Bishiinis, Finsinnee keessatti hattuun sababii nama saamtuuf qarshii ishee kana sirriitti akka qabattu ishee akekkachiise."Qarshiikee hunda gadi baastee namatti hin agarsiisin.Kan sibarbaachisu qofa harkatti qabadhu..."jedhee ishee gorse. Isheenis akka inni itti himetti qarshii ishee gargat baste.Kiraa awutobusii Naqamteerra Finfinnee Qarshii 6,laaqanaafi waan tokko tokkoof qarshii 4 walumaa galatti qarshii 10 harkatti qabatte. Qarshii isaan abbaa dhibba dhibbaa fi shantamaa guntuutashee gidduu gadi suuqqattee,akka keessuu itti hime. Garabiraas yoo Dalasaan dafee dhufuu dide ariifattee akka dhiistee hin deemne, achuma dhaabbattee akka isa eeggaa turtu, yoo isa dhabdellee albeergoo hoteela gaari bultee ganama bilbiltee akka waamtu ishee yaadachiise.

Gara biraa ammoo yeroo magaalaa keessa deemtu akka gowwaa fajajidee waan hundaa ilaalaan akka of hin daganne,gorse. Akka achi geesseenis karaa lakkofsa saanduqa poostaa mana waldhaansa fayyaa Naqamteen xalayaa akka isaaniif bareessitu yaadachiise.Bishiin kan isheen yaadachuu qabdi jedhu hundumaa gorse.Isheenis gorsa isaatif baay'iee isa galateeffatte.Kana gidduutti atobusiin isaan bira ga'ee, dhaabbate.

Gargaaraan Konkolaachisaa, atobusii keessaa gadi bu'ee,Shaanxaa Hawwii tokko saggoo isaa irra bufatee, tokkommoo, harkatti rarraafatee, dugda atobusii irratti fe'ee, sharaa itti uwwisee gadi bu'e.Walloonis karaa balbala fuula duraa bu'e.Hanga shaanxaan ishee fe'amutti Hawwiif kursii qabee dhufe itti agarsiise.Iddoon Walloon isheef qabe kun maanguddoo tokko cinadha.Kursii nama lama qofa teessisudha.Hawwiin imimmaan ishee isa hin qoorre gadi lolaasaa hiriyoota ishee wajjin guddatte maddii isaanii dhungattee, nagaatti ittiin jette.Haaluma kanaan, isheen gara

Finfinneetti Bishiinfaa ammoo gara ganda isaaniitti gargar deemani.

Hawwiin erga sa'atii hiriyoota ganda ishee irraa gargar baatee atobusii seentee, ni boossi.Hirkoo barcuma ishee fuula dura jirutti addaan gadi jettee,utuu boossuu daangaa Wallaggaafi Shawwaa gargar baasu, laga Gibee ce'anii, magaalaa Baakkoo ga'an.Imalooti atobusichaa hundi ciree nyaachuuf bu'an.Hawwii qofatu akkuma sibiila barcumaa irratti gadi jettetti hafte.

Maanguddoon ishee bira taa'an erga bu'an booda haala intala kanaa yaadda'anii ol deebi'an. "Maali mucaakoo kottu malee?Maal taatee akkana boossaa?Bu'i.Ciree nyaanna". Jedhanii, dirqiidhaan ishee busan. "Dhiisii akkas hin boo'in amma fuula kee dhiqadhuutti ciree nyaanna." Jedhanii wajjiin hoteela karaa dura jiru tokko seenan.

### ***BOQONNAA AFUR***

Obbo Bulchaanfaa har'a intala isaanii dhirsatti kennuuf qophii barbaachisu hunda raawwataniiru.Galmi dunkaanaa cidhaaf qophaa'e baayi'ee guddaadha.Miijalli nyaataafi dhugaatii, uffata bareedaa uffatee jira. Barcumi irra taa'anis sirriitti qajeeltootti taa'aniiru. Hableen, qaruuraan. daadhiifi farsoo,sahaaniin,tooraan kaa'amani jiru.Iddoo misirroon lamaan taa'an dudda duubaan afati biyya Faarsii keenyan galmichaa irratti fannifamee jira.Balbala galmichaa irratti ammoo Alaabaan Itoophiyaa ol ka'ee, fannifameera.Lafa irra caffen iidhaa afamee jira.Balbala galmichaa bitaa fi mirgaan foxxoqaan damee muka meexxii irrati rukutamee jira.Walumaagalatti galmi keessiifi qe'een sun midhagee jira.Shamarran ammoo dibbee harkaa ruktuudhaan sirba aadaa cidhaa Leeqaa Naqamtee sirbuudhaan qe'ee cidhaa kana howu'isaniiru.

"Yaa geeshoo daraaraa rimaa  
Hawwiinoo reefu daa'imaan  
Yaa geeshoo daraaraa rimaa  
Yesuufeen du'eera jedhaa  
haadha isaatti haasaasaa himaa  
Haaboossu teessee gomi'itee  
Jaarsichoo bara sagaltamaa  
Dhufeera daddarbatamaa  
Yageeshoo daraaraa rimaa  
Yageeshoo daraaraa rimaa  
Keelloo gadi cabe  
Jalli fixeensaa  
Jaarsa gadi cabe  
Munneen rifeensa  
Dibbeen harkakoo  
Leeduma Leedii  
yaa isaa kiraaruu  
Haajii Yoosuufee  
Saphii Jaartiikee  
Dheeduma dheedii  
Yaasaa Mi'aawuu  
Yaa geeshoo daraaraarimaa  
Yesuufeen du'eera jedhaa  
Haadhasaatti hasaasaa himaa  
Haaboossuu teessee gomitee  
Haa nyaattuu qoonxa gogistee  
Yaa geeshoo daraar riimaa."

Jechuudhaan jaarsa Hawwii fuudhuu dhufu arrabsaa  
Hawwii ammoo faarsaa sirbaa jiru. Namooti nyaataafi  
dhugaatii qopheessan olii fi gadi walkeessa yaa'uudhaan  
hojii ramadaman irratti bobba'anii tattaafachaa jiru."Chidha

kana qopheessuuf qarshii hedduutu itti ba'e.Magaalaa kana keessatti chidhi akka kanatti qophaa'ee hin jiru" jedhamee odeessame.

Sindahaatuu,Doddotee,Immabeetiifi shamarraan kaan garuu karaa garaa garaan naasuudhaan oliifi gadi fiigaa jiru.Achi deemu as deebi'u.Hiriyyooti Latiis iccitii isaanii garatti qabatanii fakkeessuudhaaf namoota kaanii wajjin mariiyatu.Hanga ammaatti haadhaafi abbaa Hawwiitti itti hin himne.Waan kana ta'eef Aadde Dinsiriin uffata ishee jijiirrattee habaaboo fakkaattee jirti.Obbo Bulchaanis uffata suufii gurraacha, karaabaataafi kophee gatii guddaadhaan bitame uffatee nama garabiraa fakkaatee jira. Asii fi achi deddeemee hunda ilaala. Guyyaan har'aa guyyaa intala isaanii tokkittii sooreessa beekamaatti heerumsiisanii hiyyummaa keessaa ba'an waan ta'eef gammachuu guddaan itti dhaga'ameera.

Ijoolleen durbaa sirba isaanii kan duraa irraa caalaa ho'isanii sirbaa jiru.Kana gidduutti adde Dinsiriin "Thii! Hawwi ergan kaleessaa gara dhiyaa jala ishee argee hin argine.Eessa jirtii? Namni ishee yaadate hinjiru.Abbaa dhimmaa isa guddaa dhiisnee, maal hojjennaa?" jette. Nama isheetti dhiyoo jiru utuu ilaaltuu hiriya Hawwi argite. "Immabeet! Hiriya keessan babbareechitanii qopheessitanii?" Jettee gaafatteen.Immebeet garuu waan dubbattu wallaaltee afaan keessa qaqqabachaa "mee nin ilaala" Jettee fakkeessuuf gara mana keessatti olseente.

Manni ciisichaa Hawwi keessaan cufadha.Kan isheen taate wallaanii rakkachaa jiru.Haati Hawwiis hojiif oliifi gadi kaatti malee, Hawwiin maal akka fakkaattu, eessaafi maal hojjetaa akka jirtu quba hin qabdu.Namooti balbala mana chiisichaa Hawwi irratti walga'anii wacu.Yaada garaa

garaa dhiyeessu.Tokko yoggaa yaada tokko dhiyeessu tokko ammoo lakkii kun hin ta'u jedha.Tokko,"Abbaa ishee waamaa kana maal jennaa?Intalli keessa jirti jechuudba.Hin bane.Manni ciisicha ishee keessaan cufamee" jedhe.Inni kaan ammo, "cabsinee haalaallu.Abbaa ishee nuu waamaa" Jedhe.

Haala kanaan yaada garaa garaa kennaa erga turan booda obbo Bulchaafi Aadde Dinsirii waamanii rakkoo uumame itti himan.Kana booda mana ciisichaa ishee cabsanii yoggaa itti seenan Hawwiin hin jirtu. Foddaan maqumaaf itti deebi'ee malee sirriitti hin cufamne."Karaa foddaa kana baate" jedhe inni tokko.Aadde Dinsiriin akka nama uleedhaan mataarra rukutameetti mataa ishee harka lamaan qabattee xinnoo erga turtee booda lafa irratti kufte.Obbo Bulchaanis gogee fajajee waan dubbatu wallaale. "u u u u u u u "Jedhee iyya keessaa fudhe.

Namooti hojii gargaarsaaf achi jiran oduu dhabamuu Hawwii yeroo dhaga'an amanuu hin dandeenye.Abjuu itti fakkaate.Sirbi ho'ee, bareedee ture akka ibidda bishaan itti dhangala'ee battalaan dhaame.Qe'een sirbaafi gammachuun guutamee ture, gaddaafi boo'ichatti geeddaram. Ollaan obbo Bulchaafaa kan sirna cidhaa kana irra ture tokko haala ta'e kana erga hubatee ilaale booda,"Silaas adduunyaan kun kanuma.Takkaa gammachuun, takkaa ammoo gaddatu irratti wal geeddara.Kun waanuma jirudha.Gammachuun biyya lafaa gammachuun waaraa miti.Sirna fuudhaafi heerumaa raawwachaa sirbee kan gammadu akkuma jiru, firri jalaa du'ee sirna awwaalchaa raawwatee gaddee kan boo'us jira. Addunyaan keenya kana hundumaa keessumeessiti.Qe'ee kanatis kan ta'e kanuma."Jedhe.Hawwii bakki isaan hin barbaadne hin jiru.Kan shakkan mana obbo Jireenyaa olii gadi

sakattaa'anii dhaban.Dhuma irratti garuu, Haajii Yuusuuf abba fi haadha Latii poolisiidhaan qabsiisanii hiisisani.

### **BOQONNAA SHAN**

Maanguddoon ishee bira taa'an kun obbo Ayyaanaa jedhmu.Dhalooti isaanii achuma bulchiinsa Wallaggaa koonyaa Qeellam aanaa Sayyoo dha.Magaalaa Finfinnee ministeera barumsaa keessa, qajeelcha hojii tokko irratti itti gaafatamaadha.Sayyoodhaa lafa bunaa qabu.

Xayyaaraadhaan magaalaa Dambi Doolloo deemanii achi turanii magaalaa Gimbii dhimmaaf dhaqanii, achumaan ammoo magaalaa Naqamtee du'a ga'ii tokko ga'anii, deebi'aa jiru.Ijoollee dhiiraa lamaafi durba lama qabu. Lama Yuniversitii, lama ammo koollejjii irra ebbifamanii, hojii qabatni jiru.Lama godinaalee garaa garaa, lama ammoo magaalaa Finfinnee keessaa hojjetu.Obbo Ayyaanan Hawwiin yeroo akkas boossu baayi'ee isaan gaddisiiste. Ishee jajjabeessuu barbaadan."Eenyu maqaan kee mucaa koo? dhiisi akkas hin boo'in."

"Hawwiin jedhama" (Imimmaan ishee haxaawwachaa)

"Ani ammoo Ayyaanaan jedhama.Ijoollee 4 kan umuriidhaan sicaalan qaba.Ati intalli koo isheen afraffaan illee yoo xiqqate wagga lama yookii sadii kan siif hangaftu natti fakkaata" Jedhan.Obbo Ayyaanaan erga of beeksisan booda maalf akka akkas boossu, eessaafi eenyu bira akka deemtu gaafatan. Hawwiinis kan muldhistee,himuu hin barbaadne dhoksitee, magaalaa Finfinnee kan baankii keessa hojjetu fira ishee bira teessee barachuuf akka deemtu itti himte.

"Baankii eessaa hojjetaa? eenyu jedhamaa?"

"Dalasaa Margaa jedhama Baankii Kaazaanchisi keessaa hojjeta"

"Kana dura magaalaa Finfinnee beektaa?"

"Hin beeku oduudhaan malee waan inni fakkaatu hinbeeku."  
"Amma dhaabbi otoobusiitti si eegaa"?  
"Eeyyee"

"Beekaa akka ati hardha dhufuu?"

"Eeyyee bilbilameefii jira." Jette Hawwiin.Yoo Dalasaan  
dhaabbi Awutobusii dhufuu baate rakkoo ishee irra ga'u  
danda'u yaadda'uudhaan.Obbo Ayyaanaanis,

"Rakkoon hin jiruu.Ani magaalaan Finfinnee akka biyya  
dhalootakoottin lakkaa'a.Dambiidoolloo dhufee Yuniversiti  
Q.H.S.waggaa 4 baradhee, Digiriidhaan eebbifame.Hojiis  
asumattin jalqabe.Kunoo hardha gara waggaa 30 keessa  
jiraachaan jira.Hanga firri kee dhufutti dhaabbannee wajin  
eegna.Hin yaadda'in."Jedhanii jajjabeessan.

"Eessa dhalooti kee?"

"Naqamte "

"Naqamtee yaa biyya Leeqaa lafti dhaabbatan  
gabaadhaa!

Na gattee kee maalittin beeka namni abdatan  
badaadha!

Naqamtee kumsaa Moorii

Na qabde gomjiin horii

Naqmte kaa biyyii koo biyya Dajaachi Habteetii

Naqabdekaa amalli koo jilba dha-dhaabbatteettii."

Jedhanii geeraru warri Leeqaa Naqamtee!"Jedhan.

"Dajaachi Habteen ammoo eenyuu?"

"Gabaabseen malee maqaan isaanii Dajaazimaachi  
Habte Maariyaamiidha."Habte Maariyaam"Jedhee kan isaan  
moggaase Luuba Ortodoksiidha.Seera amantii Ortodoksii  
keessatti namni cuubamee yeroo kiristaana ta'u maqaa  
kiristinnaatu ba'af.Haala kanaan Luubi maqa dhaloota isaanii  
geeddare malee kan abbaan isaanii isaaniif moggaase

Hambisaadha. Abbaansaanii Dajaazimaachi kumsaa Morodaa jedhamu. Isaanis yeroo Kiristinnaa ka'an Luba Ortodoksiitu "Gabre Igzaabeeri" Jedhee maqaa geeddare. Abbaan kiristinnaa Dajaazimaachi kumsaa Atsee Minilikidha." Jedhan. Hawwiinis,

"Utuu isaan Kiristinnaa hin ka'in amantiin isaanii maal ture? Duri kiristinnaan Wallaggaa keessa hin turree?". "Eeyyee hin turre. Utuu amantiin Kiristaanaafi Isilaamaa Wallaggaa hin seenin dura Oromoona amantii mataasaatii qaba ture. Waaqeffataadha. Haalli kiristinnaan naannoo kana itti gale akka jaarsoliin umurii dheeraa seenaa duri beekan dubbataniifi anis seenaa irraa dubbisetti, seenaan isaa dheeraadha." Jedhan. Gidduutti ammoo xiqqoo akka yaaduu ta'ani, "Haa ta'u illee malee karaan keenyas dheeraa dha. Kan ani yaadadhu keessaa amantiin kiristaana Ortodoksii kan Wallagga seene erga Abbaan Duulaa Leeqaa Naqamtee Bakaree Godaanaan naannoo bara 1860 lola irratti du'ee, ilmi isaa Morodaan bakka isaatti mootii ta'ee, muudame booddeedha. Jedhu."

"Abbaan Bokkuu Leeqaa Waayyuu (Naqamtee) Baraartii Ammoo ture. Abbaan Bokkuu kun kan filatame sirna bulchiinsa gadaatiin qomoo hangafa naannoo sanaa kan ta'e qomoo Nya'aa keessadha. Iddoo Waamaa jedhamu keessaa ture. Baraartii Ammoo sirna gadaatiin Abbaa Bokkoo isa dhumaan uummata naannoo sanaa bulchaa turedha Baraartii Ammoo booda sirni bulchiisni gadaa itti hin fufne. Bara Baraartii Ammoo Abbaa Bokkuu ture, Abbaa duulaa kan ture ilma obboleessa isaa kan inni guddifate Bakaree Godaanaa Ammoodha".

"Bakareen erga Abbaa duulaa ta'e booda humna waraan isaa jaboeffatee biyya baldhifachuu barbaade. Haaluma

kanaan qomoowwan naannawaa sana jiran hundaa mo'ee guutummaa naannoo Leeqaa Naqamtee to'anno isaa jala galchuudhaan mootii ta'e.Naannoo kanatti sirni bulchiisni gadaa kan Abbaa Bokkuutiin hogganamu hafee Abbootiin duulaa sirna bulchiinsa mootii kan itti jalqaban bara kanaa jalqabe. Bakareen humna isaa jaboeffatee kallattii garaa garaatti socho'ee biyya to'ate bulchuuf akka isa gargaaruuf giddu gala tokko uummachuu barbaade.”

“Giddu galli kun tajaajila buufata waraana isaaaf qofa sosoo hin taane giddu gala daldala gochuudhaan yeroo uummati kallattii garaa garaan walitti yaa'ee, walirraa bituufi walitti gurguru, carraaa kanaan labsii irratti labsuu akka ta'u barbaade.Kanumaan ganda dirree baldhaa tokko irratti gabaa Kamisaa dhaabe.Gandi Bakareedhaan gabaan irratti dhaabbate kun “Bakkee Jamaa” jedhame. Egaa iddoon kun hoowu'aafi babaldhachaa dhufuudhaan gara magaalaatti guddate. Magaalaan kun magaalaa guddaa kutaa biyya Wallaggaa har'aati.Hawwii! Iddoon kun iddo dhaloota kee kan taate Naqamteedha.”

“Abbaan duulaa haala kanaan magaalaa Naqamtee hundeessuudhaan teessoo isaa godhate. Baroota sana gandi Bakkee jamaa kun iddo buufata daldaloota Siiraaraa si'a ta'u isaanis achirraa ka'uudhaan daldala garbaa,warqee,ilka Arbaa,dafqa Mordhee, (Zibaadii), karaa dhiyaa hanga Suudaaniitti, Karaa kaabaan ammoo Goojam, Gondorfi hanga Mitsuwwaatti keessa deddeebi'anii,irratti daldalanidha. Turanidha.Egaa Bakareen haala kanaan magaalaa Naqamtee ammaa kana haala kanaan hundeesssee, humna waraanaa isaas jaboeffatee, Leeqaa Naqamteef mootii ta'ee utuu bulchuu,naannoo bara 1860 lola waraanaa irratti du'e. Isa

booda ilmi isaa Morodaan bakka bu'ee,mootii naannoo sanaa ta'e."

"Baroota sana biyya Wallagga,Laga Gibee sila dabarree sanaa gaditti mootummoottii Oromoo xixiqqaa mataa isaanii danda'anii of bulchan jiru turan.Isaanis; Leeqaa Billoo, Leeqaa sibuu,Leeqaa Hordaa (Arjoo), Leeqaa waayyuu (Naqamtee) fi Leeqaa Qeellam(Gidaamii) akkasumas Horrofi Guduruu dha.Moototi kunniinis;

Garbii Jiloo-mootii Leeqaa Billoo,Morodaa Bakareemootii Leeqaa Waayyuu (Naqaqmee), Geendaa Bushanmootii Leeqaa Sibuu, Daannoo Beeraa-mootii Leeqaa Hordaa (Arjoo), Jootee Tulluu-mooti Leeqaa Qeellem (Gidaamii)fi Abiishee Garbaa-mootii Horrofi Guduruu turan."

"Guutummaa Wallagaan gabroomfachuuf biyya Amaaraa irraa mootiin Goojjaam kan Nugus Takile Hayimaanot jedhamu humna waraanaasaa Raas Darasuudhaan hogganamu erguudhaan laga Abbayyaan ce'ee, Horrofi Guduruun gabroomfate.Itti aansees biyyoota hafan gabroomfachuuf ka'e .

Mootii Morodaan oduu kana yeroo dhaga'u Waa'ee hidhannoo waraana biyya Amaaraa kanaa odeeffannoo akka isaaf fidan nama erge.Odeeffannoo argateenis,humni waraanaa Raas Darasuu qawwee kan hidhate ta'uu isaa hubate.Yeroo kana humni waraanaasaa eeboo fi gaachan malee qawwee hin qabu.Humanı waraanaa biyya Amaaraa garuu qawwee kan hidhate ture.Morodaanis hidhannoo meeshaa lolaa akkasiitiin waraana sirriitti hidhate kana dura dhaabbachuu akka hin dandeeny'e hubate.Kanaaf Raas Darasuu utuu isatti hin ce'in nama itti erge.Raas Darasunnis magaalaa Naqamtee irraa gara dhiyaatti k.m 17tti kan argamu ganda Diggaa jedhamu irratti dhufee, waliigaltee

godhatani. Achumaan Morodaa kiristinaa kaase. Taaboo  
Yesuusii biyya Gojjaamii fidee dhufe keenneef. Morodaan  
biyya Wallaggaa keessaa nama jalqaba Kiristinnaa  
ta'edha. Kana booda Moorodaa Dajjazmaachi jedhee muudeen.  
Morodaanis bataskaana Yessuusii magaala Naqamtee  
keessatti ijaarsise. Bataskaani inni jalqaba magaalaa Naqamtee  
kana keessatti ijaarame Bataskaana Yesuusiidha. Kiristinnaan  
haala kanaa Wallaggaa seene."

"Mootiin Horroofi Guduruu Abiishee Garbaa garuu  
lola waraanaa Goojjaamotaa wajjin godhe irratti humuu  
waraan Goojjaam kan Raas Darasuudhaan hogganamu mo'ee  
ture. Haata'ulle malee namitcha gantuu ta'e tokko kan  
maqaansaa Qadiidaa jedhamu Abiishee sossobee harka akka  
kennu gochisiise. Kana booda Abiisheen diinotasaatiin  
hidhamee, Gojjam geessamee, mana hidhaa keessatti gocha  
gara jabummaa isarratti raawwatameen du'e. Sana booda,  
Goojjaamoti obboleessa Abiishee kan Fandalalaa jedhamu  
Horroofi Guduruu irratti bakka bu'aasaanii godhatanii  
muudan." Jedhan.

Hawwiinis utuumma oduun obbo Ayyaanaa itti mi'aayee  
dhaggeeffachaa jirtuu, qormaata jirenyaa gara fuula duraatti  
itti seenuuuf jirtu ishee yaaddeessuudhaan, galaana yaadaa  
keessa ishee galchee, gidduu gidduutti ishee fudhatee deema  
ture. Garuu haasaa obbo Ayyaanaan ishee haasofsiisaa jiraniif  
kabajaa kenuudhaan, "mootummootti Leeqaa duraan turan  
akkamitti digamaniree?" Jettee gaafatte.

"Oduun Nugus T/Hayimaanoot Abbayyaan gadi ce'ee  
biyya Oromoo gabroomfachaa deemuu irra akka jiru Atsee  
Minilik biratti dhaga'ame. Atsee Minilikis Raas Goobanaa  
ergee, Guduruu Imbaaboo irratti bara 1874 lolee humna isaa  
duraa rukutee, achi keessaa ari'ee baase. Lola kana irratti

Dajaazimaachi Morodaafi Jooteen, Ras Goobanaa gargaaranii Nigus T/Hayimaanotin waraanani." Jedhan.

Hawwiinis, "maali Morodaan Ras Darasuu wajjin waliigaltee godhatanii kiristinnaas kaasee, Dajaazmaachi jedhee kan isa muudee mitii? akkamitti isa deggeeruu didhiisee, Raas Goobanaa gargaaree? "Jettee gaafatte. "Nugus T/Hayimaanot Abbayyaan ce'ee Horroofi Guduruu weeraree nafxanyooti isaa mootummaa naannoo sanaa diiganii kan isaanii dhaabbaatan.Yeroo kana Oromoo gara jabummaadhaan lafa isaarraa ari'anii fudhachuudhaan gidiraa guddaa irraan ga'an. Kana malees aadaa Oromoo baleessanii jirenya Oromoo naannoo sanaa rakkoo guddaa irratti gatan.Sababii kana irraa kan ka'een jibban."Raas Goobanaafi loltootisaa Oromoota maccaafi Tuulamaa dha. Aadaa, Amantiifi afaaniin nuwaliin tokko waan ta'aniif isaan cina hiriirree oftuultota biyya keenya weeraran wraanna" jedhanii Goobanaa gargaaran.Minilikis biyya Oromoo gabroomfachuuf Goobanaa biyya Ormootti kan duulchisu haala kan sababii hubateef ture.Qoraattii qoraattiidhaan baasu jedhama kun"

"Garabiraas Minilik yoo Goobanaan biyya Oromoo haala kanaanis ta'e humnaan waraaneet harka isaa keessa galche Raas Goobanaa of jalatti mooti biyya Oromoo ("Ye Oromoo hager Nugus") jedhe akka isa muudu waadaa sababii isaaf galeef ture. Goobanaan waadaa Minilik isaaf gale kana abdachuuudhaan ummatasaa Oromoo gara jabeenyaan lolee biyya Oromoo gabrummaa Minilik jala galchuu danda'e." Jedhani. Hawwiinis "Booda woo?" jettee.

"Booda Minilik Goobanaa "Nugusa" Oromoo jedhee muudee ture. Garuu hooggantooti mootummaa Miniliki, "Oromticha kana biyya Oromoo irratti Nugusa Jettee muuduun kee mootota Oromoo tokko godhee,

waltaasisuudhaan sirratti fincilee angoo sirraa fudhata. Jedhanii itti hamannaan affeerraa tokko irratti summiidhaan isa ajjeesisan jedhama”.

Atsee Minilik biyya Oromiyaa hunda erga gabroomfatan booda, Jimmaan Abbaa Jifaariif. Goommaa Dajaazimaachi Bashabi Abbooyyeef, Geeraa Dajaazimaachi W/Giyoorgiis Abbooyyeef, Mootummoota Guumaa fi Iluu Abbaa booraa Dajaazimaachi Tasammaa Naadoof kenne. Wallaggaan ammoo bakka sadiitti hire. Leeqa Naamteen Dajaazimaachi Morodaa Bakareef, Leeqaa Qellemin Dajaazimaachi Jooee Tulluuf, Arjoofi Horroo Guduruu ammoo Raas Demmisewu Nesibuuf kenne..

Akkuma kanaan Goobanaan kana hundaa dhama’ee Minilik bira galata dhabe. Uummata Oromoo biratti ammoo “gantuu, Oromoota garbummaa halagaa jala galche” jedhamee jibbame”Jedhan. “Kana booda woo?” Jette Hawwiin. Haasaan isaanii itti tole. Obbo Ayyaanaanis haasaa isaanii itti fuufan.

“Egaa akkuman sitti odeesse, Minilik Jootee Tulluu Dajjaazimaachi jedhee muuduudhaan, Gidaamii duraan bitaa ture irratti Anfillo itti dabalee, guutummaa Qellem irratti Mootii godhee muude. Dajaazimaachi Morodaas Laga Gibeetii kaasee hanga Laga Daabusii olitti mootii godhee isa muude.”

“Mootiin Leeqaa Billoo, Garbii Jiloo, mootiin Leeqa Hordaa, (Qumbaa Arjoo) Tuuchoo Daannoofi mootiin Leeqaa Sibuu Geendaan Buushan, tokkummaa ummatanii sirna nafxanyaa jalatti bin bullu jedhanii, Minilik irratti fiincilan. Garuu humni warana Minilik Meeshaa waraanaa Xaaliyaanii fi Faransaayiirraa kadhaan argateen kan gurmaa’e waan tureef, hunda isaanii injifachuu danda’e.” Jedhan.

Hawwiinis; “Sila akkaataa amantiin Kiristaanaa Wallaggaan gale natti himtanii turtan. Garuu akkaataa amantiin

Isilaamaa Wallaggaan gale natti hin himne."Jette.Obbo Ayyaanaanis;"Gaaffii gaariidha.Kanan irraanfadhe nayaadachiuifte. Aamantiin Isilaamaa Wallaggaan kan galchan Suudaanii keessaa dhufanii biyya Dajaazimzzchi Jootee kan weeraran Ansaarotadha. Ansaar (Mahaadiistoti) kunniin Asoosaafi,Baanbasii qabatanii gara keessaatti ce'uudhaan biyya baayi'ee qabatani.

Mahaadistota malees Morodaa jalatti hinbullu kan jedhan,Jaarsoo keessaa Waaccoo Dabaloo, Mandii keessaa Waaqbulchoo Kuusaa, Ayira keessaa Goondee Tufaa fincila kaasan.Fincilli isaanii kun ammoo Mahadiistotaaf haala gaarii waan uumeef human waraana Morodaa naannoo isaani keessaa baasanii,gidduu gala isaanii iddo Najjoo Guutee Dilii jedhamu godhatan.Kanumaan gara wagga wagga tokkoo turan. Wagga tokko kana keessatti, ummata Oromoo naannoo sanaa kan amantii Waqeffataa hordofaa ture amantii Isilaamaatti jijiiran.Amantii Isilaamaa haala kanaan Wallaggaan seene."

Mahaadistoti yeroo naannoo sana qabatan Dajjaazimaach Jooteen,weerartoota halagaa biyya isaa weeraran ofirraa faccisuuuf human dhabe.Waan kana ta'eef Naqamteen dhufee haala human itti argatu Dajjaazimaach Morodaa wajjin mariyatan.Marii isaanii kanarrattis Minilik human waraanaa akka isaaniif ergu dhaamsa dhaamuu akka qaban waliigalan.Booda Garuu Dajjaazimaach Jooteen hamma dhaamsi Minilikiin ga'ee as deeb'utti yeroo dheeraa fudhata jechuudhaan,gara shawatti qajeele. Utuu Minilik bira hinga'n Raas Goobanaa human waraana isaa wajjin Geedoo irratti argate.Haala jiru hundumaa itti hime.Kana booda battaluma sana Raas Goobanaa wajjin deebi'e. Naqamteen ga'anii, waraana Morodaa dabalatanii, Ansaarota lolanii, hanga biyya isaanii Sudaaniitti ari'anii, Wallaggaan keessaa baasan. Kana

booda Raas Goobanaan hoggantoota fincilitoota Oromoo  
du'aafi hidhaan adabuudhaan gara Geedootti deebie.

Atsee Miniliki Leeqaa Lamaanii wajjiin waliigaltee godhate. Waliigalteen kunis: biyya Morodaan mootii ta'ee bulchu keessatti Minilik nafxanyoota Amaaraa fidee akka hinqubachiifne, kanaafis Morodaan Minilikif waggaatti warqee waqeeta 500, ilika Arbaa farasullaa 100, midhaan garaagaraafi damma safara hinqabne akka, gabbaru walii galan. Kana malees, humni waraanni Morodaa Minilikiin akka gargaaru, karaa dhiyaa mootummaa Ingilizii (Sudaani) wajjin dhimma salphaa ta'eef malee karaa humna waraanaatiin akka wal hinquunnamne. Dhimma gurguddaa gara Minilikitti akka dabarsu, waliigaltee godhatan. Waliigaltee kana malees ilma Dajjaachi Morodaa Kumsaa Kirstinnaa kaasee walfiroomfatan.

"Hawwiinis" Isa dura egaa Oromoona maalitti amana ture "Jettee gaaffii gara biraadhiyeessiteef "Egaa akkuman sila sitti hime utuu amantiin Kiristaanaafi Isilaamaa biyya Oromoo hin seeniin Oromoona Waaqaafii lafa, namaafi uumaa hundaa kan uume Waaqa tokkotti amana ture. Amantiin lamaan kuniin Oromiyaa dhiyaa kan seenan akkuma amma sitti hime gara wagga 100 asi. Isa dura Oromoona amantiin gargar hin qoodamne ture." Jedhan. Obbo Ayyaanaan Kan beekaniifi kan "Isin dhalooti keessan eessa?" jettee gaafatteen. Obbo Ayyaanaanis "Kan koos Wallaggaa Sayyoodha.

"Dambii Dolloon bayeessa Sayyootu balleessa malee Niitiin dhirsaaf gaarii dha sanyootu balleessa malee..." jedhu. Kaan ammoo,

"Dambiidoolloon bayyeessaa Najjootu balleesse malee

Niitiin dhirsaaf gaariidha sanyootu balleessa malee..." jedhu" Jedhan. Kokoflaa, Hawwiinis xiqqoo akka kofluu taate obbo Ayyaanaanis itti fufanii;

"Bara dargaggummaakoo yeroo akka kee, sirba aadaa nan jaalladhan ture." jedhanii weeddisuu jalqaban..

"Sayyoon sirba hin beeku hin mammaaka malee

Ayyoon jibba hin beektu situ hammaata malee.

Sayyoo buna eelee yaa baal atariikoo

Anoo sumaan heenee yaa baal qamisi koo.

Sayyoo keessa baanee sayyoo darbannaree

Ayyoo keetti baanee wayyoo hin salphannaree?

Yaa laaloo bocoloo bokkaa rooba gannaa

Yaa Washoo mosholoo kotu daadoo na qannaa.

Bokkaan haroobuu yee tiifuun ha'caamu yee

Jonkaa ija booruu yee siifuu na dhaanu yee.

Sorii Aallee oshoo hiyyessatu badhaadhee

Hin quufne foolii kee qilleensatu na saame.

Sorii Aallee oshoo dhalattuutti aijeessee faana kuteegate.

Waa bira kee hin yaadne, dhaayattuu laphee kee baanaa guddeeda kee

Manni Heddee Jabanee, guddaa randa irratti

Yaa sinjee jirgifee, ati ijaajji sirbii ani ejjeen safaree gurdaa gajjallaatti.

Yaa Tasammaa Naadoo yaa isa Iluu jiru

Maa Boossa naan jettaa kanaan iyyuu jiru.

Birbir daaktuu nyaatee, Baaroo gubbaa ciisaa

Birbirraatuu daabee yaa dhoo-gurbaa dimaa

Wayyaa fardi bite narni tokko hin uffatu Simaa Gumaa malee

Hammana bareeddee tokko sin dhuunfatu hirtaa bunnna  
malee

Hirtaa bu'uu mannaa iftaan du'uu wayya.

Wayyaan an uffadhu kan obbo Jootee ti

Maatabas siin bitaa shaashii sin dabala  
kanarra hin danda'u ganzaba ijolleeti kan dhala  
booddeeti.

Buraayyuu abbaa gosaa dhiqatee dibatee miilli  
awwaara hin qabu.

Ammatee mudhii kee dhugatee hidhii kee namni  
ayyaana qabu.

Kumsaa Margoo Eebbaa koolleettii missiile

Koorsaa Gobbuu Tufaa Qaaqeetti misiile

Yaa seenjee jirgifee kan mi'aayee hin dhumne

Kan gubee hin dhaamne maal sitti, bixxilee?

Jennee weeddisan. " Jedhan itti fufaniis,

"Kana qofaa miti garabiraa kan ani yaadadhu...  
jedhanii ammo;

"Kottu awwaara haana yee

    Awwaara karaa dha yee

    Hundeen botoroo dha yee

    Kottu Amaara taana yee

    Amaara Shawaa dha yee

    Hundeen Oromoodha yee

    Oromoont xuruudha yee

    Si fudheen xuruura yee

    Gondoreen sidaama yee

    Boddosee, siccaala yee

    Sibuun dhaqa yaa waloo

    Ganda Bookaa Guduree

    Si fuudha kaa yaa intaloo

Sangaa booqaa gurguree,  
Sangaa booqaa maal bitaa?  
Amoolee lama bita.  
Si fudheen gala jennaan  
Obboon kee galuu didee  
Obboo Kee isa quxusuu  
Rabbi siif ha guddisu  
Gogorriin haamaamootaa didibbeerra hin qaaritu  
Mosholii shammaanotaa hin diddee ya Gaalituu?  
Gabaa yaatuu gabayaa naachi dhaga rukutee  
Yaa waccaatuu akka ammayyaa  
Yaalallaftuu akka wayyaa maaltu garaa si kutee?  
Hagabuun oolee bulee waarsaa maqaa waamanii  
Basaquu Koomee lulee baaccuu afaan aannanii  
Gaaf gaafa namaq naatanii?  
Anoo kaleessan ba'e wallagga yoomin ce'e  
Loommoo akka leenca ~~dhalee~~ wal dhabna  
yooman se'e  
Atis fo'ii tartarii anis ~~fo'een tartaraa~~  
Walittuu foona turre.  
Atis sobii dallanii anis sobeen dallana.  
Walitti loona turre akka hantuutaa fi addurree.  
Yaa buddeena boqqolloo yaa adii akka sabbataa  
Namni ollaa shaggee jiru utuu hin nyaatin gabbata.  
Abbaa Turaa Garbayii saasiggi ijaajjee kolfaa  
Afaan hulaatti as ba'i waa sitti haasaaseen darbaa.  
Bakareen hin nagada damma foolleetti naqee  
Quphaneen sii sagadaa hamma abootteetti galee.  
Abbaan koof abbaan kan kee wajjiin sawwa yaasanii  
Afaan koof afaan kan kee walitti haaqadaadani.  
Laaftoo jala hin taa'ini sitti harcaati baalli ishee

Waashoo lama hin yaadinii si tamsaati yaadi kee.

Qamaleen muka hin murtu hin kaashaakashitti malee  
kashalee durba tumtuu hin gabaabbateef malee.

Jenna! boo! Amma nan irraanffadhe malee bara an  
dargaggeessaa ture akka kanatti durba keessaa bareedinaan  
kan akka kee hunda caaltu ilaaleen itti sirbaan ture." Jedhanii  
kolfani ishees kofalchiisan.

Obbo Ayyaanaan ammas xiqqoo itti yaadanii "Qabdoo  
beektaa?" Jedhani gaafataniin.Hawwiinis utuu deebi hin  
deebisiniif kofluutti kaate.Obbo Ayyaanaanis "Maali egaa  
qabdoo ille hin wallaaltu!Dargaggeessi jaalallee isaa wajjin  
iddoon inni qabdoo taa'u,yeroo ijoolleen durbaa qoraan  
funaanuuf caakkaa deeman,yeroo lagaa bishaan waraabuu  
deemaniifi iddo sirbaatti.Egaa durbbi jaalallee ishee wajjin  
iddooakkasiitti qabdoo teessi.Iddoo sirbaatti dargaggeessi  
durba dhungachuu sirriitti hinbeekne akkas jedhee durba  
garaan isaa barbaadetti sirba."

"Sagaleenkoo mooga laga nan ceesisu.

Kankee fooliin booka gadi nama hinteessisu.

Ol galeen bajji rafa natakaale coqqorsi.

Domboshee sanyii namaa yoon wallaale nagorsi  
yoon beekeef natti kolfi.

Goobanaan Geedoo ba'ee warqee bitilleen jenne.

Koo garaan fagoo na'ee kankee shirilleen jenne.

Warri goodaa Gullisoo bulluqaan koobu saree

Maa caphee raaftaa intaloo guntuutaan kooru malee.  
Jedha, daragaggeessi yoo durbi itti boonuu barbaade." Jedhan.  
Hawwiinis "Caphee jechuun maali?" Jette gaafatte. Obbo  
Ayyaanaanis "Capheen durba harmmi ishee dargaggeessa hi  
gammachiifneedha.Kan dargaggeessi itti gammadu guntuuti  
ishee akka gaanfaa yoo dhaabbateedha." Jedhani. Hawwiinis

suuta jettee guntuuta ishee gadi of illaalte.Obbo Ayyaanaanis ija dalgaan Hawwii hatanii ilaala kolfani. Hawwiinis akka isaan ishee argan bartee, akka qaana'uu taatee kofalte.Obbo Ayyaanaanis itti fufanii; "Egaa lafa sirbaatti dargaggeessi tokko tokko kan sirba sirbuu sodaatu jira. Durbi qabdo taa'u diddus ni jirti.Yeroo kana dargaggeessiakkana jedhee itti sirba;"

"Badhaasaan sirba hin sirbu duuba dhaabbatee galaa yaa durba qabdo diddu fuudhaam haadhakee jalaa jedha".

Jedhanii tokkicha kolfan.Hawwiinis baay'ee wajjin kofalte."Maalii kunoo arrabsoodhaa?"jette. Obbo Ayyaanaanis "akkasuma arabsoo kana caaleeyuu jedhanii ni sirbu. Ati magaalaa keessatti dhalattee guddatte malee, utuu baadiyyaatti guddattee aadaa Oromoo sirriitti beekta turte."Jedhan. "Dargaggeessi durba jaallatuun akkas jedhee weeddisa;

Okkotee gaafa farsoo gaanii gaafa yaadani.

Domboshee gaafa qabdo gaariin gaafa yaadani

Hoolaan abbaa batansaa baala bunaa dheeddi.

Loomaa ilkaan agamsaa nyaara butaa deemti."

Ittiin jedha. Yoo gurbaan intala jaallatee warni intalaammoo isa jiban ammoo, akkas jedhee weeddisa;

"Manni keessan hajigu isintu ijaarrataaf malee

Warri keessan najibbu situ najaallataaf malee

Karaa Jimmaa Abbaa Jifaariin daalachoon gabaatti haleelu

Ija jibbaan na'ilala jaalala garaan habeekuu."  
ittiu Jedha".

Hawwiinis hala ishee fi Latii yaadattee utuu hin yaadin gidduutti "Dhugaadha!"Jettee hafuura dheeraa baafatte.Obbo

Ayyaanaanis "ilaa kunooti kaa! haalli kun sirras ga'ee jira,  
jedhanii wajjin kolfan.

"Yaa intala nana kan bara dargaggummaa koo na  
yaadachiifte mitii?" Jedhanii, Hawwii kokkofalchiisa,  
yaaddoo ishee irraa deebisan. Utuu akka kanaan haasa'anii,  
magaalaa Amboon fagootti arganii "Ilaa! sun ammoo Amboon  
jedhama. Hagare hiywoti jedhani maqaa geeddaran malee".

Hawwiinis "maaliifii?" Jetteen. "Maal beekna maqaan  
Oromoo irraa "fokkisa" jedhaniiti kaa!" Jedhan. "Eenyu isaan  
kana maqaa jijiiraniif?" Jettee gaafatteen. Isaanis  
"Mootummaa gita bitaa saba Amaaraa kan amma  
uummattoota Itiyoophiyaa ol aantummaan bitaa jirudha kaa!"  
jehdani. Itti fufaniis "Afaan Oromoo afaan boodatti hafaa, yoo  
ittiin dubbataniifi ittiin maqaa moggaasan akka Afaan  
Amaaraa hin bareedu" jedhaniitikaa! Uummataafi Afaan  
Oromoo sababii tuffataniif maqaa nuti Oromooti itti of  
waamuun nun waaman. Haala kanaafi gara biraadhaanis mirga  
namoomaa keenya dhiitaa jiru.

Garuu ni tura ta'a malee guyyaan maqaa keenya isa  
dhugaafi mirga namoomaa keenya itti kabajannee, gabrummaa  
kana jalaa baanu ni dhufa. Barni mirgi sabummaa keenyaa  
kabajannee ofiin of bulchinu fagoo miti. "Jedhani.

Oromoont maqaa biyya isaaf moggaase fakkeenyaaaf;  
magaalaa Finfinnee-Addis Ababaa,

Bushoostuu \_Debrezeyit',

Waliisoo-Giyoon',

Hoolotaa-Gennet,

Bulee horaa-Hagere Maariyaam,

Ciroo-Assebee Teferii

Adaamaa-Naazireeti jedhaaiiru.

Nafxanyooti erga Finfinnee gabroomfatan booda ,Finfinnee Kana malees

Addis Ababaa jedhanii maqoota gandootaas akka isaaniif tolutti jijiiranii moggaasaniiru. Akka fakkeenyaatti yoon sii kaasee;

Roobii Nafaas silk  
Dildila Inxooxxoo  
Ekkaa Yeekkaa  
Hurufa Boombii Jaan meedaa  
Birbirsa Gooroo Piyaassaa  
Doobbii Qecenee  
Agamsa Markaatoo  
Malkaa Daabbus Charchil godaanaa  
Daalattii Araat kiiloo  
Caffee tumaa Siddist kiiloo  
Qarsaa Kaazaanchiiz  
Baddaa Ejersaa Raas Kaasaa safar  
Muujjaa Shiroo meedaa  
Garbii Sangaa taraa  
Golboo Qeeraa Qiirqoos  
Calcalii Saar beetoochi  
Caffee Aannanii Meeksikoo

Akka kanaan Sirni mootummaa Miniliikiifi H/Sillaasee magaalotaafi iddoowwan Oromiyaa baayi'ee maqaa geeddaraniiru.

Maqaa namaallee...indee! Aanteen(aanchiin) yemassalee(chi) qoonjoo liji...(Mucaan si fakaatu Kun) akkamitti maqaa fokkisaa akkasiitiin waamamaa? jedhanii Maqaa isaa ykn maqaa ishee akka geeddartu dhiibbaa irratti godbu. Haala kanaan sammuu uummata keenyaa gabroomsuudhaan mirga keenya dhiituerra jiru.

Tasa Oromummaan gaarii miti kanaaf gita saba aaangoo mootummaa irra jiru Amaara ta'uu qabdu jedhanii

labsiidhaan hin labsine malee, sirni nafxanyaayaa kun saba Oromoo,Oromummaa isaa gansiisuuf kallattii maraan kan inni hin godhin hin jiru. Garuu kunis nidabara" jedhanii yaadaan fagoo deeman. Ammas haasaa isaanii itti fufuudhaan;

Dhalooti ammaa itti gaafatama guddaatu isin irraajira. Nutillee warri jaarsaa si echi umrii kana booda bara meeqa jiraanaa?"Jedhani, haasaa isaanii akkuma raawwataniin Amboo gahan. Atobusi irraa bu'anii, laaqana nyaatanii, otobusii isaanitti deebi'an. Obbo Ayyaanaan haala kanaan utuu haasaa gara garaa ishee haasofsiisanii magaalaa Finfinnee ga'an.

"Kunooti egaa magaalaan Finfinnee." Mana gurguddaa, gamoo tooraan galanii ijaaraman karaa fooddaa atobusii barcuma ishee irraa ol kaatee, takka gara bitaa, takka gara mirgaan, kan jiru ilaala turte. Akka kanaan atobusiin isaanii dhaabbii Awutobusii Agamsaa (Markaatoo) ga'ee dhabbate.

Yeroo atobusiin Hawwiifaa, buufata isaa ga'u, sa'atiin 11:30 ta'eera. Hawwiin Calluma jettee, akka gowwaa bitaafi mirgaan namoota walkeessa yaa'an ilaaltee, baayi'ee jeeqamuu jalqabde. Rukuttaan onnee ishee baayi'ee dabale. "Ka'i egaa mucaa koo ni buuna"

"tole" jechaa, isaan faana buute.

"Hawwi ! Shaanxaan kee merree?" jedhanii ishee gaafatan. Isheen garuu fajajdee akka gowwaa asii fi achi mimildhattee, naanawa ishee daawatti turte. Kan isaan isheetti dubbatan qalbiin hin dhageeny. "Hawwi"! jedhanii gatiittii ishee xuqani. Akka nama irriba irraa dammaquu

"Yee? Nawaamtanii?"

"Firri kee hin dhufnee?"

"Meerre hin muldhatuwwoo?"

"Mee isa dhiisii dura shaanxaa kee fuunaa, inni hindhibu", jedhanii harka ishee akka mucaa daa'imaan qabani gara shaanxota Atobusii irraa bu'aa jiraniitti deeman. Booda shaanxaa baay'ee gidduudhaa kan ishee lamaan tokko tokkoon lafarr a harkistee gara moggaatti baste.Kana booda gara moggaa mooraa dhaabbii atobusichaa deeman, dhaabbatanii, Dalasaa eguu jalqaban.Utumaa isa eeganii, sa'aatiin dhiya keessaa 12:30 ta'e.Aduun lixxee dukkanaa'ee ibsaan daandii magaalaarraa ife.

Obbo Ayyaanaan Hawwii irraa lakkoofsa bilbila mana Dalasaa fuudhanii gara bilbila uummataatti ishee fudhatanii deeman.Yeroo baayi'ee itti deddeebi'anii bilbilanii deebii dhaban.Hawwiin caalaatti sodaa guddaatu itti dhaga'amee boo'uu jalqabde.Obbo Ayyaanaanis akka itti aaruus ta'ani "amma maal taatee boossa intala koo? utuu ani sibira jruu maaltu narr ga'a jettee yaadooftaa? Yoo firri kee hafe anatu asitti qofaakee biyya hin beekne kana keessatti bakkeetti si dhiiseen deema jettee yaaddoftee? Galgalas man isaatti bilbillee dhufuukee itti himuu dandeenya" jedhan.Akka sodaan tokkoo illee itti hin dhaga'amne jajjabeessan.Kana gidduutti gurbaan dargaggeessi tokko, konkolaataa peejoo Moodeela 504 haaraa keessa bu'ee, gara obbo Ayyaanaatti kokkolfaa fuullee isaaniitiin itti dhufe "Abbaa baga nagaan dhufte!" Jedhee, ammatee, dhungatee, isaan dubbise.Isaanis Hawwii wajjin walbarsiisan.

"Hawwii !wal bari ilmakooti Caala jedhama"

"Hawwiin jedhama" jechuudhaan harka qabdee maqaa ishee himuudhaan walbaran.

Kana booda Caalaan waa'ee nagummaa isaani gaafachaa walin haasa'aa turani;

"Abbaa ni gallakaa maaltu hafee?!"

"Mee xinnoo turra. Firri ishee kan dhufee ishee fuudhu nidhufa.Xinnoo eegan. Bilbilli mana isaa hin deebisu.Tarii as dhufaa jira ta'a "jedhan.

Haaluma kanaan obbo Ayyaanaan ilma isaanii wajjin haasaa gara garaa haasa'aa, al takka takkammoo bilbila mana jireenyaa Dalasaa utuu bilbilanii,dhiya keessaa hamma sa'atii tokkootti turan."Hawwii homaa hinyaadda'iin.Galgalas mana isaatti deddeebisnee, bilbilla.Bilbilli isaa hin hojjetu yoota'es bor mana baankii inni hojjetu wajjin deemnee, argachuu ni dandeenya.Amma sa'atii kana booda kan dhufu hin fakkaatu.Kottu amma wajjin galla.Manatti gallee, boqonnaa fudhannee bilbillaaf." Jedhan.Hawwiinis daftee,"Gaariidha" jette.Filannoo gara biraa hin qabdu.Namni isheen beektus hin jiru."Yoo Dalasaan hafe akkamin ta'aa?" Jechaa yaadda'aa waan turteef yeroo obbo Ayyaanaan akkas isheen jedhan baayi'ee gammadde.Yaaddoo ba'aa guddaa itti ta'ee ture sababii irraa salphisaniif baayi'ee gammadde.Hawwiitu irraanfate malee obbo Ayyaanaan yoo firri ishee hafe ishee dhiisanii akka hin deeme itti himanii turan.

Obbo Ayyaanaafi Hawwiin murtii kanarra ga'uu isaanii erga hubatee booda Caalaan, shaanxaa Hawwiifi kan abbaasaa dabaree dabareedhaan fuudhee konkolaataa keessa kaa'e.Hawwiifi balbala boodaa banee ol galchee cufe. Obbo Ayyaanaanis ilma isaanii cina taa'anii gara mana isaaniitti qajeelan.

"Hawwii! hin yaadda'in rakkoon hin jirtu.Baga Waaqayyoo walitti nufide malee,rakkoon sirra hin ga'u.Hin yaadda'in!.Kunoo akkuman sitti hime ijollee afuriin qaba. Hangafi Matiwoos wagga 32, inni lammaffaa caalaa kan jedhamu kunoo isa kana.Umriin isaa wagga 30.Isheen sadaffaan ammoo Biiftuun wagga 27.Isheen afraffaa ammoo

Soonii jedhamti. Isheen ammoo wagga 24dha. Afranuu gurguddaadha. Atti amma wagga 20 hin taatuu?"  
"Lakkii anoo wagga 18"

"O! Sooniinillee wagga 6 siif hangasti jechuudha. Matiwoosii fi Caalaan Yuniversitii baratanii digiriidhaan eebifamani. Isaan kana keessaa Matiwoosii fi biftuun kutaa biyyaatii hojjetu. Soonin ammoo barsiiftuudha. Koolleejji barsiiftota Kotobeerraa Dippiloomaadhaan eebifamtee, asuma magaalaa Finfinnee keessaa hojjetti. Biiftuunis barsiiftuudha. Yuniversitii Fininnee irraa Digirii jalqabaatiin eebifamtee magaalaa Finfinnee ala hojjetti. Dr. Matiwoos hakiimiidha. Innis Yuniversitii Finfinnee irraa eebifamee, magaalaa Finfinnee ala hojjeta. Caalaan Injinera. Yuniversitii Finfinnee irraa Digirii jalqabaatiin eebifamee asuma magaalaa Finfinnee keessaa hojjeta." jedhan Obbo Ayyaanaan haala kanaan takkaa Hawwii wajjin takkaa ammoo Caalaa wajjin utuu haasa'anii mana isaanii ganda Daalattii(Araat kiiloo) Y.M.C.A( የወርድኩርክስንስ አማካይ) <sup>21</sup> kan jedhamu bira ga'an.

Hawwiin utuma haasaa obbo Ayyaanaa dhaggeeffattuu, karaa foddaa konkolaattota, namootafi konkolaattota. karaa irra hedduuminaan walkeessa yaa'an daawwatti turte. Garaa isheetti "maal jara keenyaa !amma utuu qofaa koo asitti nagadhiisani gara kamittin goraa? Ani wagaa lama yoon as taa'eellee beekee deebi'ee manatti hin galu". Jetee yaadaan of, rakkisaa turte. Mana obbo Ayyaanaafaa yoggaa geessu ammoo baayee dinqisiifatte.

Karri keellaan (mooraan) mana isaanii sibiila. Naannoon isaa gimbii dhagaadhaan kan ijaarameedha. Manni

<sup>21</sup> የወርድኩርክስንስ አማካይ ዘመን

jirenyaaas dhagaadhaan kan ijaaramedha. Mooraan qe'ee baldhaa ta'ee, habaabooofi muka gaattiraa fageenya meetiriishan walirraa fagaatanii tooraan dhaabbatanis mana viillaa guddaa kanaaf simboo kennuuf. Walumaa galatti masara mootummaa kan mootiin keessa jiraatu fakkaata. Mana guddaa duubaan ammoo manni kutaalee bayi'ee qabu kan dhagaa fi supheedhaan dalga ijaaraman ni jira.

Hawwiin erga mooraa manaa seentee hamma shaanxaan konkolaataa irraa bu'utti kana hundumaa ilaaltee, afaan qabathee, dinqisiifatte. Obbo Ayyaanaanis "Hawwii kunoo kana egaa manni koo! " jedhani ol galan. Hunda dubbisan "Kunoo fira isinii fideen dhufee walbaraa ! Hawwii jedhamti" jechuudhaan, haadhamanaa isaaniifi intala isaanii, Sooni wajjiin walbarsisan, Hawwiinis soofaa harkaan itti agarsiisan ilaallattee yeroo gadi teessu suuta ishee fudhatee gadi keessa liqimse. Isheef soofaa irra taa'uun kan jalqabaati. Soofaan irra taa'uuf kan namatti tolu waan ta'eef dinqisiifachaa, tottolfatttee, teesse.

Dinqisiifannaa ishee kanas nami irratti arge hin ture. Abbaan warraa sababii biyya dhaqanii turanii dhufanii hundumtuu ho'isanii nagaa isaan gaafachaa, haasa'uurra waan jiraniif, kan ishee hubate hin jiru. Hawwiin suuta ija lafa jalaan guutummaa mana keessaa daawwatte.. Televiziyoonii, teepii akka saanduqaa dalga dheeratee taa'u, afata lafa manichaa, ibsaa, walumaa galatti waan mana sana keessa jiru daawwachaa, utuu jirtuu Sooniin dhuftee, "kottu fuula kee dhiqadhu" ittiin jettee mana keessatti dhiqatan itti agarsiiftee, biraa deebite.

Hawwiinis awwaara fuula ishee erga dhiqattee, oftaa qulqullecessitee booda shaashii ishee qaqqajeelfachaa, bakka gorduuba sila turtetti deebi'uuf jettee, utuu hin beekin gara

borootti gadi baate.Yeroo kana sareen guddaan karaa sana manasaa keessatti hidhamee jiru, keessummaa ta'uu ishee hubatee, utuu isheen hin yaadin tokkicha yeroo "Hawwu! Hawwu! Hawu"! jedhu Hawwiin naatee iyyitee,baqachuuf yeroo yaaltu lafarratti kufte.Simintoon irratti kufte jilba ishee sababii miidheef,daftee lafaa ol hin kaane.Sagalee sarichaafi iyya Hawwii namooti dhaga'an battalaan gadi ba'anii, lafa kuftee kaasanii ol galchan.Jilbi ishee sababii dhiigeef alkoolii itti godhaniif. Sooniin;

" Yoom achiin baatee? Ani ammoo as dhaabbadheen si eegaan ture.Hafteettaa? Sarichi mana si barsiisuu isaati." Jetteen.Kanumaan irbaata nyaatanii erga raawwatan booda obbo Ayyaanaa fi maatiin isaanii televiziyonii daawwachaa xiqqoo turan.Hawwiinis sagantaa televiziyonii Itoophiyaa yeroo jalqabaaf daawachuu ishee ture.Sagantaan televziyonii Finfinnee irraa darbu Naqamteen sababii hin geenyeef argitee hin beektu.Garuu fiilmii daawwachuun isheef haaraa miti.Manni kitaabaa Amerikaanii inni mana barumsaa isaanii keessatti argamu, torbanitti gaafa sanbata duraa,barattootaafi namoota magaalaaf filmii agarsiisa.Hawwiin sagantaa televiziyonii daawachuu barbaaddee turte. Garuu irribi gadi ishee harkisee, mugnaan "Sooniin kottu dadhabdee jirta" jettee mana ciisichaa qofaatti isheef qophaa'e geessite.Obbo Ayyaanaan garuu halkan sana hanga sa'atii afuriitti utuu abdii hin kutatin Dalasaaf bilbilaa turan.Garuu bilbilla isaa namni kaasu hin jiru.Booda garuu abdii kutatan.Bor baankii inni hojjetu qaamaan deemanii gaafachuu wayya jedhanii gara mana ciisichaa deeman

\*\*\*\*\*

Obbo Margaan gaafa Hawwiin Finfinnee deemte guyyaa hospitaala keessa hojjechaa oolanii, galgalas utuu

mana isaaniitti hin galin achuma turan.Achi turuun isaanii ilma isaanii bilbilaan dubbisuuf ture.Haluma kanaan kanumaan karaa bilbila mana waldhaansa fayyaatiin,Hawwiin nagaan ga'uu ishee,ilma isaanii gaafachuuf, bilbila mana jireenyaa Dalasaa "Opireeterii" mana bilbila Naqamteetti galmeessisanii,biiroo hospitaalaa keessa taa'anii eeguu jalqaban.

Obbo Margaan, Sa'atii Dalasaan dhaabbii Awutobusii Markaatoo dhaqee, Hawwii simatee, manatti fudhee, galuu danda'a jedhanii, tilmaaman, galgal sa'atii 1:30 dha.kanaaf ture, kan sa'atii kanatti galmeessisan.Opireeteriin mana bilbila Naqamtees gara mana Dalasaatti turtee turtee bilbiluudhaan isa argachuuf baayi'ee yaalaa turte. Bilbilli isaa ni waama. Garuu deebii hin kenuu. Obbo Margaan Opireeterittiin ammaa amma wal naquunnamsiifti jechuudhaan utuu abdii hin kutatin hanga halkan walakkaatti taa'anii,eeguudhaan dhiisifatan. Garuu bilbilli mana jirenyaa ilma isaanii deebii kennuu dide.Amma abdii kutatan.Soodaan guddaa itti dhaga'ame.Hawwii biyya hin beeknetti erganii irbaata Waraabssaa gochuu isaaniif gadda guddaatu itti dhaga'ame. Ilmi isaaniis nagaa ta'uusaa shakkan."Ilmikoo nagaa miti. Sababii malee bilbilli mana isaa deebii kennuu hin didu.Balaan wayii irra ga'uu hin oolu"Jechuudhaan,gaddaafi soda guddaadhaan halkan keessaa sa'atiin ja'a yeroo ta'u gara mana isaaniitti galan.Manatti galaniis utuu irribi isaan hin fudhatin lafti bari'e.

Ganamas yeroo hojiif hospitaala deeman lakkoofsa bilbilaa mana jirenyaa ilma isaaniifi baankii inni hojjetu Opireeterii mana bilbila Naqamteetti galmeessisan.Hardha ammoo sararri bilbilaa Finfinneefi Naqamtee gidduu jiru hin hojjetu ittiin jedhan.Kanaaf haala jiru baruu hin dandeenye.

\*\*\*\*\*

Sooniin mana ciisichaa Hawwiin keessa bultu itti agarsiiftee erga deebite booda Hawwiin balbala ishee keessaan cufattee, xalayaa Latin gara boodanaa isheef barreesse gadi baastee ilaaltee, takkaa erga dhungatee booda walaloo inni isheef barreesse:

“Sirraa fagaadhulle sibira yaadnikoo  
Attam jireenyi kee Hawwii jaalalleekoo?  
Abidda jaalalaa waliin bobeessine  
Qormaati kamillee akka hin dhaamsine.  
Maaloo hin jeeqamin  
Abdiis hinkutatin.  
Hamlee jabeefadhu  
Rakkoo dhufu hundaa jabeenyaan mo'adhu...”

Kan jedhuufi gara biraas kan inni isheef barreesse irra deddeebitee dubbistee utuu boossuu, akkuma xalayicha of jalatti qabatteetti iribi ishee fudhate. Dadhabpii karaatiin qaami ishee sababii bututeef lafa jirtu utuu of hin beekin lafti bari'e. Sooniiitu ishee dammaqsee, ciree nyaatte malee silaa hanga guyyaatti nirafti turte.

Obbo Ayyaanaan utuu Dalasaan mana isaatii hin ba'in manatti isa argachuuf ture akkuma iriba irraa ka'aniin kan bilbilan. Garuu bilbilla mana isaa namni kaasu hin jiru. Utuu abdii hin kutatin ciree nyaatanii Hawwii konkolaataa isaaniitiin baankii Kaazaanchis dhaqan.

"Hawwii eenyu jettee maqaa fira keetii?"

"Dalasaa Margaa"

"Sitti muldhataa?" jedhaniin. Hawwiinis hojjettoota hundaa ijaan asii fi achi ilaaltee arguu hin dandeenye. "Meere innoo hin muldbatuu?" jetteen. Obbo Ayyaanaanis "Kottu egaa" jedhanii gara hojjettoota dhiiraa fi dubra lama tahanii

hojjetan bira ga'anii dhaabatan. Hojjettootí lamaan sun oduu ho'aa qabatanii, waan jiraniif obbo Ayyaanaanfaa isaan haasofsiisuu hin dandeenye.

Hojjettooti dargaggooti lamaan kunnin maammijtoota baankii dhimmaaf isaan bira dhufe illee quba hin qaban. Oduu ho'aa waayee balaa konkolaataa kaleessa gara dhiyaa jala miseensa baankii isaanii keessaa tokko irra ga'e Afaan Amaaraatiin haasa'u. Inni dhiiraa;

"Utuu dubbannu inni maaliif Markaatoo deemee?"  
"Biyya isaatii fira dhufu deemee simachuuf hogganaa keenya yeroo hayyama gaafatu dhaga'een ture"

"Kana maaltu itti ajejee?"  
"Baay'ee miidhamee jira. Du'a irraa kan hafu natti hin fakkaatu"

"Ka'umsi balaa kanaa maali waan beekutuu qabdaa?"  
"Akka as keessaa odeessanitti taaksiin inni keessa ture ibsaa diimaa tiraafiikii itti ifee kuttee utuu dabartuu konkolaataan karaa qaxxaamuru tokko irra ba'e. Abbaan taaksii battaluma sana du'e. Dilinessaan garuu baay'ee madaa'ee jira Garuu fayyuun isaa nama shakkisiisa jedhu." Jette. Yoona kana gurbichi mataa qabatee cal jedhe. Xinnoo turee yeeroo of irra mildhatu obbo Ayyaanaa, Hawwiifi namoota dhimmaaf dhfanii isaan bira dhaabbatan argee? " dhiifama maal ajejamnuu?" jedhee isaan gaafate. Obbo Ayyaanaanis "Dalasaa Margaa nama jedhamu barbaadnee turre" jedhan. Gurbichis of irra garagalee, intala isa bira jirtuu gaafate.

"Lakkii nami akkas jedhamu as hin jiru" jeetteen Obbo Ayyaanaanis gara Hawwiitti garagalani "baankii Kaazaanchis kana keessaa hojjeta hin jennee?" jedhan. Isheenis " eeyyee baankii kaazaanchis kana keessaa hojjeta lakkooftsi bilbilli isaas kunooti" jettee yaadannoo maqaa fi lakkooftsa bilbila

isaanitti kennite.Isaanis harkaa fuudhanii ilaala, hojjettoota sana lamaanitti agarsiisan.Hojjettooti lamaan sunis maqaa isaa fi lakkoofsa bilbilaa dabtara yaadannoo Hawwii irratti katabame ilaalanii deebisanii ammoo wal ilaala gara obbo Ayyaanaatti fuula isaanii deebisanii "lakkoofsi bilbilaa kun kan baankii kanaati.Sirriidha.Namni Dalasaa Margaa jedhamu garuu as keessa hin jiru>Nama maqaa akkasii hin beeknu." jedhe Hojjetaan inni dhiiraa. Isheen isa biraas "tarri Dilnessaa Mergiyaa isa amma waa'ee isaa dubbannu kana ta'aa laataa?" jette."No! No! inni Dalasaa Margaa mitti.Garuu ammoo lakkoofsi bilbilaa as irratti bareeffame kan baankii kanaati. Akkam akka ta'e nuuf hin galle.Walumaa galatti nami akkas jedhamu kan asii hojjetu hin jiru" jedhe.Yoona kana obbo Ayyaanaafi Hawwiin abdii kutanii mana baankichaa ba'anii gara manaatti galan.

Obbo Ayyaanaan mana seenanii xiqqoo erga yaadanii booda "ani tooftaa gara biraatiin argachuu yaalaErga biyyaa dhufee, Yuniversitii baratee, fixee, hojii jalqabees maqaa isaa jijiirrachuu ni danda'a.Nami keenya tokko tokko kan Oromummaa isaatti qaana'ee, maqaa isaa jijiirrattu lakkoofsi isaa xiqqaa miti. Barriifi sirmi ammaas nama maqaan Oromoo akkasumas kan Amaariffaa sirriitti akka Amaaraa dubbachuu hin dandeenye, akka doofaa ykn gowwaa waa tokko hin beekneetti lakkaa'udhaan akka ofitti qaana'uuf hamilee isaa cabsu.Akka jarri oftultotaa jedhanitti beekumsi namaa kan madaalamu Digriifi diploomaadhaan utuu hin ta'ain Afaan gita mootummaa kana bitaa jiru Afaan Amaaraa sirriitti danda'uu isaatiini dha. Sirna mootummaa Hayile sillasee kana keessaatti namni sanyii saba isaatiin madaalama malee beekumsa isaatiin miti.

Namni keenya kan maqaa dhaloota isaa jijiiratus dhiibbaa of tuultoti uummata isarratti uumaniin malee namni saba isaa jibbu hin jiru.Haata'ullee malee nami akkasii yoo maqaa jijiirrate inni nama miti.Gaddeebituu namaati.Ammas taanaan firri kee kun yookiin sabummaa isaa ganee, Amaaraa ta'uu nama filate ta'uu danda'a.Yookiin ammoo Yuniversitiin daguungoruun duraa jijjire ta'a". Jedhan.

Obbo Ayyaanaan utuu kana haasa'aanii bunni isaaniif dhiyaate akka dura hin qabbanofneef daddabalani unatani, lafa kaa'an.Giddutti haati Maatiwoos "hin dhabdanii?" jechaa, golaa gadi ba'anii dhufanii bira taa'an.Obbo Ayyaanaanis; "bilbilli isaa kanuma mana baankii sanaati.Garuu nama maqaa akkasii hin beeknu nuun jennaan kunoo abdii kutannee deebine"

Haati Matiwosis "maqaa jijiirrate ta'a"  
"Anuu kanuman shakke" jedhan.Hawwiinis;  
" lakkii maqaa isaa nama jijiirratu natti hin fakkaatu. Abbaan isaas Sabboonaa Oromooodha.Nama maqaa isaa jijiirratu illee baayi'ee itti aaru.Namoota baayi'ee yeroo gorsan nin dhaga'a."

"Yeroo namni Oromoo lama sadii ta'anii afaan Oromoo dhiisanii Afaan Amaaraa caccabsaa haasa'anillee,jara keenyaa isin hundi Oromoota.Kan caalaatti beektanis Afaan Oromooodha.Afaan abbaa keessaniin dubbattanii walii galuu utuu dandeessanii afaan ergisaa, kan sirriitti hin beekneen maaliif wal rakkistuu?Utuu namni Afaan Oromoo hin dhageenye isin gidduu jiraatellee akka inni haasaa keessan keessatti qooda fudhatuuf yoo haasoftan sirriidha.Haalli keessan kun of tuffachuu dha.Afaan abbaa keessanii gadi xiqqeessitanii, kan ormaa ol kaastanii, ilaaluun keessan ofsrrii miti. Jedhanii kan isaan gorsan nin yaadadha." Jechuudhaan

isheenis haasaa isaanii keessaa qooda fudhatte.Obbo Ayyaanaanis "Kunoo inni nama beekaa dha! Silaayis of salphisani ormi ulfina nadhorkate jechuun akkamittiin danda'amaa?" jedhan.

Haati Matiwoosis "amma falli intala kanaa maaliree Abbaa Maatiwoos?" jedhan. Isaanis "Mee karaa naaf danda'ameen nin yaala.Hanga sanatti asuma nu bira turuu isheeti malee eessa dhaqxii?.Eessatti gatnaa? Mucaa wallaaltuu kana" jedhan.

Haati Matiwoosis " Hata'u kaa! " Jedhan haala komiidhaan.Hawwiin is haala Haadha Maatiwoos hubattee sodaan itti dhaga'ame.Utuu ishee hin hooqsisin quba hakra ishee walitti sukkuumaa, lafa jalaan isaan ilaalte.Obbo Ayyaanaanis as turuu Hawwiitti quqquuqamuu haadha manaa isaaniifi sodaa Hawwii hubatanii haasaa jijiran.

"Lamuu Bantii nama jedhamu tokkotu barumsa 12ffaa magaalaa Oromiyaa tokko keessaa raawwatee, Yuniversitii Qadaamaawii Haayile Sillaaseetti darbee waggaafur baratee, Diginidhaan eeb bifamee,asuma magaalaa Finfinnee keessaa hojji argate. Qabeenya baayi'ees horatee,utuu jiraatuu dhukkubsatee du'e.Namtichi kun niitiis ta'e ijoolee hin qabu.Magaalaa kana keessa hiriyoota waajjira isaa keessaa wajjuun hojjetan malee firra dhiigaa hin qabu. Gaafa awwaala isaa hiriyoota isaa kunniintu sirnaan awwaale.

Qabeenya isaa kan dhaalu firoota isaa waan ta'aniif hiriyooti isaa kunniin odeeffannoo namooti isaanii kennaniin baadiyyaa itti dhalate dhaqanii abbaasaa fidanii dhufan.Ammaan isaa Bantii jedhamu.Haaluma kanaan obbo Bantiin dhufanii mana jireenyaa viillaa guddaa supheedhaan jaarameefi qarshiin inni baanki keessaa qabuu ana abbaasaa Bantii ta'a jedhanii manna murtiitti iyyatan.Manni murtii

garuu "...Kaartaan manaafi dabtarriin baankii maqaa Alamuu Baanteedhaan Kan galmaa'edha.Lamuu Bantiidhaan miti. Kanaaf mirgi qabeenya dhaaluu istniif hin kennamu" jedhee iyyanna Isaanii kuffise.Kanumaan obbo Bantiin dhaala ilma Isaani dhabanii harka qulla gadda lama gaddaa, gara biyya Isaaniitti deebi'an jedhama. Mee ammas maaltu beeka siri Hawwii kun maqaansaa daguungoraan mana barumsaattis jijiiramuu danda'a ta'a.Yookiin ammoo isumatu jijiirrate ta'a.Yaadafi fedhii namaa maaltu beekaa?Mee karaa anaaf danda'ameen waan hundumaa nin yaala."

"Hawwii! Atis waa takka hin yaadda'in suuta barbaadna.Kan si ariifachiisu hin jiru".Jedhan.Haati Maatiwoosis " Anaaf hingalle.Akka beektan!" Jedahnii biraa ka'an.Hawwiin garuu hati Maatiwoos garaatti komii akka qabatan hubatte.Kanarraa ka'uudhaan haalli Isaanii kun ishee sodaachise.Obbo Ayyaanaaniis "jedhi egaa humaa hin yaadda'in.Guyyaa guyyaa hundi keenya waajjira sababii oolluuf kitaabotiin garaa garaa ati dubbistu baayi'een ilaa kuunnoo sheelfii sana irra waan jiraniif fudhattee dubbisuu dandeessa.Kophumaan sitti hin dhaga'amin.Waaree booda ammoo Sooniin yeroo mana barumsaas irraa deebitu sihaasofsiisti" Jedhan.

\*\*\*\*\*

Haati Hawwii rifeensa mataa ishee haaddattee, shaashii gurraachaan hidhattee,uffata gurraacha uffattee, afata lafa buufattee teesseetti. Abbaan Hawwiis kursii ishee bira jiru tokorra harka isaa lamaan maratee, taa'ee,lafa ilaala. Lamaanuu gadda guddaa keessa jiru.Keessummooti dhufanii mana keessa jiran isaan jajjabeessu.Keessummooti duraan ol galanii taa'u.

Haati Hawwii gaddi ishee hin qabbanoofneef.Lafa haraa boossi.Hiriyooti HawwiifiLatii,Bishii,Baatiriifi Walloon fakkeessuuf maddii isaanii qabatanii taa'aniiru

Keessummaan dbiraa tokko "Amma biyya isheen geese oduu hindhageenyee?"

Obbo Bulchaa "Oduun ishee hin jiru.Eessa akka buute hin barre>Nama nutti himus hin arganne."

A/Dinsirii "Lubbuun jiraachuushee utuun dhaga'ee gara bira maalin barbaada.Biyyuma jirtutti lubbun ishee jira jedhee nama natt himun dhabe.Yeroo dukkana keessa deemtu bineesi nyaateera ta'a.Tokkittiikoo ...xobbeekoo...Essa jirta Hawwiikoo ?Maaloo giiftiikoo asin jira jedhii nama barbaaddetti dhaamsa natti ergi.Maaloo Hawwiikooakkuma yeroo kaanii immammaakoo asin jiraa naan jedhi...Hawwiikoo...Tokkittiikoo Rakkattuukoo...Sin yaade...Wayyoo wayyoo wayyoo harka duwwaan hafe.Bareedduukoo asin jira naan jedhi..."

Bishii "Dhiisaa Haadha Hawwii. Akkasis hin boo'inaa. Bineensi illee ishee hinnyaatu.Heeruma jibbitee miliquu ishee ta'uu danda'a."

A/Dimsirii "Maaltu beeka biyya hinbeeknetti yeroo baddu duuteetti ta'a.Biyyuma jirtutti nagaan lubbuudhaan jiraachuu ishee nama nattu himu utuun argadhee silaa hin gaddu. Wayyoo wayyoo wayyoo Bareedduukoo lammata eessaan si argadhaa?"

Waloo "Haadha Hawwii! maaloo itti hin farrisinaa. Hawwiin duuteetti jedhee eenyutu isinitti himee?Nitura ta'a malee xalayaa isinii erguunshee ni hafaa?"

A/Dinsirii "Maaloo ijolleekoo hiriyaan keessan kun iddo isheen dhokatte beektu yoo taatan nattu himaa maaloo?"

Baatirii "Nutillee waanti beeknu hinjiru.Hawwiin iccitii ishee kana nuu waliin hin mariyattu."

A/Dinsirii " Hawwiikoo eesa jirtaa jedhuree? Bareedduukoo eessa jirtaa? Tokkittiikoo eessa jirtaa?"

Keessummaan dubartii tokkos "Dhiisi haadha Hawwii gadda hin baayi'isin.Dhukkuba gara biraa irratti kufa.

Jaarsi tokkos "Haadha Hawwii!Boo'icha hinbaayi'sin.Yoo boossee,gaddites of muuta mlee bu'aa hin qabu. Abbaa Hawwii! atis wajjin boossaa?kun sirrii miti.Ati ishee jajjabeessuu qabda malee akka nama du'eetti teessanii boo'uun isinirra hinjiru.Akka namni jalaa du'eetti maaliif teessu?.Hojii hin qabdani? Atis gara hojiikeetti.Haati Hawwiis ka'iitii hojiikee hojjedhu.Akkas lafa afattee, teessee, boo'unkee, intala keessanitti farrisuudha.Kun ammoo gaani miti."

Dubartiin tokkos "Akka nama du'eetti mucaa keessanitti hinboo'inaa! Ani akkan hubadhutti,Hawwiin heeruma jibbitee biyyaa badde malee hinduune. Gaaf tokko dhuftee isin dubbisti."

A/Dinsiriinis " Yaa firootakoo Hawwiinkoo eessa jirti jedhee obsuuree?Yaa firootakoo anoo ishee dhabee nama hin ta'u.Qaamini koo gar tokko narraa citee nama hin ta'u. Hawwiin narraa gargar baatee, anis lubbuun kan jiraadhu isinitti fakkaataa?"Jechuudhaan boosse.

Aadde Bashaatuufi obbo Jirenyaan" Hawwii iddo dhoksitanii fidaa" jedhamanii bultii 14 hidhaman.Mana hidhaa buufata Poolisii keessattis qorannaa irratti reebamuudhaan gidiraa guddaa kana jedhamee hin himamnetu isaanirra ga'e.Sababii kanaan Aadde Dinsiriifi obbo Bulchaa wajjin ija diinunmaatiin wal ilaalu.Haata'ullee malee yeroo Dinsiriin akkas boossu baayi'ee gaddu.

Obbo Margaanis bilbilaan ilma isaanii argachuuf yaalliin isaan godhan hin milkoofne.Sababii kanaan yaaddoo guddaa keessa galaniiru.Haala kana irraa ka'uudhaan lubbuun Hawwiis balaaf kan saaxilame ta'uusaa qofa osoo hin taane bilbilli ilma isaanii diduunis baayi'ee isaan yaaddesse.Haala irra jiran kanas abbaafi haati Latiitti himan.Isaanis na'anii

baayi'ee jeeqaman. Obbo Margaan haala Hawwiis hata'u baala ilma isaanii bilbilaan qulqulleeffachuuun rakkisaa waan ta'eef qaamaan Finfinnee dhaqanii hubachuuf murteessan.

\*\*\*\*\*

Hawwiin gaafa dura Finfinnee dhufste yeroo qofaa ishee qe'ee ooltu akka yaaddoftee hindhiphanneef obbo Ayyaanaan kitaaba akka dubbisaa akka ooltu waan itti himaniif kitaaba dubbisaa oolti turte. Booda garuu akka kanaan itti fufuuf carraa hin arganne. Keellaa qe'ee mana jireenyaa keessaa qulqulleessiti. Habaaboo bishaan obaasuudhaan, jala shooggarti. Hojii mana nyaataas hojjetoota dubartoota lama jiran hojii gargaaraa oolti. Akka obbo Ayyaanaan jedhan hojii malee teessee, kitaaba dubbisaa ooluu hindandeenye. Haati Maatiwoos akka isheen taa'aa ooltu sababii hin barbaadineef hojjechiisaa oolu. Sa'atii nyaataa irratti garuu obbo Ayyaanaa fi maatii isaanii wajjin naannoo miijala nyaataatti maatii manaa hundaa wajjin dhiyattee nyaatti. Hawwiin hojjetoota miindaadhaan hojjetan caalaa akka garbittiitti hojii mana keessaa hojjechaa akka ooltu obbo Ayyaanaan hin beekan.

Hawwiin Finfinnee dhuftee mana obbo Ayyaanaa keessa jiraachuu erga jalqabdee gaaf tokko Obbo Ayyaanaan xalayaan jaalallee ishee, Latii irraa karaa lakkoofsa Saanduqa poostaa waajjira isaanii isheef erge itti keennuuf barbaadan.

"Ijoollee! Hawwiin hin jirtuu?" biyya Faranjiitti poostaa isheef ergame qabdi" Jechaa gara ciisicha ishee dhaqanii, dhaban. "Hawwii" jechaa gara mana buddeena tolchaniitti qajeelan. Yeroo kana haati Maatiwoos "maalii inni biyya Faranjiir irraa isheef ergamee? Fidi ittin keenaa" jedhan. Obbo Ayyaanaan garuu "Lakii ishumattin keena!" Jedhan. Haatii Maatiwoosis "Eee! Jaalalli keessan kun ijoollee keessan akka isin hin irraanffachiisinen soodaadhe." Jedhan. Hinaafaan

isaanii irraa beekama ture.Hojjetootis! "Hawwii! Hawwii!  
Kottu gadi ba'i" jedhanii ishee waaman.Hawwiiniis  
ariitiifachuu ishee irraa kan ka'e harka bukoo itti bukeessaa  
turte utuu hin dhiqatin gadi baate. Bukoo irree isheerra jiru  
quba ihseen of irraa haqachaa; "Na waamtanii abbaa jettee?"  
gadi baate.

Obbo Ayyaanaan harka,milla, uffataafi fuula ishee  
bukoon tuttuqee ilaalanii gara haadha manaa isaaniitti fuula  
isaanii deebisanii, "maali ani hojjetaan dhabe siin jedheera  
moo maal ta'uu keetii?" Jedhan.Haati Maatiwoosis "Maalii  
jara keenyaa isheen ijoolleedha maal qabaa hamma hojii  
malee ta'aa ooltu yoo mana keessa hojii nu gargaarte maal  
qabaa? " jedhan. Obbo Ayyaanaanis "lakii hin ta'u.Lammatta  
intala kana hojii akkasii akka hin hojjechiisne.Hojii tokkollee  
akka harkaan hin qabne" jedhan.

Haati Maatiwoosis,"Abbaa Maatiwoos egaa addaan  
baasiitii nattihimi.Kun qanii hin abu. Dhoksuutu irra  
qaaniidha."jedhan.Aariifi dubbii garaa isaan quuqee boqonnaa  
isaan dhorkaa ture ifa baasani.Obbo Ayyaanaanis "mee waan  
hundumaafuu booda dubbanna.Garuu waan ani sitti himu  
dhaga'uu qabda.Hardha irra jalqabee hojii tokkoolllee akka hin  
hojjenne.Fira ishee dhabdee nabira akka turtu kan godhe  
waaqa.Kan shakkitu yoo jiraate Waaqatu beeka.Ammaaf  
intalli kun keessummaa keenyadha.Nutis ijoolle durbaa  
qabna. Ijoolleen keenyas gaaf tokko biyya hin beekne dhaqanii  
akkas rakkachuu ni danda'u.Namni dhala qabu dhala  
nammaattis garaa hin jabaatu.Kun maal beektii? Argachuu hin  
dandeenye malee isheen Fira qabdi.Ilaa irra deebi'een sitti  
hima,waan tokko akka hin hojjechiifne."jedhanii, haadha  
Maatiwoosiin akeekkachiisaa poostaa ishee itti kennan.

Xalayaan Latii akkuma yeroo kaanii walaloo gabaabduudhaan  
jalqaba.

“...Sirraa faagaadhullee sibira yaadikoo  
Attam ooltee bulte Hawwii jaalalleekoo  
Rakkoof harka hinlaatiin  
Gaddaan of hin miidhin  
Abdii hin kutatin  
Qormaataanis hin mo’amin...

...Duraan dursa baga harka gabrummaa jalaa baatee as  
geesse...Hawwii koo! Egaa si'echi jabeenya mataakee  
gaafata. Amma qoramsa guddaa keessa seenuu kee hubadhu.  
Manni inni amma keessa jirtus keessummummaan ta'u beeki.  
Haati manaa namtichaas obbo Ayyaanaan dubartii gara bira  
irraa mucaa godhatan fidatanii ka dhufan itti fakkaatee balaa  
hamaa akka sirraan hin geessifneef Dalasaa iyyaafachuu hin  
dagatin...

Halkaniifi guyyaa yaaddoo keetu sammuu koo  
nagoolee boqonnaa nadhorkachaa jira malee ani barumsa koo  
cimsee qabadheen jira.... Rakoon hundumtuu ni dabra.  
Rakkoo keessa yeroo galan kan dabru hin fakkaatu... Gara  
dbumaa irratti kan ani siyaadachiisu lakkoofsi bilbila baankii  
Dalasaan keessaa hojjetuu sun sirrii ta'uun isaa namtichi  
balaan konkolaataa irra ga'e jedhame sun isa ta'uu hin oolu  
jedheen shake. Lammata ammoo Dalasaa Margaafi Dilnessaa  
Mergiyaan wal natti fakkaate. Tarii maqaa isaa sirriitti waamuu  
dadhabuu irraan kan ka'e akkas jechuu danda'u jedhees  
shakkeera. Mee mana waldhaansa fayyaa Dilensaa Mergiyaa  
ciisee gaafadhuutii dhaqii ilaali miirkaneefadhu. Akka  
xalayaan koo kun si ga'een dafiitii naaf barreessi. Hanga

sanaatti waaqayyoo si wajjin haata'u. Jaalalleekkee Latii Jireenyaa.

Hawwiin xalyaa jaalallee ishee kana al lamaafi sadii irra deddeebitee dubbiste.Yaadachiisa inni isheef kenne irra deddeebitee yaaduu jalqabde.Haati manaa obbo Ayaanaa shakkii ishee irratti qabanis xiinxaltee yaadde.Sababii isheetiin haati manaafi abbaanmanaa wajjin dullooman gidduu seentee seexana itti taatee bultii isaanii diiguurra tarkaanfii tokko fudhachuu yaadde.Utuu lubbuu ishee irratti balaan hin ga'in mala tokko malachuu akka qabdu hubatte.Garuu mala akkamii? Eessa, eenu bira deemuu? Eenyuunin beekaa? Gaafin jedhan kuniin hundi sammuu ishee jeeqani.

Hawwiin siree ishee irra teessee utuu boouussuu, Sooniin balbala maan ciisichaa ishee rurukuttee,ol itti seente.Ija ishee lamaan diddimatan argitee;

"Hawwi! maal taatee boossaa?Iammammaatu silolee?Imaammatu sitti dheekkamee?" jettee gaafatteen.

Sooniin haati ishee shakkii qaban irraa kan ka'e ishee loluu akka danda'an beekti.Haata'ullee malee Sooniinis kan mirkaneeffachuu barbaaddu shakkii haadha ishee kanadha. Shakkiin haadha ishee yoo dhugaa ta'e, obboleessa ishee Caalaa wajjin kan mariyatan ni hafa.Yoo shakkiin haadha ishee sirii ta'uu baate garuu, ergama Caalaan itti kenne fiixaan baasuuf tarkaanfii itti aanu fudhachuu jalqabdi.

Sooniin shakkii kanarraa ka'uudhaan guyyaa hundumaa mana barumsaa barsiisaa ooltee yeroo manatti deebitu.Hawwii qorti.Hardhas akkuma yeroo kaanii ishee xabachiisaa gaaffii gara garaa dhiyeessuu jalqabde.

"Hawwii ati dhalooti kee Naqamteemoo Giimbii moo Dambii Doolloodhaa?" Jettee gaafatteen.Dambii Doolloo dha yoo jette shakkiin haadha ishee gara dhugaatti siuu danda'a.

Abbaan ishee Wallaggaan yeroo deeman Dambii Doolloo malee magaalaan Wallaggaa gara biraa keessaa dhimma hin qaban.Iddoon dhaloota Hawwii Dambii Doolloo yoo ta'e obbo Ayyaanaan Hawwii dubartii gara biraa irraa kan dhalchan jettee shakkii haadha ishee mirkaneeffatti.

"Hawwii! Eesatti dhalattee? haatiifi abbaan kee jiruu?"

"Iddoon dhalootakoo Naqamteedha.Haatiifi abbaankoo Naqamteen jiru."

"maal hojjetuu?"

"Abban koo ogeessa ijaarsa manaati.Haati koo ammoo farsoo naqxee araqee baastee waldeggeeranii jirenya isaanii geggeessu. Anaaniis akkasitti na guddisan".

"Akkamitiin Finfinnee dhufuu dandeessee?" jettee ishee gaafannaan Hawwiin seenaa ishee jalqabaa irraa kaastee obbo Ayyaanaa wajjin hanga wal arganiitti kan jiru himte.Sooniinis "jaalalleen kee kan biyya Siwidinii jiru siif bareessaa?"

"Eeyyee! kunoo abbaabaan amma naa fidanii dhufan." Jettee poostaa ciramee siree ishee irra jiru ol fuutee itti agarsiifte.

"Amma isa malee nama garabiraatti hin heerumu jettee biyya hin beeknetti baqattee dhufte jechuudhaa?"

"Eeyyee.Ani nama hin barbaannetti hin heerumu.Jaalallee waadaa walii galle qaba.Isarraa kan gar gar nabaasu hin jiru." Jettee ejjennoo ishee Sooniitti himte. Sooniin kana booda shakkii isheefi kan harmee ishee sirri akka hin taane bartee.Waan kana ta'eef obboleessi ishee Caalaan ergama isheetti kenne fiixaan baasuuf yaallii isa duraa gochuuf yaadde.

Caalaan Hawwii argee, garaan kan itti na'e guyyaa gaafa dhaabbi Awutobusii Markaatoo abbaa isaa bira dhaabbattee ishee argedha.Yeroo qofaa ishee argu gaafachuuf yaadee, "obboleettiikoo yoo taateewoo? Kun haraamuu ta'uudha.Abbankoo dubartii gara biraa irraa kan dhalche obboleettii koo ta'uu dandeessi" Jedhee sodaachuudhaan utuu ishee hin gaafatin dhiisa ture.

Shakkiin haadha Maatiwoos, Sooniifi Caalaa dhugaa fakkaachuu danda'a.Kunis Hawwiifi Soonii namni arge haadhoo gara tokko keessaa ba'an jedha malee halagaadha kan ittiin jedhu hin jiru.Maatiin obbo Ayyaanaa akkasumas hojjettooti mana keessaa hunduntuu Hawwiifi Sooniin wal fakkaachuu isaaniitti bay'ee dinqisiifamu. Eegaa kanadha kan haadha manaa obbo Ayyaanaa shakkisiise.

Sooniin amma erga Hawwii haala kanaan qorte booda shakkii qabdu of keessaa baaste. Hawwiin obboleettii ishee mitti. Firummaa dhigaa wal keessa hin qaban. Waan kana ta'eef bareedduun kun kan waaqayyo oofee mana isaaniitti galche obboleessa ishee Caalaa harka galchuuf carraaquu jalqabde.Silaa waan gaari hundumatuu barbaada.Mitiiree?

\*\*\*\*\*

Obbo Margaan akkuma jedhan Finfinnee dhaqn.Mana ilma isaanii sababii hin beekneef albeergoo siree kireeffatanii, ganamaan baankii Kaazaanchiis inni ittii jijiirame dhaqanii, hogganaa baankichaa gaafatan.Hogganaan baankichaas, "Dalasaan Margaa kan jedhamu akka asitti jijiiramee hojjetu xalayaan nu ga'ee ture.Garuu dhufee hojii hin jalqabne." Jedhee itti hime.

Obbo Margaan odeeffannoo kana erga argatan booda baankii T/haayimaanot duraan hojjechaa turemmoo deeman. Hogganaan baankii T/hayimaanotis Dalasaan utuu hojiirra

jiruu Poolisooti dhufanii qabanii akka deeman itti hime. Guyyaa inni qabame yeroo gaafatanis, guyyaan sun guyyaa Hawwiin Naqamtee Finfinnee dhufte ta'uusaa hubatan. Erga odeeaffannoo rifachiisaafi gaddisiisaa kana dhaga'an booda mana baankichaa keessaa bahan. Sammuun obbo Margaa jeeqamuu isaarraa kan ka'e joonja'anii gara itti deeman wallaalan."Dalasaan eessatti hidhame? Hawwiinis eessa jirtii? Eessa dhaqee gaafadhuu?" jechaa karaarra deemu. Haalli hundi libboo itti ta'e.

### *BOQNNAA JA'A*

Obbo Ayyaanaan soorama ba'uuf waggaan xiqqoo kan isaaniif hafe hata'u malee nama waggaa 50 ga'an hin fakkaatani. Qananiidhaan guddatanii, jirenya gaarii jiraachaa waan jiraniif amma illee dargaggeessa fakkaatu. Harriin rifeensa mataa isaanii wawwaraaneera malee rifeensi mataasaanii ammallee guutuudha. Midhaginni fuulafi, dhaabbati isaanii ammallee sanuma. Dur, bara Dambii Doolloo mana barumsaa Beeteel barachaa turan, dubri isaanitti hin maraanne hin jirtu. Jalaallee took yoo qabatan wajjin baayi'ee hin turan. Yuniversiitii raawwatanii erga haadha ijoollee isaanii kana fuudhan booda garuu haala isaanii jijjiirratani ijoollee kana hundaa horatan.

Haati Maatiwoos, bara dargaggummaa abbaa manaa isaanii sababii beekaniif, "Dambii Dollootti yeroo deddeebi'u dubartii gara biraan irraa mucaa godhate amma toofaadhaan asitti barsiisuuf fidatee dhufe." Jedhanii, abbaa manaa isaanii shakkan. Waan kana ta'eef yaada hinaaffaa kana irraa ka'uudhaan jibba Hawwii irratti qaban cimsan. Manaa arii'uufis yaadanii turan."Garuu mana kanaa yoo baatees mana gara biraan kaawwachuu danda'a. Maaltu gargar isaan baasaa? Aakka

wal hin argine gochuu hin danda'u.Waan kana ta'eef summii nyaachisee ishee balleessuun qaba" jechuudhaan murtii irra eega ga'anii ji'i 6 darbeera.Haalaafi yeroo eggachaa jiru malee summis qopbeeffataniiru.

Haati Maatiwoos hinaaffaadhaan kan gubachaa jiran Hawwii qofaatti miti.Dubartiin Hawwii deesse (masaanuun) qalqdii isaanii irra jiraachu isheeti."Qabeenya eenyu horate eenyutu hirmaataa? Nin dhaqaaf, Dambii Doollootu fagaatee? Xayaaraan saa!atii tokko keesatti achiin na'ga'a. Yoggaa sana eessa abbaa ishee seentii? Dura garuu intala ishee kana lafa irraa balleessuutu narra jira". Jedhanii gumgumaa mana keessa yeroo deeman Sooniin dhageessee, gaddite.Shakkii daguungora haati ishee yaadan kana sirri akka hin taane itti himtee turte.Garuu gonkumaa liqimfamuuf dide.

"Soonii! atis obboleettii kee ishee Wallaggaa dhufte kana mararsiifachuu jalqabdee?" jechuudhaan itti dheekkamu.Soonii garuu Hawwii du'arraa baraartee jaalallee obboleessa ishee gochuuf carraaquu jalqabde.Caalaanis Sooniin Hawwii amansiisuudhaan ejjennoo ishee akka geeddarsiiftuuf kan itti hime eessaan akka geese gaafachuudhaan yeroo hundumaa taa'uufi ka'uu ishee dhorke.Sababii kanaan Hawwii bashannana fudhattee baa'uuf sagantaa baaste.

Sooniin guyyaa boqonnaa ishee gaafa Sanbata duraa sa'atii booda kaadhimaa ishee wajjin bashannanaa ooltee, gaafa dilbataa utuu manaa hin ba'in qe'ee keessa oolti.Sanbata duraa hardha garuu, Caalaafi Hawwii wajjin ooluuf sagnateeffatte.Waan kana ta'eef ganamaan kaatee, Hawwii bira deemte. "Hawwii! hardha magaalaa Finfinnee sidaawwachiisna.Saa'atii 5 irratti qophaa'ii na eegi." Jettee itti himte.Hawwiinis carraa kana argachuu isheetti baayi'ee

gammade.Uffannaa isheefi kophee ishee kan Haajiin gatii guddaadhaan Finfinnee bitaniif keessaa kan ija isheetti tole fudhattee, uffatte.Rifeensa mataa ishee isa uumamaan bareedee,mudhii isheetti gadi jigee marge maqumaaf filaadhaan tuttuqxe. Urgoofstu gaafa cidha isheef bitaman 4 qadaaddii isaani tokko tokkon bantee funfuunatte.Hunda caalaa urgaansaa kan ishee hawwate keessaa filattee, tokko ofitti biifte.Hurjii fakkaattee, urgooftee, qophooftee,Soonii eegde.

Sooniin,Hawwiin bareedina uumamaan qabdu irratti bareedina kan isheef dabalu uffata babbareedaa niqabdi hin seene.Amma yeroo haala kanaan ishee argitu baayi'ee dinqisiifatte.Uffannaafi kophee ishee akkasumas urgoofstu ofitti biifte jejjeef.Urgoofstu Hawwiin ofitti biifte kanas akka ishee dibduuf gaafannaan Hawwiin itti biifte.Saa'atiin harka Hawwiirra jirus "Raado" kan jedhamu Haajiif nami biyya alaa kan fideef yoo ta'u, bara sana saa'atiin kun gabaa shaqxa magaalaa Finfinnee irra hinjiru.Sooniin kanas baayi'ee dinqisiifatte.Kana booda walqabatanii gara konkolaataa Caalaa,Datsunii diimtuu dhaabbattee isaan eegdutti qajeelan.

Caalaan harka isaa maratee konkolaataa isaatti hirkatee isaan eegaa ture.Yeroo isa bira ga'an "Hawwi hardhra misirroo fakkaattee jirta! Akka biiftuu ganamaa bareeddee jirta." Jedhee harka qabee dubbise."Magaalaa Finfinnee kana akka daawwattuuf Sooniuu sagantaa kana baaste."Jechaa,balbala konkolaataa karaa boodaa banee, teessise.Innis ishee bira taa'e. Kan konkolaachiftu Soonii dha. Qofaa ishee dursaa konkolaataa qabattee, Waardiyyaan hanga karra isaaniif banutti mootora kaafattee,yeroo karri banamu keellaa keessaa ba'an.Gara bitaatti jallattee waltajji ministeera

barumsaa fuula dura jiruitti naannoftee karaa ministeera  
dhimma alaa gadi bu'an.

Haati Maatiwoos haala kana hamma isaan keellaa manaa keessaa ba'anitti, mana gorduubaa keessa dhaabbatanii karaa daawwitii foddaa mana gorduubaa isaan ilaalaa turan.Erega ijoolleen ba'anii booda gadi ba'an. "Akka kaa! kaa! Kunootikaa! kunooti kaa! Abbaan isaanii ofif dhoksuuf rakkata! Ijoolleen isaa obboleettii isaanii ta'uu beekaniitu mitii kan fudhatanii fandalala ba'an." jedhanii xinnoo dhaadatanii gardaafuu manaa jala asii achi xonnoqaa erga turan booda aarii fi hinaaffaadhaan harka walitti rukuchaa gara manaatti ol deebi'an.

Sooniin faana beenzilaatti ejjechuudhaan, fiigicha konkolaataa itti eedaatee, konkolaachisaa adda ba'aa ba'ii Masqalaa irra baatee gara ganda Roobii (Gootaraa) jedhamutti gadi kutte.Gandi amma isheen itti deemaa jirtu kun isheef seena qabeessa. Bara koolleejji barsiiftota Kotobee barachaa turte jaalallee ishee (kaadhima ishee ammaa) Alamuu wajjin fedhii jaalala wal irraa qaban utuu walii hiraa gammachuun dhandhamachaa jiranii ganda durbummaa ishee itti laateef waan ta'eef, sammuu ishee keessaa hinbadne.

Gaafa sana dheebuu jaalala isaanii ba'uuf hafuuraa citaa dafqan qaama wal dhiqaa,qaama tokko ta'anii gammachuun daangaa hinqabne utuu dhandhamatanii dhuma irratti gammachuun sun wareegama dhiigaa ishee kafalchiisee boosse.Boo'ichi ishee Durbummaa ishee isaaf kennuu isheetti gaabbuudhaan hin turre.Inni fedhii isheettiin kan raawwattedha.Garuu ishee dhukkubse.Dammi yeroo baayi'etu nihadhaawa kan jedhamu kanadha.Egaa Sooniin amma Caalaai Hawwii kan geessaa jirtu gara direee irratti dhiigde kanattidha.

Caalaan daqiiqaa Hawwii bira taa'e irraa jalqabee, sammuun isaa jeqama keessa jira. Sababiin haala kanaas feedhii dhiirummaa isaatu baayi'ee kakka'e. Wandaboo Hawwiin uffatte ol bay'ee sassaabamee gudeedi ishee hanga oliitti waan muldhatuuf, qalbiin Caalaan gudeeda Hawwiirra ture. Kanaaf haasaa gara biraa haasa'uu hin dandeenye. Calluma jedhee gudeeda Hawwii ilaala. Caalaan utuu hin dubbatin calluma jedhee yeroo dheeraa turraan, Sooniin "maal abbee Caalaal! hin dubbattuu?" jetteen. Inniis "nin dubbadha!" jechaa akkuma tasaa, harka isaa gudeeda Hawwii qullaa gadi ba'anii isa rakkisan irra ka'ee, qaqqabee, "haasa'i Hawwii!" Jedhe. Isheen garuu mannootii gurguddaa gamoowwan babbareedan, konkolaattota gosa gara garaa kan baay'inaan yaa'aniifi baayi'ina namoota karaa irra deeman, karaa fooddaa daawwachaa, dinqisiifachaa, waan turteef, qulaa taa'uu ishee of irratti hin barre turte. Kana gidduutti Caalaan harkaan gudeeda ishee qabnaan rifattee daftee harka isaa ofirraa kaastee, uffanna ishee gadi ofitti deebisaa, "nin haasawa" jette.

Sooniinis dursaa konkolaataa akkuma qabatteen gara fuula duraa ilaalaat utuma konkolaachituu;

"Egaa Hawwii Finfinneen kana fakkaatti! Kanaan dura dhuftee beektaa?"

"Lakkii!"

"Humaa miti. Suutuma suuta barta". Jetteen. Sooniin makiinnaa konkolaachistu ganda Roobii jedhaamu utuu hinga'in harka bitaatti jaallattee, hoteela guddaa tokko keessa seenan. "As hin wayyuu Caalaal?" jetten. "gaarii dha" Jedhe. Konkolaataa keessaa bu'aa. Hawwiin garuu balbala makiinitii banuuf yaalti. Nin bana jettee qabannoo tokko gar tokkotti naannessinaan daawwitiin foddaa ol ba'e. Akkuma kanaan keessa teessee qabannoo balbalaa kan itti fakkaate

qaqabuudhaan banattee ba'uudhaaf utuu qabsoo irra jirtuu keessa xiqqoo turte.Calaafi Sooniin kiyyoo kiyyeessaa jiran keessa "hoolaa" harkisaa deeman kana keessa galchuuf kan walitti qindeessan utuu mariyachaa jiranii gara makiinatti yoggaa of irra mildhatan Hawwiin konkolaataa keessa taa'aa akka jirtu hubachuudhaan Sooniin deemtee, balbala irraa bante. Bu'ii! As Xiqqoo teenyee haasofnaa" Jette.Kana booda sadanuu walqabatanii hoteela ala bakka taa'usmaa qophaa'e gaattiraa gaaddisa qabu tokko jala miinjala tokkoofi kursii (barcuma)afur qaburra taa'anii nyaata nyaatan.

Kana booda biiraa sadii ajejatan. Calaaan sadan isaaniif burcuqqoo isaanitti suuta akka hoomachi isaa itti hin baay'ennetti ittibuisse. Sadanuu takcaa irraa unatanii kaa'an. Caalaafi Sooniin dheebootanii sababii turaniif hafuura tokkoon dhudha'anii lafa kaa'an.Wal ilaalanii koflan. "Qixxee fixne mitii?" Jette Sooniin. Caalaanis," Hawwiidhugi malee!" jedheen. Hwwiiniis takcaa unattee itti hadhoofnaan lammatta hitti hin deebine.

"Lakki natti hadhaayee.Hindhugu.Bishaan utuun argadhee gaarii ture"jette.Sooniifi Caalaan ijaan wal ilaalanii itti koflan.

"Maaliif dhugaatii lallaafaa kan alkoolii hin qabne hindhuduree? Siif hadhufu" Jedhen.Deebii Hawwiin deebistu utuu hin eegin Kookaa Koollaa fichiisteef.Sooniinis;

" Biiraa dhugdee hin beektuu Hwwii?

"Eeyee Dhugee hin beeku"

"Maali booy fireerndii kee wajjin al takka takka akkas baatanii qilleensa fudhattanii hin beektanii?"

"Lakki kan akkasii hin beeknu"Caalaanis;

"Gaaf tokko tokko illeemmoo?"

""Isin yeroo Dambii Doolloo turtan fireendii keessanii wajjin mana dhugaatii akkas deemtanii Biiraa dhugaa turtanii?" Jette Hawwiin, xiiqin ishee qabe.

"Nuti giftiikoo Finfinneetti dhalannee Finfinneetti guddanne.Dambii Dolloon kan inni fakkaatu hin beeknu" jette.

Hawwiis;"Naqamtee keessatti ammoo durbi ija baastee dhiiraa wajjin akka keessan kana mana dhugaatii deemtee, dhugun qaanii dha" Sooniinis itti fusfee;"Boy fireendii hin qabduu?" jettee, koflaa gaafatte

"Qaba."

"Eessa jira"

"Biyya Siwiidinii barumsa irra jira jedhee sila sitti himeen ture."

Gaaffii Sooniin utuu beektuu gaafattu Hawwi baayi'ee dinqe.Sooniin ofumaa irra deebitee gaafatte malee Hawwiin kanaan dura akka itti himte ni yaadatti.Hwwiiniis Kookaa Koollaa isheef dhufe burcuqqotti guutachuuf qaruuraa ol fuudhuf harka kaaste.Battala kana Caalaan harka ishee hiixatee jiru deebisee;

"Turi akkas mitii boy frieenditu gerl fireendii isaaf buusuu qaba" Jedhe.Qoosaa fakkeessee fedhii isaa ibse. Sooniinis;

"Hawwi! kan fagoo jiru abdachuun gatii hin qabu. Ijoollee hiriyoota keenya baayi'ee beekna.Dargaggoonni biyya keenyaa jaalallee akka lubbuu isaanii jaallatan dhiisanii yeroo barumsaaf biyya Faranjii deeman achitti Faranjii ykn Habashaa wajjin baratan fuudhanii kan deebi'an baay'ee beeknaa. Kanaaf isa fagoo abdachuun gowwummaa dha."

"Lakkii. Latiin koo kana hin godhu!" jette.Sooniin madaa ishee tuqixe.Imimmaan Hawwi inni akka bishaanii lola'uu bare ija ishee keessatti calalee guutee maddii ishee irra

gadi dhangala'e.Dubbii Sooniin dubbatte kun dhibee Hawwiin garaa keessaa qabdu itti dammaqse.Hawwiin utuu imimmaan ishee hudhuu,"Lakkii Latiin nanganu.Ana malee iji isaakan biraa akka hin ilaalle nan amana.Biyya lafaa kanarra ani isa malee jiraachuu hin danda'u.Innis ana malee gara biraa akka hin barbaadne beeka."

"Latiin eenyuu?"

"Latiin jaalalleekooti"

"Amma yoo inni siin dhiisee kan biraa fuudhe akkam taataa? Atii ammoo gara biraatti hin heerumtuu? Inni garuu dhiira akkuma ta'u isaatti, bara hamma kana utuu dubbartii bira hin ga'in hin taa'u.Walquunnamtii kana booda ammoo suuta suutaan jaalaalli ni uumama.Kana booda siin irraanfachuun dirqii itti ta'a. Kanaaf kunoo isuma sibira taa'ee siqoccolu kana jabeessi.Booda ni gaabbita"

"Waan hin yaalamnedha!Sitti himeeraam Sooni! Ltunkoo anaan dhiisee gara biraa hin fuudhu.Anis isatti malee dhiira gara biraatti hin heerumu."Jettee murtii ishee isa dhumaan ibsite.Caalaanis,"dhugi kookaa kee!" Jedhee harka isaa gatiittii ishee irra kaa'e.Yeroo kana Hawwiin akka warraaquu taate. Gatiittii ishee irraa harka isaa akka buusuuf xinnoo wawarraaqudhaan haalaan itti muldhiste.Inni garuu utuu irraa hin kaasin calluma jennaan, harka isaa qabdee gatiittii ishee irraa buuste.Imimmaan ishee maddi irraa gadi yaa'u haxaawatte.Yoona kana Sooniin "Jaalalli gowwaa nama godha" Jette.Ammas itti fufuudhaan "Yeroo jaalalli nama qabu nama maraacha.Kan dhumu ykn kan qabbanaa'u namatti hin fakkaatu.Booda garuu yeroo qabbanaa'u nama dinqaa.Maaltu akkas namaraachaa turee? jechuudhaan nama dinqisiisa."jette. Hawwiiniis "Lakkii jaalalli keenya kan fageenyaan

argatta."Jettee itti agarsiifte.Kana booda bakka garaa garaa dhaqanii bashannanaa oolanii dhiisifatanii manatti galan.

Akka kanaan Hawwiin iddoor deemtu waan hin qabneef, haadha manaa obbo Ayyaanaa akka qoraatti of irraa eegaa, sodaafi dhiphuudhaan jiraachuun dirqii itti ta'e.Calaaa fi Sooniinis kan yaadan fiixa ba'uuf dide. Xalayaa Latii isheef barreesus akka hin arganne gochus hin dandeenye.Saanduqa poostaa banee kan fiduuf obbo Ayyaanaadha.Waan kana ta'eef Sooniin tooftaa gara biraq qopheesite.Innis yeroo Latii isheef barreessu teessoo isaafi lakkofsa saanduqa poostaa isaa irraa galagalchattee, barreeffattee akka waan Hawwiin isaaf barreessiteetti fakkeessitee kan abdii isa kutachiisuu danda'u barreessuu yaadde.

Sooniin kana utuu gaadduu gaf tokko Hawwiin xalayaa Latii isheef barreesse dubistee akka yeroo kaanii shaanxaa ishee keessa keessee utuu hin cufiin, siree ishee irratti dhiistee, qaama ishee dhiqachuuf kutaa dhiqanna seente.Kana gidduutti, Sooniin siree irraa fuutee teessoo isaa irraa galagalchatte. Kan inni barreesse keessaa;

"Siraa fagaadhulle si bira yaadikoo  
Nagaan siif haata'u Hawwii jaalalleekoo.  
Gar gar fagaachuunis wal arguu dhabuunis  
Jaalala hin laaffisu fageenyiifi rakkinnis  
Anis Hawwii malee atis Latii malee

Maal qabnaa walmalee?  
Wajjumaan jiraannee wajjin duuna malee  
Addaan nunfudhatu yoo dhufe duutiillee

..." kan jedhu qofaa dubbiste. Utuu hin beekin waan tokko millaa qabee hanga mataa isheetti yeroo ishee weeraru itti dhaga'ame. Xalayichaan fuula ishee harka lamaaniin qabattee, dunuunfattee, calluma jettee, seekondii muraasaaf

erga turtee booda; "yaagoofaa, yaa waaqi kan nu uumtee! Anis jaalallee qaba. Nin jaalladhaan.Hammeenyi akka nu gidduutti uumamu hin fedhu.Garuu hafuura hamminaan guutamee jaalala dhugaa dargaggoota lamaan kana gidduu seenee, boreessee, gargar addaan isaan baasee,feedhi obboleessakoo guutuuf cubuun hojjedheef dhiifama naaf godhi!" jettee,xalayaa poostaa keessaa baaste akka duraan turetti deebistee keessee baate.

Erga gafa sanaa Sooniin Hawwiif baayi'ee yaaddi. Caalaanis ilaalcha Hawwii irratti qabu akka jijiiru goote. Garuu Sooniin yaada haadha ishee jijiirsuu hin dandeenye. Hawwiinis mana kana jiraachuun lubbuu ishee irratti murteessuu ta'ee itti muldhate.Kanaaf Dalasaa akka taatu taatee,argachuun akka isheerra jiru hubatte.Yoo isa dhabdellee mana namaatti hojettu taatee qaxaramuuf yaadde.Yaada ishee isa lammaffaa kanatti tarkaanfachuu ishee dura utuu abdii hinkutin Dilnessaa kan jedhamu sun eenu akka ta'e achuma baankii sana deemtee,qulqulleeffachuu barbaadde. Latiinis xalayaa isheef barreesse irratti;

"...Wasiillikoo obbo Margaanis walquunnamtiiin Dalasaa waliin qaban sababii citeef, isa barbaacha Finfinnee ni dhufu.Yeroo Finfinnee dhufanis waajjira obbo Ayyaanaa deemanii, akka si argachuun danda'an ibseeraaf.Sana booda hanga ani Siwidinii irraa deebi'utti iddo turtu sii mijessanii deebi'u.Waan kana ta'eef obsaan of eeggachaa manuma obbo Ayyaanaa turuu yaali..."Jedhee kan isheef barreesses abdachuudhaan of jajjabeessite.Haata'ullee malee hanga obbo Margaan dhufanitti haati Maatiwoos balaa narraan ga'u jettee yaaddoo keessa waan galteef dirqiidhaan Dalasaa deemtee hubachuuf murteessite.

Haaluma kanaan utuu jirtuu gaaf tokko sanbata xiqqaa ganama saa'atii 4 irratti mana baankii ganda Qarsaa (Kaazaanchiiz) deemuuf kaate. Eessa akka deemtus dubartoota hoijettootaafi waardiyyaa qe'ee manaatti himtee, baate. Silaa karaa Baankicha geessu siritti hubathee jirti. Y.M.C.A biratti kan argamu mana obbo Ayyaana irraa miillaan hamma ministeera barumsaa deemte. Karaa qarqara dhaabbattee taaksii gara ganda Qarsaa deemuu eeggachuu jalqabde. Dhaabsistee gaafachuu sodaatee, taaksii baayi'ee dabarsite. Booda garuu dubartiin ishee bira dhaabbatte tokko "Taaksii! Kaazaanchiis!" Jette taaksii dhabsisnaan Hawwiiniskeessa seenuuf gara konkolaachisaa taaksiitti siqxee "Aantee! Kaazaanichiis nawu yemihedawuu?" Jetee" gaafatte.

Hawwiin afaan Amaaraa sirriitti dubbachuu dadhabuu isheetti, abbaan taaksii sun dubbartitti dursitee seentee isa bira gaabbiina teesse sanaa wajjin itti koflaa " Seeni" Jedhee olgalche. Abbaan taksii xiqqoo dhaabbatee namoota lama dabalee fe'ee, erga guuttate booda karaa jalqaban. Abbaan taaksiifi dubartiin sun kan Hawwiin jette irra deebi'anii jechuudhaan kokkolfu. "Uffannaan isheefi bifti ishee kan biraati. Garuu maal godharee Rabbi yeroo uumu waa tokko hirdbisuun isaa hin oolu. Kana fakkaattee Afaan Amaaraa sirriitti dubbachuu hin dandeessu. "Jedhanii raajeffataa, waliin hasa'aa deemu. Yeroo kana Hawwiin baayi'ee aartee gubatte.

Deebii isaaniif kennuuf yaadde. Booda ammoo biyya hin beekne keessatti rakkoo narraan ga'uu ni danda'u jetee dhiisuuf turte. Obbo Ayaanaafi Abbaan Dalasaa namoota ilaalcha daguungoraa akkasii qabaniif dubbii dubbatan yaadattee namoota ilaalcha dadhabaa qaban kunniiniif deebii kennuuf murtiirra geese." Amma kan akkas natti kofaltan

Afaan Amaaraa akka Amaaraatti dubachuu dadhabuu kootti mitii? Isiniif afaan abbaa keesaanii ta'uu danda'a. Utuu isinitu Afaan Oromoo caccabsitanii dubbattan ta'ee ani isinitti hin kolfu. Sababiin isaas afaan abbaa keessaanii akka hin taane sababiin beekuf. Garuu amma ani Afaan Amaaraa sirriitti akka Amaaraatti dubbachuu dhabuunkoo qaama namummaa koo keessaan hirdhina akkan qabuutti nalakkaa'uun keessaan of tuulummaa waaqa hin sodaannee dha. Afaan biyya keessaanii dubbachuu dadhabuun koo anaaf qaanii miti. Ani Oromoodha. Afaan halagaatti hin komatamu. Kan na'aarsu garuu doofummaa keessan qofa miti. Finfinnee biyya abbaakoo keessa teessanii anaan nama biyya oromaa gootanii natti qoosuu yaaluu keessanidha. Utuu bektanii miilla keenyarratti kuftanii nugalateeffachuu qabdu turtani. Lafti isin gooftaa itti taatan kun hundi lafa keenya dha. Biyya keenya dha. Isinitu biyya keenya dhufe malee nuti biyya keessan hin dhufne. Isintu biyya keenya weeraree nudhaale malee nuti biyya namaa weerarre qabanne hin jiru. Nuti biyyuma keenya keessa jirra. Isin maal gotani. Tokkummaa dhabuu keenyat u akkas nu godhe. Minilik qofa miti kan nu mijidhe. Goobanaafi gantoota mootota Oromoo bara sanaa tokko tokkotu gamtaa dhabuudhaan harka keessan jalatti nugalche."Jechuudhaan Hawwiin jara ofstuultota sanatti aariifi xiijiidhaan itti dubbatte. Abbaan taksii, dubartittiin isa bira teessuufi namooti lamaan Hawwii cinaa taa'an intalli dubraa umrii kanaan yaada kana of keessaan baasti jedhanii hin yaadine. Na'anii afaan qabatan malee deebii hin laanneef. Haala kanaan taaksiin ganda Qarsaa geessee dhaabbatte.

Hawwiinis aariidhaan saantima 0.25 konkolaachisaatti darbattee taaksii keessaan buute. Bitaafi mirga ilaalte. Ganda jirtu wallaalte. Ammas calluma jettee naannoo jirtu ilaalte.

Ganda kana ammaan duratti akka hin dhufne hubatte. Baankichi kan jiru gamoo dheeraa jala. Iddoo amma taaksiin ishee buuse kana ammoo kan akkasii bin jriu. Nama gaafachuus sodaatte. Kan gootu wallaaltee utuu dhaabattuu dubartii tokko kan ishee bira darbuu dhufte tokko argattee; akka Afaan Amaaraa hin jajallisne eeggachaa "Attam oolte obboleetti? Baankiin Kaazaanchiis gara kamii?" jette. Dubartittiin "kuunnooti karuma kana qabattee yoo deemte harka bitaa irratti argatta" jetteen. Hawwiiniis naasuun ishee xiqqoo irraa salphate. Gaafa obbo Ayyaanaa wajjin dhaqxee karaa ministera **dhimma** alaarra gadi bu'anii harka bitaatti jallatani. Amma garuu taaksiin karaa "Fiitbarri, Mannahariyaa" jedhamurra darbuudhaan gadi ishee buuse. Taaksiin karaa gara biraa akka ishee fide hubate.

Akkuma dubartittiin itti himte yeroo achi geessu mannootiin isheen mallattoo godhatte itti muldhate. Baayi'ee gammadde. Garuu Dalasaa hin argadhu ta'a jettee sodaan itti dhaga'amee, sammuu ishee jeeqe. Haaluma kanaan keessa seentee gaafatte. Garuu Dilnessaa malee Dalasaa nami jedhamu as akka hin jirre itti himan.

Hawwiin yeroo kana dhageessu abdii kutattee gadi baate. Taaksii eeggachuu jalqabde. Sa'atii tokko guutuu dhaabatte. Taaksii isa ol gara Araat kiilootti ba'u dhiistee isa gadi gara Kaazaanchiisitti deemu gaafachuudhaan yeroo baayi'ee balleessite. Booda irratti nami itti himee taaksii argachuu dandeesse. Erga taaksii qabattees utuu akka amal ishee oduu ilaaltuu taaksiin Araat kiiloo bira dabrsee Piyaassaatti ishee buuse. Isheenis saantima kennitee gara itti deemtu wallaaltee fajajdee, karaarra dhaabbatte hafte. Hawwiin Piyaassas dhuftee hin beektu. Taaksii gara Araat kiilootti ishee deebisu gaafachuuf akkaataa isaa wallaaltee karaa tokko

qabattee deemte.Karaan isheen irra deemte gara biraatti ishee baase. Ammas karuma dhufte irra ammoo deebitee bakka taaksiin sila ishee buuse dhaabbachuu jalqabde.

Utuu dhaabbattee asiifi achi ilaaltuu konkolaataan diimtuu tokko dhuftee ishee bira dhaabbatte. "Phiiphi Phiipi! Phi! Phi!..." Godhe. Hawwiin yeroo ilaaltu abbaan konkolaatitti balbala banefii "Gara kam deemtaa? kottuu singaggeessaa!" Ittiin jedhe.Isheenis daftee "Aarat Kiiloo Y.M.C.A bira " jetteen gammachuudhaan. Namtichis" maali rakkoon hin jiru seeni!" jedhe.Hawwiinis daftee seente.Namtichis konkolaataa isaa kaafatee karaa irraa bu'ee qajeele.

Hawwiinis garaa isheetti "Maali nami Waaqayyo isa eebbisee?" Jettee yaaduudhaan baayi'ee isa galateeffatte. "Taaksii dhabdee baayi'ee rakkachuu kee hubadheen yoon si gargaare maal qaba jedheeni"

"Fayyaa ta'aa Waaqayyo isin haaeabbisu. Dhuguma baayi'een dhaabbadhe"

"Egaa fuula duraafis gaariidha wal barra.Ani Haayiluun jedhama.Kan keeWoo?"

"Hawwii"

"O! Hawwii? Maal jechuudhaa? Affaan maaliitii?"

"Hawwiin maqaa Oromooti.Hiiki isaa Afaan Amaaraatti minyot jechuudha"

"O! Yes! Yes!Oromonyaa!.Tasuma,Afaan Oromoo hin fakkaatu (Inni garuu Oromoo jedhee hin dubbatu.Mmaqaa nuti ittiin of hinwaamne kan halagaan ittiin nuwaamun yaada isaa ibse) It is beautiful name!" (Maqaa bareedduu dha). Maqaa Faranjii fakkaata." Jedhe.Hawwiin garaa isheetti "yaa Rabbi safuu! maqaanis walcaalaa? kan isaaniifi kan Faranjii bareedaa,kan Oromoo fokisaa! ajaa'iba dha.Kan Oromoo

fokkisaadha kan jedhan of tuultota ilaalcha daguungoraa qabanidha malee Waqayyo ilmaan namaa hunda walqixxee nu'ume.Yoomi laataa kan ilaalchi kun Sammuu isaanii keessaa haqamuu?" Jette.

Haayiluun itti aansees Eessa dhalooti kee?" Jedhee gaafateen "Wallagga." jette. Innis "O !. Yee Wallaggaa Oromoo yee Jootee warqi nawu.Biyya jedhamudhaa? "Jedhe. Hawwiinis "Eeyyee!" jette.Garuu jechi kun oftuultooti nafxanyooti ilmaan Oromoo gar gar hiruudhaan tokkummaa akka hin qabaanne gochuuf,Oromoo kutaa biyya tokkoo faarsanii, kaan ammoo gadi xiqqeessanii, gidduu isaanitti olola ofuudhaan, ilmaan Oromoo akka tokkummaa hinqabaanneef gargar qooduuf kan mammaakan akka ta'e Hwwiif dubbii dhokataa hin turre.Haayiluunis mammaaksuma nafxanyooti Oromoota gargar qooduuf mammaakan irra deebi'e malee waan kana dura hin jedhamne jedhe miti.Mammaaksi kun Hawwiif haaraa dha.Wallaggaa keessatti akkas jedhamee yeroo mammaakamu dhageessee hin beektu. Iccitiinsaa garuu isheef galeera.

Haayiluun ilma daldalaas ooressa tokkooti.Barumsa hanga 12ffaatti baratee dhaabe. "Qabeenyi abbaakoo naga'a" jedheeti. Abbaan isaa mannootii daabboo itti tolchan baayi'ee qabu.Manneetii daabboo Markaatoo keessaa sadii abbaa isaatu dhaalaan kennaniif.Waan kana ta'eef qarshii manneetii daabboo kanarraa argatu itti taphata.Humna horii isaatiin Shamarran barbaade akka barbaadetti itti taphata.Shamarran tokko tokkos qabeenya isaa kana argachuuf itti maraatu.

Haayiluun utuu dubartootaatti hin dubbatin dura miillaa qabee hamma mataatti ilaala.Yoo garaan itti na'e malee yaa'ii ishee hin dhaqu. Dura koomee, itti aansee mogoleeshee, Sarbaashee,taa'aashee,qaldhina mudhii ishee, harma ishee,

haphiina hidhii, dhiphina afaanii, ilkaan, funyaan, ija, nyaara isheefi rifeensa mataa ishee hundaa daawwata.Bifti ishee bareedduu taatee mudhiin ishee lakkofssa 8 ta'uu baanaan ykn akka jecha isaatti dhabbata "Kookaa" hin qabdu taanaan isa biratti bakka hin qabdu. Dubartootaan ;"...kun bayi'ee qalloon dha.Kun ammoo baayi'ee gabaabduudha.Kun ammoo baayi'ee dheeratte.Kun ammoo bayi'ee furdatte.Kun ammoo gogiduudha" jedha.Umuriidhaanis akkasuma madaala.Harka caalaa ijoollee dubraa wagga 20 hingeenyे irra filata.

Isaan kanaa olii "Kun dulloomtuu dha" ittiin jedha. Yeroo magaalaa Finfinnee keessaa durba adamsu kan madaala isaa hin guunne bira yeroo ga'u morma isaa karaa fooddaa konkolaataa isaa gadi baasee; "...maal godha hunda gaani sitolchee, kana siraa hirdhisee ...kana si dhorkate..." Jedhee itti quosee bira dabra. Yoo madaala isaa guuttee garuu konkolaataa isaa dhaabee "kilaaksii" dhageessisuudhaan "seeni sin geggeessaa" ittiin jedha.Hardha Haayiluun utuu adamoo kanarra jiruu ture Hawwii kan argate.Madaala isaa guunnaan harka ha'ee balbala banee ishee simate.

Hayiluun Hawwii erga konkolaataa isaa keessa galchee booda ishee fudhatee deemee iddoor itti fedhii dhiirummaa isaa raawwachuu danda'u sammuu isaa keessa deddeebisaa konkolaachisa.Karaa Cheerchil irra gadi bu'ee sangaa taraa ganda jedhamu ga'e.Harka mirgaatti ol jallattee, xiqqoo ol akka deemeen gara harka bitaatti jallate.Hoteela guddaa tokko keessa dhaabbate."Kottu asii waa nyaannee gara qe'ee keettin sigaggeessa." jedheen.Hawwiinis utuu laaqana hin nyaatin waan jirtuuf beelofte turte.Haata'ullee malee daftee manatti deebi'uuf sababii barbaaddeef;"Lakii maaloo manumaan naga'aa! mana galeen nyaadha.Natti dhiyaa" Jetteen.Shakkii tokko male.

Hayiluun kan yaade sababii qabuuf yaada Hawwiin dhiyeessite dide. Balbala makiinaa banee harka ishee qabee buse. Nyata erga nyaatan booda Hawwiin Kookaa ajejatte. Hayiluun wiskii ajejate. Baayi'ee dbuge. Utuma dhuguu gidduutti; "nin dhufa" Jedhee namticha siree kireessu wajjin waa dubbatee, deebi'ee, taa'e. Wiskii isaa daddabalachuu itti fufe. Yoona kana Hawwiin "Maaloo natti dhiye, manaan naga'aa" Jetteen. Innis jecha ishee kanatti hin gammadne. Kan isheen "isin" ittuin jette hin jaallanne. "Anaan isiin jettaa? maal jaarsa naseetee?" Jedhe. Kokkoolfaa.

Hawwiinis "Lakii kanaaf miti, ani ofumaan jedhe malee kana yaadee miti".

"Hin jarjeriin sin geessaa xiqqoo wiskii kanan daddabaladha"

Wiskii baayi'ee dhuguu isaarraa kan ka'e arrabi isaa akka xaxamuu ta'e. Ni machaa'e. "Kottu asiina!" jedhee harka ishee qabatee bakka duraan siree qabateetti qajeelani. Hawwiin haala shira qindaa'ee tasumaa sababi hin beekneef duukuma deemte. Shakkiin tokkollee itti hin dhaga'amne. Balbala siree bira yeroo ga'an harka ishee akkuma jabeessee qabeen harka isaa kaaniin balbala albeergoo sanaa bane. Gara keessaatti ol ishee harkise. Yeroo kana ture kan Hawwiin dammaqxe.

Harka ishee gadidhiisifachuuf baayi'ee yaalte. Jabeessee sababii ishee qabeef harkaa ba'uu hin dandeenye. Keenyan balbalichaa harka ishee isa hinqabamneen jabeessitee qabatte. Innis humnaan harkise. Harka ishee isa keenya balbala qabate gadidhiisisee, ol galchee, baatee siree irratti ishee darbate. Battalaan balbala keessaan cufate.

Hawwiin sagalee ishee ol kaastee iyyite. Balbala banattee ba'uuf siree irraa utaaltee ka'uuf yeroo yaaltu

kufte.Iddoo kuftee utaaltee, kaatee, balbala bira yeroo geessu deemee olfuudhee baatee ammas siree irratti darbate. Kootii isaa of irra baase. Hawwiin ni iyite. Garuu nami isheef dirmate hin turre.Uffata isaa baafatee,sireetti ol ba'ee,sossobuu jalqabe. Hawwiin "nan badee! uu! uu! nan badee. Maaloo natti hin dhiisinaa!" Jettee Afaan Oromootiin iyyitii.Hayiluun furdaa guddaa dheeraa sababii ta'eef irra ciisee qoma isaatiin sngle ishee ukkaamsuu yaale.

Hawwiinis akkuma taate taatee jala warraqxee iyya ishee dhageessifte.Garuu namni qaqqabeef hin turre. Hayiluun akkuma ishee irra ciisee jiruun uffannaa isaa isakeessa gadi of irraa baasaa harka tokkoon ammoo Hawwii siree irratti gadi jabeessee qabe.Hawwii sossobuu jalqabe. Yoo sossobellee, Hawwiin iyyuu hin dhiisne.Utuma iyyituu jala ba'uuf wa-warraaquudhaan isa rakkiste.Uffannaa ishee irraa ol soqolee, harka isaa lamaaniin irree ishee lamaan gadi qabe. Harka isaa tokkoon uffannaa ishee isaa qaama qaanii isheerra jiru gadi ciree gate. Qullaatti ishee hambise.

Hawwiin utuma iyyituu baay'ee sababii warraaqxuuf Hayiluun mijawuufii dide.Ni aare.Harka isaa aboottifatee iree ishee lamaan akkasumas gudeeda ishee hamma bullaa'ee butututti dha-dhaye.Yeroo kana Hawwiin nigaggabde.Qaami ishee quncee ta'e.Amma akka reefaa diriirte.Amma Haayiluun bakka garaasaa ga'uuf humni isa dhorku hin jiru. Luka ishee asiifi achi daddarbatee gidduu seene.Yoona Hwwiin abdii kutatte.Ijashee dunuunfatte.

\*\*\*\*\*

Obbo Margaan bilbilaan akkuma odeeffannoo Hawwiifi Dalasaa dhabaniin, iyyaafachuuf Finfinnee dhaqanii, Dalasaan hidhamuusaa dhaga'anii, erga Naqamteetti deebi'an boodas, sammuun isaanii boqonnaa hin arganne.Dalasaan

eessatti akka hidhame beekuu hin dandeenye.Waa'ee Hawwiis hamma ammaatti odeeffannoo tokkollee argachuu hin dandeenye.Keessumaa ammoo yeroo obbo Bulchaafi aadde Dinsiri argan gadda kana hin jedhamnetu sammuu isaanii jeeqa ture.Rafaniis irriba hin qabani.Hawwii miliqsiisuuf qooda guddaa kan raawwatan isaan waan ta'aniif, komiin sammuu baayi'ee isaan jeeqa jira.

Haala kanarra utuu jiranii gaaf tokko obbo Jirenyaan poostaa biyya Siwidinii irraa isaaniif ergame tokko itti kennan.Obbo Margaanis Poostaa sana gaggalagalchanii yeroo ilaalan poostaa Latiin isaaniif ergedha.Obbo Jirenyaan poostaa sana obbo Margaatti erga kennan booda;

“Eenyutu ergee ?Afaan Ingiliziitiin barreeffame “

“Ilmakee Latiitu siif erge.”

Latiin xalayaa barreesse kana irratti; "...Hawwiin mana nama maqaan isaanii obbo Ayyaanaa jedhaman kan ministera barumsaa keessaa hojjetan keessa akka jirtu xalayaa naaf barreessiteetti.Waan kana ta'eef Obbo Margaan yoo Finfinnee ministera barumsaa dhaqan nama obbo Ayyaanaa jedhaman kana salphaadhaan argachuu danda'u..."jedha.Obbo Jirenyaafi obbo Margaan oduu gammachiisaa kana yeroo dubbisian gammachuudhaan wal ammatan.Kana booda obbo Margaan utuu yeroo hin balleessin ganama Finfinneetti qajeelan.

\*\*\*\*\*

Hawwiin ulfiina durbummaa ishee eegdee, jaalalleen ishee yeroo deebi'u, ulfinaan isaaf kennuuf kan tursite, kara-deemaan eenyummaa isaa hin beekne tokko irraa fudhachuu issaatti baayi'ee gaddite.Durbummaan ishee mallattoo waadaa Latii wajjin qabdu kan mirkaneessu ture.Amaanaa Latiin ishee biratti dhiisee deeme kana, kara-deemaan kun fudhannaan

kaayyoon ishee hundi ni fashalaa'a.Fiigichi ishee gatii dhaba.Kan yaadde hundi daqiiqaa kana booda abjuu ta'ee itti muldhate." Egaa kana booda Latii eeguuf wareegamni ani kana caalaa baasu hin jiru.Durbummaa koo baala kanaan gatee,jaalalleekoo biratti amanamuu hin danda'u.Kardeemaa tokkotu humnaan nagudeedee narraa fudhate yoon jedhe eenyutu namanaa?"

Haadhaafi abbaa ishee, biyya dhalatan keessatti isaan qaaneessitee,gadda guddaa irratti isaan gatuun ishee baayi'ee ishee gaddisiise.Jalaa miliqxee, Finfinnee dhufuun ishees faayidaa dhabuu isaa hubatte.Gadda guddaatu itti dhaga'ame.Warra ishee irratti yekka kana hundaa kan raawwatte,durbummaa ishee jaalallee isheef kennuuf ture. Garuu amma salphaatti akka dubara kashalabee kaayyoo gaarii hin qabnetti, dabarsitee kennuu isheetti garaatu ishee gubate.

Yaadoti kuniin hundi batalaan gurra isheetti iyyan.Samuu ishee jeeqan.Xiiqiin ishee qabe.Namtticha irree cimaa kana jalaa ba'uun kan hin danda'amne ta'uu yoo hubattelle bakka tokko ciniintee haxiqlaat malee dhiiga isaa dhangalaasuu yaadde.Haaluma kanaan harka isaa mirgaa kan irree ishee gara bitaa qabe ciniinnaadhaan haleeltee, qabdee, gadidhiisuu didde. Harkasaa isa bitaa Kan harkashee mirgaa gadi itti qabee jiru gadi dhiise. Ilkaan ishee kan foon harka isaa uranii isa gaggabsan gadi dhiisifachuuf qaaruu ishee goggogsee qabe.Hawwiin garuu gadi hindhiifne.

Abbooteedhaan ija ija ishee irra dhaye.Yoona kana Hawwiin ijibbaata ishee isa dhumaa akkuma isa ciniintee jirtuun harka ishee mirgaa, gadii dhiifame loostee qaama dhiirummaa isaa kan gadi isheetti aggaamame akka lubuu horachuu hindandeenyetti jabeesitee goggogsitee qabatte.

Kun ijibaata ishee isaa dhumaati. Miciree cidhaan keessa jiran lamaan hangga burqanitti asii fi achi sukkuumudhaan lubbuu diina ishee muddite. Yoona kana irreen Hawwii dhawaa ture ni laafe.

Qaami akka jirama guddaa irratti kufee ture irraa gara gale. Harka ishee isa kaaniin fuula isaa irra, ija ija isaa keessa hamma dandeessu dhooftee, qeensaan fuula isaa qaltee, dhiiga irra lolaaste. Ilkaan isheen ammoo fuuluma isaa irra bakka baay'ee ciniinte lafa kufetti cidhaansaa kopheeshetiin dhidhiitte. Kana booda Hayiluun ni gaggabe. Amma Hayiluun lubbu isaa sababii hin beekneef Hawwii irratti tarkaanfii gara biraa fudhachuun haa hafuu dabaree ishee isarra aantee yeroo fuula isaa funyaaniifi ija isaa dhooftu, of irraa dhorkuuf xiqqoo warraaqullee hin dandeenye.

Harki isaa lamaan laafanii jiru. Iji isaa olgaragalee jira. Dafqi illee isaa lamaan irraan gadi yaa'e. Kana booda Hawwiin, u! u! jettee iyyite. Namooti baay'een alaan iyya ishee dhaga'anii balbala rurukutu. Hawwiin keessaan "Maaloo! Maaloo! Naaqaqqabaa na ajjeese!" jetti maale kan qabde gadidhiiftee balbala rurukutamaa jiru banuuf hindeemne. Hayiluun gaggabee lubbuun keesa ba'uuf jetti. Inni kan socho'u mitii ofllee hin beeku. Walumaagalatti reeffa ta'ee ciisee jira.

Namooti dirmatanii dhufan; "Bani! Bani! "jedhu. Ala dhaabbatanii yaada garaa garaa keennuudhaan koflu, "meerree sagaleen namtichaawoo hin dhaga'amuu?" Jedhu. Inni kaan ammoo" intalli bakka hamaa qabatte ta'a..." jechuudhaan yaada gara garaa kennu turan. Inni kaan ammoo dubartiin bakka sana nama qabannaan gadi hinlakkiftu" Jechuudhaan koflu". Dubbiisaa wali wallaalan. Sababiin isaas sagaleen Hayiluu hin dhaga'amu. "Namichoo! namichoo!" Jedhan. "Mal

hojetaa sagalee dhokfatee?" Jedhu. Kana gidduutti Hawwiin Hayiluu gadi ilaltee laafuu isaa hubatte.Utaaltee balbala banattee gadi fiigdee, namoota gidduu seente.Lukiifi irteen ishee sababii bullaa'aniif miilli ishee lafa qabachuu dadhabee, rom'ee, kufte.Booda namooti kaasanii gardaafuu manaa jala ishee kaa'an. Namooti kaan ammoo oduuf mana seenan. Kaan ammoo Hawwiitti marsanii gaaffii garaa garaa gaaffachuudhaan afaan ishee gogsan.

"Amma jara keenyaa, durba Finfinnee ishee karaa irraa nama waamtee, harkaan nama qabachuu kajeeltutu akkas iyyee nu goolaa?" jedhe namtichi tokko.Tokko ammoo "buu! ofuumaa iyyite malee maal taati? Kunoo waan jiru dha. Ishee nyaataa? Ni liqimsaani moo maal ishee godhaa?" jedha Tokkommoo, "Lakkii dhiisaa yaa jamaa intalli kun fedhi isheetiin alatti giddisiisee qabatee ol seene ta'a malee utuu fedhii isheetiin tahee maali isheefis haajdha (dhimma) mitii" Jedha. Namtichi tokko ammoo;"Lakki intalli durba ta'uun hin ooltu, durba" Jedhe.Tokko ammoo durkaa"! Jedhe. Yeroo kana namooti itti marsanii jiran hundumtuu walga'anii tokkicha kolfan.Tokkommoo "lakkii yaa jamaa akkas hin jedhinaa fedhii ishee malee dirqiidhaan harka ishee harkissee mana galchee balbala itti cufate ta'a. Dhalli namaa ammoo horii miti.Akka arge karaa irraa humnaan dubartii qabee fedhii isaa guuttachuuf yaaluun horii ta'uudha" jedhe.

Namoota oduuf albeergoo keessa seenanii haala Haayiluu argan keessaa tokko;"Paa! italli kun dhiira caalti.Korma haati ishee deesedha.Dhirra hamma jirmaa ga'u kana harkaa ba'un ishee nama ajaa'iba.!Cimtuu intalaati. Kun ijoollee durba magaalaa Finfinnee miti.Baadiyyaa irraa kan dhufte ta'u qabdi" jedhe.Haala kanaan namooti ishee marsan tokko tokko yaada itti fakkaate darbataa turan.

"Essa biyyi kee" Jedhan abbaan hoteelcihaa kan haala isheetti garaan isaanii tuqame.Hawwiinis utuu boossuu "Wallaggaa" Jette "Kunooti! ijoolee magaalaa kanaa mitti. Utuu kashalabbee magaalaa kanaa tokko tokko taatee horii isaa harkaa fixuuf itti siqxee, waan baayi'ee gooti turt" jedhan.Ammas itti fufanii "anis dhala qaba.Nami dhala qabu garaa hin jabaatu! mee turaa!" jedhanii, namoota Hawwiitti marsanii gaafiidhaan ishee rakkisan asiifi achi deebisan. Hawwiitti siqanii suuta jedhanii yoom biyyaa akka dhufteefi amma ammoo magaalaa kana maal akka hojjettu, namticha kanaa wajjiin eessatti akka wal beektuufi hoteela kana akkamitti waliin akka dhufte,suuta jedhanii gaafatanii, eega hubatan booda baayi'ee gaddan.

Abbaan qabeenya hoteelichaa,namtichi ishee gudeeduuf yaale kun seera duratti dhiyaatee, yekka hojjetetti gaafatamuu akka qabu waan itti amananiif, waajjira Poolisiitti bilbilanii poolisii waaman.Yeroo Poolisooti dhufan, Hayiluun gaggabee qullaa isaa lafarratti diriiree ciisa ture.Namooti itti marsan bishaan itti naqanaan xiqqoo of bare.Yeroo of baru namoota bitaafi mirgaan itti marsan argee baayi'ee qaana'e.Uffatta isaa uffatee, ka'ee deemuuf jedhe.Namooti achi turan keessaa gocha Haayiluutti kan baayi'ee aare tokko, "kun harreedha!" ittiin jedhee,takkaa kaballaadhaan dhaye. Hayiluun garuu ol jedhee ija namaa keessa ilaaluu saalfate. Poolisooti dhufanii isaafi Hawwii, namticha siree kireessuufi abbaa qabeenya hoteelichaa makiinaa abbaa hoteelichaan buufata polisii 5-ffaa fudhanii deeman.Kana booda abbaan qabeenya hoteelichaafi gurbichi siree kireessu kan argan bundumaa galmeessisan. Hawwiinis kan ishee irra ga'e himatte.Kana booda Hayiluu achumatti hidhaa keessa

galchan.Hawwiinis abbaa hoteelichaafi gurbichaa wajjin gara hoteelatti deebite.

Hawwiin qaami ishee guutummaatti baay'ee butute. Dandeessee sirriitti tarkaanfachuu dadhabde.Yeroo lafa ejjettu luki ishee lamaan jalatti hollatu turan.Abbaan hoteelaa haala ishee kana ilaalanii "Maali mucayyoo namtichi kan si hube ni jiraa?" Jedhan Afaan Oromootiin. Akka tasaa isaanis Oromoo gara bahaati.Hawwiinis luqqeettuufi gudeeda ishee hanga bullaa'uutti sababii ishee tumeef,lafa jabeessitee ejjechuu akka dadhabde itti himtte.

"Gara biraa humaa hin taane mitii?"

"Irree koos baayi'ee sababii natumeef sochoosuun na dhiba.Fuulli koos akkuma argitan fakkaata.Maal koo nadhiisee?". Jettee boosse.

"Dhiisi amma hin boo'in.Ajis namticha bakka hamaa qabatte malee silaa siballeessee ture.Utuu dubbannuu sigudeedeeraa?

"Lakki"

Hawwiin bishaan akka isheef kennan gaafattee erga dhugdee booda;

"Abbabbaa maaloo manaattin gala.Hamma iddo taaksii itti argachuu danda'utti nama nagaggeessu naakennaa" Jettee kadhatte. Abban Hoteelcihaas baayi'ee gaddaniif.

"Mucayyoo amma dhiyee jira.Halkan keessaa sa'atiin 3 ta'ee jira.Ammas karaa irratti waanbadeen gara biraa yoo siqabatee woo? Asuma ijoollee kiyyaa wajjin buli." Jedhani.Oromoo ta'u ishee erga beekan booda afaanuma Oromootiin itti dubbatu.

Hawwiin garuu mana namaa keessummummaan akka jirtu itti himte.Hardha ganamaan dafeen dhufa jettee manaa waan baateef utuu manatti hin deebi'in yoo ala bulte baayi'ee

akka yaadan itti himte. Abbaan hoteelichaas ganda Hawwiin jiraattu erga sirriitti gaafatan booda gaggeessuuf ka'an.

Hawwiinis bakka taa'aa turtee ol ka'uuf jette. Luki ishee dhaabbachuu didnaan deebitee gadi teesse. Namtichis "ayii mucayyoo humaa miidhamtee jirta ofii jette malee" Jechaa harkka isaaniitiin deggeeranii ol dhaaban. Hawwiinis suuta miilla fuudhaa deemtee,makiinaa isaanii keessa galte. Araat Kiiloo Y.M.C.A biraan ga'an. Isheeniis "Kana booda hin sodaadhu kuunnooti" Jettee makiinaa isaani keessaa gadi buute. Isaanis "Jedhi egaa nagaatti buli" Jedhanii, makiinaa isaanii naanneffatanii hamma isheen karraa keellaa manaa bira geessutti makiinaa isaanii keessa taa'anii ilaala erga turan booda bira ga'u ishee hubatanii deeman. Hwwiinis karra keellaa mana obbo Ayyaanaa yeroo baayi'ee deddeebistee rukutte. Garuu nama karra isheef banu hin arganne. Utuu abdii hin kutatin rurrukkuttee, deebii dhabde.

Dhaabbachuu dadhabdee karra jala teesse. Ammas utuu abdii hin kutatin lafuma teessutti,turtee turtee karra rurrukkutte. Sareen obbo Ayyaanaa keellaa keessaa duta. Saa'atiin harka ishee irraa,halka keessaa 4 jetti. Haati Maatiwoos sababii argatan. "Kunootikaa! durba kashalabbee karaa irraa harkisee fidee ijoollee koo amala balleessuuf mitii?" Jechaa oolan. "Hawwiin yoo dhufte, elaa ! akkas jettee akka karra hin bannee!" jedhanii waardiyyaan isaanii akeekkachiisan.

Waardiyyaanis sababii kanaaf rukutamuu karraa utuu dhaga'uu calluma jedhe. Booda garuu Hawwiin turtee turtee rukutuu sababii itti fusfeef karra saaqee; "Hawwii giiftiin ol hin galchin jedhanii sababii na akeekkachiisiif utuu kana caalaa saa'atiin dhiyee bakka bultu hin dhabin dafii deemiitii albeergoo siree kireeffadhuu buli. Bor ganama obboonfaa

yroo ka'an utuu hojii hin deemin dafii kottuutii itti himadhu". jedhee ganda siree argachuu dandeessu itti himee deebisee karra cufe.

Hawwiin oduu kana yeroo dhageessu baayi'ee naate.Guyyaa dhaloota ishee balaaleffatte."Maal yaa Waaqayyo maaliin godhee? cubbuun koo maalii? maaloo rakkina kana hundaa hamma narraan geessu lubbuu koo nakeessaa baasii fudhi.Maaloo yaa Waaqayyo! cuubuu yoon hojjedhes dhiifama naaf godhi.Amma essa abbaakoon dhaqaa? Rakkinni kan akka silaa ammas yoo narra ga'e fiigee jalaa miliquullee hin danda'u..." Jechaa boo'aa Tiolojii koolleejji bira dabartee, Yuniversaal Kaafiteeriyyaa <sup>22</sup>kan jedhamu isa waldaa machaafa qulqulluu cinaatti argamu bira geesse.Itti gortee gaafachuuf yaadde.Takkaa dhaabbattee ilaalte.Mana siree kireessan itti fakkaachuu didnaan bira dabartee, gara harka bitaatti gadi jallatte.Gara gama ministeera barumsaatti utuu hince'in,manneetii dhugaatii toora galanii jiran fageenyatti gadi ilaala, suuta miilla fuudhaa, gadi buute.

Haaluma kanaan suuta utuu deemtuu,Qiddiste sillasee Hosteel <sup>23</sup> jedhamu bira geessee, dhaabbatte. Gara hoteelota fuulleetti itti mulhataniitti ce'uuf jettee, miilla fuute.Gara fuula dura isheen fageenya meetirii 50 irratti namooti machooftuun lama kallattii isheetiin miilla isaanii waliin dhayaa yeroo gara isheetti dhufan argite.

Karaa sana irra halkan saa'atii sanatti isheefi machooftuu lamaan sana irraa kan hafe nami gara biraa hin mulhatu.Hawwiin uffannaan isheen uffatte haphii wanna ta'eef baayi'ee dhaamotte.Dadhabpii ishee wajjin qorri halkan

---

<sup>22</sup>Bara Dargii kan waajjira paartii hojjettoota Itoophiyaa ta'e

<sup>23</sup>Bara Dargii Kan waajjira paartii hojjettoota Itoophiyaa ta'e

sanaa qaama ishee hurgufaa jira.Kana gidduutti machooftuun sun lamaan kallattii isheen jirtutti itti dhufnaan, haalli isaan ta'aa jiran itti toluu dide.Kan gootu wallaaltee, gara bitaafi mirgatti of irra mildhatte. Nama tokkollee dhabde.Gar booda isheetti of booda yeroo deebitu waardiyyaa hosteela Kaapoortii uffatee,fuula isaa ammoo fooxaa dhaan xaxatee,gimbiitti hirkatee dhaabbatu argite.Jarreen machooftuun sun wal ammatanii weeddisaa bitaafi mirgatti jijigaa itti dhufani.

...Kottu me! paa ram! koottu me! paaram!...

... Kottumee wajjin gallaa kottumee...

Ani hin nyaadhu quufee

Midhaan bara ba'ee

As siqii mucayyoo garaan naboba'ee.....

"Isheet isheetii le wereti;

Ihset bilu ye shinbira indaayimeslish

Isheet bilu ye baqeela indaayimeslish

Isheet bilu ye boqolloo indaayimeslish... "Jechaan gidduutti ammoo; " Achii qoonjoo neyi isti!"

jechaa sirba Xilaahuniifi Minilik sirban weeddisuu yaalu.Utuu akkas jedhani, inni tokko qabachuuf gatantaraa asii achi daddarbatamaa bira ga'e.Hawwiin akkuma taatu taatee utuu dhukkubuu fiigdee,waardiyyaa sana jala dhokatte.Inni tokko waardiyyicha bira ga'e; "Zabanya Yiichii mistee ne... nechi... am... am... amxaati!" jedhee itti iyye. Waardiyyichiis "Badi asii ! machooftu! ofii keetifuu dandeessee hin dhaabattu niitii maal goota?".Jedhee arrabsee, jarreen machooftuu sana irraa deebise.Erga jarreen sun irraa deeman booda waardiyyichi;"ati sa'atii kanatti eessaa qofaakee deemtaa?" jedhee, gaafate.Hawwiinis rakkoo ishee irra ga'e hundumaa boo'aa itti himte.Haala kanaan utuu waardiyyaa wajjin

dudubbattuu konkolaataan tokko dhuftee isaan bira dhaabbatte.Dubartooti lama kan kaaportaa usfatan keessaa bu'anii,gara hosteelichaatti dbufan.Waardiyyaa isaanii biratti yeroo Hawwiin boossuu argan. Isheen tokko "waayi! intallii kun maalifakkana boossii?"Jettee wardiyyiicha gaafatte. Innis kan Hawwiin itti himaa turte isaanitti hima.Hawwiin garuu boo'ichaaf dubbachuu hin dandeenye.Dubartooti lamaan haala Hawwiitti gaddan.Isheen tokko."Dhiisi hin dhqaa?Biyya hin beeku.Naman beeku hin qabu! Siree kireeffadhee haradhaf buluuf illee mana sree kireessan hin beeku" Jettee boo'uu itti fufte.

Isheen tokko waardiyichaan "Abbaabbaa! hoteela sana geessaatii sree qabaafii maaloo!" Jette.Isheen kaan ammoo "Lakkii, lakkii hardhaaf nubria haabultu.Saa'atii kanattis sreen hin argamu"Jechuudhaan ishee jajjabeessaa mana cisichaa isaaniitti wajjin galan.Baayi'ee sababii dhaamotteef Gaabii(Bullukkoo) itti uwisani.Kana booda seenaa ishee hundaa gaafatan.Hawwiinis maqaa ishee erga of beeksiste booda seenaa ishee jalqabaa kaastee hanga balaa hardha ishee irra ga'eetti itti himte.Isaanis"Ani Asteer." "Animmoo Gannat"jechuudhaan maqaa isaanii itti himuudhaan of beeksisan.

Akkuma kanaan utuu hinrafin baayi'ee haasa'aa turan.Asteer;"Kun hosteela dubortootaati. Nuti as kan jiraannu ji'a ji'aan kiraan isaa kafaluu dhaani. Atti ammoo nama sigargaaru utuu qabaatte illee sreefi kutaa ciisichaa sif keennama ture. Jetteen Hawwiins "Hanga firakoo argadhutti qarshii ji'a ja'a na tursu hin dhabu.Mee namoota kiraan namatti kireessanitti naaf himaa." Jetteen.

Asteeriifi Gannatis yaada isheen dhiheessiteen ishee gargaaruuf murteessan.Kana booda Hawwiin Gannat wajjin siree tokko irra, Asteer ammoo qofaa ishee rafan. Qaamni Hawwiin guutummaatti sababii bututeef utuu takka of irra hin galgalin cinaacha tokkoon raftee bulte.Ganamas ka'uu hin dandeenyeye.Irreen isheefi luki ishee akka madaa ishee dhukkubee socho'uu dhorke.Fuulli ishee inni rukutames dhiita'ee ija ishee irra ol garagalee, nama gara biraa ishee fakkeesse.

Asteeriifi Gannat keessummaa isaanii kana gargaaruuf shaanxaa ishee mana obbo Ayyaanaatii fiduuf ganamaan ka'anii jiru.Hawwiinis akkuma taatu taatee siree irraa ol kaate. Fuula ishee dhiqattee rifeensa mataa ishee filachuuf daawwitiitti yeroo of ilaaltu,fuulli ishee rukkuttaadhaan dhiita'ee kan buruquu ga'e fakkaatee jira. Kan kaleessa ishee irra ga'e yaadattee mataa ishee filachuu dhiistee dhaabbattee boo'uu jalqabde.Asteerifi Gannat qophaa'anii, yeroo dheeraa ishee eegan turan.Asteer mana dhiqanna deemtee yeroo ilaaltu,Hawwiin daawwitii bira dhaabbattee,yeroo boossuu argiteen."Dhiisii Hawwii hinboo'iin" Jettee, jajjabeessaa, harkashee qabdee fuutee baate. Sadeenuu walqabatanii mana obbo Ayyaanaa ga'an.Hawwiin karraa rurrukuttee utuu xinnoo hinturin baname.

Fuulli ishee inni dhiita'ee akka hin muldhanneef shaashiidhaan aguuggachuu haayaaltu malee waardiyyichi battalaan ishee arge.Kaleessa galgala balaan ishee irra ga'uu isaa hubatee, garaa isaatti baay'ee gadde.Obbo Ayyaanaan ganamaan manaa ba'u isaanii itti hime. Waa'ee balaa ishee irra ga'e gaafate. Kana booda Hawwiin utuu nama tokkoo wajjin hin dubbatin karaa borootii kan argamu mana ciisichaa ishee

banattee, uffannaafi qabeenya ishee hundumaa shaanxaatti naqate.

\*\*\*\*\*

Obbo Margaan mana jireenyaa obbo Ayyaanaa waan hin beekneef yeroo isaan ganama sa'atii 3:00 irratti biirroo galan isaan argachuuf dursanii sa'atii 2:30tti ganda Araatkiilootti kan argamu gamoo ministera barumsaa jala dhaabbatan.Daqiqaan soddomni akka guyyoota soddomaatti itti dheeratan.Gamoo jala dhaabbatanii yaada sammuu isaanii keessa deddeebi'u keessummeessaa, konkolaataafi namoota hojii galuuf sardamaa kallattii garaa garaan kaatan daawwachaa, sa'atii harka isaanii al kudhaan ilaalu.Hawwi argachuuf baayi'ee sababii jerjeraniif hamma sa'atii 3:00tti dhaabbatanii Obbo Ayyaanaa eeguuf obsa dhaban.Waardiyyaa karra ministera barnootaarra dhaabbatetti siqanii, erga nagaa gaafatan booda ;

“Maaloo obboleesso waan tokkon sikadhadha”

“Waan isin gargaaruu danda'u yoo ta'e rakkoon hin jiru.”

“Ani Wallaggaa irraan dhufe.Mana Obbo Ayyaanaa wallaaleen eda galgalas albeergoon bule.Manni isaanii eessa akka ta'e yoo beekta taate maaloo natti himi.

“Eessa irraan dhufe jettanii?”

“Wallaggaa Naqamteerraan dhufe.Elaa waraqaan eenyurnmaakoo mul'isu kunooti”Jedhanii kadhanan waardiyyichi kallattii mana isaanii itti hime.Akkuma itti himameen obbo Margaan gara mana obbo Ayyaanaatti qajeelan

\*\*\*\*\*

Hawwiin balaa kaleessa ishee irra ga'erra kan ka'een irreifi lukki ishee dhukkubee waan tureef shaanxaa lamaan

miti uffannaa isheellee walitti qabdee funaantee shaanxaatti naqachuullee dadhabde.Garuu utuma ishee dhukkbuu uffannaa ishee walitti qabattee,shaanxota isheetti naqachuuf yeroo dheeraa itti fudhate.

\*\*\*\*\*

Obbo Margaan akkuma waardiyyaan ministeera barumsaa itti hime mana jireenyaa obbo Ayyaanaa salphaadhaan argachuu hin dandeenye.Manneetii viillaa dallaa gimbii gurguddaafi karra sibilaa gurguddaa naannoo W.M.C.A.jiran tokko tokkoon irra deemanii rurrukutu.Tokko tokko dafanii bananii deebii kennuuf.Tokko tokkommoo dafanii karra hin banan.Garuu utuu abdii hin kutatin gaggaafachaa "Nama akkas jedhamu hin beeknu". "As miti"."Kun mana obbo Ayyaanaa miti" yeroo ittiin jedhan darbaniimmoo mana itti aanu gaafatu.

\*\*\*\*\*

Hawwiin akkuma taatu taatee uffannaa ishee shaanxota ishee lamaanitti naqatte.Tokko harkatti rarraafattee, tokkommoo lafarra harkisuuf yaalte.Garuu hin dandeenye.Booda waardiyyicha waammattie, hamma karratti shaanxaa ishee lamaan fuudhee, fuula dura ishee bu'e.Isheen ammoo boodaan okkolaa qajelte.

Kana gidduutti haati manaa obbo Ayyaanaa gadi ba'anii,gardaaffoo mana isaani jala mudhii isaanii harka lamaan qabatanii, "lammaffaa karaa mana kanaa baata! Mana utaalchaaf siif ta'u dhaqii akka feete ta'i.Achitti ni dandeessa. Manni kun garuu mana ulfina guddaa qabu waan ta'eef utaaluuuf sif hinta'u!" Jedhan.Aariidhaan.Hawwiinis shaashii ishee akka aguuggatteetti lafa gadi ilaala,kan isaan dubbatan dhaabbathee dhaggeeffachaa erga turtee booda

"Immaammaa maaloo isinis ijollee durbaa niqabdu  
akkas hin jedhiinaa. Waaqa isin uume sodaadbaa.Dhalla  
namaa biyya itti dhalatee ba'ee bakka deemu hin  
beekamu.Ijoolleen keessanis biyya ormaatti rakkoon isaan ira  
ga'uu ni danda'a".

"Deemi asii!.Ijoolleen koo sirnaan guddatani.Sirnaanis  
baratanii iddo guddaa kan ga'an akka kee biyyaa gara  
biyyaatti utuu jooranii yeroo hin balleessine.Ijoolleenkoo  
kashalabbee joortuu akka kee miti'

"Immaamma ulfaadhaa! Baayi'een isin galateeffadha  
Keessummummaan na simattanii gargaarsa guddaa naaf  
gootaniittu.Nagargaartaniittu.Galatoomaa.Waaqayyo isin  
haaeebbisu. Kan nama boqochiisuus waaq." Jettee akkuma  
lafa ilaaltutti karra baate. Hamma kana nibboossi turt.

Asteer haalli ishee gaddisiifnaan "maal boossaa? Maal  
ati aarii kee of keessatti ukkaamsitee, liqimsitee, rakkoo ba'aa  
sitti ta'e Waaqayyootti hin kennatuu? Inni jirenya kee  
siifooyyeessaa! Rabbiin kadhadhu malee calluma jettee  
ammas ammas imimmaan dhangalaasuun gowwuummaadha.  
Faayidaa hin qabu..."Jettee gorsiteen.Dafqaan bulaa shaanxota  
ishee lamaan baatu hamma argatanitti karra mana obbo  
Ayyaanaarra xinnoo dhaabbatan.

\*\*\*\*\*

Obbo Margaan utuu abdii hin kutatin karroota  
manneetii jirenyaa baayi'ee rurukutanii bansiisuudhaan  
gaafatanii,mana obbo Ayyaanaa argachuu hin  
dandeenye.Haaluma kanaan utuu deemanii karra Asteerfaa  
bira dhaabbatan fageenyaan arganii itti deeman.Asteerfaa  
garuu gurbaa tokko shaanxota lama baachisanii of dura  
buusaan.Gurbichi shaanxota sana baatee dura isaanii bu'ee  
sussuke.Asteerfaas gurbicha boodaan akkuma isaa sussuku.

Obbo Margaan Asteerfaa bira ga'anii gaafachuu hin dandeenyeye. Garuu mana obbo Ayyaanaa ga'anii, karra rurukutan. Karri dafee hin banamneef. Ammas deebisanii rurukutani. Ammas karra hin banneef. Obbo Margaanis ammas yeroo sadaffaaf karra rurukutanii banameef.

"Attam bulte obboleessoo? kun manna obbo Ayaanaadhaa?"

"Maaliif gaafattuu?"

"Ani Wallaggaarran dhufe. Maaloo intala tokko mana kana jirti jechuu oduu dhaga'een ishee barbaacha dhufe."

"Intala akkamii? Eenyu jedhamtii?"

"Hawwii Bulchaa"

"Hawwii"

"Eeyee"

"Isin maal isheetii?"

"Ani obboleessa abbaa isheeti"

"Wayyoo Wayyoo Obboo! kunoo amma dubartoota lamaa wajjin shaanxaa ishee fudhattee baate. Utuu karaa kanarra fiigdanii bira ga'uu dandeessu. Ni qaqqabdu"

"Dubartoota sadan amma shaanxaa baachisanii ba'an gidduu Hawwiin jirti turtee? Amma isaan argeera. Wayyoo Wayyoo Hawwiikoo! Wayyoo mucaaakoo"

"Obbo utuu isinirraa hin fagaatin fiigaa bira geessuu"

Obbo Margaan naasuudhaan kallattii Hawwiinfaa deemanitti takkaa akka fiiguu ta'anii dadhabanaan xinnoo dhaabbatanii, haara erga galfatan booda akka duraanii yoo fiiguu baatanillee sussukaa jalqaban.

\*\*\*\*\*

Obbo Ayyaanaan sa'atii harka isaanii irraa ilaalaan gara waajjira isaaniitti deemuuf furtuu baafatanii konkolaataa

isaanii banuuf deemuurra jiru.Haati Maatiwoos  
dinqisiifannaadhaan waardiyyaa isaanii gaafatu;

“Namtichi ammaa maal barbaadee?”

“Hawwii nagaafatani”

“Maaliif gaafatanii?”

“Ani obboleessa abbaa isheeti naan jedhan”

Obbo Ayyaanaan haasaa haadha manaa isaaniifi  
waardiyyaa isaanii dhaga'anii;

“Maali nagaan mitii? Hawwiin maal taate? Maaltu  
uumamee?”

“Maal hin taaneree kaleessa galgala ala bultee  
hardhammoo dubartoota lamaa wajjin dhuftee, shaanxaashee  
fudhattee, baatee yeroo deemtu, namtichi ani obboleessa abbaa  
isheetii jedhu tokkommoo ishee barbaacha Naqamtee irraan  
dhufe jedha.”

“Maalin dhaga'aa? Amma Hawwiin baatee deemte  
naan jechaa jirtuu?”

“Ishee ga'ekaa?”

“Ati attamitti kana natti himuu dhiistee? Hawwiinis  
utuu natti hin himin attamitti deemtee? Namticha ani fira  
isheeti jedhee, dhufe kanas maaliif wal naquunnamisiisu  
dhiistani? Amma Hawwiin gara kam deemtee? Namtichi fira  
isheete jedhee, dhufe kunis eessa deemee?” Jedhanii  
waardiyyaafi haadha manaa isaanii dabaree dabaree ilaala  
gaafatani.

Waardiyyaafi haati Maatiwoosis haala hundumaa  
isaanitti himan. Obbo Ayyaanaan baayi'ee gaddan. Afaan  
qabatanii konkolaataa isaanii bira calluma jedhanii  
dhaabbatan Battala kana waardiyyaan isaanii, karra isaanii  
bane. Obbo Ayyaanaan utuu waa hin dubbatin haala gadda

guddaadhaan konkolaataa isaanii kaafatanii gara waajjira  
isaaniitti qajeelan.

\*\*\*\*\*

Obbo Margaan Hawwiifaa qaqqabuuf yoo fiiganillee, kallatti  
isaan itti jallatan waan wallaalaniif argachuu hin  
dandeeny. Eessa akka deeman gaafachuuf gara mana obbo  
Ayyaanaatti deebi'anii, Waardiyyaa obbo Ayyaanaa gaafatan.  
Warrdiyyaanis Hawwiin eessa akka deemtu waan itti hin  
himneef odeeffannoo obbo Margaan barbaadan itti himuu hin  
dandeeny. Obbo Margaan erga kana dhaga'an booda waa'ee  
Hawwii odeeffannoo natti himuu danda'u jechuudhaan obbo  
Ayyaanaa haasofsiisuu akka barbaadan waardiyyaa  
gaafannaan gara waajjira isaanii akka deeman itti hime.

Kana booda Obbo Margaan waajjira ministera  
barumsaa sababii beekaniif gara sanattimmoo qajeelan. Biiroo  
obbo Ayyaanaa garuu waardiyyaa irraa jalqabanii hojjettoota  
baayi'ee gaggaafachaa ga'an. Obbo Ayyaanaanis obbo Margaa  
simatanii, teessisan. Obbo Margaanis maqaaisaaniifi fira  
Hawwii ta'uu isaanii erga of beeksisan booda, amma ishee  
fudhachuu akka dhufan itti himan. Obbo Ayyaanaanis  
gaddaniifi aaridhaan;

"Maali isin mucaa wallaaltuu biyya isheen hin beeknetti  
qofaa ishee yeroo ergitan maal hojjechuu keessanii? Sana  
boodas eessa geese jettanii hin gaafattanii? Odeeffannoo Sirii  
ta'es nama asitti eegee ishee simatutti himuu qabdu turtan."

"Utuu isheen Naqamteerraan hin ka'ini Hawwiin bor dhufti  
jedhee, ilmakootti bilbilee himeera. Gaafa Hawwiin Finfinneetti  
kaate ganamas dhaabbii Awutobusii Markaatootti eegee akka  
ishee simatu siriitti bibilaan irra deebi'een itti himee, innis  
akka ishee eegu natti himee, mirkaneeffadheera.

"Dalasaa Margaa kan jedhamu ilma keessanii?

“Eeyee”

“Baankii Kaazaanchiiz keessaa hojjetaa mitii?

“Baankii Kaazaanchiiz keessa hojjechuu hin jalqabne.Baankii T/hayimaanot keessaa hojjechaa ture.Borii jalqabee baankii Kaazaanchiiziitti jijiirameer.Jechuudhaan bilbila mana baankii Kaazaanchiiz naakenne.Anis lakkooftsi bilbilaa Hawwiif kenne kan mana baankii Kaazaanchiiziifi kan mana jirrenyaa isaadha.”

“Amma ilmi keessan Dalasaan baankii T/hayimaanoti jira jechuudhaa?:

“Ilmikoo achis hin jiru.”

“Eessa jira ree?”

“Hogganaan baankichaa, Poolisoonni ganama tokko dhufanii iddo hojiisaa kanaa dhufanii,fuudhatanii akka deeman natti himan guyyaan sun guyyaa Hawwii Finfinneetti ergine ta'uusaan hubadhe.”

“Qarshii balleesse moo maal balleessee ?”

“Qarshii hin balleessine”

“Maal balleessee hidhamerre?”

“ Hidhamuu danda'a jedhee kan ani shakku, ilmikoo sochii qabsoo Oromoo keessa waan jiruuf sababii kanaan hidamuu danda'a jedheen yaada.”

“Eessatti hidhamee?Deemtanii gaafataniittuu?”

“Idoo isaan itti hidhan namni hin beeku.Amma Naqamteedhaa kanan dhufe, Hawwiin mana keessan jirti jechuu oduu dhaga'een hardha ganama mana keessan dhufnaan, gara waajjira isaanii deeman naan jennaan, isin biran dhufe. Akka isin bira jirtummo jaalallee ishee biyya Siwidinii jirutu naa barreesse.”Jedhan.

Obbo Ayyaanaanis; Iskiriiptoo isaaniitiin Miinjala irratti barreessan runrukutaa;”Oduu gaddisiisaa! Raajiidha. Hanga

xiqqoof..." Jedhanii utuu dubbatanji hin fixin. Obbo Margaan naasuudhaan kursii taa'an irra ol ka'anii; "Maali? maaltu irra ga'e mucaakoo? Maal taatee? Eessa Jirtti?" "Hawwiin yeroo Naqamtee Awutobusii yaabbattu, na bira teesse. Yeroo Finfinneetti gallu, Dalasaan dhufee akka ishee fudhatu mana isaatti bilbillee dhabne. Kana booda hamma fira ishee argattutti manakoottin fudhadhee gale. Erga gaafa sanaa hanga hardha ganamaatti manakoo jiraatte. Garuu utuu ani hin beekin manakootii hardha ganama baatee, deemte jedhanii natti himan. Baayi'een gadda" Jedhanii gadda guddaa keessa galan.

"Amma eessa deemte jedheen barbaadaree? Wayyoo! Wayyoo! Hawwiikoo!"

"Waardiyyaa koo gaafadhee akkan hubadhetti kaleessa galgala mana hin bulle. Hardha ganama ammoo dubartoota lamaa wajjin dhuftee, shaanxota ishee fudhattee, deemte. Iddoo deemtus itti hin himne. Baayi'ee nama gaddisiisa." Jedhan. Obbo Margaanis oduu rifachiisaa kana yeroo dhaga'an mataa qabatanii boo'aa biirroo obbo Ayyaanaa keessaa ba'an.

### ***BOQONNAA TORBA***

Hawwiin jirenya hosteelaatti bartee jirti. Nyaata ishees hosteelichc bira mannootii nyaataa jiran deemtee, qodaadhaan bitattee, mana ciisichaa ishee keessatti nyaatti. Gatiin isaas yoo foon ta'e saantima 50. Yoo shiroo ta'e mmoo, saantima 0.25. Yoo ittoo indaaqoo ta'e qofa saantima 0.75niin bitatti. Haala jirenya hiriyooti ishee waliin jiraatan ishee madaqsaniiru. Gaafa Dilbataa mana sagadaa fudhatanii deemu.

Gaaf tokko Asteeriifi Gannat, Hawwii fuudhanii bashannana (fandalala) ba'uuf kutaa ciisicha isaanii keessaa

qophaa'anii ba'anii,balbala irratti ishee eegu.Hawwiin ishee  
qoqophooftee,gamoo mana ciisiichaa ishee irraa gadi buutee  
Asteeriifi Gannat bira geesse. "Isiniin turse mitii?" Jettee, utuu  
wajjin dubbachaa jirtuu,gidduutti intalli tokko gara  
hosteelichaatti ol seenuuf dhufte. "Haayi Astii! haayi Ganni!"  
Jette harka isaan qabdee dubbiste. Asteeriifi Gannatis "Haayi  
Maartii" Jedhanii karaa jalqaban.Hawwiin garuu intala isaan  
dubbiste kana akka gowwaa dhaabbattee, hamma isheen fooqii  
ol baatee,ija ishee duraa fagaatutti ilaalaat turt.

Asteeriifi Gannat asfaaltii karaa makiinaa irra yoggaa  
ga'an, of biraa ishee dhabanii, haala isheetti koflan. "Maali  
gowwaan kun? waan argite hundumaa dhaabattee, ilaalti"  
waliin jechaa "Hawwii!" jette Asteer. Hawwiin akka nama  
irriba irraa dammaquu, "ihii!" jettee ariitiidhaan tarkaanfachaa,  
isaan bira geesse.Gannat;"maali ? maal taatee?" Jetteen.  
Hawwiinis "Lakkii intala ammaa nin beeka!" Jette. Asteeris  
"Maartiimoo?" jettee gaafatte."eeyyee" Jettee deebistee  
"Biyyatti nin beeka.Achiitti maqaan isheellee akka ammaa  
Maartii jettee hin jijjiirranne"Jette. Gannatis "Eenyu jedhamti  
turtee?" Jettee,deebistee, gaafateen. Hawwiinis "Maartaa dha"  
Jette. Yeroo kana Gannatiifi Asteer baayi'ee itti  
koflan.Hawwiinis takkaa wajjin kofaltee, iji namoota karaarra  
daddarban isaanirra waan bu'eef, saalfattee, calluma  
jette.Asteeriifi Gannatis kofla isaanii erga fixatan booda  
"Hawwii ati garraamii gowwaa Rabbiiti! kottu amma ni  
deemnaa!" Jette.Asteer. Hawwiin garuu kolfi isaanii maaliif  
akka ta'e hingalleef,"Garuu isin maaliif natti kofaltanii?"  
Jettee, gaafatteen.Asteeris ammas takkaa itti kofaltee "Maqaa  
ishee beektee jirta.Garuu Martii kan jenne gabaabsineetu  
malee maqan ishee Maartaadha.Garuu isheen Oromoo miti.  
Biyyi ishees naannoo biyya kee miti Jette.Gannatis itti

dabaltee "Isheen Tigireedha" Jette.Hwwiin garuu "Lakki Oromoodha" jetteen.Asteer ammoo "Lakki Ganni! isheen Amaara.Ani Amaara jetee yeroo dubbattu dhaga'eera. Hawwiin fakkaatti ishee argite ta'a malee biyyi ishees asuma" Jetteen.

Hawwiin garuu sirriitti kan beektu ta'uu ishee akka amananiif "Malii jara keenyaa nama ani beeku akkamittiin wallaalaa?" jettee maqaa ishee hamma akaakayyuu isheetti dhoofte. Hawwiin itti fuftees "Barumsaanis na dura yoo taate illee sirriitti wal beekna. Garuu kutaa biyyaa itti dhalatte hin beeku.Amma isiniin dubbistee yeroo ol seentu maaliif nadubbisuu akka dhiiste anaaf hin galle". Jettee, hundeedhaa kaastee itti himte. Booda Asteer "dhuguma maqaan ishee fi kan abbaa ishee sirriidha.Garuu kan akaakayyu ishee illee hin beeku" Jette. Gannatis "Hin beeknu.Egaa sababii akkas jettee himattuuf niqabdi ta'a.Maal beeku yaada namaa!Mee amma isa dhiisaatii haa deemnu"Jettee taaksii keessa bu'anii bashannanaa oolanii deebi'ani manatti galan.

Hawwiin hiriyoota ishee Asteeriifi Gannatiin baay'ee sababii jaallattuuf, yeroo isaan biiroo isaanii hojii oolan, qofaa waan taatuuf baay'ee dhiphatti.Yeroo hojii irraa deebi'an garuu yaaddoon ishee irraa bada.Isaan malee shamarran hosteela sanaa wajjiin garaa baldhattee wajjin hin haasoftu.Garuu Hawwiin Maartii lammiikooti jechuudhaan Asteeriifi Gannat caalaa abdateenii turte. Martiin garuu yeroo Hawwii fagootti argitu duraa dhokatti. Akka tasaa yoo karaa irratti walitti dhufan "haayi!" Jettee bira dabarti malee baldhinaan wajjin hin haasoftu."Oromoo ta'uun koo yoo natti dammaqame nami natuffata.Ulfina ani duratti hosteelicha keessatti qabu nadhabiisa" Jette waan yaadduuf Hawwiin baayi'ee itti gadditi.

"Nami akkamiti of tuffataa? Akkamitti Oromummaa isatti qaana'aa? Gocha nama qaanessu yoo hojjete qaana'a malee, Oromoo ta'uu isaatti qaana'uu hin qabu. Oromummaan enymmaa isaati". Jettee yaadi. Utuma Maartaan ishee baqattuu Hawwiin kutaa ciisicha ishee deemtee "Maartaa akkami?" Jettee yeroo Afaan Oromootiin dubbistun, isheen ammoo "taadiyaas ! dehinaa nesh?" Jettiee, Afaan Amaaraatiin deebistiif. Akkuma kanaan Hawwiin Afaan Oromootiin Maartaan ammoo Afaan Amaaratiin deebistiif malee Maartaan utuu duutee Afaan Oromootiin hindduubbattu. Gaaf tokko tokko Asteeriifi Gannat Hawwiin yeroo Maartaa wajjin haasoftu dhaggeeffachuuf "Hawwii! Maartiin kunnoot. Deemiitii haasofsiisi. Ni dhaggeeffanna." Ittiin jedhanii, dhaqanii bira taa'u.

Hawwiin Afaan Oromootiin, Maartiin ammoo, Afaan Amaaraatiin walitti haasa'u. Yeroo kana Asteeriifi Gannat "haasaan keessan kun akkamii ? Hawwiin Afaan Oromootiin Maartii ati ammoo Afaan Amaaraatiin walii deebistu. Gaarummaan isaa garu wal hubachuu keessan malee, waan wal dhageessan namatti hin fakkaatu" Jedhanii, haala isaaniitti koflu. Booda garuu Maartiin Hawwiidhaan ittiin ooduu jalqabde. Hawwiinis achumaan ishee jibbitee irra cittee hafte.

Hawwiin jireenyaa ishee kana keessatti waa'ee shamarran hosteela kanaa teessee yeroo hubattee, ilaaltu baayi'ee ishee dinqisiisa. Galgala, galgala, yeroo manatti galan, tokko tokko teeppii sagaleessa guddistee, bantee, mana ciisichaa keessa asifi achi ragaddi. Isheen kaan ammoo jaalallee ishee wajjin walloltee, siree ishee irra ciistee boosi. Kaan ammoo, waay'ee jaalallee isaanii odeessuudhaan haasa'aa bulu. Haasaan shamarran mana sana keessaa harka caalu, waa'ee dhiiraa dha.

Ijoon dubbi isaanii dhiira horiifi taayitaa (aangoo) mootummaa qabu ykn ammoo Tujaaraa horii qabu akkamittiin akka kiyyoo isaanii keessa glachatan, ciisaniis ta'e taa'anii tooftaafi tarsiimoo baasu. Kan guyyaa hojjechaa oolanis waan tokkollee utuu hin hafin gabaasa walii dhiyeessu. Gaaf tokko tokkommoo reebamtee fuulli ishee itti dhidhiita'ee, dhuftee sreee irra gangalattee kan boosu argiti. Kaan ammoo jaalalleen ishee badhaasa isheef kenne gadi baastee agarsiifattee, gammaddi. Kaan ammoo dhugaatii humna ishee ol dhugdee, dhukkubsachaa builti. Hawwiin kana ilaaltee, jirenyaa isaanii jibbiti

Yoo yaadaan rakkattees kan wajjin mariyaattu Asteerii fi Gannat malee isaan kaanii wajjin walitti dhiyeenya qabaachuu hin barbaaddu. Asteeriifi Gannat dubartoota naamuusa gaarii qaban sababii ta'aniif, hojii isaaniifi jirenyaa isaanii sagantaadhaan kan gaggeeffatan wana ta'eef Hawwiin haala badaa akka hin barre gorsu. Gaafa sanbata guddaas mana sagadaa fuudhanii deemu malee bakka hin taane fuudhanii hin deeman. Deemaniis hin beekan. Akka of dandeessee jiraatuuf hojiis isheef barbaadaa jiru.

Hawwiinakkuma kanaan horii ishee qusattee, tooftaan of qabdee, hosteelicha keessa utuu jiraattuu horiin ishee harkaa dhumuu jala ga'e. Nyaatas guyyaatti tokko qofa nyaachuudhaan gaafa kaan ammoo akkasumattiin utuu waa hin nyaatiin ooluudhaan gara ji'a tokkoo turte.

Booda irratti garuu haala kanaan itti fufuu akka hin dandeenye hubatte. Asteeriifi Gannatis hojii jedhan dafanii arguuf hin dandeenye. Shaanxaa ishee bantee, warqee qomaa (mormaa), warqee qubaa (qubeelaa)fi kan gurraa(Lootii) Haajiin gaafa chidha isheef bitaniif baastee, gurguruuf yaadde. Garuu xiqqoo irratti yaadde. Rakkoo ishee ammaaf qubeelaa

ishee qofaa yoo gurguratte ji'a tokko ishee turssuu akka danda'u hubatte. Akkuma kanaan ganda Agamsaa(Markaatoo) deemtee, gatti rakasaan gurgurattee, utuu isa qusattee, tokko lamaan baastuu, innis dhumu jala ga'e. Ammas warqee qoma ishee baastee gurguruuf yaadde. Garuu yaada tokkotu isheef dhufe. Kana hundumaa gurgurtee, yoo fixxe, booddee kan ishee irra ga'uu danda'u xiinxalte. Waan kana ta'eef utuu qabeenya ishee kunnii hunda gurgurtee hin fixin hojii xiqqa barbaaddachuu yaadde.

Hojii dafee argamu hojii mana namaati. Mana namaatti hojjettuu taatee mindeeffamuuf murteessite. Dubbii kanas Asteerii fi Gannat utuu hin beekin "firan argdhe" jettee hosteelichaa ba'uuf yaadde. "Garuu akkamittiin mana namaattis qaxaramuun danda'aa?" jettee baastee buustee, baayi'ee irratti yaadde. Gaafa ganda Agamsaa warqee gurgurachuu deemte barreffama; "Walquunnamssiisaa Hojjetaafi Hojjechiisaa jedhu" mana tokko irratti kan maxxanfame tokko yaadatte.

Uffannaa ishee isa mana keessa ittiin hojjettu uffattee, kophee sharaa kaawwattee, shaarpii akka moofaa ta'e mormatti marattee deemte.

Yeroo mana walquunnamssiisaa hojjetaafi hojjechiisaa kana geessu, dubartooti akka ishee hojii barbaacha deeman barchuma dalgee irra 15 kan ta'an taa'anii jiru. Hawwiin yeroo achi geessu itti gaafatamaan manichaa, obbo Gaammee jedhamu "Hojii akkamii barbaaddaa? mana hoteelaa moo, mana buna?" Jedhee gaafate. Itti aansuudhaan millaa qabee hamma rifeensa mataa isheetti ilaalee, "kun mana bunaaf ni taati" Jedhe. Namooti muraasi dubartootiifi dhiirri kan mana hoteelaafi mana jireenyaa isaaniif hojjetaa barbaacha dhufan dhaabbatanii jiru turan. Isaan gidduudhaa mana bunaaf isaaniif hojjettuu nama keessummeessuuf taatu kan barbaadan

dubartiin guddoo tokko "Kunooti isheen kun mana bunaan koof nitaati." Jedhani.Hawwiin garuu "mana bunaawoo hin hojjedhu." Jette.Obbo Gaammeenis "Kam barbaaddaree?" Jedhe.Hawwiinis "Mana jieenyaa" Jette.Yoona kana dubartittiin mana bunaaf Hawwii barbaadan sun aaranii"silaas kun Afaan Amaaraa siritti hin beektu.Tab taabbaa gamad aaf nechi hadhiistu"Jedhan.Booda namtichi mana isaaf hojjettuu barbaadu. "ani mana kiyyaaf nin barbaada.Jedhee mindaa ishee dubbatanii erga waliigalanii booda Hawwiin hosteela ishee deemtee, shaanxaa ishee fudhattee, namtichaa wajjin mana isaatti galte.Namtichi mana isaatti ishee fudhatee gale kun obbo Lggasaa jedhama.

Obbo Laggasaan hojjetaa mootummaati.Ji'atti miidaa gara Qarshii 720 argata.Haati manaa isaas akkasuma hojjettuu mootummaa yoo taatu miindaan isheemmoji'atti qar. 420. Ijoollee hin qaban.Haati manaa obbo Laggasaa hojjettuu fuula qajeeltu mana isheetti hin qaxartu.Abbaa manaa isheettis sababii hinaafstuuf baay'ee isa rakkisti. Gaafa guyyaa hojiin hin jirre eessa akka oolee fi eessa akka dhiisifate to'achuudhaan ganarnaafi galgal dubbiidhaan abidda itti keessee gubdi.Waan kana ta'eef innis yeroodhaan manatti galee, kitaaba dubbisaa yeroo isaa dabarsa.Obbo Laggasaan yeroo hojjettuu fidee dhufu isheen guggubdee sababii manaa ariituf haala ishee isa badaa kanatti baay'ee gadda..

Ammas Hawwii fudhatee yeroo manatti galu kan isa eeggate kanuma ture.Inni sodaates hin oolle.Hawwiin gaafuma dhuftee mana geesse hinaaffaarraa kaatee dubbii kaasuu jalqabde. "Ihii! kana ammoo eessaa argatee gooftaan? naaf galee jira yaadi isaa.Ammawoo niitummaaf filatee fuudhee dhufe malee hojjettummaadhaan natti hin fakkaatu"

Jechuudhaan dubbii itti kaastee, gubuu jalqabde.Hawwiin akkuma taatu taatee, garaa baldhattee ji'a sadii geesse.

Gaaf tokko obbo Laggasaan utaalloon (qufaan) isa qabnaan waajjira isaa deemuu waan dadhabeef, siree irraa hin kaane.Hawwiinis tajaajila barbaachisu isaaf kennaa, hojii mana keessaa hojjetti turte.Haati manaa obbo Laggasaa garuu maqumaaf hojiif manaa baatee, biroo keessa oolte malee yaadi ishee Hawwiifi abbaa mana ishee wajjin manaa jira. Qofaa isaanii mana keessatti kan isaan hojjetan tilmaamudhaan hinaaffaa guddaadhaan gubachaa oolte. Yeroo manatti galtu Hawwiidhaan "Si intalaal abbaa manaa koo narraa fudhachuu dhuftee?" jechuudhaan kaballaadhaan rukuttee,morma ishee huutee,qabatte.Yeroo kana obbo Laggasaan durattuu aariin garaa isaa gubaa sababii tureef, haadha manaa isaa akka hinduunefi akka hin jiraanneetti caccabsee reebe.Kana booda Hawwiin mana sana turuu akka hindandeenye hubachuudhaan mindaa ishee kan ji'a sadii erregee, kan isaas itti dabalee qarshii 100 kabajaan kenneefii geggeesse.

Hawwiin yeroo haadha manaa obbo Laggasaatiin reebamtee, baatu, guyyaa dhalatte abaarte.Rakkoo ishee irra ga'aa jiru hundumaatti gadda guddaatu sammuu ishee jeeqe.Amma kana booda amoo gara itti deerntu wallaaltee boossi turte.Of ajjeessuunis ishee dbibe."Maaliifiin biyyaa ba'ee? maalifiin of ajjeessaree?". Jettee of jajjabeessaa, yeroof iddo bultii dhabdee, karaa makiinnaa irra dhaabbattee, yaadaan baayi'ee dhiphachaa turte.Booda garuu; "mee hamma aariin koo narraa darbee furmaata ta'u argadhutti, qarshii 100 kana quachaa albeergoo gatiin siree rakasa ta'e qabadheen bultii xiqqoo bubbulee itti yaadee mana gara biraa ammoo barbaaddadha." Jettee taaksii keessa buutee,ganda Agamsaa deente.

Ganda Agamsaa keessaa mana sree kireessan tokktti gorte. Halkan tokkotti qarshii tokkoon kutaa mana ciisichaa kaartoniidhaan gargar hirame qabatte. Qulqullinni sirichaa hin dubbatamu. Ijaan argaaf kan namatti ulfaatudha. Hawwiin uffata afata sirichaa irra jiru kaastee qofaatti martee sree jala keesse. Qoricha tafkiifi nyaataa gara garaa balleessu suuqidhaa bittee, itti biifte. Sandaliis itti aarsite. Keessa isaa bishaan itti fufirsitee hartee, qulqulleeffatte. Uffata sree kan ishee shaanxaa keessaa baastee sirriitti afatte. Gaafa sana akkasumattiuun kottoonfattee utuu boossuu lafti bari'eef.

Kutaan ciisichi ishee, kutaa isa itti aanu irraa kan gar gar hirame kaartooniidhaani. Wanna kana ta'eef galgala galgala kutaa isheetti aanu keessa gaafa dhiirri dubartii qabatee bulu, gonkumaa irribi utuu ishee hin fudhatin bulti. Tokko tokko dubartii wajjin buluuf fidatee dhufe wajjin wallolaa bula. Kaan kan waliigalan ammoo sagaleen isaanii hin dhagahamu. Kanneen garuu qabsoon isaanii kaartoonii keenyan kutaa isaanii gargar hirutti bu'uudhaan ishee jeequ. "Maalii jarri kun sree kan kireeffatan irra rafanii boqotanii buluuf mitii? maali isaanoo irriba hinqabanii?" Jettee, akka gowwaa, qofaa ishee gurra qeensitee dhaggeeffachaa kofalti.

Galgala tokko tokko ammoo dhiirriifi dubartiin walqabatanii dhufan kan isaan haasa'an dhaga'uudhaan uffannaa ishee keessa seentee, utuu kofaltuu lafti bari'aaf. "...sireen isaan irra rafan kun ammooakkam ciimaadhaa? Waldhaansoo kana hundaa danda'ee utuu hincabin turuun isaa nama dhiba. Garuu gaaf tokko cabee lafaan nama dhawuun isaa hin oolu. Amma utuu keenyan kaartoonii nu gidduu jiru kana nairratti kuffisan akkamin ta'aa? Ani badee!" Jechuudhaan kofalti.

Tokko tokko garuu sagaleen isaanii utuu hin dhaga'amin wajjin bulanii kan ba'an jiru.Kana malees dhiiri qofaa isaa bulus jira. Hawwii kan irribi ishee fudhatee raftee bultu halkan akkasii qofadha.Dhiiriifi dubartiin walii wajjin buluuf dhufan tokko tokkommoo erga ol seenan booda utuu hin ciisin qarshii irratti wal lolu.Qarshii laka'a'ee yeroo itti kenuu

;"Lakki ani qarshii kanaan dhiraa wajjin bulee hin beeku"

"lakki siga'a"

"Lakki dabali.Kana malee nin deema"

"Hindeemtu"

"Nin deema! maalii ati biyya mootee? Nan deema"

"Hindeemtu

"Nagadhiisii!"

"Singadhiisu"

"Nagadhiisi yoo ulfina kee beektee!

"Ati maal abbaakee akkas natti boonta..." jedhee humnaan yeroo ishee dirqisiisuu yaalu "U U U"jettee iyyuudhaan naannoo sun jeequ.

Dubartiin jiraachuuf jettee, dhiira hin beeknee wajjin qaama ishee gurgurtee, akka jiraattu kan ishee dirqe sababiin isaa maalii? Jettee yaaddi.Hawwiin haala isheerra ga'erraa ka'uudhaan dubartooti biyya keenyaa aadaa isaan miidhu jalaa ba'uuf gara miilli isaan geessutti miliquudhaan carraa akkasii irratti akka kufan hubachuun ishee hin dhibne. Hawwiin haala Naqamtee miliqxee, Finfinnee dhuftee, rakkina ishee irra ga'aa jiru kanarraa kaatee yeroo yaaddu, carraan ishee amma irratti kufte gara jirenya fokkisaa akkasiitti akka ishee geessuu danda'u xiinxaltee, gaddite.Sodaan guddaas itti dhaga'ame.

Haala kanaan dhiirriifi dubartiin wajjin dhufanii olla  
ishee bulan yeroo irriba keessa ishee dammaqsan asiifi achi  
gara galaa kana hunda yaadaa bulti.Walquunnamtii dhiiraafi  
dubartootaa akkasii akkam akka ta'e kan beeku dubartoota  
walquunnamtii saalaa jalqaban malee durbi akka ishee  
jaalallee ishee wajjin hidhii walhungachuurra darbanii  
walquunnamtii saalaa raawwatanii kan hin beekne yoo ta'elnee  
yeroo akkas dhiirriifi dubartiin walii wajjin ciisan isheen  
jaalallee ishee yaaddi.

Hawwiin yeroo kana yaaddu dhufaatiin Latii irraa  
fagaatee abdii kutatti."Akkamittiifi eessa taa'een isa eegaa?  
Kun qormaata guddaa na eeggatudha.Amma dhuguma Latii  
argadhee wajjin jiraadhaa?"Jettee sammuu of dhiphisti.Akka  
kanaan siree qarshii tokkoon, mana ciisichaa kana keessa  
buluudhaan,nyaata shiroo buddeen tokko saantima 0.15niin  
bitattee nyaachaa, qarshii obbo Laggasaan isheef kenneen ji'a  
sadii ittiin jiraatte.Inni dhumnaan warqee ishee tokko tokkoon  
gurgurtee utuu qusattee baastuu albeergoo sana keessa yeroo  
dheeraa turte.

\*\*\*\*\*

Asteer \_ Hawwiin kun biyyma kam jirti laataa Gennii?

Gennii \_ Maal ishee goonee ? Hanga kana nurraa fagaachuun  
ishee kun kan nagaati jettaa ati?

Asteer \_ Ani nagaan kan nurraa fagaatte natti hinfakkaatu.

Gennii \_ Carraan hojii ati isheef argiteef nama biraaf ta'e  
jechuudhaa?

Asteer \_ Beeksisi ba'e torbaan lamaaf ture.Ammallee namni  
garabiraan itti qaxarameera.

Gennii \_ Garuu namni akka Hawwii garraamiifi qulqulluu  
jiraa?

Asteer \_ Gaaf tokko dhuftee nudubbisuun ishee hin oolu.

\*\*\*\*\*

Hardha ayyaana masqala waggaadha.Hawwiin gaafa guyyaa ayyaana masqalaa yeroo biyya ishee jirtu maatii ishee fi maatii Latii wajjin bakka tokkootti damaranii:

"... *Hiyoolee daree*

*Ya Masqaloo daree*

*Hiyoolee daree*

*Masqala gubnee daree*

*Hiyoolee daree*

*Masqala miilla tokkee daree*

*Utuu hin dhufin sokkee daree..."*

Jechuudhaan ganamaan ka'anii damaraa Masqalaatti naanna'anii kan sirbanitu itti muldhate.Kessumaa ammoo Hancootee,<sup>24</sup> qocqochaatti<sup>25</sup> cuubatanii nyaachaa, farsoo dhugaa,haasaa garaa garaa, haasa'aa,kolfaafi taphachaa, gammachuudhaan guyyaan dabarsan sun fuula ishee dura dufe. Haadhaafi abbaa ishees akkasumas iddo dhaloota ishee kana yaadde.Iji ishee imimmaan calalee, maddiirra gadi lola'e. Waggaafur dura gaafa akkasii warra isheefi firoottan ishee wajjin jirenya dabarsite yaadde.Keessumaa ammoo kan hin irraanfanne ittoo harmee isheeti.Hardha ganama ammoo ganda Agamsaa ("Markaatoo") kutaa mana ciisichaa tokko keessa akka nama fira hin qabneetti qofaa ishee siree irra miilla ishee kottoonfattee, teessee,nama jaallattu dhiistee, nama hin jaallanetti hin heerumu jechuudhaan biyyaa baatee, wareegama baasaa jirtu yaaduudhaan gadda guddaa keessa galte.

Hawwiin yaadota kunniin hunda sammuu ishee keessa naannessaa turte.Booda battalaan siree ishee irraa utaaltee, kaate. "Obsaan aannan goromsaa dhuga" Jedhu mitii? Yoon

<sup>24</sup> *Gaafa ayyaana Masqalaa nyaatama Akka mosee hundee isatu affelamee nyaatama.. Namni lafeen cabe Hancootee yoo nyaate lafeen cabe deebi'ee fayya. Wallaggaafi Illuu Abbaa Booraa qofa keessatti argama.*

<sup>25</sup> *Sinichoo dasacame.*

obse anis kanan yaade bira ga'uu nan danda'a.Nama hin barbaannetti heerumuurta ammoo rakkoo kana rakkachuu naaf wayya. Nan rakkadhe jedhees hin gaabbu." jettee qarshii ishee keessaa shan fudhatte.Uffannaa ishee jijiirratee achuma ganda sana keessaa, mana hoteela guddaa tokko seente.Utuu hin nyaatin kan turte, ittoo Indaaqqoo dharraate nyaatte.Saantima 0.75 kaffaltee,gadi baatee, karaa irra dhaabbatte.Asii fi achii ilaalte.Ijoollee irraa kaasee hanga nama guddaatti uffata haaraafi qulqulluu uffatanii ayyaana waggaa ayyaaneffachuuf asifi achi yeroo deeman ilaalte. "Ayyaana waggaa ayyaantuutu arga." Jette.Xiqqoo gara fuula duraatti deemtee, ammoo dhaabbatte.

Garuu gara itti deemtu sababii hin saganteeffanneef gara itti deemuuf kaate hinbeektu.Booda garuu "Maaliif adda ba'aa ba'ii Masqalaa deemee sirba hin ilaaluu.?Yoon boo'ees yoon gaddees maaltu naaf dhufaa?".Jettee of jajjabeesite. otobusii Ambassaa lakkofsa 29 seente.Dhaqaafi galaaf Saantima 0:15 kafaltee,tikeetii kutatte.Kana booda kursii duwwaa tokko argattee, teessee, ganda "Lagahaariin" geessee, buute.Naanno sun namootaan guutameera.Namooti tuuta tuutaan ta'anii sirba garaa garaa sirbaa gara adda ba'aa ba'ii Masqalaatti qajeelan argitee isaan faana bu'uudhaan dirree baldhaatti bate.Ummati magaalaa Finfinneefi naannawaa ishee irraa walitti ba'an, tuuta tuutaan walqoodanii sirba aadaa saba isaanii sirbu.

Hawwiin yeroo kana ilaaltu "Isaanoo guyyaa ayyaana guddaa kana, gammachuu isaanii muldhisuuf akkas utaalanii sirbuu.Ani ammoo rakkattuun gaddaaf uumamte, gammachuu namaa gidduu maal naaf hagodhu jedheen dhufee?" Jettee akka nama utuu hin affeeramin mana cidhaa,kajeellaa dhaqetti of taajjabde.Utuma miirri kun itti dhaga'amuu, gara namoota

tuutaan sirba aadaa biyya isaanii sirbaniitti siqxee ilaaluu jalqabde. Ulee barkaan ol qabatanii ol utaalaa sirbu.

"Muugar duubattin arge kuruphee lakkuu lama hoosiftu

Si iblaanyi yaa rabbi kan dhala gandaatti naboochiftu

Yoo Shaggarii galtu maa ulee lafaan dhaanta yaa

Garbii

Sumatu wajjin dhalatee mee garaa narraa dhowwi yaa qalbii" Jedhu.

Gara tuuta gara biraatti deemte.Dhaabbattee dhaggeeffachuu jalqabde.

"Ani hinqotu jedhe Burreen lafa Sidaamaa

Yookaan lukaandaatti nageessaa

Yookaan birriitti nacalleessaa

jedhe Burreen lama baroodee" jedhu.Isaan kaan biras akkasuma dhaabbattee xinnoo erga ilaala turte booda tuuta gara biraabira deemte.Isaanis;

"Daamaan fardaa yaajoollee

Aakka utaalcha beeku

Sakara maa wallaale

Ilmi namaa yaa joollee

Akkuma baasa beeku safara maaf wallaalle...."Jedhu.

Isaan kana biraamoo gara biraatti demtee dhaggeeffachuu jalqabde.

"..... Kabbadaa Buzunashii<sup>26</sup>

Gaaratti ol dachaase hundumashii

Emmoolee yaa abaa fardaa bulleen beennacha raase,

Ati raffii yaa raftu hin kaanee

<sup>26</sup> *Daijaatimaachi Kabbadaa Buzuneshi waldaa Maccaa fi Tuulamaa namoota hundeessan keessaa tokko. Bara sana mooticha Haayilee sillaasee irratti fincilanii bosona galanii loltoota mootichi konkolaataa sadii itti duulchise gubanii kan osirraa dachaasanidha.*

Farasanyaan goodaa walwaamee garmaamee  
Ati rafi yaa raftuu hin kaanee... "Jedbu.

Hawwiin haaluma kanaan tuuta hundaa bira  
dhaabbachaa daawwatti.Tuuta tokko bira ammoo geesse;  
"....Yaa shaamaa burree kiyyaa fudhadhu surree kiyyaa  
surree warri naan loluu fudhadhu lubbuu kiyya  
Isheen gulumaa kiyyaa

Yaa shaamaa billilisee

dallaan nadubbisi yoo lafti dimimmisee"! Jedhanii  
sirbu. Egaa isaan kunniin sirba aadaa Oromoo Shawaati. Kan  
saba Amaaraa,Tigiraayii,Guraagees tuuta tuutaan sirbu.Kana  
hundumaa keessaa deemtee utuu daawwattuu Oromooti:

".....Qoti hin qonnaan maali yoo qotan dirree  
buqqisaniiti malee.

Loli hin lollaan maalii yoo lolan nullaan kuffisaniiti  
mallee".

Jechaa dhufanii,tuuta Oromootaa dhiisanii isaan sirba  
Amaaraa,Tigiraayiifi kaan sirban uleedhaan mataa mataa  
bubburuqsanii, dirree sana irraa ari'anii sirba howu'ee ture  
jeeqani.Namooti akka Hawwi sirba ilaaluu dhufaniifi kan  
sirbuuf dhufanis lubbuu isaanii olchuuf, oliifi gadi baqatan.  
Hawwiinis lubbu ishee olfachuuf direee sana irraa gara  
Istaadiyoomii Finfinneetti baqatte.Achuma Istaadiyoomii bira  
dhaabbathee fageenyaan ilaaluu jalqabde.Oromoondirree sana  
irraa hunda kallattii garaa garaatti ari'e.Tuuti sirbitoottaa  
kunniin gara kallattii bataskaana Isxifaanos,gara karaa  
Booleefi gara karaa Asmaraatti bittinnaa'ani.Tuuti Oromoo  
tokko garuu as deebi'ee;

"Qoti hinqonnaa maalii yoo qotan direee buqqisaniiti  
malee

Lolii hin lollaan maali yoo lolan dullaan kuffisaniitti malee"Jechaa,bataskaana Isxifaanos irraa gadi dhufan. Durumaan yeroo tuuti sirbitootaa Amaaraafi kanneen kallattii garaa garaan baqatan tuuti sirbitootaa utuu hin baqatin marsaa guddaa hojjetanii sirbaa dirree irratti hafan tokko hubattee ilaalte."Isaan kun maaliif baqachuu didanii?"Jechaa turt. Tuuti sirbitoota Oromoo Bataskaana Isxifaanos irraa;

"Qoti hinqonnaan maali yooqotan dirree buqqisaniiti malee loli hin lollaan maalii yoo lolan dullaan kuffisaniiti malee."

Jechaa sirbaa gadi bu'e kun tuuta sirbitootaa utuu hin baqatin sirbaan bira ga'an. Yeroo bira ga'an garuu Oromoota ta'uu isaanii baranii utuu hin tuqin ulee isaanii walitti rurukutaa irraa goranii bira dhaabbatanii sirbuu jalqaban.

Hawwiin isaan gamtaa tokko qofaan dirree irratti hafanii marsaa guddaa hojjetanii sirban kun saba kam akka ta'an beekuu barbaaddee, utuu hin sodaatin itti siqxe.Tuuti sirbitootaa kun gatiittii walqabatanii marsaa guddaa hojjetanii,sirbu. Inni tokko gidduu dhaabbattee yeroo sagaleessaa ol fuudhee,weeddisuu isaan marsaa hojjetanii gatiittii walqabatan ammoo, jalaa qabani ol utaalaa sirbu.Ulee harkaa hinqabani.Barattoota,jiraattota magaalaa,ykn ammoo hojjettoota mootummaa itti fakkaatani. Utuu hin sodaatin itti siqxee,dhaabbattee,ilaaluu jalqabde.Sirba adaaOromoo naannawa isheeti.

"Baala adaamii shakoo ya sariittii! Ma nawaamiin lafoo gaafa xiqii

Arfaasaan dur ganna .....	baala adaamii
Lolaa hingangalchani .....	baala adaamii
Abbaa isaatu dur jagna .....	baala adaamii
Lolaaf as galchanii .....	baala adaamii
Gabaa dhaqeen gala .....	baala adaamii
Qilxuun kan dammaati .....	baala adaamii

Dabeessi harreen gala .....	baala addaamii
Michuun kan jagnaati .....	baala adaamii
Baala adaami shakoo yaa sariitii maana waamiin lafoo gaafa xiaii.	
Yaa nadheen busaannoo .....	baala adaamii
Saree duutuum torba .....	baala adaamii
Mal jennaan naan jette .....	baala adaamii
Gadheen huuruun sombaa ....	baala adaamii
Akka gaafa yandoo .....	baala adaamii
Qonyeen lafa hin lixu .....	baala adaamii
Akka gaafa farsoo .....	baala adaamii
Onneen lafa hin dhiituu .....	baala adaamii
Yaa meesaa daagujja ..... baala adaamii	
Biyyoo damaaddamu .....	baala adaamii
Dabeessoo naaqupha .....	baala adaamii
Jagno hingamaaggamu .....	baala adaamii
Hoffaa kaasuu guutuu .....	baala adaamii
Jimaata naan qartuu .. ....	baala adaamii
Badaa naatuu duutuu .....	baala adaamii
Ifata irraa hin hafuu .....	baala adaamii
Baala adaami shakkoo yaa sariitii! Maa na waamiin lafoo gaafa xiqqii!"	

Jedhanii sirbu.Hawwiin sirba aadaa iddoor dhaloota ishee kana bira dhaabbattee,daawwatte.Taphattooti aadaa Oromoont Shawaa taphattoota aadaa Oromoo Wallaggaa Hawwiin daawwachuurra jirtu kana utuu hin tuqin isaan cinaatti sirbuu jalqaban.Haalli ilaalchi isaanii kun Hawwii baay'ee dinqe.Keesaawuu kan ishee dinqe, saba Oromoo jagna akkas dhiira dirree irra naannesee, tumee, ari'u oftuultoti tuffachuu isaaniti.

Hawwiin utuu sirba naannooshee kana daawwachaa jirtuu, iji ishee nama tokko irra bu'e.Abjjuu itti fakkaate.Ija ishee baxaa'atte.Amanuu dadhabdee,kallattii inni jirutti sigixee, ammas hubattee, ilaalte. "Isuma! Isuma! kan fardaan

barbaadan lafoon argu " Jette. Namni maal naan jedhaa?utuu hin jedhin;"Dalasaal! Dalasaal! Dalasaal!" Jetee iyyitee isa waamte.Inni garuu hindhageenye.Baayi'ee naate.Itti fiigde. Utuu inni ol u uu taalee sirbaa jiruu, jaakkettii isaa duubaan harkifte.Inni garuu hamileedhaan utaalee lafa dhiitaa waan jiruuf waamicha ishee hindhageenye.Hawwiin sirbichi battalaan bittimsamee, kan jalaa badu itti fakkaate.Kanaaf jaakkeettii isaa utuu hin gadidhiisin marsaa inni irra naanna'u irra wajjin xinnoo naanna'aa deemte.Booda duubaan jaakkeettiin isaa harkisamuun itti dhaga'amnaan yeroo ofirra mildhatu "Hawwii!" "Jedhee iyye.Hiriira sirbaa keessaa ba'ee, ofitti qabee, ammatee, dhudhungatee,nagaa ishee gaafate.Kana booda harkashee qabee namoota gidduudhaa qofaatti ishee baasee, ammas ammas ammatee, ishee dhungatee, dubbise. Hawwiin dhugaa hin seene.Daftee gadi hin dhiifne.

Imimmaan ija ishee keessaa burqe.Boo'ichaan dubbachuu hin dandeenye. Booda Dalasaan sossobuu jalqabe. Hawwiin garuu boo'icha isheerra kan ka'e akka daqiqa kudhanii dubbachuu dadhabde.Boo'icha ishee gidduutti dhaabdee;"Ati Dalsaa Margaa jedhamtee waamamta moo jijjirrattee Dilnessaa Margiyyaa jedhamteettaa?Anoo guyyaa gaafan dhufe irra kaasee barbaadeen sii dhabe.Rakkoo kana jedhee himachuu hin dandeenyetu narra ga'e. Akka nama fira hinqabneetti, akka nama obboleessa hin qabneetti, Fira Hawwiin eessa buutee? Jedhee nabarbaadu dhabee,bakkeetti gatamee,machooftuufi waanbadeen..."Jetee ammas boo'ichaaf dubbachuu dadhabde.Yeroo kana dhaga'u Dalasaan baay'ee na'e.Baayi'ees gadde.Rakkoo isheerra ga'eefi eessa akka turte ga'e gaafate.Rakko irra ga'eef baayi'ee gadde.

"Hawwii ! gaafa ati Naqamtee kaate abbaankoo bilbilee natti himee ture.Garuu gaafuma sana Poolisoonni waaree dura

baankii ani hojjedbu dhufanii naqabanii deeman. Erga gaafa sanaa hanga torbaan darbeetti mana hidhaan ture. Iddoon itti hidhamellee, namatti himuu hin dandeenye. Sababii kanaan namni dhufee nagaafate hin turre. Qaami mootummaa nahidhes bakka ani itti hidhame eenyuttillee hin beeksisne. Ergan hiikamee boodas hiikamuukoollee abbaakootti bilbilee himuuf saranri bilbilaa Finfinneefi Naqamtee gidduu jiru guyyoota afran kana sababii hin hojjenneef, bilbilee himuu hin dandeenye. Mee yoo hardha saranri bilbilaa hojjete bilbileen itti hima.”

“Garuu maal balleessitee hidhamtee”

“Balleessaa tokko hin qabu.

“Maarree maaliif sihidhanii”

“Oromummaakootika! Tokkummaa Itoophiyaa diiguuf socho’aa jirtu jedhaniitu”

“Akkam?”

“Seenaan isaa dheeraadha. Yeroo garabiraan sitti hima. Hawwii daguungorri gara biraammoo kan keeti. Akka nadhabdeen karaa L.S. Poostaa mana waldhaansa fayyaa Naqamtee Abbaa kootti ykn abbaa Latiitti xalayaa barreesitee utuu iddo jirtu ibsitee kun hunduu sirra hin ga’u ture.”

“Nan raata’e malee rakkoon kun hundi narra hinga’u ture. Garuu sababiin ani karaa sana erguu dhiise, tarri poostaankoo nama gara bira harka ga’ee bakki ani jiru beekame yoo Haajii yeesuuf iddo ani jiru bira ga’an, na qabsiisanii gara Naqamteetti nadeebisa jedheen sodaadhe. Kanaafin sagalee dhokfadhe.” jette. Achuma dhaabbatani, baay’ee haasa’an. Kana booda Dalasaan hiriyoota isaatti nagaa dhaamee, Hawwii wajjin albeergoo kireeffatte keessaa jiraachaa turte keessaa shaanxaa ishee fuudhanii, gara ganda mana isaa “Awwaaree” jedhamutti ishee fudhatee gale.

Obbo Margaan mana waldhaansa fayyaa halkan buluun dabaree isaanii waan tureef, hojjechaa bulan Ganamas gara mana isaanitti galuuf fussata jijiirachaa utuu jiranii Dalasaan bilbilee mana hidhaatii hiikamuu isaafi Hawwii wajjin wal arguusaa itti hime. Obbo Margaanis gammachuudhaan ol utaalan. Hojjettoota waliin hojjetan hunda ammatanii gammachuu isaanii ibsan. Kana booda gara mana isaaniitti galanii utuu hin boqotin, oduu gammachiisaa ilma isaanii irraa ganama dhaga'an himuuf gara mana obboleessa isaaniitti kaatan. Missiraachoo kana himuuf ariifachuu isaaniirraa kan ka'e balbala manaa utuu hin rurrukutin akkuma ol galaniin; "Baga gammaddani!" jechuudhaan obbo Jirenyaaifi aadde Bashaatuu dabaree dabareedhaan ammatanii dhungatan.

Obbo Jirenyaa;"Aaga dhaga'i. Maali kanumaa oduu gammachiisaaakkamii nuufiddee dhufte ganamaan?"

"Gaddikoo gaammachuutti geeddarame. Kanaaf gammachuunkoo dachaadha. Daangaa hin qabu! 1,Dalasaatu hiikame.2,Hawwiinis argamtetti.3,Hawwiifi Dalasaanis wal argataniiru. Dalasaan hardha ganama naabilbile. Innis akkuma hiikameen hojiisaatti deebi'e. Hidhamuu isaatu wal argaa isaan dhowwe." jedhanii yeroo itti himan, haati Latii gammachuu ishee ililchuun ibsite. Sadanuu ka'anii wal ammachuudhaan gammachuu isaanii ibsani. Ililchi aadde Bashaatuu mana isaaniirraa darbee olloota isaanii hunda biratti dhaga'ama ture.

Yeroo haati Latii akkas guddistee ililchitu haati Hawwii ammoo gurra qeensitee, dhaggeeffatti turte. Abbaan Hawwiis aariifii hinaaffaadhaan;

"Safuudha ! Maal argatan ammoo? Ilma isaanii isa cittoostuu sanatu dhufuukooti jedhee xalaya barreesseef ta'a."

"Dhiisi akkas hin jedhin abbaa Hawwii! Hadhufuuf ! Haadhufuuf ! kunoo nutis intala keenya tokkittii dhabnee, teenyeera. Amma Hawwiin eessa jirtii jennaa? Hawwiikoo! tokkittiikoo! Duuteemoo lubbuun jirtaa? Eessa jirtaa bareedduukoo? Eessa jirtaa giiftiikoo? Iddoon jirtu sitti tolee? Anoo dbukkubsattuun ta'e yaa Hawwiikoo? Maaloo

Maaloo Hawwiikoo! siga'a naakottu.Hawwiikoo sin yaade.  
Lattinillee utuu dhufee..."jechaa furrii funyaaniifi imimmaan  
ija isheerra yaa'u naxalaa isheettiin haxaa'achaa boosse.Yeroo  
kana jecha isheetti kan aare obbo Bulchaan;  
"Maal jettee?

"Lattinillee utuu dhufee silaa gaariidhan jedhe."

"Attam ? Maal sii godha?"

"Mee nadhiisi abbaa Hawwii.Maaltu beeka yoo Hawwiin  
lubbuun jirti taate nuufidee dhufa ta'a"

"Atimmoo attam attam abju'attaa?"

"Abjuu mit abbaa Hawwii.Maaltu beeka?Gaafa inni dhufu  
Hawwiinis wajjin dhufsi ta'a.Maal jedhuree abbaa  
Hawwii?Anattoo guyyaan natty dukkanaa'e.Nan raata'e."

Jettee ammas Imimmaan ishee ija ishee keessaa gadi  
dhangala'uufii funyaan ishee haxaa'achaa;

"Mee dhiisi abbaa Hawwii.Latiinis ilma keenyadha.Sobuun  
maal godhaa?Hammuma Hawwii jaalladhun isas  
jaalladha.Bashaatuunis harkakoo irratti isa deesse.Ficaansaafi  
bobbaatiisaa irraa dhiqee,duddakootti baadheen isa  
guddise.Hawwiidhumti lubbuun haajiraattu malee Latiin biyya  
Faranjiitii dhufee, intala keenya yoo fuudhe maal qabaa?Wanti  
guddaan Hawwiin lubbuun jiraachuu isheeti.Duuteetti  
taanaanis haaraa nutti hin ta'u.Gaafuma cidha ishee sana irmii  
keenya baafanne.Waan haaraa dhageenyu hin jiru..."

Jettee baayi'istee boosse.Gidduutti boo'icha ishee  
dhaabdee, ammas furrii funyaan ishee irraafi imimmaan ija  
ishee keessaa gadi jigee,fuula isheerra gadi lola'u, naxalaa  
isheettiin ofirraa haxaa'aa;

"Yee abbaa Hawwii!anoo dhaqee miilla haadha Latiifi  
abbaa Latii irratti kufee,dhiifama isaan gaafadheen  
achumaanis waa'ee iccitii intala keeyaa akka nutti himan isaan  
kadhadha"

"Dubartii nana ni maraatte yoo ta'e mana waldhaasa  
fayyaa samuun si geessa.Maal odeessiti kun amma?

"Iddoo Hawwiin jirtu isaan beekuu hinoolani.Isaantu miliqsee biyyaa baase jedheen shakka.Miilla isaanii qabadheen biyyuma isheen jirtu nutti himaa jedheen boo'een isaan kadhadha."

"Poolisiinuu hidbee,reebee,isaan gaafatee, dadhabee kan itti dhiise ati miilla isaanii irratti kustee waan kadhatteef kan sitti himan gowwaa sitti fakkaatanii?"

"Dhaqeen miilla isaaniirratti kufeen boo'een isaan kadhadha".

"Dubartii nana amma afaankee qabadhuu gadi taa'i."

"Lakki.Lakki.Bashaatuun garaa natti hin jabaattu."

"Sitti himeera dubartii nana.Adabadhuu taa'i!"Jedhee itti yoo dheekkamellee haati Hawwii diddee kaate.

\*\*\*\*\*

### *BOQONNAA SADDEET*

Biyya Siwidiniitti Latii, Amaareefi Geetaachoon barumsa ogummaa garaa garaa kan baratan yoo ta'anillee "doormii" tokko keessa wajjin bulu.Amaareefi Geetaachoon Injineerummaa,Latiin garuu ogummaa fayyaa barata.Latiin kaampaasii Yuuniversitii keessatti barattoota waliin baratu gidduudhaa kan baayi'ee itti dhiyaatu Amaaree, Geetaachoo fi kaadhimaa Geetaachoo Evaa kan jedhamtu durba Siwidinii dha.Amaaree fi Geetaachoon dhalootaan kutaa biyya Gondor sababii ta'aniif caalaatti walitti dhiyaatu.Wal ho'isu.Amaareen Latiifi Geetaachoo dura barumsa isaa raawwatee, biyyatti deebi'e.Yeroo biyyatti deebi'u Latiin xalayaadhaan Dalasaa wajjin sababii wal barsiiseef.Hanga kiraan manaa argatutti mana Dalasaan kireeffate keessaa kutaa tokko keessa jiraata.

Geetaachoon gaafa boqonnaasaa kaadhimaa isaa Evaa wajjin dabarsa.Latiin garuu qofaa isaa kitaaba dubbisuudhaan yeroo isaa dabarsa.Latiin biyya lafaa kana irratti Hawwii

malee kan bira sababii hin barbaanneef, Ijoolleen durbaa Habashaa Yuniversitii wajjin baratan keessaa jaalalaaf Latii kan barbaadan yeroo baayi'ee isa komatu. "Latii Pheenxeewu, Latii Monokseew "ittin jechuudhaan isa komatu. Inni garuu akka qoosaa;"Kan hunduma keessan caaltu kaadhima Hawwii jedhamtu qaba.Hawwii malee gara bira hin barbaadu" Ittiin jechuudhaan barumsa isaatti jabaatee barata jira.

Amaareen ilaalcha oftuulummaa sabaa qaba."Inee Amaaree qabraarraa Gondoree.." ofin jedha Saboota isaan kaan namaatti hin hedu.Aadaan, asaan, namniifi biyyi gaariin kan saba isaa qofaa akka ta'etti yaada.Kana irratti ammoo amala badaa gara garaa qaba. Tamboo irraa kaasee hanga baala sammuu nama hadoochan kan akka Hashiishii aarsa.

Dhugaatii alkooliis akka bishaanii daaka.Kana malees dubartoota ijaan arge bira hindabru.Dubartii tokko tooftaa isaatiin harkatti galfatee ji'a tokkofi lama caalaa waliin hinturu.Jirenyaa isaa egereef karooraafi sagantaa hinqabu. Dalasaan garuu yeroo hundaa Amaareen haala badaa akkasii irraa akka of eegu gorsuu irraa booda hin jenne.Haalli isaanii lamaan faallaa dha.Dalasaan nama Oromummaa isaatti boonudha.Of tuuluummaa gita bituu saba Amaaraatiin cunquursaa saba isaa irra ga'aa jiru kan mormuufi baay'ee quuqamee soda malee kan qabsaa'u sabboonaa Oromooodha. Bara Yuniversiti barachaa ture,mooraa Yuniversiti keessatti barattoota ilaalcha oftuulummaa sabaa qaban wajjin sababii kanaan yeroo baayi'ee walitti bu'a. Miseensa waldaa Maccaafi Tuulamaadha.

Sochii qabsoo mirga Orommoof godhamaa jiru keessatti qooda fudhachaa waan jiruuf, mootummaan H/sillaasee gara waggaafurii iddo hin beekamnetti isa hidhuu danda'eera.

Dalasaan yeroo dubbatu "Mootummaan sira Nafxanyaa kun yoo qabsaa'ota Oromoo hidhes,yoo ajjeeses qabsoo mirga Oromoo kabajsiisuuf godhamu dhabamsiisuu hin danda'u" Jedha ture..

Dalasaan ilaalchi isaa akka kana sababii ta'eef ejjennoo Amaaree yeroo baayiee morma.Ilaalcha daguungora mirga walqixxummaa sabbaafi sablammootaa mormu akkasii akka dhiisu yeroo baayi'ee isa gorsa.Amaareenis ilaalcha of tuulummaa kana akka aadaatti akaakayyuufi akaakilii isaa irraa kan dhaale malee, nama dhimma kooti jedhee qabsoo siyaasaa keessatti qooda fudhatu miti.Dalasaanis sababii kana hubateef malee guyyaa tokko isaa wajjin taa'ee,akka nama Polotikaattii waa'ee haala biyya keessaafi alaa wajjin mariyatee hin beeku.

Amaareenis kan Dalasaan itti himu nifudhata. Dalasaas baay'ee sodaata.Haala badaa Amaareen qabu Dalasaan irratti waan bareef, mana guddaa dudda duubaan manneetii suphee kutaa afur tooraan ijaaraman keessaa isaa gara moggaa hanga mana argatutti kiraasaa kaffalaa akka keessa jiraatu kenneef.Manni bareedaa viillaa guddaa Dalasaan keessa jiraatus supheedhaan kan ijaarame dha. Kutaa ciisichaa afuur, gorduuba<sup>27</sup> baldhaa qaba Mooraan manichaas guddaadha. Naannoon moorichaas gimbii dhagaadhaan kan ijaaramedha. Abbaan qabeenyaa manichaas, daldalaa sooreessa tokko irraa ji'atti qarshii sagaltamaan kireeffate.

Dalasaan Hawwiii addaba'aba'ii Masqalaa irraa fidee shaanxaa ishee kutaa ciisichaa afran gidduudhaa tokko keessa kaa'e.Kutaa manaa hundumaa daawwachiise.Akka carraa Amaareen mana ture. "Kaadhima Latii! Hawwii jedhamti!

---

<sup>27</sup> "Saaloonii"

Inni ammo biyya Siwidinii Latii wajjin barachaa turee amma barumsa isaa raawwatee biyyatte deebi'e.Amaaree jedhama." Jedhee Hawwii wajjin wal barsiise.Kana booda gara mana guddaa gorduubatti deebi'an. Gorduuba keessa footee, miijala nyaataa, kursii jahaa wajjin sheelfii kitaaboti tooraan irra jiran,akkasumas televiziyooniifi k.k.f.keessa jiru."Hawwii! kana egaa manni koo."Jedhe.

Hawwiin kutaalee mana jirenyaa isaa hunda erga daawwatte booda, Dalasaan hoteelaa waan nyaatuuf meeshaa nyaata itti bilcheessaniifi irratti nyaatan akka hin qabne hubatte.Waan kana ta'eef bitamuu akka qaban yaadde. "Ati garuu kana booda mana hoteelaatii nyaachuu nidhiista.Asuma mana keessatti yoon hojjedhe wayya. Nyaata hoteelaa irraa kan manaa hin wayyuu?" Jetteen. Innis bilchina yaada ishee dinqisifate.

"Yaadi ati dhiyeessite baay'isee gaariidha.Kana dura hin yaadne. Garuu dura siif sireefi afata bitne dhufna. Afati inni mana ciisichaa sana keessatti argite mana barcaati.Aniaafi jaalalleen koo Ashaan yeroo boqonnaa kan keessatti dabarsinudha." jedhe kokkoflaa.Itti fufee "Barcaa ni beektaa?" Jedhen "Barcaan ammoo maalii?" Jette Hawwiin tari waan qaanii ta'a jettee yaaduudhaan kolfuuf jettee of qabde malee dubbiin isaa baay'ee isheedinqe.Sababiin isaas kana dura"Barcaa"kan jedhamu dhageessee hin beektu.Dalasaanis xiqqoo itti koflee.

"Barcaa jechuun sirna Jimaa itti qama'ani dha" jedhe.

"Jimaa jechuun maali "Jetten.

"Jimaa jechuun caatii dha! gaafa sanbata duraa kaadhima koo Ashaa wajjin teenyee qamaana.Booda Ashaa bilbilee waameen wal isin barsiisa!"Jedhe. Isheeniis; "ani bade! Dalasaa maali kashalabee taatee gurbaa?" jette. Akka

seera amantii isheetti tamboo aarsuu, jimaan qama'uufi dhugaatii alkoolii dhuguun cubbuutti waan lakkaa'amuuf dhorkaadha. Hawwiin kana irraa ka'uudhaan Dalasaan erga Naqamtee irraa Finfinnee dhufee jiraachuu jalqabee naamusi isaa jijiiramee kashalabbee kan ta'e itti fakkaate.

Dalasaan Hawwii wajjin Markaatoo deemanii meeshaa barbaachisu hunda bitanii dhufan.Kana booda Hawwiin ganamaan kaatee hanga buddeena tolchituutti xuwwee sibiilaa fi eelee sibiilaa irratti Hanqaaquu<sup>28</sup> qullubbii diimaafi dhadhaan mi'eesitee daaboo wajjin bilcheessite.Shaayee danfistee, Dalasaaf dhiyeessiste.Guyyaas akkasuma mana foonii deemtee, foon gaarii bittee ittoo mi'aawaa gabaadhaa buddeen bittee qopheessitee,Dalssasaa eegde. Dalasaanis saa'atii torbatti hojii irraa ba'ee, yeroo mana galu, manni isaa manni dubartiin keessa jirtu ta'uu isaa foolii nyaataa funyaan isaa ga'een hubate.Gammachuu guddaatu itti dhaga'ame. Ogummaa harkaa kaadhima durbii<sup>29</sup> isaa kanatti baay'ee bone. Ol seenee, Hawwii nagaa gaafatee, gara mana ciisicha isaatti dabre.Kootii isaa fannisee,siree isaa irra xiqqoo duddaan galee ciise.Hawwiinis hunda qopheessitee, balbala mama ciisichaa isaa rurukuttee, nyaata akka nyaatuuf bishaan harkaa fiddee, dhiqachiftee,wajjin nyaatan.Kana booda Dalasaan hanga sa'aatiin hojii gahutti mana ciisicha isaatti ol dabree, ciise. Hawwiin garuu buna miiccitee akkooftee, tumtee, finjaala<sup>30</sup> dhiqxee, jabanaa siileessiteeetti buna danfisstee, irriba isaa irraa dammaqsite.Buna dhugaa waa'ee barumsa isheee mariyatan.

---

<sup>28</sup> Killee,Buphaa

<sup>29</sup> Ilma wasiila isaa

<sup>30</sup> Shiinii buna

“Hawwi ! egaa akkuma ati beektu manni barumsaa guutummaa biyyaa irratti kan banamu Fulbaana 18 dha.Erga banamee turban tokko darbeera.Alis barumsakee 10ffaa itti fufuu qabda.Guyyaan galmeessuu itti xummuuramu utuu hin ga'in bor wajjin deemnee sigalmeessisa.Kanaaf waraqaa ragaakee hunda qopheeffadhu.”

“Utuu sitti hin himinin hafe malee waraqaa ragaakoo gaafa galgala mana keenyaa dokadhee ba'e Saanduqa mana ciisichaakoo irratti irraanfadheen ba'e.Maal wayyaa?

“No!No! No!Ayii! Hawwi!sirii hin hojenne.”

“Galgala sana mana keenyaa dhokadhee ba'uuf jecha sammuunkoo yaaddoodhaan jeeqamee waan tureef dagachuun danda'e malee Walloon irra deddeebi'ee natti himaa ture.Amma guyyaan galmee utuu hin darbin abbaankee mana barumsaa keenya dhaqanii naabaasuu hin danda'anii laataa?”

“Furmaati jiru kanuma.Silaa mana keessan eenyullee dhaqee gaafachuu hin danda'u.Mee waan hundumaafuu abbabbaatti bilbileen hima. Ati nagaafi fayyaa ta'i malee yoo yaallin keenya bara kana milkaa'uu dide bara dhufus barachuu dandeessa.Hin yaadda'in Kan Waaqayyo jedhe hin oolu.”

Hawwiin akka kanaan mana ona ture kan nami keessa jiru fakkeessite.Saa'atiin 12 ta'ee yeroo Dalasaan hojii irraa deebi'u hamma irbaati ga'utti akka hin beelofneef Jalbuusee<sup>31</sup> kennuudhaan siritti isa tajaajilti.

Hawwiin mana Dalasaa dhuftee, ji'a tokko booda gaaf tokko, Dalasaan hojii irraa deebi'ee galgala gara saa'atii 1 irratti gorduuba keessatti buna danfistee buustee Dalasaaf kennite.Ofii isheefis buufattee, irraa unachuuf yeroo afaan

<sup>31</sup> *Hanga irbaati ga'utti nyaata xiqqoo nyaatamu.Asaan Amaaraatti "Maksas" jedhamo.*

ishee biraan geessu,Dalasaan obsuu dadhabee; "Latiin xalayaa siif ergee jira "Jedhe.Yeroo kana Hawwiin "Aaa! "Jettee harka buna qabatti yeroo achi ofirraa qabdu,bunni itti dhangala'ee, harkashee gube. "Anis Maalin tahee? nin Jerjere" jedhe. Poostaa itti kenne. Hawwiinis buna afaan biraan geese lafa keessee,poosticha fudbattee, gara mana ciisicha isheetti dabarte. Dalasaanis "Maalii ni dhaqqabda, taa'ii buna si duraa dhangala'e buufadhuu dhugiitii meeshaa hundaa erga kaasatee booda tasgabbootsee teessee dubbisuu siif bin wayyuu?" Jedhe. Hawwiinis haala isheetti akka qaana'uu taate.Deebitee poosticha guntuuta ishee gidduu gadi suuqqattee, Buan jalaah dhagala'e guuttattee, dbuguu jalqabde.Dalasaan haala ishee kana ilaalee baay'ee kolfaa; "sila lubbuu waliidhabdu miti? Jaalala kan akka keessanii argees dhaga'eес hinbeeku" Jedhe. Isheenis wajjin kofalte.

Haaluma kanaan buna dhuganii erga raawwatan booda Dalassaan nin dhufa jedhee gadi ba'e.Hawwiinis jabanaa, finjaalafi meesholee kanniinis erga kaaste booda muddamaan gara mana ciisicha ishee galte.Poostaa jaalalleen ishee ergeef saaqxee, xalayaa isaa gadi baasaa utuu jirtuu suuraa Latin kolfee ka'e argatte.Gammachuu irraan kan ka'e imimmaan ishee lola'uu jalqabe.Suuraa Latii ol qabdee ilaalaat turteemmoor dhungatti.Takka amoo laphee isheetti qabdee akka waan isa argateetti gammaddi. Akka fuulleetti itti muldhatuutti ammoo boraatii ishee irratti hirkistee, xalayaa isaa dubbisuuf diiddiriirsiti.

"Sirraa fagaadhullee si bira yaadikoo

Attami jireenyikee Hawwi jaalalleekoo?..."

Jechuudhaan akkuma yeroo kaan isheef barreessu walaloodhaan jalqabe; "...Hawwiikoo akkam jirtaa? ani fayyaakooti. Galata Waaqayyoo.Rakkoo baay'ee booda

Dalasaa argattee, wajjin jiraachaa akka jirtu kan ibsit u xalayaan kee yeroo nageessu karaa tokoon gammachu guddaa, karaa kaaniin ammoo rakkoo sirra ga'aa turetti gadda guddaatu natti dhaga'ame. Jabeenya keetiifi gargaars Waaqayyootiin qormaata qabsoo cimaa booda Durbiikoo Dalasaa bira dhufuukee ammoo akka waan na bira geesseetti gammachu guddaa kana jedhee sitti himuu hin dandeenyetu natti dhaga'ame..."

"...Hawwii koo ammas jabaadhu, barumsa kees barachaa na eegi. Dhufuun koos yoo kan fagaatu tahe wagga lama tahuu ni dandaha jabaadhu. Mee kan amma fakkaattu suuraa ka'iitii naaf ergi. Silaa rakkinaan bifa namummaa keessaa baatee guurraachoftee, kan huuqqatte natti fakkaata. Kunis ammoo humaa miti ni dabria. Adduunyaa kana irratti kan hin dabrine hin jiru. Rakkoon kee hardhaa dhiphinni, gaddiifi booichikee hardhaa, gammachuutti ni jijiirama. Hirkattuu namaa tahuu keessaa baatee atis of dandeessee, bultii mataa kee mana of danda'e kan itti dhaabbattu, yeroon isaa fagoo mitti. Anis hawwiinkoo kanuma. Jireenya gaarii gammachuu waaraa borii argachuuf qabsoo hadhaawaa hardhaa irratti jabaachuudha. Jireenya keenya egeree yaadiitii of jajjabeessi. Xalayaan kun akka si ga'een dafitii naabarreessi. Nagaafi fayyaa gaariin siif hawwa. Gooftaan keenya Yesuus kiristoots si wajjin haata'u."

Jaalallee kee Latii Jireenyaa

Hawwiin erga dubbistee raawwattee booda ammas irra deebitee dubbisti. Takka ammoo suraa isaa ilaalti. Baay'ee gammadde ol fuutee dhudbungatti. Quufuu dadhabdee aartee siree irratti darbattee "utuu nabira jiraatee? " Jeetee ammoo boossi. Utuma akkas ta'aa jirtuu Dalasaan waan gaazeexaan maree, tokko harkatti baatee ol gale. "Hawwii! Hawwi yoo! "Jechaa waamaa balbala mana ciisichaa ishee rurukunnaan

banteef. Hawwiinis "O! Nawaamtee"? Jechaa xalayiichaafi footoo isaa daftee poostaa keessatti galchuuf muddamte. Haalli ishee kun akka ishee hintaajjabneef carraaquusheeti. Garuu argee itti kolfe.

"Ammallee kanuma dubbistamoo gaazexaa garabiraa argattee dubbisaa jirtaa?" jedhee itti siqee suuraa Latii ilaale. "Abbaakoo badee ! Latiin duruu Faranjii fakkaata ture amma mmoo Faranjii Siwidiiniitti jijiiramee?" Jedhe quose. Itti fufee "Jirenyi Siwiidinii ittitoluu isaa bifti isaa ragaa tokko. My God! Latiin tasa Faranjii fakkaate. Hawwii ! Dubri Siwiidinii akka sirraa hin fudhanne!" jedhe. Qoosaaf.

Kan inni dubbateef deebii utuu hin kennin; "Maal baattaa?" Jette. Kan inni baatu harkaa fuudhaa, "Hawwii ! foon dheedhiin dharra'e . Kan itti cuubatan ni jiraa?"

"Qocqocaan biyya keenyaa bin jiru yoo ta'ellee mimmixi jira. Hundi qophaa'aadha. Taa'i ati" jettee gara golaatti dabartee, haablee, lamaa wajjin mimmixa bidden irratti gootee, fiddee, miinjalarra keesse. Wajjiin taa'aanii haasa'aa nyaatanii erga raawwatan booddee harka isa dhiqachiifte. "Hawwii! kan booddee silaa Haraqeen aadde Dinsirii utuu jiraatee, silaa akkam walfudhata ture!" Jedhee itti quose. Hawwiinis "taa'i hundi jira siin jedheeraam!" Jettee Jiinii qaruuraa tokko qarshii kudhaniin bittee keessee turte kan ittiin dhuganii wajjin fiddee yeroo gadi itti baatu "O!O!O! amma reefuu waan raajii fidde. Maaltu sitti hime haadhoo kan ani jaalladhuu? Jedhe Hawwiin yaaddee kana bittee mana keessi jedhee hin yaadne. Baayi'ee ishee dinqisiifate. Hawwiinis "Akkasumatti yaadi kee naaf gala. Garuu dhugaatiin alkoolii gaarii mitti. Utuu dhiistee gaariidha." Jettee qaruuraa Jiinii banuuf yaaltee ishee didnaan "hoo'u ati. Ani banuu isaa kana itti hin beeku" Jetteen.

"Ani kana argannaan bakkeetii maaliin barbaadaa? Baankoonii mana dhugaatii irraa dhaabbachuu amala isaa hin qabuu" Jedhee harkaa fuudhee ,banee , morma isaa irraa akka qoosaa "Sooradhu!" Jedhe. Kokkoflaa xiqqoo irraa lafati facaasee, buufate.Lafatti irraa facaasuunsaa amantiif osoo hin taane "buushii" qaruuraan itti qadaadamee caccabee keessa bu'e irraa darbachuuf ture "Atiwoo Hawwii?" "Ani isaa wajjiin walhinbeeknu" Jechaa kookaa fiidattee bira teesse.

"Dalasaa kaadhimaan kee maaliif hindhuftuu?

"Nidhufti.Xiqqoo wal lollee ture. Amma gruu araara buusaa jirra. Utuu dubbannuu namtichi kun Asuma sii wajjin utuun nyaata nyaadhee naan jedhee ture.Garuu ani ammo hojiin akka sitti baay'etu sababiin hin barbaadneef, dura Hawwiin gaafadha.Jedheen" Hawwiinis ani gamakootiin rakkoon hin jiru.Horii barbaachisu yoo sitti kenne ani dhimma hinqabu." Jetteen.Dalasaanis "Haata'u egaa hojjettuu barbaachisa.Atis mana barumsaa seenuu qabda."Jedhe. Isheenis yaada issatti waliigaalte kanumaan irbaata isaanii nyaatanii gara ciisicha isaaniitti deeman.

Hawwiin akka kanaan Mana isaa howiste. Amaareenis Dalasaa wajjin manaa nyaachuu jalqabe. Shaashituu kan jedhamtu hojjettuu Oromo tokko argatan. Hawwiinis Shaashituu to'achaa qajeelfama hojii kennaa waan hojjechiistuuf hojii mana keessaa hojjettu hin qabdu.Garuu waraqaa raga ishee Naqamteetti irraanfattee waan dhufteef barumsa ishee itti fufuu hin dandeenye.Sababii kanaaf manuma keessa oolti.Torban torbaniin gaafa Dilbataa garuu hiriyoota ishee Asteeriifi Gannat wajjin waldaa kirstaana deemti.

\*\*\*\*\*

Amaarreen guyyaa gaafa Hawwii arge irraa jalqabee ija isaa irra buufateera.Yeroo ishee argu waa'ee boca qaama isheefi walumaagalatti barreedina ishee baaye'ee dinqisiifata. "...Maali nami akkas uumamuu? kana Latiitu dhuunfata jechuudhaa? Latiin ayyaantuudha.Carraa gaariitu isa eggata. Ani yoon maal godhe intala kana of harkatti galshachuu danda'aa?" jechuudhaan baay'ee yaada "yoon jaalalaan ishee mo'adhee ishee fuudhe biyya Latiifi Dalasaan nan arginetti ishee fudhadhee, deemee, achitti wajjin jiraachuu nin danda'a" jechuudhaan ishee gaaduu jalqabe.

Al takka takka yeroo Hawwii qofaatti argu waa'ee Latii bara biyya alaa waliin turan, waan baay'ee itti odeessa "Paa! Latii wajjin yeroo biyya Faranjii turre, paarkii akkasii, bakka akkas jedhamu, shamarran jaalalleewwan keenya waliin achi dhaaqinee, bashannanna turre." Jechuudhaan Latiin jaalallee gara biraa kan qabu fakkeessuudhaan oduu sobaa uumee, gurra ishee buusa.

Kaayyoon isaa Hawwiidhaaf ifaadha.Garuu Hawwiin "Gaariidha ni tolche" jettin malee dhuguma Latiin kana hojjeta jettee hin amanne.Mana tokko keessaa waan wajjin jiraattuuf Hawwiin shakkii tokko malee qulqullummaan isaaa wajjin sababii haasoftuuf, salphaadhaan kan harkasaa keessa galtu itti fakkaate.Amaareenis kiyyoon isaa karaa kan qabate itti fakkaate.Lakkoofsa kophee milla ishee gaafatee kopheefi uffata gara garaa bitee;"Kuni kennaa jaalala keef qabu muldhisuuf sii bitedha..." jedhee kennaaaf ture.Isheenis tajaajila isaaf kennituuf gammadee kennaa akkasii qopheessee kan kennuuf itti fakkaata malee,shira kan qabu waan itti hin fakkaanneef, galateeffattee, harkaa fudhatti turtre.

Guyyaan isaa gaafa ayyaana cuuphaati.Manni Dalasaafaa baay'ee miidhagee, howu'ee, jira.Mana keessa

caffeen afamee jira.Farsoon naqamee, hoolaafi Indaaqoon galamee,walumaa galatti ayyaanaaf kan barbaachisu guutamee jira Laaqana nyaataanii farsoo Hawwiin naqxe dhugaa, haasaan isaani ho'ee jira.

Hawwiin oggummaa hundaa haadha ishee irraa baratteen farsoo daadhii caalu naqxee,keessummoota affeeramanii dhufan siriitti keessummeessti turte. Amaareen jaalallee isaa ishee haaraa Iyerusaalem jedhamtuu wajjin, Dalasaanis jaalallee isaa Aashaa wajjin farsoo kana habbuuqqaachaa,sagalee isaanii guddisanii al takka takka dubbachuuf dabaree walsaamuudhaan, altakka takkas dabaree dhaan wal dhaggeeffachaa,haasaa gara garaa haasa'u. Keessumiiftuun hardhaa Hawwii dha.

Hawwiin uffata aadaa Oromoo kuulli isaa diimaa uffatte,dhaabbata qaama ishee waliin walfudhatee, baay'ee irraa bareeda.Irra deemtee farsoo buusaa "dhugaa" Jetti. Gidduutti Amaareen "Eci! Eci!" Jedhe. Hundi haasaa isaanii gidduutti kutani gara isaa ilaalan. "Maalii?" Jedhe Dalasaan durse. "Titiisatu farsoo isaa keessa seene" Jette jaalalleen isa Iyerusaalem.Dalasaanis Hawwii ijaan ilaalaa; "Farsoo isaa keessaas dhangalaasi gara biraa buusiif." Jedhe.Hawwiinis burcuqqoo isaa fuutee, farsoo isaa keessaas gadi dhangalaastee, dhiqxee, yeroo deebitu "hagam ga'aa! baay'ee guddaa dha" jedhe Amaareen.Dalasaanis burcuqqoo farsoo isaa ol kaasee takka irraa habbuuqqatee, lafa kaa'ee; "Utuu bookeetu keessa bu'e ta'ee aaga jedhu, biyya keenyatti "jedhe.

Iyerusaalemis itti ansitee "Lakki kun titiisa guddaa dha."Titiisa Gaallaadha" Jette.Yeroo kana Dalasaan dhiigi isaa danfee; "Qabi Afaan kee! nuuf eenyutu titsiisa kennee?Oromootu titiisa horsiisa siin jedhanii? moo Oromootu titiisaa wajjiin firooma qaba siin gedhanii? Titiisi

keessan maal fakkaataa? Mee natti himi. Isiin hanga yoomiitti  
ilaalcha badaa oftuulummaa akkasii of keessatti baattanii  
waliin jiraannaa? Maal nucaaltanii akkas oftuultuu? Nuti  
uumama namummaa keenyat uumamaa keenyat isinii gadi ta'ee of dhiitessituu?  
Moo sababii angoo mootummaa qabattanii? waan badaan kan  
Oromooti. Yoo afaan keenyaan dubbanne afaan sinbiraa  
keessan lafa kaa'aa nuun jettu. Maqaan keenya Oromoo ta'ee  
osoo jiruu maqaa nuti itti of hin waamneen nuwaamtu.  
Hamilee dhabnee sammuun gabroomnee akka Oromummaa  
keenya ganee isin taanu, akka isinitti amannu, yaalaa jirtu.  
Isin maalitti nu caaltuu? nuyi barumsaani moo qabeenyaani  
moo uumaa namummaa keenyaan isinii gaditaaneetu moo  
Waaqayyo yeroo nama hunda uumu isiniin ol caalchisee isin  
uummee? Mee naatti himaa? Nuyi ilmaan Oromoo maal isin  
goonee? Biyya keessan dhufnee lafa keessan isin irraa fudhane  
moo, qabeenya keessan saamnee moo? angoo mootummaa  
isin irraa fudhannee? Walumaagalatti kan numiidhaa jiru woo  
isini Mee nuyi ilmaan Oromoo maali isin goonee? maaliif  
akkas oftuultuu? du'a Margaati! cunqursaan kun yeroon inni  
itti raawwatu fagoo miti? kun ammoo shakkii hinqabu "jedhe.

Iyeruusaalemis "Nuti maal goone yeroo warri keenya  
dubbatan dhageenyee isuma irra deebinee dubbanna malee. . ." Jette. Dalasaanis," isin maaliif irra deebitanii jettuu? isinoo  
kan barattanidha, Yeroo warri keessan akkas jedhanii nu  
arrabsan, dhiisaa akkas hin jedhinaa. Jettanii hingorsitanii?  
Yoo gorsa keessan fudhachuu baatanillee isin deebistanii  
maaliif of tuulummaa akkasii agarsiiftuu? Mana barumsaattis  
afaan keenya dhiisnee afaan keessan akka barannu nu  
dirquudhaan sammuun nugabroomsaa jirtu. Yoo kan waliin  
jraannu taane walkabajnee malee inni tokko mirga kaanii

dhiitee, kabajaa isa dhorkatee, waliin nagaan jiraachuun hindanda'amu"Jedhe

Amaareen tamboo isaa takka xuuxee aara isaa ol afuuufaa."Dalasaa as irratti daguungortee jirta, Afaan Amaaraa baruun gabrummaa miti.Barumsii akkamittiin sammuu nama gabroomsa? Afaan Amaaraa baruun badii maalii qabaa?" jedhee, gaaffiidhaan yaada isaa dhiyeesseef. Dalasaanis "mee hundumaa dhiisii mana barumsaa keessatti nuti ilmaan Oromoofi ilmaan sabaafi sablammoota Itoophiyaa keessa jirru afaan keenyaa dhiisnee Afaan Amaaraa qofaa maaliif barannaa?Utuu walqixxummaan jira ta'ee sabaafi sablammooti cunquurfamooti Itoophiyaa keessa jirru Afaan Amaaraa qofa osoo hin taane afaan keenyas barachuu qabna turre.Garuu mirgi kun Itoophiyaa keessa hin jiru.Cunquursaan Kun egaa mallattoo gabrummaadha."

Itti fufe."Sirna barumsaa Itoophiyaa keessatti illee gooti saba keessan qofa akka ta'etti fakkeenyaan fudhatama. Kun maaliifii? gootota Oromoo dhiyeessuun hin danda'amu moo? Oromootu goota hinqabuu?Abdiisaa Aagaa gootummaan inni hojjete bilisummaa guutummaa Itoophiyaaf jedhee malee bilisummaa saba Oromoo qofaaf jedhee hin turre. Garuu seenaa goototaati jettanii kitaabotaafi sab-qunamtii uummataan kan lallabamu kan saba keessaan qofa ta'uu hin qabu ture. Kan Oromoofi sabaafi sablammoota cunquurfamoota Itoophiyaa keessa jiran maaliif dhokfamaa? Yoo seenaa gootummaa isaanii akka fakkeenyaatti fudhatamee tokkummaa Itoophiyaa diigaa? Oliiqaa Dingil gooti Oromoo Xaaliyaanii jabeenyaan kan lole Oromummaa isaatiif qofa jedhee, utuu hin ta'in bilisummaa Itoophiyaatiif jedhee ture.Garuu seenaan gootota Oromoo akka seenaa gootota saba keessanii maaliif hin barreffamnee? Maaliif mana

barumsaatti ijoolleen keessan seenaa sabaafi sablammoota cunquurfamoota Itoophiyaa akka baratan hingoonnee?..."jedhe Dalasaan.

Amaareenis ammas tamboo isaa takka xuuxee aara isaa ol afuuufaa "maaliif sitti fakkaataa?" jedhe Dalasaanis "Gaari!" jedhe gaaffii isaaf deebii kennuuf.Garuu utuu inni deebii hin kennis Aashaan haasaa isaanii gidduu seentee; "Daa'imman Oromoo yoo waa'ee gootota Oromoo saba isaanii dhagayan seenaa isaaniitti boonanii sabboonummaa of keessatti qabatanii guddatu. Ilaalcha sabboonummaa Oromootiin daa'imni guddatu, cunquursaa saba isaa irratti raawwatamu tole jedhee hin fudhatu.Cunquursaa ofirraa gatuuf qabsaa'a.Haala kanaan yoo guddate sammuun hin gabroomu jechuudha.Miidhaan ilmaan Oromoo irratti raawwatamu kana qofaa miti.Aashaan itti fufte;"Fakkeenyaaaf aadaa keessan keessatti yeroo daaima boossu sossobuuuhdaaf

...Ushuuru ru ru Ushuruuru ru maammuyee

lijeen ye xellaa yi wussedewu Gallaa..." kan jettan maal muldhisaa?Ilaalcha gaariidhaa? kun cubbuu guddaadha. Yekka ummata Oromoo irratti raawwatamedha.Oromoo Rabbi bifa isaatiin uume akka nama nyaatutti fakkeessamee dhaloota gara dhalootaatti haala kanaan daddabarsuun uummata waliin jiraatu gidduutti jibba uumuudha.Ilaalchi daguungoraa akkasii sabaafi sablammoota gar gar fageessa malee walitti hin dhiyeessu. Egaa isin oduu badaa kan akaakayyuun keessan odeessan fudhattanii hardha isinis ijoolle keessan kanuma barsiiftu jechaadha "jette.Kana gidduutti Dalasaan dubbii ishee harkaa fuudhee "Gara biraas fakkeenyaa baay'ee kan sammuu ilmaan Oromoo irratti duulamaa jiru.Isin yaaddachiisuun ni danda'ama.

"Ka Gallaam Gaallaa min alenyi Qajeelaa, Abbaam sawu honuunnaa Gaallaa gaddalachewu.Jechuudhaan sammuu keenya madeessuudhaan akka hamileen nucabu gootu.Kun mada isin nu madeessitanidha.Madaan isaa kun yoo barri kun dabree barri gaariin namummaan keenya itti kabajamu dbuse fayyu ni danda'a.Garuu godaannisi madaa kanaa hin badu.Ni mul'ata.Godaannisa kanas ni agarsiifanna.Maa agarsiiftu nuun hin jedhinaa.Kunis of tuulummaadha.Mucaa reebanii maa boossee na himatta jedhani deebisanii loluu dha.Kanas jechuun koo nucunquursaa turtaniittu jenne gaafa bara arganne haaloo baana jechuus mitti.."

"Garuu waan ani isin hubachiisu, walkabajnee nagaan waliin jiraachuun kan danda'amu ilaalchi of tuulummaa akka kanaa yoo isin keessaa badu qofa waan ta'eef kana irraa qulqullaa'aatii karaa dhugaa irra bu'aa. Oromoob bilisummaaf qabsaa'a.Bilisummaan mirga diimokiraasii gonfachuudha. Sirmi ummata Oromoof ilaalcha badaa qabu kun dhabamuu qaba.Egaa Oromoob yoo mirgasaa kabajsiisuuf socho'e Itoophiyaa diiguuf kan ka'an jechuudhaan nu komachuu hin qabdan.Kan mirgi isaa sarbame mirga isaaf falmachuuf yoo ka'e balleessaa hin qabu. Kanas beekaa! Wal kabajnee wajjin haajiraannu "Jedhe.

Hawwiin Dalasaafi Aashaa qofti akka dhaga'aniif Afaan Oromootiin;"Ni gaha mee farsoo dhugaa. Dubbiin baay'eteef baay'ee namaaf gala mitii.Kan beekaa ciise dammaqsan hin dhaga'u jedhama".jettee burcuqqoo farsoon keessaa hirdhate farsoo itti guuttee teesse. Kana gidduutti Amaareen "Mee dhiisaa farsoo dhugnaa ani silaa waa'een polotikaa naaf hin tahu.Garuu Yeruus isin dallansiisuu isheef nin gadda. Dhiifama nuuf godhaa"jedhe.Iyeruusaalemis dhiifama gaafattee, haasaa jijiirani farsoo isaanii dbuganii irbaata nyaatanii ayyaana waggaa gaafa sanaa dabarsan.

\*\*\*\*\*

Hawwiin akka kanaan Dalasaa waliin jiraachaa haala jirenya jaalallee ishees yeroo yerootti karaa Amaaree xalyaa argachaa yaada ishee gara tokkotti godhattee, Dhufaatii isaa hawwii guddaadhaan eeggatti.

Amaareen dubartii bareedduu argee bira hin darbu. Kun haala inni ittiin beekamu keessaa tokkodha. Haalli mijaa'uuf dide malee Hawwii gaaduu jalqaeera.

Gaaf tokko Hawwiin qofaa ishee teessee uffata boraatii irratti osoo hodhaa hodhituu Amaareen argee bira taa'ee haasofsiisuu jalqabe. Haasaa keessa Hawwiin;

"Ati maaliif kan bultiikeetiif taatu tokko filattee jabeessiitee qabattee wajjin hin jiraattuu? jaalallee baay'isuun gaarii miti."

"Amma hundumaa nin dhiisa. Kan onneekoo keessa seenete tokko argadheera. Jaalalli halaalaa onnee koo boojii'eera. Jaalalleewwankoo kana duraa hunda nan dhiisa."

"Haaraa gara biraammoo argattee?"

"Eessaa?"

"Asuma" jedhe kokkolfaa. Dubbiin inni dubbate Hawwii baayi'ee dinqe.

"Asumaa jechuun kun naaf hin galle"

"Asuma mana kana keessa " jedhe. Akka sossodaachuu. Hawwin dubbiin inni haasa'u galuufii didee; "Tokko Kaadhima Dalsaa ishee torban torbaniin dhufu Ashaadha. Tokko ammoo hojettuu keenya Shaashituudha. Tokko ammo ana. "Jettee utuu hin raawwatin "Suma"! jedhes obbaafate. Yeroo kana fuullii Hawwii battalaan jijiirame. Huutee qabachuuf kaate. Uffata boraatii hodhaa jirtu harka tokkon akka qabattee jirtutti ol kaatee, dhaabbattee, lafa inni taa'utti gadii ilaalaalte. Utuu waa hin dubbatin jija itti babaastee lafuma taa'utti gadi ilaala xiqqoo turte.

"Tasgabbaa'ii, tasgabbaa'ii maali yoon sijaalladhe maal qabaa?"

"Dhukkuba hamaa jaaladhu! sare! ati nama miti sareedha!.Nama miti ati ilbiisa!.Machoostuu!.Sammuun kee sidhukkuba yoo tahe mana hakiimii deemi malee ani saree akka kee miti!.Amma ulfina kee yoo beekta tahe ka'i! ka'i ija koo duraa!.Hawwiin eenu sitti fakkaattee? Tu Saree! " Jettee itti tuftee arrabsite.Amaareen isifatee utuu waa hin dubbatiin akka saree bataskaana seentee luf jedhee, karra mooraa banatee, gara mana dhugaatiitti qajeele.Gaafa sana yeroon manatti hin galle.Dhiisifatee utuu dhuguu machaa'ee erga Dalasaanfaa rafan booda manatti gale.Ganama ammoo erga Dalasaan hojii deemee booda guyyaafatee irriba irraa ka'e.Hawwiin dubbii kaleessaa Dalasaatti himtee na ajjeesifti jedhee baayi'ee sodaatee ture.Garuu Hawwiin Haala Dalasaa sababii beektuuf itti hin himne.Yoon itti himte Dalasaan isa ajjeesee ammas mana hidhaa gala jettee dubbicha garaa isheetti qabathee dhiiste.

Hawwiin arrabsitee waan isa qaanessiteef Amaareen garaa isaatti haaloo gudunfateera.Miidhaa isheera geessisuuf haalaafi yeroo mijawaa eeggachaa jira. Silaa akka isheen tole isaan hin jenne ejjennoo ishee irraa hubateera.Karraa itti ishee miidhuu danda' u waan baayi'ee yaade. "Hawwiifi Latii gargar kutuuf jalqaba irratti, Hawwiifi Dalasaa walitti naquudha. Lammaffaa ammoo Latiifi Hawwii addaan kutuudha." jedhee sagantaa baafate.Kaayyoo isaa kanaafis kan nagargaaru jedhee yaade,biyya Siwidinii Latii wajjin barachuurra kan jiru hiriyaasaa Geetaachoofi kaadhimaan Geetaachoo Eevaa dha"Jedhee karoora hamminaa baafate.

Hiriyaan isaa Geetaachoon kaadhimaan Faranjiin Siwidinii Eevaa jedhamtu Latii akka ammattu ykn yeroo

maddiisaa dhungattuu ykn yeroo isa bira teessu suuraa kaasee akka isaaf ergu itti dhaamuu yaade.Biyya keessatti ammoo Hawwiin jaalallee gara bira qabattee jirti jedhee Dalasaatti himee walolchiisee,Sana booda Latii durba gara bira fuudhee akka dhufuuf Dalasaan xalayaa akka isaaf barreessu gochisiisuuf yaade.

Karaa gara biraatiin ammoo tarii shirakoo kanaaf nagargaaruu danda'a jedhee kan itti amane torban torbaniin Hawwiin manaa baatee idoo deemtuufi oltu hordofuu barbaade.

Haaluma kanaan utuu ishee gaaduu gaaf tokko Hawwiin akkuma kanaan dura gootu gaafa dilbataa ganama hiriyoota ishee Asteeriifi Gannatii wajjin waldaa kiristaanaa deemuuf manaa baatee gara Araat kiilootti qajeelte.Yeroo kana Konkolaataa isaa "Baby Fiat 650 " jedhamtuun faana bu'e. Taaksiin Hawwiin keessa jirtu karaa Paarlaamaa irraan ol dhuftec hosteelicha biratti Hawwi buuste. Hawwiin hosteela seentee, xiqqoo turtee, Asteeriifi Gannat wajjin baate. Amaareen mana bunaa hosteelichaa jala jiru taa'ee ishee eegaa ture. Hawwiinfaa yeroo bahan isaan arge.Hawwiin garuu isa hin argine. Taaksii qabachuuf daandii qarqara dhaabbatan. Amaareen battala kana iddo konkolaataa isaa dhaabetti gadi fiige.Hanga inni konkolaataa isaa keessa seenee mootora kaafatutti, Hawwiinfaa taaksii keessa seenanii gara "Amisti kiilootti" qajeelan.Amaareen yeroo konkolaataa isaa kaafatu kallattii Hawwiinfaa itti deeman wallaalee deebi'e.

Hawwiin hiriyootashee wajjin waldaa kiristaanaa turtee yeroo manatti galtuufi Amaareen nyaat guyyaaf yeroo manatti galu akka tasaa tokko ta'e.Hawwiin gara boodaan yeroo ofirraa miildhattu diinashee ta'uusaa argite. Amaareen nyaat guyyaa Shaashituun dhiyeessiteef nyaatee, hanga sa'aatii

10:30tti rafe.Kana booda konkolaataasaa kaafatee ganduma isaanii keessatti kan argam gara hoteela Indaraaseetti gadi gugate. Konkolaataasaa hoteelicha dura dhaabee, ol seenee moggaa tokko taa'ee, biiraa ajejate.Biiraa isaa dhugaa shira xaxuu jalqabe.

Shira yaade tokko garaa isa ga'uu didnaan;"Kun quubsa miti, Dalasaan kanaaf ishee loluu hin danda'u." Jedhee biiraa jalqaba ajejate haafuurä tokkoon dhudha'ee miinjal irraa kaa'ee, lamatta ajejate.Biiraa guutuu banamee isa fuula dura jiru irra ija isaa dhaabee; "Amma akkamitti Dalasaatti himuu? eessaa jalqabuu? hosteela deemtee dubartoota lamma wajjin baatee taaksiidhaan deemte yoon jedhe eessa deeman yoo naan jedhe eessan jedhaa? Kun quubsaa miti" jedhe. Ammas biiraa lammataa ol fuudhee dhudha'ee walakkaan ga'ee qaruuraa kaa'e.Ammas ol fuudhee biiraa qaruuraa keessatti hafte dhudha'ee, minjala rurrukutee, sadaffaa ajejatee, yaaduu jalqabe.Yaadi tahu dhufuufii didaan ammas biiraa sadaffaa dhudha'ee afraffaa ajejate.

Ammas yaadi gara biraan dhufuufii didnaan biiraa afraffaa dhudha'ee; "turi akkasi eyee! eyee! jedhee biiraa shanaffa ajejate."Dura yaa Dalasaa intala kana gorsi dubartoota kashillabee hosteela kanaa wajjin hiriymummaa jalqabdeettii.Dubartoota kana ammoo ani beeka. Isaan dhiira barbaacha halkan uffannaa isaanii miidhaksanii karaa irra jooraa bulan waan ta'eef irraa kuti! elaa gorsi ani sitti himeeraa"! jedheen itti hima. "Gara biraam ammoo dhiira tokko lakkofsa bilbila mana Dalasaa itti kennee akka waan Hawwii barbaaduutti bilbilchiisee, walittin isaan naqa! eeyyee! eeyyee! dura kanan raawwadha.Kana booda yaada koo yeroo na harkaa fudhachuu jalqabu gara biraas itti dabaleen ishee hamanadha."

Amaareen yaada hamminaa kana erga walitti  
qindeesee booda biiraa ja'affaa dhudha'ee torbaffaa  
waanimate. Isheen keessumsiiftuun fiddee yeroo dhuftu. kan  
dhugaa jiru Meetaa biiraa waan ta'eef

"Mellottiin le Tigiree

Goorgisiin le Amaaraa

Ye Oromoont Maxexxi

Amxuu Meettaa biiraa." jedhe.

Biiraan inni dhuge isa ho'ise. Amaareen kana booda  
biiraa qaruuraa baayi'ee daddabalate. Garaasaa harkaan  
rurrukute. "Biiraan kun garaa nabokokse. Mee dhaqeen ammoo  
wiskii lama irratti darbatadheen biiraa garaa na afuufe kana  
bittimsaa" jedhee gatii biiraa dhugee kennee konkolaataa isaa  
keessa bu'ee, gara ganda "Baambisi" jedhamutti gadi  
gugate. Achis ga'e mannootii dhugaatii "3 doors" jedhaman  
sadii keessaa isa gidduu seene..

Mana ragadaadha. Keessa isaa ibsaa diimaatu ifa.  
Dubartootaafi namoota baayi'eedhaan guutameera. Ragada  
faranjii ragadu. Sirba wallisaa Jems Biraawan haaraa baaseen  
maraachaa jiru. Sagalee muziqichaa guddisanii waan bananiif  
nami wal dhagahuu hindanda'u. Bakki taa'umsaas hin jiru.  
Amaareen akkuma ol seeneen bakka taa'u asii achi ilaalee  
dhabe. Ishee horii fuutu "kaasherii" bira "baankoonii" isheetti  
hirkatee wiskii cabbi wajjiin isaa dhiyaate dhuguu jalqabe.  
Baay'ee daddabalate. Sababii kanaaf amma machaa'eera.  
Sa'aatiinis halkan keessaa 6:00 ta'e. Kan dhuge Qarshii 30  
kaffale. "Kaffali" kan isaan jedhan kaffale malee hamma  
dhuge hin beeku. Hamma itti keennes hin beeku. Erga gadi  
ba'ee booda manichatti ol deebi'ee, dubartii tokko fudhatee  
makiinaa isaa keessa kaa'ee gara manaatti kaate. Namniifi  
makiinaan karaarra daddarbu sababii hin jirreef makinaa isaa

akka xayyaaraa kaachisaa mana ga'e. Shaashituun karra irraa bantee, gara keessatti ol seene. Makinaa isaa dhabe. Garuu keessaa bu'uu dadhabe. Dubartittii mana bunaa sanatti hirkachaa, yeroo mana ciisichaa isaa ga'u ibsaan mana ciisichaa isaa keessan ifee balballi isaas saaqamee arge.

Yeroo ol seenu jaalalleen isaa kan Hiyiwat jedhamtu sreee irra ciistee isa egaa jirti. Hiyiwat dubartittii mana bunaa sana yeroo argitu battalaan sreee irraa utaaltee kophee ishee lafaa fuudhattee mataa mataa ishee irra dhoofte. Morma isheemmo huutee, rifeensa mataa ishee qabattee kuffistee lafa kuftetti miillaan dhidhiitte. Booda ammoo irra teessee kopheedhaan mataarra dhadhawuu jalqabde. Dubartittiin mana bunaa sun hojii rakkisaa mana dhugaatii keessatti jirenyi kan ishee miidhe waan taateef rukuttaa Hiyiwat ofirraa ittisuu hin dandeenye. Rukuttaa Hiyiwat jalaa ba'uuf wiixxfachaa iyyuudhaan qe'ee Dalasaa jeeqxe.

Silaa Amaareen sababii machaa'eef akkuma ol seeneen sreee irratti kufe. Mataa isaa ol qabee isaan ilaaluu illee hindandeenye. Dubartittii mana bunaa sana irraa namni Hiyiwatiin irraa qabu dhibe. Dubartittiin rukuttaan itti baayi'ennaan guddistee iyyite. Shaashituun Hiyiwatiin dubartittii irraa harkistee kaasuu yaalte. Garuu qofaa ishee hin dandeenye. Halkan walakkaa irratti jeequmsa guddaatu ka'e. Amaareen reeffa ta'ee ciiseera. Hin socho'u. Booda garuu Dalasaafi Hawwiin dhufanii, Shaashituu gargaaranii Hiyiwatiin qabanii gadi baasani.

Dalalsaan Hiyiwatiin dubartittii irraa harkisee erga kaase booda; Dubartittii mana dhugaatii sana Amaaree wajjin argee waan hin beekneef eessaafi akkamitti akka dhufte gaafate. Dubartittiins haala hundumaa itti himte. Dalasaan hojii Amaareetti baay'ee gadde. Baay'ees itti aare. Booda dubartitii

mana bunaan sanaan "amma ati gara mana keetti deemuu ni dandeessa.Karaa iraa dhustee qe'ee koo keessatti goolii kaasuu hinqabdu;isaa wajjin ammoo bor dubbanna"jedheen.

Dubartittiin is mataa ishee qabattee mana jala teessee, boo'aa;"Amma manni hundi cufaa dha.Eessa abbaakoo deemuu?" jechaa carraa jirenya ishee kan mana dhugaatiitti ishee galche balaaleffachaa, haala nama gaddisiisuun baayi'ee boosse.Boo'icha ishee gidduutti dhaabdeemtoo Amaaree arrabsiti turte. Booda, Hawwiin fuula dubartittii rurukutamee fi dhiiga rifeensa mataa ishee keessaan morma isheerran gadi lola'u argitee, baayi'ee gadditeef."Amma dhiyeera saa'atii kanatti eessa deemtii?Asuma mana Shaashituu keessa lafa irra afata afnee habultu malee garuu halkan kana eessa deemtii?Hojii namtichi machooftuun kun raawwatu garuu cubbuu guddaa dha " jette.

Dalasaanis 'kan isaa bor dubbanna.Akkasittiin waliin jiraachuu hindandeenyu"jedhe.Akkuma Hawwiin jette dubartittii sana lafa afta afaniifii bulchanii ganama gaggeessan.Amaareen ganama dafee hin kaane.Mana gara biraa barbaaddatee akka ba'u itti himuuf Dalasaan utuu isa eeguu saiatiin hojii itti geenyaan utuu itti hin himin gara hojii deeme.Amaareen hojiin eda galgala hojjetetti baay'ee qaana'ee, utuu nami isa hinargin jaalallee isaa Hiyiwatiin fudhatee, biroo isheetti gaggeessee, innis gara hojii isaatti deeme.

Amaareen shirra walitti qindeessee hojiitti hiikuuf eda galgala hojiin inni raawwate waan isa qaanesseef Dalasaatti muldhachuu qaana'e.Haata'ullee malee utuu Dalasaatti hin mul'atin hojjettoota isaa keessaa nama tokko barbaadee yeroo Dalasaan hojii irraa manatti galu, Hawwiin barbaada jedhee akka bilbilu gochuu yaade.

Haaluma kanaan gamoo kontiraata fudhatee ijaaraa jiru irratti hojjettoota bobbaasee hojjechiisu keessa dargaggeessa tokko waamee iccitii kana itti hime.Dargaggeessi inni filate kun Teediroos jedhama.Hojjettootiifi Amaareen Teedii jedhanii isa waamu.Teediin dargaggeessa colleedha.

Haaluma kanaan Amaareen Teediin kan Hawwiitti dubbachuu qabu hunda itti hime.Kana booda Amaareen garaa jabaatee gara manaatti gale.Amaareen mana galuu isaa Dalasaan argeera.Garuu tasgabbaa'ee nyaata erga nyaatan booda itti dubbachuu yaade.Dalasaafi Amaareen nagaa walgaafatanii,harka isaanii dhiqatanii miijala nyaataatti yeroo dhiyaatan Hawwiin ammoo ittoo saahaniitti baattee utuu golaa dbufaa jirtuu bilbilli " Cirri ri ri ri ri r r ri.... jettee iyite Hawwiin isa baattu miijala irra keessee bilbila kaasuuf itti deemnaan, Dalasaan " no turi ati! jedhee dhaqee kaasee

" Haloo eenyu jedhu?

"Teediin jedhama"

Teedii? Teedii?"jedhe Dalasaan abaluu isaa wallaalee.

" An sinbeekne ! eenyuun barbaadee?

"Hawwii ! Hawwiin barbaadee ture.Dhiifama maaloo tokkicha Hawwii naa waamuu dandeessuu?"

"Eegaa ni dhuftii"jedhe.Dalasaan dubbiin kun keessummaa itti ta'e.Hawwiin kanaan dura dhiras tahe dubartiin bilbilaniifi hinbeekan.

Dalasaan qabannoo bilbilaa ittiin dubbatan akka nama irreen dhukkubuu suuta lafa kaa'e."Hawwii bilbilli sibarbaada" jedhee gara nyaataatti deebi'ee, miijala nyaati irra jiru irra ciqilee isaa dhaabee barruu harka isaa lamaaniin maddii isaa qabatee, taa'e.Haasaa Hawwiin Teedii wajjin haasoftu dhaggeeffchuuf calluma jedhee gurra isaa itti qensem taa'e. Hawwiinis akka rifachuu taatee bilbila bira geessee, of irra

gara boodaatti mil'dhttee, Dalasaa illaaltee, isa qabatanii ittiin  
dubbatan kaastee.

"Haloo! eenyuu?"

"Haloo Hawwii?"

"Eeyee Hawwiidha!"

"Akam ooltee fayyaadhaa?"

"Akkam ooltani? ani fayyaadha! eenyuu?"

"Ani Teedii dha!"

"lakki ani isin hinbeeku!"

"Latii beektaa?"

"Eeyee beeka! beeka" jette waayee Latii kan itti himu isheetti  
fakkefatee, kunis Teedii waan beektu ishee fakkeesse. Yeroo  
kana Teediin;

"Naannoo ganda Piyaassaa dhuftee ni beektaa?"

"Piyaassaa eessa?"

"Piyaassaa miinii!"

"Piyaassaa miinii!"

"Eyee achittin si'eega"

"Piyaassaa miiniittin si'eega? moo maal jettee. ..?eessaa...?"

"Piyaassaa dhuftee beektaa?"

"Eeyee"jette.Kana booda Teediin bilblia dursee itti cufe.  
Yona kana Hawwiin aartee bilbila cuftee gara Dalasaanfaa  
jiranitti deebite. Hawwiin kanaan dura qabannoo bilbilaa  
harkaan qabdee namaa wajjinis haasoftee hin beektu.Haasaa  
bilbilaa irratti akkamittiin akka deebii deebistuufi akka  
gaafattu sababii hin beekneef haasaan isheen bilbilaan  
haasofte,Teedii wajjin kan walbeektu ishee fakkeesse.

"Anoo namticha kana hin beeku.Kan inni jedhus  
naagaluu hin dandeenye"jettee deebitee teesse..Ittoo  
saha'aniitti baaste.Dalasaaf garuu buddeen inni cabsatee afaan  
kaawwate liqimfamuufi dide.Calluma jedhee afaan isaa

keessa asifi achi arraba isaan garagalcha; "maal hinbeektu! beekaa bekaal jechaanii hin turee? Piyaassaa miinitti wal argina jeettanii wal beellamtan mitii?" jedhe ariidhaan

Yeroo kana sammuu Hawwii keessaa "u u u ..." jedhee waan tokko itti iyyee, mataa ishee qabattee, gadi jettee hafte. Akka raata'uu taate "Lakki abboo ani nama akkasii hin beeku! Piyaassaa miiniin eessa akka tahellee hinbeeku!" jette. "Isa dhiisi" jedhe Dalasaan ariidhaan ol ka'aa. Hawwiinis duukaa deemaa "lakii Dalasaa ani nama akkasii hin beeku. Waan gara biraatti nan shakkin." jette. Dalasaanis "mee nadhiisi xiqoon boqodhaa" jedhee kophee isaa ofurraa baasee siree irra duddaan galee ija isaa bantii manaa irratti dhaabee ,waan baay'ee yaadaa erga turee booda ka'ee gara hojii isaatti deebi'e.

Amaareen garuu qofaa isaa miinjala nyaataa irratti hafe. Shirri tokkoffaa inni walitti qindeesse akka barbaadetti bakka itti aggaame dhaqee rukutuu isaatti gammade. Ittoo baafatee, nyaata isaa nyaatee, barka isaa dhiqatee, gara hojii isaatti deebi'e. Amaareen Teedii waamee ammatee gammahuu isaa ibseef. "Ammas tokkicha galgala irra deebita. Obboleessi ishee yeroo galu ammoo akkasuma bilbilta. Bilbilli mana ciisichaa isaa keessa waan jiruuf dura isatu kaasa. Halkan keessaa saa'atii 3rratti inni siree isaa irratti argama. Akka keenya mannootii dhugaatii irra hin jooru" Teediinis;

"Amma ammoo maal jedheen bilbilaa"?

"sila guyyaa Piyaassaa miiniittiin sieega jetteenii turte mitii?.  
"Eeyee"

"Amma ammoo maalli atti nami akkasii?sin eega jettee maaliif nabeellamtee hafte. Obboleessa keetu si lole moo maal taatee? jedhiitii ammas beelama qabiif." Jedhee goreese.

Amaareen har'a yeroon manatti gale. Yeroo galus Dalasaanis mana ciisicha isaa keessa, Hawwiinis mana

ciisicha ishee keessa, riphatanii dubii keessummaa dhalate kanatti rifatanii yaaddoon liqifamanii qofaa qofaa isaaniittu xiinxalaa jiru.

Waayee irbaataa nami yaadate hin jiru. Amaareen haala kana hubatee, "Dalasaan maali irbaata hin nyaannuu?" jedhee gaafate. Dalasaanis yaaddoo guddaa keessa sababii tureef kan inni itti dubbate hin hubanne. Amaareenis ammas "Dalasaan maal taatee?" ittiin jennaan akka nama irriba irraa dammaquu "iii...? "jedhee, galaana yaadaa isa fudhatee deeme irra deebi'e. "Maal taatee? ka'ii irbaata nyaannaa" jedheen. Dalasaanis "Lakkii nanbarbaachisne. Ati nyaadhu" jedhe. Kana booda Amaareen Shsaashituu waamee "Hawwiinoo? Waamii malee!" jedhe. Ofumaa fakkeessee komii of irraa baasuuf. Akka isheen dhuftee isaa wajjin miinjala nyaataatti dhiyaattee hin nyaanne utuu beeku. Shaashituunis "Isheenoo har'a nagaa hin qabdu. Akkasuma boo'aa oolte. Kan isheen taatees ani hin beekne" jettee, gara golaatti deebite. Amaareenis garaa isaatti "Amma dhiiga boossa, turii amman lubbuu keettii xabadha!" jechaa nyaata isaa sirriitti nyaatee yeroo ka'uuf jedbu bilbilli " Cirri ri ri ri ri ri ri ri!... "Jette Dalasaan kaasee; " Haloo eenyuu?"

"Dhiifama Hawwii barbaadeen ture maaloo tokkicha naawaamuu dandeessuu?"

"Eegaa!" jedhe. Dalasaan aariidhaan. Hawwii waame. Hawwiinis fiigde yeroo dhuftu "Dalasaan nawaamtee?" jetteen. "Dalasaanis ija ishee boo'ichaan diddiimatan ilaalee maal boossaa jaalalleen kee Teediin ammas siif bilbilee jira. Wajjin haasa'i" jedheen." Lakkii Dalasaan na dhiisii " jettee boo'uutti kaate. Dalasaanis xiiqiin isa qabee "maal boossaa? Amma kaasiitii wajjin haasa'i" jedheen. Hawwiinis utuu boossuu; "Haloo"

"Teedii dha!"

"Teedii?"

"Eeyee! Piyaassaa miiniitti nindhufa jettee hafuun kee baay'ee nagadisiisa. Beellamaa keenya irraanfattee?"

"maal irraanfatte jettaa? Maalin irranfadhee?"

"Amma ati Latii ni irraanfattaa?"

"Isammaa akkamittin irraanfadha Hin irraanfadhu"

"Amma bori saa'atii 10 irratti piyaassaa Gabre Tinsaa'eetti sin eega. Akka hin hafnne." Jedhee bilbila cufe. Hawwiin akkuma qabannoo bilbila itti dubbatan qabatteetti gogdee hafte. Akka of gaafachuu "Gebre tinsaa'ee?" jechaa bilbila cufta. Dalasaan telefooniitti dhiyoo sababii jiruuf kan Teediin bilbila keessaan Hawwiitti dubbatu itti dhaga'ama ture. Kan inni nabeellamtee maaliif hafte jedheefi boru sa'atii 10 irratti Gabre Tinsaa'eetti sin eega ittiin jedhe dhaga'eera. Kana booddee Hawwiin; "ani namticha kana hin beeku waan inni haasa'us naaf hingalle" jette Dalasaanis; "maali hin beektu piyaassaatti beellamteen mitti?" jedhe aariidhaan "Lakkii Dalasaa cubbuu hin dubbatin. Ani akkam jedheen yoon sitti hime na amantaa? Ani namticha kana hin beeku" jette. "Lakkoofsa telefoonii mana koo anatu keenneefii ree? mee narraa demii" jedheen. Hawwiinis boo'aa gara kutaa ciisichaa isheetti galtee balbala cuftee utuu boossuu lafti bari'e.

Hawwiin guyyaa gaafa sana irraa kaasee sagantaa jreenya ishee keessa harki nama gara biraa galuu isaa hubatte. Kan gara fuula duraatti abdatte hundi dukkanaa'ee itti muldhate. Kan nyaattus itti hin mi'aawu. Dalasaanis gadda guddaa keessatti kufe. Manni duratti hoo'ee ture jijjiiramee mana gaddaa ta'e.

Amaareen diraamaa bilbilaa walitti qondeessee Dalasaatti erga agarsiise bultii 14 booda, haala gaarii isaaf

uumame kanaan shira lammaffaa hojirra oolchuuf yaade. Gaaf tokko guyyaa laaqana erga nyaatan booda Amaareen gara kutaa ciisicha Dalasaan deeme. Dalasaan kutaa ciisicha isaa keessa duddaan sree irra ciisee, yaadaan biyya kutee fagoo deemee jira. Amaareen demee nagaa isa gaaftee bira gadi taa'e. Kan isa jajjabeessu fakkaatee;

"Dalasaa hin yaadda'in dura mee intala kana gorsi. Latiin siif obbolleessa kee yoo tahellee, anaaf ammoo hiriya koo isa dhugaadha. Inni qulqulluu namaati. Intala kanaaf ilaalchi inni qabu adda. Gaaf tokkollee waayee haadhaafi abbaa isaa dubbatee hin beeku. Waa'een isaa Hawwii jechuudha. Dalasaakoo du'a kee dhugumattin sitti hima. Erga gaafa biyya sana dhaqee dubartii bira dhaquu dhisii ol jedhee ijaan ilaalee bin beeku yoon siin jedhe na'amantaa?. Ammas taanaan intala kana gorsitee deebisuu ni dandeessaatii abdii hin kutatiin" jedhe.

Dalasaanis; "nama dur bade gorsaan deebisuun hin danda'amu."

jedhe aariidhaan. Amaarenis;

"hin aarin ni danda'ama. Hosteela Qiddist Sillaasee keessaa dubartoota lama biriya qabdi. Dhiiraa wajnis isaan argeen jira. Garuu an sitti himuun sodaadhe. Narra ammoo situ gorsa beeka. Situs isheetti dhiyaata. Waan kana ta'eef ati gorsi. Kanaan dura waa argee sitti himuun sodaadhe. Nan amantu jedheeni malee maaltu nadhibe jedheellee miti" jedhe. Dalasaanis sree irraa ol jedhee;

"kana argitee maaliif cal naan jettaa?" Jedhe. Amareenis Dalasaan karaa innii saaqerra isaaf bu'uusaa hubatee;

"salphaa dha gaafa tokko si fuudheen iddo isheen deemtu, eenyuu waliin akka deemtufi akka ooltu sitti agarsiisuu nan danda'a. Yeroo sana amantaa" jedhe. Haala

kanaan oduu dharaa gara biraas itti odeessuudhaan erga Hawwii hamachaa ture booda biraa ba'ee deeme. Sana booda Amaareefi Dalasaan guyyaa Hawwiin manaa baatu gaaduu jalqaban. Garuu Hawwin manaa utuu hin ba'in gara ji'a tokko turte.

Guyyaa Dilbataa tokko garuu hiriyoota ishee dubbisuuf waaree booda saa'atii 9 irratti manaa baate. Amaareefi Dalasaan manaa ba'uu ishee gaadaa sababii turaniif ishee faana bu'an. Taaksii isheen keessa jirtu boodaan fagaatani ishee daawwachaa utuu jiranii, Hawwiin hosteela balbalatti taaksii irraa buutee ol seente.

Hanga baatutti mana bunaa hosteelicha jalatti argamu keessa taa'anii daawwitii keessaan gara alaatti ijaan eegaa turan. Tooftaa kanas ammaan duratti Amaareen sababii beekuuf utuma haasa'aa ijaan ishee eeganii Haawiifi Asteer walqabatanii gadi ba'an.

Gannat dhukkubsattee sababii ciisituuf wajjin gadi hin baane. Hosteela dubartootaa kana dhiirri seenuu sababii hin dandeenyeef dargaggooti lama durumaan gardaafuu mana bunaa Amaareefi Dalasaan jala jiran isaan cina taa'anii Asteeriin eegaa waan turaniif, yeroo Asteriifi Haawwin walfaana bahan, dargaggooti kunniin ka'ani itti deemanii dubbiisani. Inni tokko jaalallee Aster kaan ammoo jaalallee Gannat turan. Lamaanuu Asteerii wajjin beellama sababii qabaniif waa'ee fayyummaa Gannat ishee gaafachuuf ture kan dhufan. Amma garuu Aster Hawwii wajjin yeroo gadi baatu harka wal qabanii ngaa walgaafatan. Asteer Hawwii isaan waliin walbarsiifte. Asteer jaalalleeshee kan makiinitii konkolaachisu bira gaabbiinnaa teesse. Kaadhimaan Gannatiifi Hawwiin ammoo boodaan taa'an. Yaadi isaanii Hawwiin gara

mana isheetti geggeessanii sadeen isaanii bakka sagantaa baafatan deemuuf ture.

Garuu Hawwiinis xiqqoo akka isaanii wajjin tutu sababii barbaadaniif fudhatani gara ganda "seemeen mazagaajaa" jedhamee beekamu nyaata nyaachuuf deman. Hoteela meexxiin keellaa keessatti bargaagee gudatee muldhatu tokko keessa galani.

Asteer kaadhima ishee wajjin, Hawwiin ammoo kaadhima Gannat wajjin wal cina ciimdiin deemaa ol seenan. Dalasaan yeroo kana makiinaa Amaaree keessaa bu'ee Hawwi achumatti hudhee reebuuf yeroo itti deemu, Amaareen utaalee qabe. "Dhiisi ani siwaamuun koo Akkaakkana gootuuf miti. Hanga kana yoo argite ni gaha, Maaliif lubbuun nama si harkatti baddii? maaliif utuu addunyaa kee hin argiin mana hidhaa keessatti lubbuu kee dabarsitaa? Latii yoo tahewoo garbiraan fuudhuu ni dandaha, Atis maaltu si aarsaa?" jedhee tasgabeeesse. Hawwiifaa achumatti dhiisanii gara manaatti deebian.

Hawwiin nyataafi dhugaatii lallaafaa hiriyooti Asteeriifi Gannatte ishee affeeran fudhattee wajjin teessee haasa'aa erga nyaattee dhugde booda, manaan ishee ga'an. Yeroo manatti deebitu garuu dubbii jabaatu ishee eeggate. Akkuma mana galteetti Dalasaan ibidda tahee ishee eege. Gaaffiidhaan ishee mudde.

Isheenis dhugaa jiru hundumaa itti himte. Garuu Dalasaan amanuu hin dandeenye.'

"Teedii kee sii argeera. Ofumaa na dhoksuu rakkatte". Jedhee, baayi'ee ishee arrabse. Kana booda Hawwiin akkuma kana duraa mana obbo Ayyaanaafi obbo Laggasaa keessaa yeroo baatu boo'aa carraa isheetti gaddaa uffanna ishee

guurratee shaanxaa isheetti naqabattee, Shaashituun akka ishee gargaartu waamtee ba'uuf kaate.

Dalasaan kanaan dura kan Amaareen itti himerraa ka'ee xalayaa Latiif barreessee deebii Latiiin barreesseef yaadate. "... Dalasaa obboleessa koo! adaraa Waaqaa Hawwiin koo akka ati jette dhuguma jaalallee gara biraa yoo qabattellee hamaa itti bin dubbatin. Akkas jettee quba kee akka itti hin buusne. Kana booda iddo deemtu hin qabdu. Firas hin qabdu. Rakkaituu kooti. Anaaf jettee biyyaa baatee, Finfinnee keessatti rakkachaa, waregama kana hundummaa baasaa jirti. Adaraa kee dhufeen ijaan ishee ilaala. Kana qofaa anaaf rakkadhu. Hawwi koo ija isheen ilaala. Anaan dhiistee nama garabiraa qabachuu ishees kan gaafatu ana. Kana booda murtii koo anatu beeka. Yoo kana gooteetti tabes ani balleessite ittiin hin jedhu. Garuu waan fedhe yoo dhufe illee Hawwiinkoo kana hin gootu. Ani ishee nan amana..."

"...Hawwiinkoo cimtuudha. Achuma mana kee haaturtu. Mana ciisichaa tokkoofi budden tokko hin dhorkatin. Gara biraammoo hamaa itti dubbattee sammuu ishee hin jeeqin. Xalayaas isheef barreesseen jira. Gara fuula duraattis nan barreessaaf. Kan ani isheef barreessus simitti isheef gahu isaa naa hubadhu. Adarkaakee yaa Dalasaa..." jedhee kan barreesseef yaadatee, yeroo amma Hawwiin shaanxaa ishee Shaashituu wajjin baatanii boo'aa gadi baatu hindeemtu jehdee dhorke. Hawwiin garuu; "...akkas naan jettee ani si waliin mana tokko keessa hin jiraadhu. Latiis yoo ta'e dhufuun isaa bin oolu. Gaafa dhufu gaafadbeen yeroo isa dbumaaf isa waliin dubbadha..." jettee Haata'ullee malee Dalasaan qabsoo meeqaan Shaashituu waliin manatti ishee debisan..

Hawwiin Dalasaa ijaan arguu jibbite. Mana ciisichaa ishee kan mana ciisichaa Dalasaa cina turetti deebi'uu hin barbaadne. Kanaaf meeshaa ishee mana ciisichaa Amaareen keessa bulu cina mana ciisichaa duwwaa jiru tokko keessa akka isheef keessu Shaashituu ajejde. Kana booda Dalsaan ammoo Amaareen mana Hawwiin duraan keessa bulaa ture keessaatti akka galu godhe.

Hawwiin gadda keesatti kufte. Cubuu hin hojjennetti yekkamte. Kana booda Dalsaan mana hoteelaatti dhiraaj wajjin akka ishee arge Latif barreesse. Latiin garuu Dalasaaf xalyaa barreessee irratti."...Dalasaa! dhiraafi dubartiin mana hoteelaa sababii waliin deeman qofaan walquunnamtii saalaa qabu jennee murtii irra ga'uun hin danda'amu. Mana hoteelaa, dhiiraa wajjin waan deemteef Hawwiin na gante jedhee murtii irra ga'uu hin danda'u. Hawwiin nangantu. Utuu haala akkasii qabaattee maaliif biyyaa baatii?...Ani hin amanu." Hawwiin akkas hin gootu. Adaraakee itti dubbattee hamileeshee cabsitee sammuu ishee hin jeeqin...." jedhee ture. Dalasaanis "maali sa'i kun? yoo itti himanis hin galuuf. Ija ishee irraa maal fuudhaa? isheenwoo nyaarra haaddattee kashilabee shaggar, ishee coroffee taatee jirti". jedha ture.

Amaareen shira 1<sup>ffa</sup> fi 2<sup>ffa</sup> walitti qindeesse fixaan baafateeira. Amma ammoo Shira 3<sup>ffa</sup> karaa hiriyaan isaa biyya Siwidinii barumsarra jiruun raawwachuuf sagantaa qabate. Haaluma kanaan kan barbaadu hunda Geetaachoof barreesse. Geetaachoonis Amaareen maaliif akka barbaade utuu hin hubatin akkuma inni jedhetti suuraa barbaadu isaaf erge.

Amaareenis baay'ee gammade. Kana booda suuraa poostaa keessa kaa'ee mana Shaashituun keessa bultu fuula durattigatee. Mana qulqulinaa keessa seenee erga cufate booda gurra

isaa gara alaatti qeensee, dhaggeeffachuu jalqbe. Shaashituun lafaa kaasuufi dhiisuu ishee eege.

Gaafa sana Dalasaanis mana hinjiru. Hawwiifi Shaashituu qofaatu naannoo sana turan. Kana gidduutti Akkuma yaade Shaashituun mana guddaa irraa gara mana ciisicha isheetti dabruuf utuu deemtuu poostaa lafatti kufe kana argite; "Wuyii! kuni maalii? " jette. Lafaa fuutee poostaa keessaa Suuraa baaste. Suuraa durbi Faranjiin tokko dargaggeessa diimaa bareedaa tokko bira sireerra teessee kan kaate ture. Hawwiitti geessite. "Kun kan keetii?" jette Hawwiin "mee! jettee harkaa fuutee ilaalte gogdee hafte. Suuricha harka tokkoon akka qabatteen fiigdee siree ishee irratti kuftee gangalattee iyyitee boo'uu jalqabde." Latii nagantee? Latii koo maalin si godhee? gooftaakoo! kan koofi kan kee dubbiin hammanumaa?" jettee boossee maraatte. Hawwiin Suuraa kana ilaalte maaliif akka boosse Shaashituuf ifaa miti. Garuu boo'uu akka dhiistu sossobde.

"Hawwii! Ati maaliif jaalallee keef hin barreessituu? Xalayaan kana dura isaaf barreessiteef deebii siif hin erginee?"

"Yaa Shaashituukoo ! Ani yoon isaaf barreesse maal godhaa?"

"Attam?"

"Kan Latiin barreessu nan ga'u. Kana booda Xalayaan Latiin naaf barreessu nan ga'u"

"Maarree karaa Asteerfaa akka sii barreessu hin barreessituufii?"

"Asteerfaas heerumanii biyya Ameerikaanii jiru. Waanan godhu wallaaleera."

"Karaa obbo Ayyaanaa akka sii barreessu gochuus ni dandeessa"

"Isaanis ministera barumsaa dur hojjechaa turan irraa sooroma ba'aniiru.Karaa lakkoofsa saanduqa poostaa sanaan kan inni barreessus argachuu hin danda'u"

"Dhiisikaa hin boo'in giiftiikoo.Kan inni barreessu yoo sin ga'u ta'ellee ati qulqullummaakee barreessiif.Maaliira akka ati jirtu beeksisi.Haala hundumaa haabeeku.Rakkoo siquunname bunda barreessiif.Hin boo'in dhiisi.Boo'unkee faayidaa hin qabu.Amma akka barreessituuf deemeen Poostaa sii biteen dhufa.Hin boo'in giiftiikoo"

Jettee jajjabeessite.Hawwiinis kanumaan boo'icha ishee dhaabde.Shssshituunis mana Poostaa deemtee, poostaa "erogiraam" jedhamu bittee dhufte.Hawwiinis haala jiru Latiidhaaf xalayaa barreessite.

"...Haga'u nagaan koo jaalallee koo kan turti Latii! dhufaaatiikee hawwii guddaadhaan utuun eeguu footoo jaalallee kee ishee Faranjii wajjin kaatee durbii kee Dalasaaf dhoksitee ergites argeen jira. Garuu Latii? lakkii ammas irra deebi'ii ilaali. Dubbii sobaa nami sitti himu hinfudhatiin.Ani garuu si malee,kanan jiraadhu natti hinfakkaatu. Ati garuu narraa abdii dhabuukee, hubadheen jira. Maaliif xalayaa naaf barreessuu diddee.? Yeroo isa dhumaaf gargar addaan deemna.Dura garuu kottu. Baga nagaan dhufte siin jedhee, anis murtii mataakoo, atis niitukee Faranjii wajjin jirenya dhuunsaa keenya itti fufna. Yoo anaaf barreessuun si jibbisiise, karaa Dalasaa kanuma qofa nabeeksisi.Lakki si arguu hin harbaadu.Mana Dalasaa keessaa bahi yoo kan jettu taates,asi deemee deebi'ee dhufsee, akka ani si dubbisuuf guyyaa dhufsu qofaa Dalasaatti natti dhaami. Innis Dhaamsa kee akka natti himuu barreessif.

*Qulqullummaakoo garuu anaafi Waaqa tokkichatu beeka. Ragaan koos isa qofa.*

### *Hawwii Bulchaa*

Jettee,barreessitee, mana poostaa akka galchituuf Shaashituutti kennite. Latii xalyaan ishee kun gaafa isa ga'u

dubbiin hundi hibboo hiiki isaa hin beekamne itti ta'e. Utuu yeroo hin balleessin Dalasaaf xalayaa barreesse. Isheefis xalayaa haamilee jabeessu barreesse. Kan barreesse irrattis guyyaa dhufu beksise.

Amaareen garuu xalaya Latiiin Dalasaaf erge itti kennee kan Hawwiif erge garuu ciree gate. Latiiin xalyaa Dalasaaf barreesse irrat;

"... Dalasaa dubbiin hundii hibboo hin beekine natti tahee jira. Xalyaan ani Hawwiif barreessus ishee kan ga'u natti hin fakkaanne. Kan ani barreesse ishee gaafadhu garabiraa dha. Kan isheen jettee barreessitu ammoo garabiraadha. Maali rakkoon kana gidduutti dhalatee? mee lakkii siritti haala kana qoradhu. Badii guddaan utuu hin uumamiin. Niitii Faranjii fuute kan isheen jettees, eeye nami wal irraa fagaate xalyaan yoo walquunamuu dhabe fakkaachuu nidandaa. Kunis nami qofaa isaa baradheeraa sababii jiraachuu hin dandeenyeeef Garuu kan fedhellee yoo tahe jajjabeessitii akka na'eegdu gochuu yaali..."

#### Latii Jireenyaa

Dalasaan yeroo kana dubbisee raawwatu "footoo maaliitii? intalli ni maraatte malee fayyaa miti. Amma ammoo maal haasa'uu jaqabdee? Waa'ee footoo isa akkamii odeessitii? jedhee itti dhiise.

Akkuma kanaan utuu jiraatanii xalyaan Latiiin Hawwiif ergu Amaareen fuudhee gubaa sababii tureef, Hawwiin abdii kutatte. "Kan naaf barreessuu dide sababii Faranjii fuudheef tahu qaba malee Latiiin utuu akka durii tahee silaa nan obsuu ture. Faranjii fuudhuu isaatiif ammoo footoo isheen isa bira siree isaarra teessee kaate caalaa ragaan hin jiru". Jettee, ganamaafi galgala boo'aa guyyaa dhaloota ishee balaaleffatti turti.

Amaareen shira sadan raawwateetti garaan isaa ciisee jira. Garuu ammas utuma kanaan jiruu Getaachoon kaadhimaan isaa Evaan gaaf tokko akka carraa gaafa Latii dhukkubsatee ciisu kutaa ciisichaa isaa dhuftee siree isaarra takkaa teessee,takkaa ammoo akka bira ciisuu taatee kan isaan kaase Amaareef erge.Haaluma kanaan, akkuma gaafa duraa, footicha poostaa keessa kaa'ee, balbala mana ciisicha Shaashituu fuula duraatti gatee, dhokatee ilaale.

Shaashituunis; "Maalii Hawwii ati ammoo cal jetee, maaliif poostaa karaa duratti gattaa? Dhiisi malee yaadi akkas sin badin.Hin gaddin.Gaddi yeroo baay'eetu dhukkuba irra sibuusa" jette. Gadda ishee isa daangaa hin qabne kana irraa kan deebistu itti fakkaatee, gorsaa wajjin poosticha itti kennite.Hawwiinis barkaa fuute.Garuu poosticha saaquaan sodaatte. Deemtee, siree ishee irra teessee, suuta saaqxee ilaalte." Amma ammoo itti hacaalu jedhee niitiin isaa isarratti kuftee yeroo ammattee isa dhungattu Dalasaaf erguun isaa maal naaf haagodhu jedheetuu?Hammam akka issa jaallattu argarsiifachuufii mitii ?Safuudha yaa gooftaa! maalii akkam issa jaallattii?..." Jettee, aariifi binaaffaadhaan mataan ishee naanna'e. Akka maraamartoo ishee godhee siree ishee irratti kuftee of wallaaltee baayi'ee turte.Booda Shaashituun sagalee ishee gaafa dhabdu "Hawwii yoo! giiftii kiyya! anaan giftii kiyya!" jechaa boquu ishee olqabdee uffataan qilleensa akka argattuuf itti hafarsite. Hawwiin garuu dafqi irra gadi yaa'ee gaggabdoo ishee keessaa hin dammaqne.Hawwiin yeroo naasuun guddaa itti dhaga'amu maraamartoo akkas ishee gaggabsu qabdi.

Yeroo kana Shaashituun fiigdee bishaan fiddee isheetti mataafi qoma harma ishee gidduutti dhangalaaste.

Huccuummoo bishaan jiistee addaafi laphee isheetti  
bubbuustee, guba qaama ishee qabbaneessite;

"Maal qaba ati yoo irraanfattee? kan hafu haa hafuu  
malee maaliif gubattee akkas tataa? Maaloo obsi!" jettee  
jajjabeessite.Kana booda gara suuqiitti fiigdee, aannan shoolaa  
saantima0:25niin bittee fiddee, obaaste.Shaashituufi Hawwiin  
utuu wajjin jiranii,Dalasaan mana ciisicha Hawwii dhufe;  
"Hawwii! Lattiin bor ganama saa'atii sadii irratti dhufa."  
jedheen.Hawwiin yeroo oduu kana akka tassaa isarraa  
dbageessu akka na'uu taate. "Ni dhufaa?" jettee deebistee,  
gaafatteen.Innis akka qoosuus, akka tuffiis;

"Eeyee ni dhufa" jedheen.Isheenis ammas deebistee;  
"Niitii isaa wajjin moo qofaa isaa dhufaa?"jette.Akka na'uu  
taate.Iyyuus kajeelte.Hidhii ishee ciniinnattee mataa ishee  
harka lamaaniin qabatte.Battala kana Hawwiin ammas  
maraamertoon itti ka'ee akka ishee hin dhukkubneef  
Shaashituun ofitti ammattee qabdee; "Tasgabbaa'i giiftiikiyya!  
Sidhukkubaa obsii! tasgabbaa'i maaloo." Jettee akka mucaa  
wallaaltuu sossobuu yaalte. Dalasaanis;

"Ani egaa isa maalin beekaa? kan beeku isuma kaa!"

"Maal na dhoksitaa? Anis beeka atis beektaa yaa  
sanbataa atuu sooradbu jehde namtichi jedhan mitii?" jette.  
Innis 'Maal jechuu barbaadderee?"

"Rakkoon hin jiru. Atis beekta anis beeka.Waan kana  
ta'eef atis qophaa'i.Anis qophaa'een isa eegaa,Anis gara  
jirenya koo isa waaraatti. Innis niitii isaa wajjin gara jirenya  
isaaniitti." Jettee, xiijiidhaan of jajjabeessite.

Hawwiin shakkii tokko malee lubbuu ishee irratti  
tarkaanfii fudhachuuf boo'icha dhiiste.Iddoo teessuu kaatee,  
meeshaa isheefi uffannaa ishee, shaanxaatti naqatte.Itti  
aansitee mana ishee keessa qulqulleessuu jalqabde.Waraqaa

lafarratti harca'an funaantee, iddoos kosii<sup>32</sup> itti kuusanitti gate. Achumaan poostaa banamaa xalayaan keessa jiru tokko lafaa argitee fuute. Yeroo dubbistu xalayaa Latiin Dalasaaf barreessedha. Gara mana ciisicha isheetti fudhattee deemte. Siree isheerra teessee, dubbisuu jalqabde. "..... Dalasaa dubbiin hundii hibboo hin beekamne natti tahee jira. Xalayaan ani Hawwiif barreesssuus ishee kan ga'u anatti hinfakkaanne. Kan anii barreessee ishee gaafadhu garabiraadha. Kan isheen jettee barreessitu garabiraadha. Maali rakkoon kana gidduutti dhalatee? Mee lakii simitti haala kana qoradhu. Badii guddaan utuu hin uumamiin. Niitii Faranjii fuute kan isheen jettees, eeyee, nami walirraa fagaate xalayaan yoo walquunnamuu dhabe fakkaachuu ni danda'a. Kunis nami qofaa isaa bara dheeraa sababii jiraachuu hin dandeenyef... garuu kan fedhellee yoo ta'e, Hawwiijajjabeessitee akka na eegdu..."

### Latii Jirenyaa

Jechooti jala muraman sababii bishaanin dhiqamee, badeef isheef dubbifamuu hin dandeenyeye. Kan isheef dubbifamuu dide irraa utaaltee" eeyye. Nami qofaa isaa bara dheeraa sababii jiraachuu hindandeenyef...." kan jedhu qofaa dubbistee xalyaa isa kanaafi footoosaa lamaan kan Faranjii wajjin ka'e, dubbii isaa walitti fiddee yaadde. Shakkiin ishee dhugaa ta'ee itti muladhte.

Kana booddee xalyaa kanaafi footoo jaalallee Geetaachoo wajjin ka'e lamaan limmoodhaan walitti qabsiiftee, miinjala ishee irra keesse. Kana booddee Hawwiin murtii mataa ishee irra geesse. Qofaa ishee akka nama maraatee dudubbatti turte. "Akkasii? Latiin niitii isaa wajjin yeroo dhufu Hawwiin ijaan arguun isheerra hin jiru. Hawwiin

---

<sup>32</sup> balfa

utuu qaanii kana ijaan hin argin lubbuu ishee of keessaa baastee, reefi ishee akka isaaniin simatu gochuu qabdi Eeyyee! Kanuma" jeette.

Itti fuftees; "kan battalaan nama ajjeessuu danda'uu maalii? Suuqidhaa hin argadhuu?" jette.Dafee kan sammuu ishee keessatti dhufe, dhangala'aa asiidii tajaajila uffata miiccaaf dukaana (suuqiitti) gurguramu bitattee dhufte.Siree irra teesse.Summii bitattee dhufte sana siree jala keesse.Saa'tii harka ishee irra jiru ilaalte.Amma guyyaa keessaa sa'atii 10 ta'eera.Of ajjeesuukoo dura Latiif waraqaa jieenya isaaf barumsa tahuu dandahu barreessee miijala kanarra kaa'uun qaba."jettee qalamaafi waraqata irratti barreessitu baafatte.

\*\*\*\*\*

Obbo Margaan dhukkubsataa utuu daawwatani ture bilbilli akka isaan barbaadu kan itti himame.Magaalaa Naqamteetti sarara bilbila magaalaa Finfinnee galmeessisanii dafanii argachuun akka carraa Lootoriitti lakkaa'ama.Sababiin isaas sararri bilbilaa magaalaa Naqamteefi Finfinnee gidduu yeroo baayi'ee hin hojjetu.Kana malees tajaajilli Maayikiroo weevii akka bara ammaa hin jiru.Magaalaa keessattilee jiraattoti magaalaa, hojjettootि waajjiraaleen mootummaafi dhuunfaa, iddo barbaadan bilbilaan walquunnamuuf "Manabeellaa" naannessanii Opireeterii mana bilbilaa erga argatan booda iddo barbaadan sana galmeessisu. Opireeteriin ammoo turree, turree, yaaluudhaan iddo barbaadame sana yeroo argattu isheenis mammilaa galmeessise sanaa wajin wal quunnamsiisti.Ammas obbo Margaan carraan isaan ga'ee sarara bilbilaa gara Finfinneetti galmeessisan argannaan dhukkubsataa ilaala turan gidduutti dhiisanii gara bilbilaa deeman.

Ilma isaanii Dalasaa dha.Latiin bor oolee Hawwii wajjin Naqamtee akka dhufu itti hime.Abbaan Latiis achuma mooraa hospitaala keessa waan turaniif itti himnaan isaanis oduu gammachuu kana akkuma dhaga'aniin manatti galanii haadha manaa isaaniitti himan.Haati Lattis yeroo oduu dhufaatii ilma ishee dbageessu ililchaan gammachuu ishee muldhiste.

Battala kana haatifi abbaan Hawwiis naannoo qe'ee waan turaniif oduuf gurra qeensan.Abbaan Hawwiis akka qoosaafi hinaaffaa;

“Hardhammoo maal argatan laataa?”

“Latiitu dhufa ittiin jedhan ta'a a laata?”

“Wajjin mariyatanimoo maaliin beektaa? ”

“Mee dhiisi abbaa Hawwiis!”

“Attam?.Latiin yoo dhufe maal siif godhaa?”

“Hadhufu! Hadhufu! Waaqayyoo nagaan isa haa fidu”

“Maal siigodhee?Intalakeenya biyyaa baasee biyya dhalannee jiraanne keessatti nuqaanessee,Waaqayyo nagaan isa haafidu jettaa?”

“Tu tut u tu ....Maaloo maaloo abbaa Hawwiis maliif badii isaa hawwitaa? Latiinis ilma keenya.Maal balleessee?Mucaa keenyaa wajjin wal jaallatan malee...”

“Qabi afaankee dubartii nana! Mucaa keenya eenyutu isaaf kennee?”

“Hawwiitu isa jaallatекaa! Humnaan ishee dirqisiisee ykn ishee sodaachisee akka isa jaallattu hin goone.Fedhii isheetiin isa jaallatte>Nama nuti isheef fille isheen ammoo hin barbaadne.

“Mee qabi afaankee amma!”

“Latiidhumti haadhufu.Sana booda Hawwiin lubbuun ishee jira taanaan iddo dhoksee, kaa’ee, deemee baasee fidee dhufa ta’aa”

“Dubartii nana ni maraattee?”

“Wayyoo Hawwiikoo Bareedduukoo Giiftiikoo eessa jirta laata? lubbuunkee jirti moo duuteettaa? Wayyoo dhalakoo wayyoo dhalakoo Wayyoo Hawwiikoo.... “Jettee boo’uu jalqabde.Haati Hawwii har’a qofa osoo hin taane yeroo Hawwii yaaddu akkasuma sa’atii dheeraa boo’aa oolti.Erga Hawwiin jalaa baddee boo’ichaafi gaddaan bifa namaatti hin deebine.Huuqqattee lafee ishee qofatu socho’aa.Dhukkubsattuu fakkaatti.Iji ishees boo’ichaan baduu ga’aniiru.Ammas ollaan dhiisi hin boo’in jedhee ishee jajjabeessu dhiheenyatti hin jiru.Ammaan Hawwiis haala isheetti waan aareef dhiisi hin boo’in jechuurra calluma jedhee ishee ilaala ture.

\*\*\*\*\*

Maatiin obbo Jireenyaafi obbo Bulchaa sababii jaalala Hawwiifi Latii irraa kan ka’e erga wallolani ija diinaatiin wal ilaalu. Gaafa cidhaa,Hawwiin baduun ammoo diinummaa isaan gidduu jiru itti caalchise.Haajii Yeesuufis obbo Bulchaanis haala isaanii danda’ameen abbaafi haadha Latii ajjeesisuuf yaallii guddaa gochuurra jiru.

Haala kana kan hubatan jaarsoliin biyyas dubbii kana calluma jedhanii hin ilaalle.Maatii kunniin lamaan walitti araasuuf yeroo baayi’ee yaalanii milkaa’uu hindandeenye. Hardhas jaarsoliin biyyaa luubota waldaa Kiristaanaa dabalatanii utuu abdii hin kutatin mana obbo Bulchaa dhaqan.Obbo Bulchaafi aadde Dinsiriiniis keessummooti mana isaanii akka dhufan dursanii waan dhaga’aniif qophaa’aniif manatti eegan.

Jaarsummaa ammaa kan kana duraa irraa adda kan isa godhu, dhufaatii Latii qofa osoo hin taane, Hawwiinis kan wajjin dhufstu ta'uu isheeti.Jaarsoliin iccitii dhufaatii Hawwiifi Latii obbo Jirenyaaifi obbo Margaa irraa waan itti himameef dursanii araara buusanii haala mijeessuuf sirriitti utuu namni gara biraa hin dhaga'in irratti mariyataniiru.

Akkuma kanaan jaarsoliin kunniin akka sirna amantii waldaa kiristaanaafi aadaa Oromootti kaayyoo ergama isaanii eeggannoo guddaadhaan ibsan.Aadde Dinsiriiniis durattiyuu yaada araaraa qabdi.Hawwiin ilma isaanii wajjin jaalala waan jalqabdeef, tarii obbo Jirenyaanfaa dhoksanii biyyaa baasuu hin oolan amantaa jedhu qabdi.Kanaaf Hawwiin yoo lubbuun jirti taate biyya dhokattee jirtuu gaafa Latiin biyyatti deebi'u isheenis dhufuu dandeessi jettee yaaddi.Ammas yaadaafi hawwii kanarraa ka'uudhaan yaada araara jaarsoliin isaaniif dhiyeessan hin mormine.Hawwii iddo dboksitanii fidaa jedhamanii kan mana qoranna yekkaa buufata Poolisii keessatti reebaman,kan miidhaafi gidiraan guddaa irra ga'e, obbo Jirenyaaifi Aadde Bashaatuudha.Aadde Dinsiriin kanas ni beekti.Kanas ta'ee sana, dhiifama walii gochuudhaan haala kanaan maatii lamaan gidduutti araatri bu'uu danda'e.Garuu yeroo Latiifi Hawwiin dhufan dhimmi Haajii Yoosuuf maal ta'uu danda'a jedhamees irraatti hin yaadamne.Waa'ee isaanii kan kaases hin jiru

\*\*\*\*\*

Hawwiin of ajjeesuu ishee dura Latiif xalayaa barreessuuf eessa irraa akka jalqabdu xinnoo yaadde.Ishee argachuuf namoota dhama'an gara boodatti deebitee, yaadde.Waa'ee hawwii ilmaan namsaa, hawwiin namsaa akkamittifi maaliif akka hawwanitti fiixaan bahuu akka didu, of gaafatte.Deebii

isaa irratti baayi'ee yaadaa turte.Gaafii ishee kana akkas jettee walaloodhaan waraqaarta keesse.

*"Meeqaa kun guuttatee eenyulu natti himaa?  
Hawwee kan argate eenyuudhaa yaa jamaa?  
Meeqatu hawwee dhabee?  
Meeqatu harkaan qabee?  
Hawwi bira ga'uuf meeqatu dadhabee?  
Olii gadi jooree kan abdii irraa dhabee?  
Meeqatu guuttatee hawwi jirenya isaa?  
Gammachuu argatee kan ciise garaan isaa  
Nama meeqaa laataa kan harkaan ga'atee?  
Fedhii garaa isaatii Hawwi kan dhuunsatee?  
Meeqa duraa haftee Hawwiin hawwi taatee  
Fiixaan ba'un diddee karaatti kan gufattee?  
Meeqa kan guutatee eenyulu natti himaa?  
Hawwee kan argate eenyuudhaa yaa jamaa?  
Meeqa duraa haftee Hawwiin hawwi taatee?  
Hinaaffaan guutamtee hammeenyaan hundhamtee?  
Nama meeqaa Laataa hawwee kan argatee  
Fedhii garaa isaatii soonaan kan guuttatee?  
Eenyulu natti himaa eenyu beekaa laataa?  
Eessaa daangaan hawwi eessatti dhaabbataa?  
Eessan ba'ee deemee eessatti jallataa?  
Eessatti qajeelee eessa irratti gufataa?  
Eenyulu natti himaa eenyu beekaa laataa?  
Hawwiin ilmaan namaa maal maal safakkaataa?  
Eenyutti dhiyaatee eenyu irraa fagaataa?  
Isa kamiiif guutee kam duraa hirdhataa?  
Meeqa kan guuttatee eenyulu natti himaa?  
Hawwee kan argate eenyu dha yaa jamaa?  
Dhugaa ta'uu baannaan hawwiin hawwiidhumaa.  
Kan qoricha hin qabne dhukkuba ilmaan namaa  
Dhugaa ta'uu baannaan hawwiin hawwiidhumaa  
Kan boqonnaa hin laanne gaaffii ilmaan namaa"*

Hawwiin walaloo kana yeroo barreessitu,toora lama barreessitee, ol jettee teessee, erga yaadaa turte booda ammoo,

toota lama barreessiti turte. Haala kanaan Walaloo kanaa olii barreessuuf yeroo dheeraa isheetti fudhate. Hawwiin garuu barreessuuf yeroo dheeraa kan itti fudhate itti hin fakkaanne. Dhiyuu isaa kan barte Shaashituun irbaata yeroo fidduudha. Hawwiin sa'atii harka isheerraal ilaalte. Dhiya keessaa sa'atii 2:00 jetti. Hawwiin ammallee qalama ishee ilkaaniin ciniintee, ol "koornisii" mana ciisicha ishee ilaalaayaadaa turte. Yeroo kana Shaashituun;

"Hawwii giiftii kiyya! maal taatee? Lakkii akkas hin yaadda'in. Kaadhiimaan kee bor ganama saa'ati 3 irratti as ga'a. Kanaaf gammaddee, qophootsee isa eeguu qabda malee yaaddoodhaan maramtee taa'uun kee maaliifii?" Jettee gorsuu yaalte.

"Hawwiin garuu" Yaa obboleettii koo inni dhufu kan koo miti, Inni kan Faranjii, anii garuu cubbamtuu yekkamtuu, ko'eettii, hiriyaan hin qabnedha. Ani intala jireenyi ishee raawwate dha. Ani intala hawwiin hawwii itti tatee haftedha. Mee na dhiisii" Jettee qalama ishee ilkaaniin cicciinaa. Ija ishee keenyan manaa irratti dhaabdee cal jettee imiimmaan ishee gadi lolaasite.

Shaashituunis "maaloo giiftii kiyya dhiisikaa hin boo'in. Maalii yaaddoon hamma kana ga'uu? kan ati hawwite yoo hafe, kan siif ta'u ni dhabdaa? Atis kansiif ta'u waliin jirenyaa gaarii gammachuun jiraachuu ni dandeessa. Maaliif abdii kutattaa?. Kaadhimaa kee wajjins kan walitti isin naqe namticha machooftuu Amaaree jedhan kana. Ati qulqullummaakee erga beektee maaliif yeroo kaadhimaa kee dhufu itti hin himtuu?" jette. Hawwiinis "Yoon himes amma gati hin qabu" Shaashituunis; "Faranjii fuudhe siin jedhanii? sobaniituum bar! cal jedhi ati." Jette. Hawwiinis "Soba miti.

Kunoo suuraan inni kadhimaa isaa Faranjii wajjin ka'ee Dalasaaf erge" jettee itti agarsiifte.

Shaashituunis suuraa sana harkaa fuutee ilaaltee itti deebistee;

"Maarree kun maal abdii sikutachiisaa? Si kan bifa qabdu bareedduu miti, anillee jirenyaa kana keessaa ba'ee naaf darba jedheen abdii borii hawwiidhaan eeggachaan jira. Ati ammoo bifa kana qabattee sooreessa tokkotti heerumtee giiftii taatee, kan jiraachuu dandeessu maaliif abdii kutattee boossaa?"

"Mee nadhiisi. Kan koo hawwiin hawwii natti taatee hafte. Ani Latii malee tujaara hin barbaadne. Hin dhabnes. Garuu ani kanan hawwee, hiriyaakoo argachuu malee sooretii ta'uu miti. Dhuguma akka ati jette sooreessatti heerumee giiftii ta'uu nan danda'a. Garuu hawwiinkoo isa miti. Nama dhiba. Ani abjuu keessan ture malee, durba ishee kamtu wagga hamma kana guutuu waadaa seente kabajuuf wareegama hanga kana baastii? Hawwii malee gara biraan hin jirtu. Amma jirenyi koo raawwateera. Murtiirra ga'eera. Gorsa naaf kenniteef sin galateeffadha"

"Irbaata nyaadhu kaa?"

"Naga'a amma nan barbaachifne"

"Nyaadhu maaloo?" Jettee kadhatte. Hawwiin garuu hin didde. Kana booda Shaashituun irbaata fidde fuutee deebite. Hawwiinis gara waraqaafi yaada isheetti deebite. Qalama ishee fudhatte. Deebistee ammoo keesse. Balbala ishee keessaan cufatte. Deebistee qalama ishee kaastee Latiif dhaamsa barreessuu jalqabde.

### *Latii Jirenyaa Dhaamsa !*

*"Latii dura baga gaa'eela kee geesse. Baga nagaan hadha manaakee wajjin dhufte. Bissii habaaboo qabadhee dirree qubata Xiiyaaraa Boolee dhufee isin simachuuf ammoo hin dandeenye.*

*Sababiin isaas kan ati namadeessite garaankoo sayyuu didee siree kana irratti akkan hafu waan nadirqeef na oskalchi. Latii! guyyaa gaafa suuraa kaadhimoakee Faranjitti kanaa wajjin kaatee, Dalasau dhoksaadhaan ergite irraa kausee ati kan koo sababii hintaunes, unis si dhiiseera. Ati kana hooda kan nama gara biraa taateetta. Anis kan biyyoo ta'eera. Waaqayyo biyyoo irraa nu uume waanta'eef, biyyootti deebi'cera. Akka Waaqayyoon biyyoo irraa ulsinaan na uume ulsina qulqullummaa durbummaa koos biyyoof deebisee kenneera. Dhagaa horaafadhee biyyoo ammadhee ciiseera. Kun ammoo anaaf kabaja guddaadha.*

*Latii kun anaaf ulsina! siif garuu qaaniidha. Bara dargaggummaakoo, bara hiriyaan koo wajjin kolfee taphadhee itti gammadutti, rakkinaan, dhiphinaa si gaddaan dabarseera. Si wajjin jiraachuu hawwiin si eegaan ture. Garuu hawwiinkoo hawwi taatee hafte.*

*Haadhaasi abbaa koo biyya dhalatanii guddatanii dulooman keessatti isaan qaanessee usfata gaddaa usfachiise. Kan isaan jedhan didee seenaa magaalaa Naqamtee kessatti muldhatee dhaga'amees hinbeekne guyyaa gaafa chidha koo utuu sirbamuu gammachu haadhaa si abbaa koo jaalala keef jedheen gaddatti jijiire. Cuhuu isaaniitu na qabe akka hin jenneef nama ani hin barbaannetti na heerumiisuu waan barbaadaniif balleessan kankoo miti. Garuu sedhiisaanii waanan dideef abaarsa malee eeba Isaan irraa hin eegu. Magaalaa Finfinnee keessattis hamma dhaamsa kana siif barreesetii rakkinaasi qoramsa narra ga'e jaheenyaan qabsoodhaan keessa bahuus tattaafannaan ani godke na boonsa. Rakkoofi qoramsa na orgatan hunda irratti injifanno argadheera akka hin jennef, daqiiqaa kana dabruu hin dandeenye. Amma asirratti mo'ameera.*

*Ammas yoo ta'e ani bakka dhugaan deeme malee dhirsatti hin heerumne. Dargaggeessaa wajjin kolfee taphachuu hin deemne. Si eeguuf rakkoofi qoramsa kana jedhamee hin dubbatamne baayi'ee argeera. Utuun dhiira gara biraa jaalladheera ta'ee silaa hin rakkadhu. Umuriin koos xobbeetti akka hastu hin godhun ture. Of gammachiisuu kan nadhorke humni tokkollee hin turre. Garuu jaalala kee qofaatu nadhorke. Amma garuu ani iddo dhugaa deemeen jira. Kana ta'u koo beekii. Kanuma dhaamsi ani siif dhaamu. Nagaan jiraadhu."*

**Hawwi Bulchaa**

Hawwiin kana hundumaa barreessaa sammuu ishee keessatti yaada garaa garaa utuu ol baastee gadi buustee, yaadduu indaaqoon "Kuukuluu Kuuuu..." jedhee iyye. Hawwiin sa'atii harka ishee ilaalte. Halkan keessaa 9:35 jechaa "dhiq! dhiq! dhiq! dhiq! .... Jechaa tiratti turte. Halkan sana waan sokoksu (sokossu) sababii hinjirreef dhiqiffannaan sagalee saa'atii guddatee itti dhaga'ame." Ni geesse yeroon Hawwiin dhirsa dhugaa isa bara baraan wallin jiraattutti kannantu" jette. Summii guyyaa qopheeffatte siree ishee jalaa fudhate. Miilla ishee lamaan siree irratti ol baste. Diriirfattee irtee ishee mirgaa ciqileeffatte. Summii sana harka tokkoon qabaattee;

*"Yaa addunyaa nana sin taajjabe  
Si abdadheen abdii sirraa dhabe  
Kanaafa sinjibbe sinjibbe.  
Meeqa gammachiiftee?  
Meeqa dallansiiiftee?  
Meeqaaf gaarii taatee  
meeqatti hammaattee?  
Gammachuun simattee?  
Meeqa jiraachiftee?  
Gaddaan keessumsitee  
Meeqa geggeessitee?  
Meeqaaf carraa laattee  
Bilisa isaan baastee?  
Meeqammoo hacuuctee  
Gabrummaatti hambistee?  
Madaala jireenyaa jallistee  
Ilmaan namaal walcaalchifte.  
Yaa adduunyaa sin taajjabe  
Eijennookee beekuun dadhbe.  
Nama meeqaaf iftee?  
Meeqatti dukkanooftee?  
Kaan eebhistee jannata itti taatee*

*Kaan abaartee jahaannama itti taatee.  
Ilmaan namaa walcaalchiste.  
Meeqaaf abdii laattee?  
Meeqa ammoo dhorkatte?  
Meeqa quubsitee meeqa beelessitee?  
Meeqa qullaa dhiistee meeqa daara baastee?  
Meeqaaf fayyaa laattee meeqa dhukkubsitee?  
Meeqaaf irriba laattee meeqa ammoo dhorkatte?  
Kan qabu wajjin gammaddee tphabattee.  
Kan dhabe irraa faggaattee fuula dhorkatte.  
Yaa addunyaa nana sintaa jabe.  
Si ah dadheen abdii sirraa dhabe*

*Kanaafa sijibbe sinjibbe*". jettee qofaa ishee akka nama maraatee dubbatte. Summii barkatti qabatte sana tokkichaan dhudhaatee, qodaa summichaa lafatti gadi dhiste. Summichis laphee ishee irraa kaasee hamma goodaa mardhummaan isheetti ibidda itti qabsiise. Lubbuun ishee keessaa ba'uuf dhidhiitatte. Akka yeroo horii morma kutan koqu, koqaa lafa irratti kufte. Biiftuun ifaa turte battalaan dukkanoofta. Kana booda hin sochoone.

\*\*\*\*\*

Ganama subii Dalasaafi Amaareen Latii simachuuf dirree qubata xiyyaaraa Bolee dhaqan. Shaashituunis hunda dura irriba irraa kaate. Mana keessa qulqulleessitee ittoo adda addaa tolchitee bulte howiste. Farsoo naqame calaltee qaruuraa keessatti naqxee, oliifi gadi mana keessa deemaa jirti. Kana Booda Hawwiin irriba irraa kaatee, qophoftee keessummoota dhufan akka eegduuf, mana ciisichaa ishee deemtee, balbala yeroo dheeraa rurrukutte. Garuu Hawwii irraa debii hin arganne. "Silaas isheen maal irraa qabdi? Innoo Faranjii fuudhee Dhufaa. Xiqqollee baaraftu" jettee itti dhiistee, gara hojii isheetti deebite. Shaashituun suuraa Latiifi Faranjittii erga argitee booda gocha Latiitti baayi'ee gadditi.

"Yaa! dhiiraa! dhiira amanuu hin barbaachisu.Namni intala bareedduu giiftii fakkaattu kana dhiisee, garabiraa fuudhaa? Safuudhaa! Amma Faranjittiin sun Hawwii maal caaltii? Addeenyi ishee ammoo bareedina hin ta'u.Yaa dhiiraa! Isheen kunis ofumaa gowwomti malee sooreessa ana jedhu giiftii kiyya jechisiiftee, jilbeenffachiistee, ajejuu kan dandeessu turté.

Hawwiin bareedduu biiftuu ganamaa fakkaattudha. Kana irratti ammoo ijoolleedha.Maaliif boossee of dhiphistii? Kanuma! Waaqayyo yeroo nama uumu, tokko tokko bifaafí hunda tolchee jabeenya yaadaa dhorkata.Kan akka koo ammoo jabeenya yaadaa kennee, bifa na tolchuu dide, malee silaa ani mana namaa irra jooree ibidaan hin gubadhuun ture.Garuu kan nu uume isa waan ta'eef hojii isaa keessa hin seenu"Jechaa mana tottolchitee bareechite.

Gidduutti ammoo gara nyaata qopheessitetti deebitee, qixeessitee, sagaleen Hawwii jalaan badaan" Miskiinni rabbii kun ammallee hin kaanee? Amma durbi akka Hawwiitti uumamte ni jirtii? Rabbi akkam tolchee ishee uumee? Hojjaan ishee, fuunyaan iji, hidhini, ilkaan,walumaa galatti mudaa tokko hin qabdu.Keessumaa nyaarrii ishee akka dubara si'anaa kan hin haademne, rifeensi mataa ishee inni akka hiddaa maramee dheeratee dudda ishee irra jigee jiru, kan ibidda elekitirikaan gubatee hin beekne. Yeroo deemtu akka durba bara ammaa wandaboo ishee, asifi achi sochoosaa, of agarsiiuu hin barbaaddu.Dhiiraa hawwachuuf hin dhamaatu. Yeroo deemtus yeroo haasoftus kef kef kef jechaa hin ariifattu.Hawwiin Collummaa hin qabdu malee bareedduu hundacaaltu dha. ...."

"....Utuu ani akka ishee ta'ee silaa dhiira meeqan unkura turee? Silaa dhiira ana jedhe mata walburuqsiisee,

shuguxii walitti baasisiisee, walin ajjeesiseen walficcisiian  
ture!... Maal godharee Hawwiin asifi achi gaggaragaluuf  
collummaa hin qabdu.Rakkinni ishee kanadha." Jettee, akka  
namaa wajjiin haasoftuutti qofaa ishee lallabaa miinjala  
tottolchaa, keessummoota utuma eegduu, gara mana chiisicha  
Hawwii deemtee balbala rukutte.

Hawwiin garuu deebii hin kennitu.Ammas balbala  
ishee humnaan rukutaa, sagalee ishee ol kaastee, iyyitee,  
waamte. Hawwiin garu deebii hinkennineef. Karaa qaawwaa  
balbalaa gara keessatti ilaaluu yaalte. Ibsaan ifuu isaa malee  
waa arguu hin dandeenye.

"Irrbi kee hardhaa ammoo kan akkamiitii?" jettee gara  
hojii isheetti deebite.Kana gidduutti Karri keellaa  
rurrukutamnaan siigdee karra bante. Amaareefi Dalasaan Latii  
fidanii dbufan. Shaashituun karra bantee konkolaataan akkuma  
ol galeen karra chustee, gara golaatti siigde.Amaareefi  
Dalasaan meeshaa Latii konkolaataa irraa manatti galchan.  
Latiniis shaanxaa lama harka isaa lamaaniin rarrafatee,  
boorsaa tokko ammoo gatiittii isaa irratti diratee fidee, lafa  
kaa'e.Shaashituun Latii ilaalte.Faranjittiin niitii isaati jedhamte  
garuu wajjin akka hin jirre hubatte.Takkaammoo calli jettee  
Latii ilaalte;"Maali kun ?Akkam bareedaa?"jetti. Latiin garuu  
bitaafi mirga ilaalee;

"Hawwiin koo meeree?" jedhee man keessa asifi achi  
deddeemee ilaalee dhabe. Yeroo kana Dalasaan taa'i ni dhuftii  
isheen" Jedhe. Latiin garuu "Lakki hin taa'u.Hamma Hawwii  
koo ijaan argutti hin taa'u." Jedhe.Dalasaanis xiqqoo akka  
na'uu ta'uudhaan, Shaashituu waamee, Hawwii akka waamtu  
itti hime. Shaashituunis demtee balbala Hawwii rurrukutaa  
iyyitee, waamtee, dadhabde. "Har'a Hawwiin nagaa miti.  
Intalli maal taatee? Irriba bara baraa raftimoo... "Jechaa

deebitee;" Ammallee irribaa irraa hinkaane"Jeettee itti himte. Dalasaa, Latiifi Amaareen sadii ta'anii wal ilaalan."Natti agarsiisaa manni ciisicha ishee eessaa?" jedhee tarkaanfatee akka dura bu'uu ta'e.Yeroo kana Dalasaan dursee karaa balbalaa borootiin ba'e.Latiin itti aane. Amaareen ammoo Latiitti aane. Shaashituun ammoo itti aantee isaan faana buute.

Dalasaan dubbin Hawwii isa dhibe.Balbala mana chiisichaa rukutaa "Hawwii! Hawwii! Hawwii!"Jedhee waame.Latiin mudhii isaa qabatee, balbala ilaala.Hawwiin amma ammaa balbala bantee, gadi natti baati jedhee afaan banee ilaala ture. Dalasaanis turee turee utuu abdii hin kutatiin "Hawwii! Hawwii! Hawwii!" jechaa hanga keenyan manaa socho'utti balbala ishee rukute.

Booda Latiin dabaree isaa itti dabree "Hawii! Hawwiikoo! ana Latiidha.Hawwii!" Jedhee ishee waame. Garuu mana ciisicha Hawwii keessaa sagalee deebii kenu dhaban. Booda walitti galagalani wal ilaalan.Dalasaan gara Shsaashituu ilaalaa; "Utuu ati hin argin ganaman kaatee baatee deemte moo akkamii?" jedhee gaafate. Dalasaan kan qabatee dhiisu wallaale. Shaashituunis;"Lakki kan galgala cufattee ciiste gadi hin bane.Balballi mana ciisichaa ishee keessaan cufame.Gadi hin bane.Galgala irbaata nyaadhu jedhee, bishaan harkaa yeroon geesseef, teessee, waraqaa barreessaa, suuraa lama harkatti qabattee, boo'aa gadda guddaa keessa turte.

Irbaata akka nyaattuuf ishee kadhadheen dadhabe. Gaddaafi boo'icha ishee akka dhiistuuvis ishee jajjabeessudhaaf yaaleen ture.Garuu nadidde."Jette.Latiin kana gidduvitti "Ni rakkattekaa giiftiin koo.As bakkeetti gataimtee eenyutu ishee yaadatee?" Jedhe.Iji isaa imimmaan calalee guutee maddii isaa irra gadi lola'e.Borsaa isaa keessaan "sooftii" baase. Gara boodatti achi garagalee haxaawwate.

"Hawwiin utuu nagaa taatee sagaleekoo utuu dhageessuu  
balbala cufattee calluma naan hin jettu? balbala cabssina"  
Jedhe.

Latiin akka aaruu ta;ee tokkicha yerooa balbala dhiitu  
cufaan balbalichaa irraa foxxoqee,walal jadhee  
baname.Hawwiin lafa irratti diriirtee jirti.Hoomachi karaa  
afaan ishee yaa'eera.Latiin iyyee irratti kufe.Miilla ishee  
lamaan, dhungatee, daqiiqaa muraasaaf of wallaalee eega ture  
booda xiqqoo of baree, lafa irra gangalatee mataa qabatee  
iyuu jalqabe.. Dalasaanis mataa isaa harka lamaan qabatee;

".... nan bade kaa ya giiftii koo,

Kana hinseene ya giiftii koo

Ofiin nyaadhe hiriya koo

Nan badekaa nan badewoo

Maalin jedha maal dubbadhuu nan badewoo

Natti hin himtuu Ya giiftii koo

Maal rakkoon kee ya giiftiikoo

Maal jedheen maal dubbadha ya giiftiikoo.

Utuu hin beekiin sin rakkise ko'eettii koo..."

Jedhee akka aadaa biyya isaatti boo'a. Shaashituunis  
akkasuma takkaa laphee ishee harkaan rukutaa, takkaa  
ammoo harkaan lafa haxaawaa;

"... Ya giiftii koo maal rakkatee yaa Hawwii koo

Si gorseen ture jajjabaadhu jedhee ya giiftii koo

Maaliin jedhe galgalallee yaa Hawwiikoo

Imimmaan kee haxaawwattee maal naan jette ya  
Hawwiikoo

Utuu bossuu maal katabdee yaa Hawwii koo

Rakkoo keetiif maal dhaammatte ya Hawwii koo

Maal maal katabdee ya Hawwii koo... "Jettee boosi.

Latiinis "A! "A! "A! "A! "A! Giiftiikoo maaliin si godhee? maal dhageessee? Maaliif qofaatti! nahambistaa? anaaf jettee biyyaa baatee, ani ammoo yoomin si argaa jedheen hawwaa dhufeen si dhabaa? yaa Hawwiiko" jechaa lafa irra gangalachaa boo'a. Sadanuu baayi'ee boo'aa turan. Garuu abbaan shira kana hundumaa Amaareen dhaabbatee kan boo'u fakkaatee maarrabaa afaan isaatti cuqqaalee asii fi achi deema ture.

Shirri inni walitti qindeesse bakka barbaade ga'uu isaatti garaan isaa gammadeera. Latiin haala jeequmsa kana keessa utuu jiruu suuraa kaadhimaa Geetaachoo wajjin ka'e miijalarra arge. Ija isaa haxaawwate. "eeyee! kun ana! kunammoo Evaa kaadhimaa Geetaachoo dha! suuraa kana eessatti? yoom wajji kaanee? eenyutu nukaasee as ergee?" Jechaa Amaaree gaafachuuf ofirra galgalee ilaale. Amaareen garuu battalaan konkolaataasaa kaafatee naannoo sanaa bade.

Amaareen baqachuusaa waan argiteef Shaashituun; "Hojiisaa waan beekuuf miliqeera. Tokko kana kunoo suuraa kanadha kan balaa kan irraan ishee gahe. Suuraa kana qabattee akkasumattiin boo'aa ooltee, bulti giiftiin koo... anaan hanyaatu. Waraqaas barreessaa turte. Waan isheen barreessaa turtes hin beekne. Achuma miijalarraa mee ilaala" jette. Yeroo kana miijala ishee bira jiru yeroo ilaalu "Latii Jirenyaafl Dhaamsa!" jettee kan barreessite ol fuudhee takkaa ilaalee, siree irratti darbate. Xalayicha dubbisuuf yeroo hin balleessine. Hawwii gaggalagalchee ilaale. Morma ishee jala qubaan qabee, rukuttaa dhiiga ishee dhaggeeffate. Dalasaatti gara galee; "Dalasa maalii maaliif dhaabbatee na'ilaaltaa?" Dalasaanis akka na'uu ta'ee fajejee dhaabbateera. Latiin garuu haala jeeqameen Hawwii gaggalagalchee ilaala;

"Dalasaa ! Dalasaa! Dalasaa! hospitaala!hospitaala Taaksii ! Taaksii! naawaami!siigii ! taaksii naawaami! mana waldhaansa fayyaa haa geessinu.Kottu nagargaari maaliif calluma jettee dhaabbattaa?..."!Jedhee iyye.Dalasaa akka nama irriba irraa dammaquu wareeree gara Latiitti siigee Hawwii akka mucaa wallaaltuu harka isaa lamaaniin lafaaa kaasee baatee gara karratti yeroo gadi bu'u akka carraa taaksii duwwaa dhaabbattu tokko argatanii mana waldhaansa fayyaa Xuqur Ambassaa geessan.

Akkuma achiin ishee ga'aniin ogeessoti fayyaa olii gadi siiganii summiin sun akka ba'uuf garaashee dhiqanii waldhaansa fayyaa jalqabaa gara biraas godhaniisi ciibsan. Latiin ofii isaatiif hakiimii tahu isaa irraanfateera.Akka waan lubbuu ishee boo'ichaan deebisuu barcuma harkifatee miilla ishee lamaan irratti gadi jedhee ammatee "My darling! Hawwii koo" jdhee boo'a malee of jajjabeessee, ogummaa isaatiin ishee waldhaanuu hin dandeenye. Dalasaanis bira dhaabbatee imimmaan maddii isaa irra lola'u haxaa'achaa boo'a. Hakiimooti gidduutti dhufanii "Boo'uun hin barbaachisu! nami tokko qoffaan ishee bira haaturu!.Ammaaf garuu nاما waay'ee ishee nuuf ibsu barbaadna!" Jedhe hakiimiin inni tokko.Dalasaanis Latiin hakiimii tahuu isaa hakiimota hospitaalichaa wajjin wal barsiise. Kana booda haala ishee itti himan.

Latiin ammas ammas uffata fuula ishee irraa ol qabee ilaala.Harka qabee rukkuttaa dhiiga ishee hubata.Giluukoosii isheef dirame sirriitti hojjechhuu isaa too'ata. Hafuurri keessa haa jiraatu malee, Hawwiin hin sochootu.Latiin;"Amma Hawwiin fayyitee nama taatii?" Jedha ture.Takka ammoo harka ishee uffata keessaa baasee quba harka ishee diddiriirsee qaqqabaa olkaasee dhungatee;"Naa fayyi maaloo !" jedha. Akka waan isaa dhaggeessu.Quba ishee hundumaa harka isaan

qaqqaba.Qeensa quba ishee kan haalluun utuu itti hin bu'in akkasuma uumamaan bareedan,nyaarafi baallee ija ishee isaan kuulii hinbarbaadne.Maddiifi,hidhii ishee qaqqabee dhungate. Du'atti hinaafe.

"Duuti naduraa fudhatee deemuufiii?jedhee ,imimmaan isaa lolaasa. Al takka takka ammoo Waaqayyoon kadhata. "... Maaloo yaa gooftaa nu uumte dheekamsa kee kana nurraa kaasi. Cubbuu keenyas nuudhiisi! balleessaa keenya utuu nutti hinlakkaa'iin araarakkee nuubuusi.Qoricha nuukenni.Hakiimii guddaan si'i.Qorichi guddaan haafuura qulqulluu keeti. Jaalallee koo naa fayyissi." Jedhee siree ishee jalatti jilbeenfatee, akka amantii isaatti kadhata.

Haala kanaan utuu boo'ee waaqa kadhatus, gaafa sana lafti bari'e.Ka'ee fooxaa bishaan jijsee fuula ishee haaxaa'ee deebi'ee,akkuma gadi taa'een Dalasaan boorsaa diratee dhufe. Hawwiin akkamitti akka bulte gaafate.

Latiinis haala abdii kutateen,"Summiin isheen dhugde sun ishee miidheera.Lafti simintoon mana ciisichaa, isheen irratti kuftee, bultes, itti qortee, sonba ishee tuquu hin hafne. Egaa kana hundumaa irraa hafuu isee rabbitu beeka.Hamma ammaatti of hin beektu.Hin sochootu" Jedhee, gadda guddaa keessa gale.Dalasaanis;"Waaquma kadhanna.Kan biraa maal gochuu dandeenyaa?" jedhee,nyaata isaaf fidee, dhufe boorsaa isaa keessa baase.Latiinis erga dheengadda xayyaaraa irratti nyaate hamma ammaatti midhaan afaniin hin qabin jira.Gaddafi naasuudhaan fedhiin nyaataa isa keessa badeera.

Ka'ee harka isaa dhiqatee,ittoo indaanqoo wagaa 6 dura gargar bahe Dalasaa wajjin nyaate. Garuu nagaan ishee arguu kan barbaade Hawwii akka ishee arguu hawwetti argachuu waan hin dandeenyef baay'ee gadde.Sagalee kolfa ishee dhaga'uu hin dandeenye.Baallee qola ija ishee saaqxee,

ija ishee keessa arguu hin dandeenye. Hawwiin akka dallantetti calluma jettee ciistee jirti.

Latiin utuu nyaatuu galaana yaadaa keessa seenee, fagoo deeme. Wagga lama booda barusma ol'aanaaf qofaa isaa biyya Siwidiniitti deebi'ee deemee, achi turuun isa yaaddesse. Silaa ishee fudhatee deebi'a ture. Hunda caalaatti ammoo Hawwiin jaalala isaaf jettee biyyaa baatee, magaalaa Finfinnee keessatti rakkinaan wareegama baste yaade. Kana booda akka salphaatti jaalallee isaatti biyyoo itti uwwisee qoffaa isaa biyyatti deebi'uunis itti ulfaate. Yaaddoo kanaan akka tasaa "Aa'aaa..." Jedhee, aade. Dalasaaniis yaadoo Latii fuula isaa irraa hubatee, "Latii jajjabaadhu. Waaqayyo jiraa! atti jabaadhu!" Jedhee, jajjabeessaa, nyaatanii, harka dhiqatanii, deebi'ani taa'ani.

"Hojii hammina (shira) hojjetameef adaba Waaqayyo kenne tokkon sitti hima... Isa kaan irraanfadhuutii nadhaga'i" jedhe. Latiinis "Maal inni?" Jedhee gurra isaa ergisef "Kaleessa erga ani si biraad deebi'een dhaga'e. Ijaanis argeera." Jedheen. Latiinis oduchi kan isa ilaalu itti fakkaannaan dafee baruuf "Maaltu tahee?" Jedhe. Dalasaanis "Akkasi!" jedhee oduu isaa jalqabe. "Amaareen Hawwii barbaadee isheen didnaan aarii kanaan hammeenyaa baay'ee irratti hojjete."

"Hawwiin dhiiraa gara biraad hiriyaalaa kan qabdu fakkeessuuf nama Teediidha ofiin jedhu tokko manatti bilbilchiise. Dubartii tokkofi dhiira lamaa wajjinis yeroo mana nyaataa tokko seenan natti agarsiise. Anis utuu tasgabbaa'ee hanga dhumaatti qoradhee bira hin ga'in, attam akkas gooti jedheen ishee lole. Kanarraa ka'udhaan jerjeree xalayaa sana sii barreesse. Innni guddaafi cimaan gara biraammoo, hiriyaalaa keessan kan biyya Siwidinii waliin baratan sun durba Faranjii tokkoo wajjin suuraa isin kaasee as erge sana Hawwiin akka

argitu godhe. Sababii kanaan balaa kanarra akka of buuste." Jedhe. Latiniis "Akka Amaareen shira raawwate kanan bare yeroon fsuuraakoo sana argedha." Jedhe. Dalasaanis "Eyee". Hwwiin jerjer tee aariidhaan balaa kana irra of buuste malee.. " Jedhee utuu hin fixin Latii haasaa Dalasaa gidduutti kutee; "Calluam jedhi Waqayyo kadhanna koo dhagahee Deebiisaa naaf keena !" jedhe.

Dalasaanis "Kunoo kaleessa akkuma Amaareen nu birabaqatee, deemeen joonja'ee gara itti konkolaachiisu wallaalee, seeraa ala ibsaa tiraafiikii darbee, utuu daandii qaxxaamuruu otobusiin irra ba'e."

"Ni du'ee?"

"Du'uu isaaf wayyaa ture"

"Akkamitti!?"

"Miillii isaa lamaan, harki isaa inni bitaa, battalan irra citani. Iji isaa tokkos buruqee, isa tahuunillee hinbeekamu. Kana tahuu irra utuu du'ee isaa waya ture. Mana waldhaansa fayyaa kana keessa jira." Jedheen Latii yeroo oduu kana dhaga'u "Waaqayyoof safuudha!"" Jedhee dubbatee, utuu hin fixin harka isaa siree irra kaawwatee, ture jalaa sochiin itti dhaga'ame.

Yeroo ilaalu Hawwiidha. Miilla ishee diriirfattee yeroo dheeraaf utuu hin sochoosin turte, suuta ol sassaabbate. Latii naasuudhaan yeroo fuula ishee ilaalu qolli ija ishee lamaan saaqamanii isa ilaala turanii deebi'anii cufamani. Yeroo kana Latii siree mataa ishee duraan goree jilbeenfatee "Hawwii! Hawwii koo! Hawwii koo hin du'in! na dura hin du'in! maaloo takka ija kee banii na'ilalaali. Takkaa natti dubbaadhu! maal rakkattee? maal dhageessee? Hawwii koo hin du'in,! sagalee kee nadhageessisi! ija kee wagga 6 dura narraa gargar bahe mee yeroo lammataaf banii na agarsiisii! Hawwiikoo na duraa

hin du'iin! wajjin duuna jennee waadaa walii gallee hin turree?" Jedhee iyee.

Xiiqoo adda isaatiin mataa ishee jalatti gadi jedhee erga turee booda ol jedhee ilaale. Iji ishee cufamanii turan deebi'anii banaman. Hidbin ishees suuta saaqamanii walgadhiisan. Suuta; "Latiikoo! ani hin duune! Latiikoo kana booda woo hin du'u" jette dubbatte.

Iji sheefi sagaleen ishee Lammata hin cufamne. Sombi, onneen, tiruun, garaachiifi qaamotishee kaan hojisaanii itti fufan. Sagaleen kunis kan Latii Hawwaa ture sagalee gammachuu dha. Gammachuu kanaan adda, harka, milla, ijaa fi hidhiishee dhudbungachaa kutaa sana keessa "Haalleluuya, Halleeluuya..." jchaa ol u-uutaale. Dhaqee Dalasaa ammatee dhudhungate. Dalasaanis dhaqee harka ishee ol kaasee dhungate. Itti aansee ammoo adda isheerra dhungate. Gammachuu irraa kan ka'ee boo'e.. Latinis Hawwiitti deebi'ee, hidhii isheerraafi mormaa ishee jala dhudhungachaa erga ture booda ammattee fuulasaa morma ishee jala suuqee, ammas ammas dhudhungachaa cina ishee ciise. Dalasaanis Hawwiifi Latii ilaala erga turee booda xalayaa Walaloo Hawwin barreessitee miinjalarra keesse keessaa iddo tokko tokko kan garaa isa nyaate boorsaasaa keessaa baasee dubbise.

*"Meeqatu guuttatee hawwii jirenya isaa.  
Gammachuu argatee kan ciise garaan isaa?  
Nama meeqaa laataa kan harkaan ga'atee,  
Fedhii garaa isaatii hawwii kan dhuunfattee?  
Meeqa duraa haftee hawwiin hawwii taatee?  
Hinaaaffaan guutamtee hammeenyaa hudhamtee?  
Nama meeqaa laataa hawwee kan argatee  
Fedhii garaa isuatii soonaan kan guuttate?  
Eenyulu natti himaa eenyu beekaa laataa?*

*Eessaa daangoan hawwii eessatti dhaabbataa?  
Eessaan bahee deemee eessatti jallataa?  
Eessatti qajeelee eessa irratti gusataa?  
Dhugaa tahuu baannaan hawwiin hawwiidhuma  
Kan qoricha hin qabne dhukkuba hundumaa  
Dhugaa tahuu baannaan hawwiin hawwiidhuma  
Kan deebii hin qabne gaafii ilmaan namaan*" jedhu.

Sagaleesaa olkaasee dubbatee; "Hawwii! gaaffiin ati walaloodhaan barreessitee keesse kun dhuguma gaaffii ilmaan namaan hundaati. Akka Hawwiin barreessitetti, ilmaan namaaf hawwiin dhugaa ta'uu baannaan, dhibee guddaa fida. Hayyooti falaasumaafi waa'ee sammuu, hojii qorannoo isaanii keessaa baldhinaan qoratu. Irattis mariyachaa yeroo isaanii baayi'ee dabarsu. Gaaffii bu'uura milkaa'inaafi kufaatii kaayyoo jirenya ilmaan namaan kana irratti yaadi isaan kennan garaa gara. Ati sadarkaa xiqneenyaa barumsakeefi umrii kee xobbee kanatti yaadi falaasummaa bishaataan kun sammuukee keessaa ba'uusaatti sin dinqisiifadha. Kanas kan barreessite rakkoo sirra ga'erraa ka'uudhaan akka ta'e naaf gala. Hawwii giistiikoo! Dhiifama naaf godhi. Miidhamakee kanaaf daguungorrikoos qooda guddaa qaba. Balleessaakoo naa dhiisi. Latii! Atis dhiifama naaf godhi. Galata Waaqayyoo kunoo hawwiin keessan hawwijj taatee hin hafne. Gammadaa! Hawwii! Na ofkalchi!" Jedhe. Hawwiinis suuta "ofkali!" Jette.

### *Asirrattin xumuure*

### *Isaayyaas Hordofaa Mijanaa*